مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# العنف

## وإدارة الصراع السياسي في الفكر الإسلامي

عبدالحميد أحمد ابو سليمان

# XIINXALA ISLAAMUMMAA KEESSATTI ROORROO FI AKKAATAA BULCHIINSA WAL'AANSOO SIYAASAA

Qopheessaan:
Abdulhamiid Ahmad Abuu Suleeymaan

Hiikaan:
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# العنف وإدارة الصراع السياسي في الفكر الإسلامي

## د. عبدالحميد أحمد أبو سليمان

# Xiinxala Islaamummaa Keessatti Roorroo fi Akkaataa Bulchiinsa Wal'aansoo Siyaasaa

## Qopheessaan:


## Dr. Abdulhamiid Ahmad Abuu Suleeymaan


**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri


*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/66**

## Baafata

Dursa Maxxansa Lammaffaa ........ 4
Dursa Maxxansa Tokkoffaa ........ 6
Waa'ee Gidira Xiinxala Siyaasaa Islaamummaa Keessatti 20
Ergaa Keeyyatootaa Fi Galteewwan Gadaa Nabiyyii Keessa Argaman Kan Tooftaalee Gidiraa Waliin Wal-Qabatan Bifa Dimshaashawaan Hubachuu ........ 27
Adeemsa Keeyyatoota Waa'ee Balaa Ibsan Irratti, Ergaa Isaanii Kan Yeroo fi Bakkaa Eeggateen Irratti Mari'achuu ........ 54
Waldhabbiiwwan Siyaasaa Hawaasa Muslimaa Jiddutti Argaman Furuuf Gidira Fayyadamuu Dhiisuun Sona Malee Dhimma Filannootii Miti ........ 85
Firummaan Hawaasaa Karaa Haqqummaa Fi Wal-Simannaa Hawaasaati ........ 89
Seenaa Gareelee Da'awaa fi Mormii Karaa Nagayaatiin Gaggeeffamu Irraa Barnoota Fudhachuu: Bishaan Mi'aawaa fi Kuraawaa ........ 92
Hawaasa Muslimaa Biratti Sammuun Marii Bu'uura Tasgabbii fi Nagayaati ........ 102
Gidira Waldhabbiiwwan Siyaasa Idala Addunyaa Keessa Jiru ........ 103
Oobsaa fi Wal-Oobsisiisuu ........ 112
Gidiraa fi Sirnoota Dadhaboo Maxxantuu Ta'an ........ 118
Godaansi Tooftaa Mormii fi Jijjiirama Ariifachiisuuti..... 131
Wal'aansoowwan Qaroominaa ........ 138
Dimshaashummaa Furmaataa fi Ga'umsa Maloota Bocuun Qabu ........ 152

**Rakkinootaa fi of Eeggannoowwan.................................... 161**
**Haaroomsi Guddisaa Bu'uura Dandeettii fi Tasgabbiiti .. 161**
**Dhooyiinsa Gidira Siyaasaa Addunyaa Islaamaa Keessatti Mul'atan Irratti Dogongoroota Baay'inaan Mul'atan...... 163**
**Bilisummaa fi Shororkeessummaa..................................... 168**
**Muslimoota Lakkoofsaan Hagoo Ta'anii fi Qabsoo Bilisummaa ............................................................... 177**
**Lola Gosaa ............................................................... 181**
**Dhibee Gosummaa Horummaa Fi Qoricha Wal-Qixxummaa Obbolummaa Namummaa ................................................... 184**
**Xumura ..................................................................... 190**
**Adeemsa Qorannoo ........................................................ 201**

## Dursa Maxxansa Lammaffaa

Maxxansi lammaffaan kun yeroo bayutti, kitaabni kunii fi akkaataan inni dubbistoota kabajamtoota biratti dhimma baay’ee barbaachisaa ta’e kana itti dhiyeessee gurra isaaniitiin gaye fudhatamaa fi deeggarsa guddaa waan argateef, akka dhaabbatichi maxxansa lammaffaa kana maxxansuuf isa kakaasee jira. Maxxansi lammaffaan kunis dhimmoota kitaabichi maxxansa duraa keessatti dhiyeesse san irratti ibsoota dabalataa tokko tokko ida’uuf kan qophaayeedha.

Bifuma wal-fakkaatuun, maxxansi lammaffaan kun keeyyatoota Hadiisaa bifa gadi bu’iinsa qabuun hiika isaanii ibsuu fi dhimmoota isaan wal-qabatanis adeemsa isaa sirritti ibsuu irratti kan fuulleffateedha. Ammas akka namni dubbisu dhimma gidiraa irratti hubannaa gahaa fi dimshaashawaa ta’e qabaatuuf jecha hawaasa Muslimaa biratti maalummaa gidirsaa fi iddoo inni siyaasa biyya keessaa fi biyya alaa keessatti qabu irratti ibsa kenna.

Bifa odeeffannoo ammayyaa fi gita beekkumsa yeroo ammaa eeggateen kitaabni kunii fi ergaawwan inni of keessatti hammatee jiru kanneen dirree Ijtihaadaa fi haaroomsisuu keessatti ga’ee xiinxalli Islaamummaa qabu ibsan kunniin dirree xiinxala siyaasaa Islaamummaa fi akkaataa guddisa siyaasaa Islaamawaa irratti gumaacha guddaa akka fidu abdii qaba. Akkasumas xiinxalli siyaasaa fi barnoonni akkaataa guddisa siyaasaa kunis eenyummaa nama Muslimaa tokko fi cufuma

hawaasaa hunda keessatti beekkumsa gama hundaan jiru cimsachuu irratti akka isaan gargaaru abdii qabna.

Beekkumsi kallattii hundaanii kunis akka ummatichi tokkummaa isaa, dandeettii, gahumsaa fi ifnana fuula qaroomina isaanii san deebisataniif seera isa bu'uuraati. Yeroo san ummanni Muslimaa kun ga'ee hooggantummaa duraan qabu san deeffata, yeroo san itti gaafatamummaa dachii kana irratti bakka bu'aa ta'uu san galmaan gayata, yeroo san ergaan Islaamummatti nama yaamtu tun ifa taati. Kana godhuun Rabbiin irratti homa takka hin ulfaatu. Rabbiin kan kadhaa nama jalaa dhagayuu fi namaa awwaatuudha.

***Abdulhamiid Ahmad Abu Suleeymaan***

***Jimaadu Al-Uulaa 25, Bara 1422 (A.L.H)***

***Hagayya 7, Bara 2001 (A.L.A)***

## Dursa Maxxansa Tokkoffaa

Dhimmi gidiraa fi wal'aansoon dhiiga dhangalaasuu kun jireenya ilma namaa keessatti wanta baay'inaan uumamuudha. Akkasumas dhimma namni tokko jireenya ilma namaa, qaroomaa fi adeemsa isaa keessatti yeroo akkanaa uumama jedhee ibsuu danda'uu miti. Inumayyuu seenaa keessatti jijjiiramoonni gurguddaan yeroo hedduu galteewwanii fi wal'aansoo dhiigaan guutamaniin kan wal-qabataniidha.

Bifuma wal-fakkaatuun taateewwan seenaan ummata Islaamaa ittiin guuttames, galteewwanii fi qabsoowwan dhiigaan faalaman, gochootaa fi hojiiwwan wal- ajjeechaan guutaman kanneen gareelee amantii jiddutti uumaman hedduu yoo ilaalle, akkasumas addaan qoqqoodamaa fi gargar ciccitiinsa mootummootaa, *Sulxaanotaa fi Imireetotaas* yoo ilaalle, ajjeefamuu Kaliifaa *Usmaan Binu Affaan* (Rabbi isa irraa haa jaalatu) irraa kaasee balaawwan argamaa turan gara-jabeenyummaan kan guutamanii fi irra badaa doorsisaa fi gidirsaatiin beekkamu.

Gochoonni gara-jabeenyummaan guuttaman sunis bulchiinsi Kilaafaa akka kufu taasisuun, biyyoonni mootummaa abbaa irree akka hundeeffaman godhuun, kutaalee fi roorristoonni isaas akka cimaniif haala mijeessee jira.

Gochoonni kun hunduu, wantoota gareeleen haaroomsaa tokko akka fiixa bayan ykn akka kufan ykn akka fashalaayanii fi raawwiin qaroomina isaanii akka dadhabuuf sababa ta'anyeroo

qoradhu, seenaa ummata Islaamaa keessatti gochoota suukaneessaa hawaasa keessatti argaman kanaaf gurra akka hin ergifne na taasisee jira.

Qorannoowwan san keessatti kan ani irratti fuullaffadhe: sababa jijjiiramuu bu'uura siyaasaa ummataatiin rakkinoota isaan qunnaman, rakkinoota hanqina gaggeessummaa, hanqina fuulleffannaa isaa fi hundeen isaa dadhabaa dhufuu fa'a. Dhumni rakkinoota kanaas akka ummatichi kallattii imala isaa irraa maqu, akka bu'uureffamni beektota ummataa hanqina qabaatu, akka ijaarsi ummataa dadhabaa dhufu, dandeettiin gahumsa qabaachuu fi waa uumuu danda'uu ummatichaa akka laafaa dhufu godhee jira.

Akkasumas tokkummaan hawaasa Muslimootaa akka addaan ciccitu, dhaabbileen hawaasummaa isaanii akka kufan, seeronni ittiin bulmaata isaanii akka dadhabanii fi sababa kanaan wal-qabateen immoo raawwiin qarooma isaanii dadhabaa dhufuun duula idil addunyaa kan saayinsii fi teknolojiitii biyyoota dhihaa irraa dhufeef akka jilbiifatan godhee jira.

Gaaffii maaliif xiyyeeffannaa kee waa'ee gidiraa, iddoo inni si'aa'Ina gareelee fi warraaqsota hawaasaa kanneen seenaa ummataa keessatti haaroomsa siyaasummaa fi hawaasummaa fiduu, jijjiirama argamsiisuu, wal-qixxummaa mirkaneessuu, qaamman nama miidhan irratti duuluu fi badii hawaasa keessatti uumamu dhabamsiisuuf gareelee tattaafatan keessatti qabu irratti maaliif xiyyeeffatte?

Wal'aansoolee sanniinii fi walitti dhufeenya isaanii, humnoota isaan duubaan jiran, ga'eewwan gara garaa kanneen gareeleen aangoo irra jiranii fi paartileen mormitootaa taphatan, tooftaalee fi maloota gareeleen hundi wal'aansoo argame furuuf itti fayyadaman, bu'aalee tooftaawwan haaromsitoonni jijjiiramaa itti fayyadaman irraa argame fa'a irratti maaliif bifa gadi bu'iinsa qabuun irratti fuulleffatte? gaaffii jedhuuf…

Sababni battalaa kan dhimma kana irratti akka fuulleffadhu na taasise: Hadiisa nabiyyii kan waa'ee balaawwanii (fitnaa) ibsu gorsa (*Kuxbaa*) guyyaa Jimaataa irratti dhagayuu kiyya. Gaafa gorsa san dhagaye san Hadiisni sun naaf haaraya ta'eetii miti. Hadiisonni waa'ee *fitnaa* (balaa) himan kan baay'inaan kitaabota barnoota Islaamummaa keessatti dubbataman kunniin yeroo hedduu gurra irra nu bu'u.

Garuu Hadiisa gorsa guyyaa Jimaataa irratti dubbatame san yaadachuun kiyya sun akka Hadiisa san sirritti gadi bu'ee qoradhu na taasise. Hadiisa sanis *Sahaabaa Abuu Zarri* jedhamutu (Rabbi isa irraa haa jaalatuu) ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* yeroo balaa fi gidirri siyaasaa hawaasa haguuge maal godhuu qaba jechuun gaafate.

Isaanis akka inni mana isaatii hin baane fi hanga mirga lubbuu ofii irraa deebisuufis isaaf hin eeyyamamne takka balaa irraa fagaachutti isa ajajan. Isaan akkas isaan jennaan, "Yoo mana natti seene hoo?" jedhee gaafannaan, "yoo balaqqeessi Billaawaa

(seeyfii) si jeeqaa shakkite uffata fuula irratti of darbii cubbuu teetii fi ta isaatiinis haa gaafatamuu” naan jedhan jedhe.

Hadiisni yoo gadi qabanii ilaalan baay’ee nama ajaa’ibsiisa, namas rifachiisa. Maaliif yoo jenne, wanta gurra namaa keessa jiru faallessa. Akkasumas karaa irraa dabiinsaa fi badii dachii irratti dalagamtu hunda cufuma tooftaalee hundatti dhimma bayuun irratti duuluu akka qabnu Hadiisota nuuf ibsan faallessa. Hadiisni kun cufuma waan gidirsuu jedhamu qofa kan dhoorgu osoo hin taane, maqaa lubbuu ofii baraaruutiinis gidirsi akka hin jiraanne dhoorga.

Yeroo bifa gadi bu'iinsa qabuun itti dhimmamee yaadu, Hadiisni kunii fi qabiyyeen inni irratti fuulleffate garaa isaa keessaa ergaa baay’ee gadi fagaataa ta’e akka qabu hubadhe. Ergaa isaa kanas namni tokko hubachuuf yaalu malee, gadi fageenya isaa argu malee bira hin kutu. Keessattuu seenaan ummata Islaamaa finciloota, qabsoo fi wal’aansoo dhiiga dhangalaasuutiin waan guutameef, yaaliiwwan haaroomsa siyaasaa Islaamaa hundi hanga har’aatti galma gayuu waan dhabeef, kun hunduu akka Hadiisa san sirritti gadi buunee hubannu nu taasisa.

Sababa kanaaf jecha dhimmicha sirritti hordofuun ergaalee isaa kan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* dhuma jireenya isaanii irratti ummataaf dhaamuu barbaadan hunda hubachuun dirqama akka ta’e argee jira. Keessattuu ergamaan Rabbii gaaddisa ergaa isaanii san akka

ifa argu fedhu, argaan isaanii ergaa san duubaan waan jiru hunda tilmaama waan ta’eef.

Wanti kana hundatti na geese, adeemsi xiinxala kiyyaa jalqabuma irraayyuu cal jedhanii osoo itti hin amanin hubannaa tokkoon ala waa hordofuu, harka kennachuu fi waa akkeeffachuu hin deeggaru. Akkasumas adeemsi xiinxala kiyyaa haala ergaan guddaan (mul’anni) dhimmi ka’ee sun ifa galaa ta’utti, tokkoo tokkoo ergaa isaa hubachuutti hin dhimmamu.

Kana jechuun adeemsa gamaaggamiinsaa fi dimshaashawaa keessatti gatiin gadi bu’iinsaan waa hubachuun qabuu fi ergaan isaa bifa hedduun ergaa guddaa dhimma dhiyaateetiin kan wal-qabatuu fi hariiroon qabiyyee isaas hammaa fi akkaataa isaatiin yeroo fi bakkee waliin kan wal-gitu ta’uu qaba. Kuni immoo akka namni ergaa dhugaa fi gatii dhugaa dhimmicha gadi bu’iinsaan hubachuun qabu hubatuuf gargaara.

Adeemsa kana bu’uura godhachuun, xiinxala Hadiisa kanaa fi dhimmoota inni kakaase irraa ka’uun sosochiilee dhufiinsa amantii Islaamaa irratti taasifaman, tooftaalee jijjiirama fiduuf fuulleffatame galmaan gayuuf itti fayyadamaman, ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* yeroo gara garaa keessatti akkamitti wal’aansoo siyaasaa fi aqiidaa kan ijaarsi biyya Islaamaa fi hawaasa Makkaa fi Madiinaa, akkasumas namoonni ollaa magaalota kanneenii turan kanneen biyyoota Arabaa hin ta’in, hiriyyoonni, diinonni fi hordoftoonni amantiilee biraa keessa turan akkamitti akka furaa turan yaaduu eegale.

Mul’ata guddaa kana irraa ka’uun imalli amantii Islaamaa gadaa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* keessa akkam akka ture yoo hordofne qofa galteewwan, taateewwan gadaa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* keessa turanii fi ergaawwan isaanii isa sirrii ta’e bifa madaalawaa ta’een mucucaa fi dogongora baay’ee xinnaa ta’een qayyabachuu kan dandeennu.

Adeemsa dimshaashawaa ta’e kana keessatti wanni guddaan dhimmoota dhiyaataniif mul’ata isa guddaa ta’e bocuu, hanga danda’ameen kallattii mul’ataa fi ergaa guddaa mul’ata sanii hunda haguuguuf yaaluu, hanga mijateen salphisuu, irra dubbii qofa irratti fuulleffachuu, ergaa fagoo mul’ata saniitiif iddoo kennuu dhabuu, hiikaa fi ergaa karoorranii fi siyaasaa itti fayyadama mul’ata sanii irraa fagaachuu dhabuudha.

Sababa kanaaf dirree Makkaa kan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* gara amantii Islaamaatti yaamuu irraa eegalan san xiinxaluu eegale. Akkasumas dirqamoota yaamichi sun baatee dhufe kan akka: haaroomsa, tokkochummaa Rabbii mirkaneessuu, hubannoolee gosummaa, boonuu, shaakalliiwwan jallinaa fi karaa sirrii irraa maquu irratti safuulee wal-qixxummaa fi murtii haqaatiin bakka buusuu xiinxaluu jalqabe.

Ammas bifuma wal-fakkaatuun ergaa yaamichi ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu*) haala jireenya hawaasa Makkaatiif qabu, kallattiiwwan haaroomsa isaa kan gama siyaasaa fi aqiidaatiin jirus ilaaluu eegale. Akkasumas

tooftaalee ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* wal-dhabbiilee siyaasaa fi aqiidaa sadarkaalee ol'aanoo jireenya hawaasaa keessatti uumaman akkamitti akka furaa turan mul'isanis xiinxaluu eegale.

Saniin booda tooftaalee fi maloota ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* eega Makkaan keessaa bayanii gara Madiinaatti baqataniin booda faallaa biyya Rabbitti waa ida'uu fi nama miidhuu (Makka) tan taate irraa gara mootummaa Islaamaa kan Tokkochummaa Rabbii fi wal-qixxummaa namaa mirkaneessu (Madiinaa keessatti) hundeessuu irratti waldhabbiilee san furuuf maloota isaan hordofaa turanis hordofuu eegale.

Akkasumas siyaasaan ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* Madiinatti akkamitti akka jijjiiramtee fi akkamitti akka isaan siyaasaa Makkaan keessatti hordofaa turan (kan obsuu fi diinaan walitti bu'uu) irraa (gara siyaasaa of irraa ittisuutti) itti jijjiiramanii fi siyaasaa isaan qabsoo siyaasaa fi haaroomsaa jidduu Muslimootaa fi Kuffaartota Makkaa jiddutti uumame furuuf hordofanis ilaaluu eegale.

**Gaaffii**: akkaataan waldhabbii hawaasa Makkaa waliinii akka ergamaan Rabbii tooftaa obsaa fi mormii nagayaa hawaasa Makkaa irratti gaggeessan kan godhe, hundeen isaanii hawaasa tokko irraa ta'uu fi hariiroon firummaa jidduu Muslimootaa fi Kaafirootaa jiru hariiroo cimaa ta'uudhaa?

Moo sababni waldhabiinsa akkaataa walitti bu’iinsa siyaasaa jidduu hawaasa lamaa kan hundeen isaa adda adda ta’e garuu hawaasa tokko keessa jiran ittiin furan waan aantummaan isaan siyaasaa fi aqiidaa qaban gar gar ta’eefi? Moo hawaasni sun gar-gar ta’uun bu’aaleen inni imaluu fi miirri inni argisiisu hawaasa irraa gara hawaasa biraatti adda waan ta’eefi?

Ammas bifuma kana fakkaatuun tooftaalee akkaataa ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* waldhabbiilee siyaasaa cufuma gareelee Madiinaa keessa jiraatan jiddutti uumaman ittiin furanis hordofee jira. Hawaasni Madiinaa kun bu’aalee gosootaa fi naannolee adda addaa, kanneen amantiiwwan isaanii garagaraa of keessatti hammata waan ta’eef, magaalattii keessa Muslimoonni, naannoo ishee immoo Yahuudonni, baqattoota Qureeyshaa fi tumsitoota Madiinaa, Mu’mintootaa fi munaafiqoota jidduu bu’aaleen jiru waan adda adda ta’eefi.

Kana hunda kan xiinxaluu eegaleef, ergamaan Rabbii adeemsa qabsoo siyaasaa hawaasa tokko jiddutti argame furuu keessatti akkuma hawaasa Makkaa san gidira balaaleffachuu akka tooftaa rakkinna hawaasa tokkoo furuutti dhimma itti bayee moo jechuufi. Akkasumas gosa waldhabbiilee bifa kanaan argamanii furuuf siyaasa walfakkaataa fayyadamee, miidhaa gareen kamiyyuu Muslimoota irraan gayan karaa nagayaatiin firummaa, waliin marii fi hooggantoota yaada ummataatiif dhiisanii ka jedhu hubachuufi.

Mul’ata guddaa kana irraa ka’uun malootaa fi sababoota isa bocanii isa irratti jijjiirama fidan kana irraa ka’uun, bifoota walfakkaatoo kanneen siyaasa ergamaa Rabbii keessatti barbaachisaa ta’anii fi kan baay’inaan mul’atan beekuuf tattaaffii godhaa ture. Kunis hiikkaa taateewwan sanii, siyaasa san, sababa ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* walitti bu’iinsa siyaasa argamee furuuf tooftaalee fi maloota isaan itti fayyadaman beekuuf na gargaare.

Bu’aan guddaan qorannoo adeemsa dimshaashawaa fi gamaaggamiinsaa kan taateewwanii fi keeyyatoota ittiin gamaaggamnee akka tooftaa hiika taatee sanii amannuuf nu gargaaruutti dhimma itti baane, akkasumas ergaa siyaasa ergamaan Rabbii hordofanii fi gadaa yaamicha amantiif godhan irraa kaasee hanga gaafa du’aniitti tooftaan isaan dhimma itti bayan kan ifa galiinsaa fi seera-qabeessummaa isiitiin baay’ee nama dinqisiisu sun abbama kitaaba kana qopheesseyyuu akka inni ija isaa kallattiiwwan dur sammuu keessaa hin qabne hundatti banatuuf isa gargaare.

Kun hunduu qu’annoo kana akka raabsu fi qalbii namaa gara kallattii baay’ee barbaachisaa ta’e kan xiinxalli kun itti geesse sanitti akka fuulleffatu kakaasuu fi kallattiiwwan san keessaa muraasa isaanii kitaaba kana keessatti akka dubbatuuf isa kakaase.

Wanti qu’annaa kana irraa ifa ta’e amantiin Islaamaa fi ergamaan Islaamaa *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* karoora, siyaasaa fi tarsiimoo ifa galaa fi daangeffamaa

ta’e qabu. Siyaasaa fi tarsiimoo kanas ergamaan Rabbii qabsoolee siyaasaa kanneen jijjiirama, haaroomsaa Islaamummaa fi badii falmachuuf taasifaman irratti hordofaa turan.

Kaayyolee fi sonoonni dhaabbatoo yoo ta’an, karoorri fi siyaasnis ilaalcha sanii gogaa jijjiirama ofitti hin fudhanne kan uumama bu’uuraa ijjannoolee fi haala keessa jiraniif gurra hin kennine hin ta’u. karoorri fi siyaasni akkaataa dhimma isa qunnamaniitiin bocamuun dhimmicha nu mudatan saniif deebii kennuuf gargaara. Kanas yeroo godhu kaayyolee dhaabbatoo fi seerota bu’uuraa kanneen kaayyolee galmaan gayuuf irratti bu’uureffamu osoo hin jijjiirre bifa si’aa’inaa fi cimina qabuun itti fayyadama.

Siyaasa ergamaa Rabbii fi qajeelcha Qur’aanaa irraa qopheessaa kitaabichaatiif kan ifa gale, dirreen siyaasa keessaa dirree siyaasa alaa irraa adda ta’uu isaati. Sababni isaas: wantoonni dirreelee lamaan irratti jijjiirama fiduu danda’an wantoota dirreelee biraa irratti jijjiirraa fiduuf akka bu’uraatti laakkayaman irraa adda waan ta’aniifi. Kunis amalaa fi ijjannooleen dirree hundaatuu adda adda ta’uu mul’isa.

Faana qu’annoo dimshaashawaa kana irraa wanti hubatame, keeyyatoonni baay’ee wal-faallessu dirree tokko irratti walitti qabuun hin danda’amu jennee yaannu hundi, akka harki namootaa waa irraa hir’isuun garii itti dabaluun ykn ergaa fi hiikkaa isaa jallisuun akka itti fayyadamaa turaniidha.

Akkas godhuun isaanii sun dhimma nama dhamaasu, kan keessi namaa hin fudhanne fi kan hiikni isaa hin qayyabatamne godhee jira. Namoonni kunniin bifa keeyyaticha bakka heddutti addaan cicciruutiin akka lolaan hundi meeshaa lolaaf isaa ta'u irraa fudhatee bifa kaayyoo fi galma isaatiin wal-gituun akka ragaatti dhimma itti bayuuf kan godhameedha.

Hawaasa kamiyyuu biratti wanti siyaasaa jedhamee fudhatamu bifa sirrii ta'een ijaaramee furamuu kan danda'u yoo gama siyaasaatiin ta'e qofa. Dhimmoota hawaasaa kan bu'uura siyaasa walii galaa irratti gareen hawaasaa kamiyyuu kan bulchus ta'ee kan bulchamu furmaata tooftaa nama dirquu fi nama cunqursuu irratti bu'uureffameetiin seerummaa kennuu hin danda'u.

Haaroomsi fi jijjjiiramni lafa keessa turuuf, hooggantoonni jijjiirama sanii tooftaalee nagaya qabeessa fayyadamuu fi obsa qabaachuu qabu. Hawaasni miirri isaa tooftaalee siyaasaa nagaya qabeessa akka karaa haaroomsaa fi jijjiiramatti nama geessuutti amanu hunduu imalli qarooma isaa fiixa bayu malee, hawaasni isaas waliin marii aadeffatu malee hin hafu.

Gareen hawaasaa kamiyyuu karaa nagaya-qabeessa kana irraa yoo maqanii hooggantoota haaroomsaa irratti gidiraa fi diinummaa yoo banan, dhimmicha bakka isaa isa sirrii ta'etti deebisuun gayee hawaasa saniiti, hawaasa santu gidira gaggeeffamu sanitti daangaa godhuu danda'a.

Bu’aan isaa immoo waliin mariin ala tooftaan sirriin furmaata siyaasaa fiixa bayaa dhimmoota walii gala hawaasaa furuuf oolu, kan guddinaa fi cimina dandeettii ijaarsa wal-danda’iinsa, wal-qixxummaa fi waliin marii irratti bu’uureffametti nama geessu hin jiru.

Qopheessaan kitaabichaa, kanaan dura dhimmuma kanaan wal fakkaatu irratti gaazexaa Ameerikaa kan saayinsii hawaasaa kan dhaabbata addunyaawaa xiinxala Islaamummaatiin maxxanfame irratti, akkasumas Paampileetii waldaa Ulamaa’ota hawaasa Muslimaa biyya Ameerikaa jedhu, lakkoofsa lama kan bara 1991tti maxxanfame irratti, akka ilaalcha Islaamaatti bu’aa xiinxalaa kan qu’annoo isaa keessatti irra gaye maxxansee ture.

Waliin marii addunyaa Islaamaa fi biyyoota Arabaa keessatti yeroo ammaa adeemsifamaa jiru kana irratti gumaacha godhuuf, marii fi haasaya dhimma gidiraa fi doorsisa biyyoota Arabaa fi Islaamaa keessatti uumaman kanneen nageenya biyyoota sanii booressanii tasgabbii isaan dhoorganii, humna isaanii dadhabsiisanii yaada ilmaan isaanii baraaxessan san fiixa baasuuf jecha kitaaba kana qopheesse.

Akkasumas waliin marii dhaadannoo Dimokiraasii jedhu kan yeroo hedduu dhimma dhuunfaatiif meeshaaleen sab-qunnamtii biyyoota dhihaa lallaban, kan meeshaaleen sab-qunnamtii biyyoota Arabaa fi Islaamaas jara jalaa fuudhanii warroonni siyaasaa dhimmoota biyyoota kanaa keessa harka naqachuun akka ol’aantummaan beekkumsaa fi diinagdee warra

dhihaa mirkanaayuuf itti fayyadaman irrattis gumaacha godhuuf jecha kitaabicha kana qopheesse.

Ol'aantummaa siyaasaa fi diinagdee warra dhihaa kan biyyoota Arabaa fi Islaamaa keessatti uumamu kana sadarkaa duraa irratti kan irraa fayyadamu siyaasa, bu'aawwanii fi ol'aantuma ummata sanii mirkaneessuufi. Kan baay'ee nama gaddisiisu miira qulqulluu ta'een hawaasani biyyoota Islaamaa fi Arabaa hedduun yaada kana deeggaruu isaaniiti.

Kunis kan ta'eef gareeleen kunniin hacuuccaa mootummaa isaanii fi tooftaalee nama doorsisuu, gidiraa fi shororkeessuu, namatti fayyadamuu fi badiin lafa balleessuu mootummaa isaaniitiif waan saaxilamaniifi. Sababoota kana hundaaf jecha qopheessaan kitaabichaa afaan Arabaatiin dhimmuma kana irratti 'Beekkumsa Islaamessuu' irratti yaada barreesseen, paampileetii dhaabbanni addunyaawaan xiinxala Islaamummaa lakkoofsa 15ffaa bara 1999 maxxanse irratti barreessee jira.

Kitaabni ykn ergaan kunis dhimmuma kana bifa baay'ee dimshaashawaa fi kallattii hunda qixxisaa ta'een dhiyeessuun, keeyyatoota ciccimoo dhimmicha waliin hidhata qaban irratti marii gaggeessa, hubannaa walii galaa kan kallattiiwwan ciccimoo garii hubachuuf isin gargaara jedhee amanu tokko tokkos dhiyeessee jira.

Ammas hojiilee ummataa kan karaa sirrii hin ta'iniin qayyabatamuun hanga har'aatti gareeleen warraaqsa haaroomsa

siyaasaa akka fashalaayan godhan irrattis ibsa godhee jira. Hojiiwwan seenaa ummata kanaa keessatti ummatichi kaayyolee isaa gurguddaa akka galmaan gayachuu hin dandeenne, akka isaan haaroomsaa fi dammaqina barbaadamu hin galmeessine, akka safuun tokkochummaa Rabbii fi walqixxummaan hin diriirreef haala mijeessanis tarreessee jira.

Tariitii hojiileen karaa dogongoraatiin ummanni hojjatan kunniin doorsisa, cunqursaa, gidira, badii dalaguu fi siyaasa ummataa fi bulchiinsa isaa keessatti sirni abbaa irrummaa akka babal'atuuf shaakalliiwwan karaa saaqan ta'uun shakkii hin qabu.

Ummanni Islaamaa tooftaa haaroomsa xiinxlaa fi adeemsa isaaniitiin ala, beekkumsa isaanii qulqulleessuun ala, tooftaalee nagayaa fi waliin mariitiin ala carraaqqiiwwan haaroomsa fiduuf taasifaman fiixa baasuuf karaa biraa ni qabu jedhee hin yaadu. Kanaafuu nama dachii kana dhaalu, kan amaanaa bakka bu'ummaa fi kan qajeellumaa isatti kenname galmaan gayu uumuun dirqama.

Rabbii ol'aanaa waan isaan hin malle hunda irraa qulqullaaye akka inni nuu fi ummata Islaamaa hunda karaa sirrii ta'etti nu qajeelchu kadhadha. Rabbiin waa hunda danda'aadha.

*Abdulhamiid Ahmad Abu Suleeymaan*

*Harundan-Varjiiniyaa*

*Ameerikaa*

## **Waa'ee Gidira Xiinxala Siyaasaa Islaamummaa Keessatti Turtii Jidduu Sonaa fi Filannootti Jiru**

Dhuma jaarraa wal'aansoo siyaasaa, warraaqsotaa fi lola ummata jiddutti raawwataa tureetiin booda, eega urjiin *Kilaafaa Raashidoota* afranii dhokatteen booda fincilli akka: fincila *Huseen Binu Aliyyi*, *Abdullaah Binu Azzubeeyr fi Muhammad Annafsu Azzakiyyaa* – Rabbi hunda isaanii irraa haa jaalatu – fa'a eegalan.

Finciloonni kunniin hanga kufaatii mootummaa *Umawiyyootaatti* akka itti fufu taasisee jira. Isaan boodas mootummaa *Abbaasiyyootaa* kan akkaataa sirna bulchiinsa isaa keessatti mootummaa *Umawiyyootaa* irraa baay'ee addaan hin jirretu kufe. Balaadhan bifa kanaan wal-duraa duubaan dhufan irraa ka'uun hooggantoonni mana barumsa *Madiinaa*[1] balaa kaasuu fi mootummaa irratti finciluun (osoo ka nama miidhus ta'ee) haraama godhan.

Ijjannoon beektonni mana barumsa *Madiinaa* fudhatan kun nama miidhuu jaalataniif ykn namni miidhamuun waan salphaadha jechuuf osoo hin taane, fincilli haaroomsaa kan sirnoota abbaa irree irratti fincilaa ture hundi waan fashaleefi. Fincilli fi lolli hawaasa jiddutti gaggeeffame kun dhimmicha fiixa baasuu hin dandeenne, bifa sirna bulchiinsaa kan siyaasaa fi

---

[1] - kitaaba kana keessatti mana barumsa Madiinaa fi Islaamiyyoota kan nuti jennuun, beektota mana barumsa xiinxala Islaamaa kan ilaalcha sunnaa nabiyyii fi bakka buutota ergamaa Rabbii (kulafaa'a) hordofan ta'anii kanneen walitti bu'iinsa gosummaa, naannummaa, garee fi ol'aantummaa ummata tokko qofaa falman jechuu keenna.

hawaasummaas waa takka hin jijjiirre. Dhiiga dhangalaasuun ala bu'aan isiin galmeessite kamiyyuu waan hin jirreefi.

Yeroo kanatti *Islaamiyyoonni* ykn beektonni mana barumsa Madiinaa kan mul'achuu eegalan. Malli hundi harkaa bade tooftaan furmaata ittiin godhan hundi dhabamnaan gara firii isa baratamaa ta'etti deebi'an. Innis sirna mootummaa irratti finciluu irraa gara kophaa bayuu fi mormachuu, dhiiga dabalataa dhangalaasuun alatti bu'uurota shari'aa fi utubaalee jireenya Islaamaa irraa waan baraaruun danda'amu baraaruun sirna biyya bulchu jalatti buluudha.

Ijjannoma kana cimsuuf jecha, hoggantoota mana barumsa Madiinaa kan ta'an, moggaasa guddaa *Ulamaa'a* jedhu kan argatan, kan beektota ummataa keessaa tokko jedhamanii laakkayaman, beekaan (aalimni) *Abuu Haniifaa Annu'umaan* jedhaman, gadaa Abbaasiyyootaa keessa aangoo abbaa murtii ta'uun akka tajaajilu itti kennamtee fudhachuu dinnaan mana hidhaa seensifamanii xiqqeeffamaa turan.

Sababa addaan qoodamiinsa jidduu ulamaa'ota kanneen hooggantoota Islaamaa ta'anii fi abbootii aangoo kanneen siyaasa ummataa harkaa qaban jiddutti argameetiin, ulamaa'onni akka nama Muslima dhuunfaa tokkotti siyaasaa irraa adda bayanii, beekkumsaa fi dandeettii qabaniin ummata barsiisuu irratti fuulleffachuun dirqamaan waa'ee siyaasaa, seera walii galaa fi bulchiinsaa, mootummootaa fi abbootii aangootiif gadi lakkisuun akka fedha isaanii waliin deemutti waan fedhan akka dalagan isaan dhiisuuf dirqaman.

Kun immoo yeroon booda, qaamni seeraa fi waa bulchu kun qaama roorrissaa seer-maleedha yaada jedhu sammuu namaa keessatti uume. Haala akkanaa kana keessatti sammuu namaa keessatti ilaalchi akkasii uumamuun sun immoo sababoota bu'uuraa kan dadhabiinsa gama argamaa, hawaasummaa fi wal-danda'uutiin namni Muslimaa tokko qabuuf bu'uura. Akkasumas dadhabina namni Muslimaa tokko seeraa fi bu'aa walii gala ummataa irratti qabuufis sababa bu'uuraati[2].

Dhugaa dubbachuuf wanti Ulamaa'onni mootummoota irratti finciluu dhoorganii, dhimmichi balaa fida, tooftaa fudhatama hin qabne wanti jedhaniif, guutumatti gidira dhiisanii mootummoota nama cunqursan waraanuu dhoorguun, qaama seerummaa isaaniif mirkaneessuuf osoo hin taane, dhugaa battala yeroo saniitiif harka kennuun dirqama jiruu fi bu'aa diddaa irraa argamutu sanitti isaan oofe.

Kana jechuun keenna wanti ulamaa'onni mootummaa irratti humna fayyadamuu dhoorganiif, yaamtonni (warroonni haaroomsatti nama yaaman) haaroomsa/fooyya'iinsa haa argamsiisaniifi. Kun immoo wanta akka filannootti rakkatanii jennaan dhimma itti bayan malee, wanta akka sona (bu'uuraatti) dirqama irra dhaababachuu qabna jedhanii miti.

---

[2] - Odeeffannoo dabalataatiif kitaaba "Azmatu Al-Aqli Al-Muslim – Burjaaja'iinsa Sammuu Muslimaa" jedhu kan abbammaan kitaaba kanaa qopheesse ilaali. Kitaabichis Maxxansa dhaabbata addunyaawaa xiinxala Islaamaati, Hernudan, Varjiiniyaa, Ameerikatti bara 1992tti maxxanfame.

Akka nutti fakkaatutti, sababni ijjannoo gadi dhaabata hin qabne kan ifa hin ta'in kana fudhachutti isaan geese, waa sadi walitti makuu irraa dhufe. Innis:

1) Dhimmoota qabsoo siyaasaa ummata jiddutti ykn hawaasa siyaasaa jiddutti argame;
2) Dhimmoota qabsoo siyaasaa ummatoota jidduu fi hawaasa biraa isaan waliin jiraatan jiddutti uumamee fi
3) Dhimmoota wal-dhiibuun argaman, kan akka: toltutti wal-ajajuu, hamtuu irraa wal-dhoorguu, amala gaarii horachuu irratti wal-kakaasuu, nama miidhuu balaaleffachuu, mirgoota namaa kabachiisutti yaamuu fa'a.

Dhimmoota kanniin wal-keessa laaquun immoo argaa adeemsaa jaamsuun hanga dhimmoota kana hunda keessatti gidira fayyadamuutti geessee jira. Ijjannoolee hawaasa ykn ummatoota jiddutti dhimmuma kamiifuu tarkaanfii gidira fayyadamuu fi dhiisuu fudhachuu kun waan akka filannootti (Istiraateejiitti) itti fayyadaman malee wanta gama kamiinuu sadarkaa bu'uuraa (sonaa)tti dhaqqabuu miti. Asitti sona kan nuti jennuun: wanta dhaabbataa yoomiyyuu haaluma kamiinuu hin geeddaramne/hin sosochoone jechuu keenna.

Haallan sadeen armaan olitti dubbanne kanniin keessatti, dhimma gidira fayyadamuu fi dhiisuu irratti mul'ata ifa galaa hin ta'in qabaachuun kun, maaliif ijjannoon ilmaan ummata kanaa mootummaa abbaa irree kan nama miidhu of irraa qolachuu

keessatti, harka kennachuu, mormii nagayaa gaggeessuu fi meeshaa waraanaa hidhachuu? iddutti ta'e kan jedhu nuuf ibsa.

Ijjannoon olitti ibsame kan ifa hin ta'in sunis wanti uumameef, dhimmoota haaroomsa siyaasaa kan hawaasaa fi qaama siyaasaa tokko jiddutti argamu addaan baasuu dhabuu, waan dhimmoota qabsoo fi wal'aansoo siyaasaa jidduu gareelee hawaasaa, dhaabbilee fi biyyoota mormitoota jidduu jiran addaan baasuu dhabuu fi rakkinoota sababa walitti bu'iinsa yeroo dhimma da'awaa godhuutiin dhaabbatan uumaman kan yeroo waan gaaritti nama yaaman, waan badaa irraa nama dhoorgan, kan yeroo jecha/dubbii dhugaa dubbatanii fi yeroo nama miidhamee tumsa godhan uumamu, yeroo amala gaarii horachutti nama yaaman walitti bu'iinsa qaama seeraa biyya bulchu waliin uumamu addaan baasuu dhabuudhaani. Kun immoo sadarkaa hawaasichi aangoo irratti wal-falmuu wanta gayuu miti.

Jaarraaleen hedduun irra dabruu waliinuu, cufuma gosoota wal'aansoo siyaasaa fi walitti bu'iinsa da'awaa irratti ijjannoon gidira akka sonaa fi akka filannootti itti fayyadamuu kun ummataa fi gareelee siyaasaa hunda rakkinna guddaa keessa galchee jira.

Dhimma baay'ee yaaddessaa ta'e kana irratti ilaalchi namaa ifa galaa ta'uu dhabuun kun, waan baay'ee nama gaddisiisu keessaa hanga ammaatti bu'aa tokko malee dhiigni dabalataa akka dhangala'uuf sababa ta'ee jira. Kun immoo sirnoonni bulchiinsa ummatichaa yoomiyyuu caalaa cunqursaa fi irreen nama bulchuu akka mijeeffatan isaan gargaaree jira.

Dhimma kana gara tokkotti muruu fi dhiiga dhangala'aa jiru kana dhaabsisuuf xiinxalaa fi mul'ata dimshaashawaa seer-qabeessa ta'e, kan keeyyatoota Islaamaa hundaaf ifa galaa ta'e, kan seenaa gadaa nabiyyii fi gadaawwan biyyoota Islaamaa isaan booda jiran hunda barsiisuu fi hubannaa sirrii ta'e kan nama qayyabachiisu jiraachuu barbaachisa.

Kanas wanti jenneef, dimshaashummaa fi seer-qabeessummaan adeemsaa, walitti bu'iinsa siyaasaa furuu fi dhimmoota gaaritti nama ajajanii badii irraa nama dhoorguu kan afuura hawaasa Muslimaatiin wal-qabate kana addaan baasuuf, mul'ata ifa galaa ta'e kan dhimma gidira fayyadamuu kana hundeen lafa qabsiisuuf nama gargaara.

Kitaabota Islaamaa osoo bifa dimshaashawaa ta'een gadi qabnee ilaallee, wantoota hedduu kan ilaalamuu qaban keessatti arganna. Akkasumas kitaaboleen kunniin ka'umsaa fi sonoota wantoota kanatti seera godhan hubachuuf nu gargaaru. Mallattooleen ijaarsa isaa bifa guutuu ta'een ifatti mul'ata. Mallattooleen kunis gosoota gidiraa, sadarkaalee isaa, dandeettii sosocho'uu isaa fi hariiroo hawaasa Muslimaa jiddutti bifa sirrii hin ta'iniin gidira fayyadamuu kana daangessuuf nama gargaaru. Akkasumas siyaasaalee haaroomsaaf nama gargaaran, miidhaa nama irratti gaggeeffamutti daangaa godhuu fi hojii abbaa irrummaa daangessuuf nama gargaara.

Bifuma wal-fakkaatuun, wanti qorataan tokko beekuu qabu, keeyyatoonni Qur'aana kabajamaa fi Hadiisa nabiyyii dhimmoota wal'aansoo siyaasaa hawaasa jiddutti uumamuu,

dhimmoota wal'aansoo siyaasaa jidduu hawaasaa fi ummatoota siyaasa biraa jiddutti uumamuu fi dhimmoota gaaritti nama ajajuu, badii irraa nama dhoorguu fi wantoota dhimmoota ijoo wal'aansoo siyaasaa fi bulchiinsaa hin ta'in keessatti amala gaarii horachutti nama yaamuu addaan baasee ibsa.

Wantoota dhimma wal'aansoo siyaasaa keessa seenan irratti gidira fayyadamuun immoo balaa banuu, waldhabbii siyaasa keessaatiif karaa saaquudha malee dhimmoota amala gaarii horachuu, badii irraa nama dhoorguu fi waan gaarii ta'e dalagutti nama ajajuun kan wal-qabatuu miti. Dhimmoonni balaa akkanaa kunniin homa wal-dhabbiiwwanii fi balaan siyaasaalee ittiin furamaniin furamu.

Keeyyatoonni Qur'aanaa fi Hadiisaa kanneen dhimmoota gidiraa fi wal-dhabbii siyaasaa kana dubbatan baay'ee hedduudha. San keessaa keeyyatoonni gariin:

- Waa'ee balaa fi wal-dhabbii siyaasaa hawaasa siyaasaa tokko jiddutti uumamanii fi miidhaa isa irraa nama dhaqqabu irratti obsa qabaachuu fi osoo lubbuu ofii baraaruufis ta'ee gidira fayyadamuu dhabuu irratti fuulleffatu;
- Keeyyatoonni gariin immoo waa'ee Jihaada godhuu, diina of irraa qolachuu fi Muslimoota dadhaboo humna hin qabneef tumsuu irraa dubbatu;
- Keeyyatoota biraa keessatti kan arginu immoo waan gaaritti nama ajajuu fi badii irraa wal dhoorguun jidduu Muslimootaatti jiraachuu akka qabu dubbatu.

**Gaaffii**: Keeyyatoonni kunniin akkamitti walitti fidamanii tarkaanfii gara garaa kana irratti bifa qindaa'ina qabuun dhimmoota siyaasaa, dhimmoota gaaritti wal-ajajuu, dhimmoota siyaasaa ummata tokkoo ykn biyya tokkoo jiddutti uumamanii fi dhimmoota siyaasa ummata ykn biyyoota alaa irratti haala kamiin mul'achuu danda'u?

**Ammas gaafiin biraa**: dhimmoota olitti dubbanne kana keessatti seeri gidira fayyadamuu fi fayyadamuu dhabuu maali? Dhimoota kanniin keessatti kan hayyamamee fi hin hayyamaminis ta'u, bu'aan gidira fayyadamuu irraa argamu maali?

## Ergaa Keeyyatootaa Fi Galteewwan Gadaa Nabiyyii Keessa Argaman Kan Tooftaalee Gidiraa Waliin Wal-Qabatan Bifa Dimshaashawaan Hubachuu

Dhimma humnaa fi gidira fayyadamuu irratti hariiroo jidduu keeyyatootaa, ijjannoolee fi xiyyeeffannaalee adda addaa jidduu jiran kanneen gadaa nabiyyii keessa turan hubachuu yoo barbaanne, akkuma dur dubbanne san qu'ataan tokko qu'annaa adeemsa dimshaashawaa ta'e kan gamaaggamiinsaa irratti bu'uure kan keeyyatoota kana qindeessanii tartiiba qabsiisan gaggeessuun adeemsa saniin mul'ata ifa galaa ta'e irra gayuu ni danda'a.

Ammas ergaalee keeyyatoota kanniinii hubachuu fi hariiroolee isaan gama hawaasummaa wal-xaxaa ta'e kana keessatti qabanis beekuuf, qu'annoo keeyyatootaa qofa irratti

dhaabbachuu hin qabu. Shaakalliiwwan gadaa nabiyyii keessa turan hunda ilaaluu qaba.

Sababni isaas muuxannoowwan haaroomsaa kanneen gadaa nabiyyii keessa turan kunniin qabsoo hadhaa hedduu keessa waan dabraniif, sadarkaalee fi ijjannooleen adda addaa kun adeemsa sunnaa nabiyyii kana akka tartiibayu godhee jira. Akkasumas mul'ata qindaayaa muuxannoo kana guutuu godhuu fi kan keeyyatoota qindeessu kan walitti bu'iinsa haaroomsaa fi qabsoolee siyaasaa ummata jiddutti uumamanii fi waa'ee jidduu ummatootaa fi siyaasaa hawaasaa, akkasumas hooggantoota biyya bulchan jiddutti waan argamu ifa godhuuf kan gargaaru of keessaa qaba[3].

Akkasumas qabsooleen akka sadarkaa dhuunfaa fi hawaasummaatti wal-gorsuun waan gaaritti wal-ajajuu fi hamtuu irraa wal-dhoorguu irratti gaggeeffamanis jidduu isaa fi haallan balaa fi walitti bu'iinsa siyaasaatiin wal-qabatanis karaa sirrii ta'e irratti qajeelchuuf nama gargaara.

Jalqabni wanta argaa nama waa qu'atuu hawwatu, *'hadiisota balaa'* jedhamuun kan beekamu, kanneen ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* osoo lubbuun jiran dubbataniidha. Hadiisota san keessatti Rasuulli gonkumaa balaa fi walitti bu'iinsa siyaasa keessatti hirmaannaa waraanaa akka hin taasifne dhoorganii jiru.

---

[3] - Bifa walii galaatiin ummata kan jennuun, garee ykn hawaasa wayii kan dhuunfaaleen isa keessa jiran aantummaa hawaasummaa ykn siyaasaa waliinii qaban jechuudha.

Hadiisota kanniin keessatti ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* waahillan isaanii walitti bu’iinsa siyaasaa jidduu gareelee bulchitoota hawaasaa jiddutti uumamu furuuf humna waraanaa akka hin fayyadamne dhoorganii jiru. Osoo qaamni nagaya buusuuf deemu sun qaama biraa irraa yakki irratti raawwateellee, miira ofii akka too’achuu qabu akeekkachiisanii jiru.

San irratti jecha Rabbii yoo ilaalle:

﴿ ۞ وَٱتۡلُ عَلَيۡهِمۡ نَبَأَ ٱبۡنَيۡ ءَادَمَ بِٱلۡحَقِّ إِذۡ قَرَّبَا قُرۡبَانٗا فَتُقُبِّلَ مِنۡ أَحَدِهِمَا وَلَمۡ يُتَقَبَّلۡ
مِنَ ٱلۡأٓخَرِ قَالَ لَأَقۡتُلَنَّكَۖ قَالَ إِنَّمَا يَتَقَبَّلُ ٱللَّهُ مِنَ ٱلۡمُتَّقِينَ ﴿٢٧﴾ لَئِنۢ بَسَطتَ إِلَيَّ يَدَكَ لِتَقۡتُلَنِي مَآ أَنَا۠
بِبَاسِطٖ يَدِيَ إِلَيۡكَ لِأَقۡتُلَكَۖ إِنِّيٓ أَخَافُ ٱللَّهَ رَبَّ ٱلۡعَٰلَمِينَ ﴿٢٨﴾ إِنِّيٓ أُرِيدُ أَن تَبُوٓأَ بِإِثۡمِي وَإِثۡمِكَ
فَتَكُونَ مِنۡ أَصۡحَٰبِ ٱلنَّارِۚ وَذَٰلِكَ جَزَٰٓؤُاْ ٱلظَّٰلِمِينَ ﴿٢٩﴾ فَطَوَّعَتۡ لَهُۥ نَفۡسُهُۥ قَتۡلَ أَخِيهِ فَقَتَلَهُۥ فَأَصۡبَحَ
مِنَ ٱلۡخَٰسِرِينَ ﴿٣٠﴾ ﴾المائدة: ٢٧ - ٣٠

*[(Yaa ergamaa keenna warra banii Israa’iliif) oduu ilmaan Aadam lameenii odeessiif, yeroo isaan wareega dhiyeessanii, wareegni sun tokkoo isaanii (Haabiliin) irraa fuudhamee isa kaan (Qaabiliin) irratti didamee jennaan, (Qaabil) si ajjeesa jedheen: kan Rabbiin irraa fuudhu nama isa sodaatu jedheen (Haabil). Yoo na ajjeesuuf harka kee ka natti diriirsitu taate, ani si ajjeesuuf harka kiyya sitti hin diriirsu, ani Rabbii waa hunda uume sodaadha. Ani akka ati badii na ajjeesu fi badii dur qabdus baadhattee deebitu barbaada, yeroo san warra ibiddaa taata, sun mindaa warra nama miidhuuti. Qalbiin isaa akka obboleessa isaa (Haabiliin) ajjeesu itti bareechitee, isa ajjeesee warra hoongaye irraa ta’e]. (Al-Maa’idaa: 27-30).*

﴿ يَـٰبُنَيَّ أَقِمِ ٱلصَّلَوٰةَ وَأۡمُرۡ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَٱنۡهَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِ وَٱصۡبِرۡ عَلَىٰ مَآ أَصَابَكَۖ إِنَّ ذَٰلِكَ مِنۡ عَزۡمِ ٱلۡأُمُورِ ١٧ ﴾ لقمان: ١٧

*[Yaa ilma kiyya salaata salaati, waan gaaritti nama ajaji, hamtuu irraa nama dhoorgi, waan si mudate irratti obsa qabaadhu, (obsuun) sun waan guddaadha]. (Luqumaan: 17).*

Bifuma keeyyatoota Qur'aanaa kanaan wal-fakkaatuun Hadiisonni nabiyyiis ni jiru. Isaan keessaa:

Hadiisa Aliyyi Binu Abdillaah Sufyaan irraa, inni immoo Shihaab irraa odeesse keessatti akkana jedhe: Urwaan akkana jechuun naaf odeesse: *Usaamaan (Rabbi irraa haa jaalatu) akkana jedhe: ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) ka daangaa magaalaa Madiinaa irra dhaabatanii akkana jedhan dhagaye: "waan ani argu kana argitanii? Ani manniin keessan kana irraa iddoowwan balaan irraa ka'u akka Roobaatti arga)*4.

Al-Bukaariin nama Ahnaf binu Qeeysi jedhamu irraa odeesse, innis akkana jedhe: *"Namicha saniif*[5] *birmachuuf deemee karaa irratti Abuu Bakri natti dhufee garam deemuu feeta naan jedhe, namicha saniif birmachuu deemaa jira jedheen, innis akkana naan jedhe: ergamaa Rabbii "Yoo Muslimoonni lamaan seeyfiin walitti dhufan isaan lachuu warra ibiddaati" ka jedhan dhagayee, yaa ergamaa Rabbii inni kuun waan nama ajjeeseef yoo ta'e, inni ajjeefame hoo badiin isaa maali? Jedhee*

[4] - Mu'ammar, Suleeymaan fi Ibnu Kasiiris hordofuun Azzuhriyyii irraa odeessanii jiru.
[5] - Namichi sun Abdullaah Binu Zubeeyri.

*gaafannaan, "Innis hiriyyaa isaa ajjeesuuf baay'ee futuna waan qabuufi" ka jedhan dhagayee deebi'i naan jedhe.*

Keeyyata Qur'aanaa kan:

وَقَٰتِلُوهُمۡ حَتَّىٰ لَا تَكُونَ فِتۡنَةٞ وَيَكُونَ ٱلدِّينُ كُلُّهُۥ لِلَّهِۚ ﴿٣٩﴾ الأنفال: ٣٩

*[Isaaniin (Mushrikootaan) lolaa, hanga balaan wayiituu hin argamnetti hanga amantiin hundi Rabbiif ta'utti] (Al-Anfaal: 39)*. Hiikkaa keeyyata Qur'aanaa kana irratti Al-Bukaariin yeroo odeessu akkana jedhe*: Abdullaah bin Umariin akkana jedhameen: "Balaa of irraa qolachuu akkamitti ilaalta" jennaan, "balaa jechuun maal akka ta'e beeytaa?" jedheenii itti fufuun, Muhammad (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) Mushrikootaan yeroo lolan isaanitti seenuun sunuu balaadha, akka lola keessan ka isin mootummatti seentanii kanaa miti? jedheen.*

Ammas Al-Bukaariin Ibnu Umariin irraa odeessuun akkana jedhe: *"Namichi wayii yeroo balaa Ibnu Zubeeyri san itti dhufee akkana jedheen: "Namni miidhamee jira, ati ilma Umari, waahila ergamaa Rabbiiti, maaltu baatee loluu irraa si dhoorga?jennaan akkana jechuun deebiseef: "wanti na dhoorge Rabbiin dhiiga obboleessa kiyyaa haraama waan godheefi"jedheen, innis akkana jedheen : Rabbiin[Isaaniin (Mushrikootaan) lolaa hanga balaan wayiituu hin argametti hanga amantiin hundi Rabbiif ta'utti], Ibnu Umaris akkana jechuun deebiseef: "Nuti hanga balaan wayiituu hin argamnetti hanga amantiin hundi Rabbiif ta'utti lolle, isin immoo akka balaan bu'uuf akka amantiin hundi nama biraatiif ta'uuf loltan"*jedhee deebiseef.

*Abuu Daawuud, Ibnu Zarriin irraa akkana jechuun odeesse: ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana naan jedhan jedhe: "Yaa Abaa Zarri", tole yaa ergamaa Rabbii jedheen. Sana booda Hadiisa dheeraa himee, san keessaa: "Gaafa namni du'ee gatiin iddoo awwaalcha isaa gatii gabraa ta'e maal taata?" naan jennaan, waan Rabbii fi ergamaan isaa naaf filatan ta'a jedheen, isaanis akkana naan jedhan: "*Obsa qabaadhu ykn obsi"* boodas akkana naan jedhan: *"Yaa Abaa Zarri",* tole yaa ergamaa Rabbii jedhee jalaa awwaadhe, *"Iddoo Ahjaar Azzayti jedhamu kan dhiiga namaatiin guutamte osoo argitee maal taata?"*naan jennaan, homa Rabbii fi ergamaan isaa naaf filan ta'a jedheen, isaanis akkana naan jedhan: "Namootasi fakkaatan waliin ta'i", yaa ergamaa Rabbii seeyfii kiyya fudhee ceekuu kiyya irra hin kaayadhuu jennaan, *"Maarree toota waliin hirmaattee*"naan jedhan, maalitti na ajajja ree? Jedhee gaafannaan, akkana naan jedhan jedhe: "*Mana keetii hin bayin"*, yoo manatti natti seene hoo jedhee gaafannaan, *"balaqqeessi seeyfii si rifachiisaa yoo sodaatte, uffata kee fuula keetitti ofiin haguugii badii si ajjeesuu fi ka dur qabu waliin haa mindeeffamuu*"naan jedhan jedhe.

Bifa ilaalcha dimshaashawaa ta'een osoo keeyyatootaa fi muuxannoowwan gadaa nabiyyii keessa gaafa guyyaa ergamaa ta'anii Makkaan keessatti ergaman irraa eegalee hanga gaafa Madiinatti du'aan boqatanii jidduu jiru gadi bu'iinsaan yoo ilaallee, yeroo jalqabaa Muslimoonni Makkaan keessatti balaa fi diinummaaf akka saaxilaman argina. Ijjannoon Qur'aanaa fi Sunnaa immoo gara amantii haqaatti ummata yaamuu irratti kutachuu fi Muslimoonni haguma fedhan balaa fi gidira warra

Mushrikoota Qureeyshaa kanneen biyya bulchaniif saaxilamanis, akka tooftaa humna fayyadamuutti hin deemne akeekkachiisa.

Wanti asitti ifa gala ta'e, gochi kun waan gaaritti nama ajajuu, badii irraa nama dhoorguu, Rabbitti amanutti nama yaamuu, nama miidhuu fi Rabbitti waa dabaluu sadarkaa siyaasaa fi aqiidaatti jiran dhabamsiisuudha. Kunis akka qabsoo cimaa garee Qureeyshotaa warreen biyya bulchanii fi garee Muslimoota haaroomsaaf tattaaffii godhaniitti ibsame.

Ijjannoon Qur'aanaa fi Hadiisaa kan Muslimoonni diinummaa Qureeyshaa of irraa deebisuuf humna waraanaa fayyadamuu hin qaban jedhu Makkaan keessatti hin jijjiiramne. Eega loltoonni gootonni akka *Hamzaa Abdulmuxxalib* fi *Umar binu Alkaxxaab* amantii Islaamaa seenanii *Qureeyshota* sodaachisuun ergamaa Rabbiitiin akka diinummaa isaanii kana of irraa qolataniif hayyama isaanii gaafatanis ijjannoon hin geeddaramne.

Qur'aanni kabajamaan keeyyatoota isaa hedduu keessatti, akka sahaabonni ejjannoolee fi haalota akkasii san keessatti obsa qabaachuu akka qabaatan nuuf ibsa. San keessaa:

﴿ فَٱصۡبِرۡ إِنَّ وَعۡدَ ٱللَّهِ حَقّٞ وَٱسۡتَغۡفِرۡ لِذَنۢبِكَ وَسَبِّحۡ بِحَمۡدِ رَبِّكَ بِٱلۡعَشِيِّ وَٱلۡإِبۡكَٰرِ ٥٥ ﴾ غافر: ٥٥

*[Obsi beellamni Rabbii dhugaadha, cubbuu keetiif araarama kadhadhu, Rabbii kee ganamaa fi galgala galateeffadhu] (Gaafir: 55).*

﴿ وَٱذۡكُرِ ٱسۡمَ رَبِّكَ وَتَبَتَّلۡ إِلَيۡهِ تَبۡتِيلٗا ٨ رَّبُّ ٱلۡمَشۡرِقِ وَٱلۡمَغۡرِبِ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ فَٱتَّخِذۡهُ وَكِيلٗا
٩ وَٱصۡبِرۡ عَلَىٰ مَا يَقُولُونَ وَٱهۡجُرۡهُمۡ هَجۡرٗا جَمِيلٗا ١٠ وَذَرۡنِي وَٱلۡمُكَذِّبِينَ أُوْلِي ٱلنَّعۡمَةِ وَمَهِّلۡهُمۡ قَلِيلًا ١١
﴾المزمل: ٨ - ١١

*[Maqaa Rabbii keetii yaadadhu (Rabbiin faarsi). (gabbara isaaf gootu keessatti) guutumatti gara isaa citi (qulqullaayi). Rabbiin abbaa (dhuunfataa) kallattiiwwan bahaa fi dhihaati isaan ala dhugaan gabbaramaan hin jiru, isa irkoo kee godhadhu. Waan isaan siin jedhan irratti obsi isaan irraa fagaadhu haala haloo itti hin qabanneen. Warra kijibdoota qananii keessa jiran kana naaf dhiisi, xinnoo turtii gabaabduu isaaniif kenni] (Muzzammil: 8-11).*

﴿ وَلَقَدۡ ضَرَبۡنَا لِلنَّاسِ فِي هَٰذَا ٱلۡقُرۡءَانِ مِن كُلِّ مَثَلٖۚ وَلَئِن جِئۡتَهُم بِـَٔايَةٖ لَّيَقُولَنَّ ٱلَّذِينَ
كَفَرُوٓاْ إِنۡ أَنتُمۡ إِلَّا مُبۡطِلُونَ ٥٨ كَذَٰلِكَ يَطۡبَعُ ٱللَّهُ عَلَىٰ قُلُوبِ ٱلَّذِينَ لَا يَعۡلَمُونَ ٥٩
فَٱصۡبِرۡ إِنَّ وَعۡدَ ٱللَّهِ حَقّٞۖ وَلَا يَسۡتَخِفَّنَّكَ ٱلَّذِينَ لَا يُوقِنُونَ ٦٠ الروم: ٥٨ – ٦٠

*[Qur'aana kana keessatti ilma namaatiif fakkeenya waan hunda irraa isaaniif ibsinee jirra, osoo ati mallattoolee keennaan (warra Kaafiraatti) itti dhuftee, silaa atii fi hordoftoonni keetis warra waa balleessu siin jedhan. Rabbiin haala kanaan warra waa hin beekne itti cufa. Obsi beellamni Rabbii dhugaadha, warroonni beellama san hin dhugomsine amantii kee irraa si hin sosochoosin] (Arruum: 58-60).*

﴿ يَٰبُنَيَّ أَقِمِ ٱلصَّلَوٰةَ وَأۡمُرۡ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَٱنۡهَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِ وَٱصۡبِرۡ عَلَىٰ مَآ أَصَابَكَۖ إِنَّ ذَٰلِكَ مِنۡ عَزۡمِ
ٱلۡأُمُورِ ١٧ ﴾ لقمان: ١٧

*[Yaa ilma kiyya salaata salaati, waan gaaritti nama ajaji, hamtuu irraa nama dhoorgi, waan si mudate irratti obsa qabaadhu, (obsuun) sun waan guddaadha]. (Luqumaan: 17).*

﴿ قُلۡ يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ إِن كُنتُمۡ فِي شَكّٖ مِّن دِينِي فَلَآ أَعۡبُدُ ٱلَّذِينَ تَعۡبُدُونَ مِن دُونِ ٱللَّهِ وَلَٰكِنۡ أَعۡبُدُ ٱللَّهَ
ٱلَّذِي يَتَوَفَّىٰكُمۡۖ وَأُمِرۡتُ أَنۡ أَكُونَ مِنَ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ١٠٤ وَأَنۡ أَقِمۡ وَجۡهَكَ لِلدِّينِ حَنِيفٗا وَلَا تَكُونَنَّ مِنَ
ٱلۡمُشۡرِكِينَ ١٠٥ وَلَا تَدۡعُ مِن دُونِ ٱللَّهِ مَا لَا يَنفَعُكَ وَلَا يَضُرُّكَۖ فَإِن فَعَلۡتَ فَإِنَّكَ إِذٗا مِّنَ ٱلظَّٰلِمِينَ
١٠٦ وَإِن يَمۡسَسۡكَ ٱللَّهُ بِضُرّٖ فَلَا كَاشِفَ لَهُۥٓ إِلَّا هُوَۖ وَإِن يُرِدۡكَ بِخَيۡرٖ فَلَا رَآدَّ لِفَضۡلِهِۦۚ
يُصِيبُ بِهِۦ مَن يَشَآءُ مِنۡ عِبَادِهِۦۚ وَهُوَ ٱلۡغَفُورُ ٱلرَّحِيمُ ١٠٧ قُلۡ يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ قَدۡ جَآءَكُمُ ٱلۡحَقُّ
مِن رَّبِّكُمۡۖ فَمَنِ ٱهۡتَدَىٰ فَإِنَّمَا يَهۡتَدِي لِنَفۡسِهِۦۖ وَمَن ضَلَّ فَإِنَّمَا يَضِلُّ عَلَيۡهَاۖ وَمَآ أَنَا۠ عَلَيۡكُم بِوَكِيلٖ
١٠٨ وَٱتَّبِعۡ مَا يُوحَىٰٓ إِلَيۡكَ وَٱصۡبِرۡ حَتَّىٰ يَحۡكُمَ ٱللَّهُۚ وَهُوَ خَيۡرُ ٱلۡحَٰكِمِينَ ١٠٩ يونس: ١٠٤ - ١٠٩

*[Yaa ilmaan namaa hoo! Amantii kiyya kana irraa yoo shakkii qabaattan waan isin Rabbii gaditti gabbartan kana hin gabbaru, garuu Rabbii isin ajjeesu gabbara, akka Mu'umina ta'uuf ajajamee jira. Fuula kee amantii qulqulluu ta'e irratti gadi dhaabi (yaa Muhammad) warra Rabbitti waa dabalu irraa hin ta'in. Rabbii gaditti waan si hin fayyannee fi waan si hin mine hin yaamatin, yoo akkas goote ati warra lubbuu ofii miidhe irraayi. Yoo Rabbiin miidhaa wayiitiin si tuqe isa malee namni irraa si baraaru hin jiru, yoo toltuu wayii sii fedhes namni tola isaa san sirraa deebisu hin jiru, Rabbiin gabroota isaa keessaa abbaa fedheen tuqa (miidhaa fi toltuu san), Rabbiin araaramaa fi namaaf mararfataadha. Jedhiin (yaa ergamaa kiyya), yaa ilma*

*namaa ergamaan dhugaa Rabbiin irraa taateen (Qur'aanaan) isinitti dhufee jira, namni qajeele lubbuma ofiitiif qajeele, kan jallates ofumatti jallate, ani (akka isin amantaniif) isin irratti bakka hin buufamne. Waan wahyii sitti godhamu hordofi (Yaa Muhammad), hanga Rabbiin murtii kennuttiobsi, Rabbiin irra caalaa nama waa murteessuuti] (Yuunus: 104-109).*

﴿إِنَّهُۥ كَانَ فَرِيقٌ مِّنْ عِبَادِي يَقُولُونَ رَبَّنَآ ءَامَنَّا فَٱغْفِرْ لَنَا وَٱرْحَمْنَا وَأَنتَ خَيْرُ ٱلرَّٰحِمِينَ
١٠٩ فَٱتَّخَذْتُمُوهُمْ سِخْرِيًّا حَتَّىٰٓ أَنسَوْكُمْ ذِكْرِي وَكُنتُم مِّنْهُمْ تَضْحَكُونَ ١١٠ إِنِّي جَزَيْتُهُمُ ٱلْيَوْمَ بِمَا
صَبَرُوٓاْ أَنَّهُمْ هُمُ ٱلْفَآئِزُونَ ١١١﴾ المؤمنون: ١٠٩ - ١١١

*[Gareen gabroota kiyya irraa ta'an akkana ka jedhan ta'an: Rabbii keenna sitti amannee, nuuf araarami tola nuuf ooli ati irra filatamaa nama tola namatti ooluuti. Isaan tuffachuu fi xiqqeessuun tuffiin sun haga na yaadachuu isin dagachiisu gayee jira, isaanitti ka kolfitan taatanii jirtu. Ani har'a waan isaan oobsaniif isaaniif mindaa kaffala, isaan warra hoffole irraayyi]. (Al-Mu'uminuun: 109-111).*

Gama biraatiin immoo eega Muslimoonni Makkaan irraa gara Madiinaatti baqatanii mootummaa Islaamaa hundeessaniin booda, ejjannoon ergamaa Rabbii fi kan Muslimootaa hagam akka jijjiirame agarra. Adeemsi isaanii kan diinota isaanii keessattuu Qureeyshota akkasitti isaan miidhaa turan san irratti lola hin baninaa jedhu jijjiiramuu isaa agarra. Akkasumas Qur'aanni ulfaataanis akka Muslimoonni lubbuu ofii baraaruuf jecha diina of irraa qolatan hayyameefii jira, inumayyuu of irraa lolutti isaan ajajee jira.

Haaluma kanaan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* Qureeyshotaa fi gosoota biroo kanneen isaanii fi amantii isaaniitiin lolan irratti lubbuu namaa fi kan Muslimoota dadhaboo ta'anii baraaruuf jecha of irraa qolachuu eegalan. Ergamaan Rabbii gosoota kanaan loluu irratti humnootaa fi tooftaalee gidiraa hunda fayyadamanii jiru. Tooftaalee sanniin keessaa hooggantoota gosoota sanniinii kanneen lola nama irratti banaa turan ganda isaan itti dhalatan keessatti ajjeesuu fa'a.

﴿أُذِنَ لِلَّذِينَ يُقَٰتَلُونَ بِأَنَّهُمۡ ظُلِمُواْۚ وَإِنَّ ٱللَّهَ عَلَىٰ نَصۡرِهِمۡ لَقَدِيرٌ ٣٩ ٱلَّذِينَ أُخۡرِجُواْ
مِن دِيَٰرِهِم بِغَيۡرِ حَقٍّ إِلَّآ أَن يَقُولُواْ رَبُّنَا ٱللَّهُۗ وَلَوۡلَا دَفۡعُ ٱللَّهِ ٱلنَّاسَ بَعۡضَهُم بِبَعۡضٖ لَّهُدِّمَتۡ صَوَٰمِعُ
وَبِيَعٞ وَصَلَوَٰتٞ وَمَسَٰجِدُ يُذۡكَرُ فِيهَا ٱسۡمُ ٱللَّهِ كَثِيرٗاۗ وَلَيَنصُرَنَّ ٱللَّهُ مَن يَنصُرُهُۥٓۚ إِنَّ
ٱللَّهَ لَقَوِيٌّ عَزِيزٌ ٤٠ ٱلَّذِينَ إِن مَّكَّنَّٰهُمۡ فِي ٱلۡأَرۡضِ أَقَامُواْ ٱلصَّلَوٰةَ وَءَاتَوُاْ ٱلزَّكَوٰةَ وَأَمَرُواْ
بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَنَهَوۡاْ عَنِ ٱلۡمُنكَرِۗ وَلِلَّهِ عَٰقِبَةُ ٱلۡأُمُورِ ٤١﴾ الحج: ٣٩ - ٤١

*[Warroota lolamaniif (of irraa qolachuun) isaaniif hayyamamee jira waan miidhamaniif, Rabbiin isaan tumsuu irratti danda'aadha. Warroota gandoota isaanii keessaa dharaan baafamn waan Rabbiin keenya Rabbii tokkicha jedhaniif qofa baafaman, Rabbiin osoo garii namaa garii isaatiin deebisuu baatee silaa iddoon namni Rabbiin itti gabbaru, manni amantii Kiristaanotaa, kan Yahuudaa fi Masjiidonni maqaan Rabbii keessatti dubbatamu diigame, Rabbiin nama isaaf tumse ni tumsaaf, Rabbiin jajjabaa fi danda'aadha. (warroonni isaaniif tumsuu Rabbiin waadaa galeef) isaannan dachii keessatti isaanii mijeessinee jennaan, salaata salaatanii, zakaa baafatanii,*

*gaaritti nama ajajanii, hamtuu irraa warra nama dhoorganiidha, dhumni dhimma hundaatuu Rabbiifi] (Al-Hajji: 39-41).*

﴿ كُتِبَ عَلَيۡكُمُ ٱلۡقِتَالُ وَهُوَ كُرۡهٞ لَّكُمۡۖ وَعَسَىٰٓ أَن تَكۡرَهُواْ شَيۡـٔٗا وَهُوَ خَيۡرٞ لَّكُمۡۖ
وَعَسَىٰٓ أَن تُحِبُّواْ شَيۡـٔٗا وَهُوَ شَرّٞ لَّكُمۡۚ وَٱللَّهُ يَعۡلَمُ وَأَنتُمۡ لَا تَعۡلَمُونَ ٢١٦ يَسۡـَٔلُونَكَ عَنِ ٱلشَّهۡرِ ٱلۡحَرَامِ
قِتَالٖ فِيهِۖ قُلۡ قِتَالٞ فِيهِ كَبِيرٞۚ وَصَدٌّ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِ وَكُفۡرُۢ بِهِۦ وَٱلۡمَسۡجِدِ ٱلۡحَرَامِ وَإِخۡرَاجُ أَهۡلِهِۦ
مِنۡهُ أَكۡبَرُ عِندَ ٱللَّهِۚ وَٱلۡفِتۡنَةُ أَكۡبَرُ مِنَ ٱلۡقَتۡلِۗ وَلَا يَزَالُونَ يُقَٰتِلُونَكُمۡ حَتَّىٰ يَرُدُّوكُمۡ عَن دِينِكُمۡ إِنِ
ٱسۡتَطَٰعُواْۚ وَمَن يَرۡتَدِدۡ مِنكُمۡ عَن دِينِهِۦ فَيَمُتۡ وَهُوَ كَافِرٞ فَأُوْلَٰٓئِكَ حَبِطَتۡ أَعۡمَٰلُهُمۡ فِي
ٱلدُّنۡيَا وَٱلۡأٓخِرَةِۖ وَأُوْلَٰٓئِكَ أَصۡحَٰبُ ٱلنَّارِۖ هُمۡ فِيهَا خَٰلِدُونَ ٢١٧ إِنَّ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَٱلَّذِينَ
هَاجَرُواْ وَجَٰهَدُواْ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ أُوْلَٰٓئِكَ يَرۡجُونَ رَحۡمَتَ ٱللَّهِۚ وَٱللَّهُ غَفُورٞ رَّحِيمٞ ٢١٨ ﴾

البقرة: ٢١٦ - ٢١٨

*[(Mushrikootaan)loluun isin irratti dirqama ta'ee jira, haala lolli isin biratti hin jaalatamne ta'een, waan wayii jibbatanii inni gaarii isinii ta'uu danda'a, waan wayii jaalattanii inni badaa isiniif ta'uu danda'a, Rabbiin ni beeka isin hin beeytan. Ji'oottan isa keessa loluun dhoorgaa ta'e irraa si gaafatu (yaa Muhammad), isaaniin jedhi: isa keessa loluun badii guddoodha, karaa Rabbii irraa nama deebisuudha, Rabbitti kafaruudha, Masjida Haramaa irraa nama ittisuudha. Warra Masjida Haramaa kana achii baasutu Rabbiin biratti badii (lolaa caalaa) guddaadha, balaan lola caalaa badaadha, (warroonni Kuffaaraa) yoo danda'an haga amantii keessan keessaa isin baasanitti isiniin loluu irraa duubatti hin jedhan, namni isin irraa amantii ofii gadi dhiisee san irratti haala kaafira ta'een du'e, namoota akkasii san dalagaan isaanii duniyaa fi aakirattis*

*fokkattee jirti, warri akkasii sun warra ibiddaati, isa keessa hundeef taa'u. Isaannan Rabbitti amanan, warroonni baqatanii karaa Rabbii keessatti jihaada godhan warroonni sunniin tola Rabbii kajeelu, Rabbiin araaramaa fi tola oolaadha] (Al-Baqarah: 216-218).*

﴿وَقَٰتِلُوا۟ ٱلْمُشْرِكِينَ كَآفَّةً كَمَا يُقَٰتِلُونَكُمْ كَآفَّةً ۚ وَٱعْلَمُوٓا۟ أَنَّ ٱللَّهَ مَعَ ٱلْمُتَّقِينَ
﴿٣٦﴾ ﴾ التوبة: ٣٦

*[Mushrikoota (warra Rabbitti hin amanin) akkuma isaan guutumatti isiniin lolan isinis guutumatti isaaniin lolaa, Rabbiin nama isa sodaate waliin jiraa beekaa] (Attoowbaa: 36).*

﴿ وَقَٰتِلُوا۟ فِى سَبِيلِ ٱللَّهِ ٱلَّذِينَ يُقَٰتِلُونَكُمْ وَلَا تَعْتَدُوٓا۟ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ لَا يُحِبُّ
ٱلْمُعْتَدِينَ ﴿١٩٠﴾ وَٱقْتُلُوهُمْ حَيْثُ ثَقِفْتُمُوهُمْ وَأَخْرِجُوهُم مِّنْ حَيْثُ أَخْرَجُوكُمْ ۚ وَٱلْفِتْنَةُ أَشَدُّ مِنَ ٱلْقَتْلِ ۚ وَلَا
تُقَٰتِلُوهُمْ عِندَ ٱلْمَسْجِدِ ٱلْحَرَامِ حَتَّىٰ يُقَٰتِلُوكُمْ فِيهِ ۖ فَإِن قَٰتَلُوكُمْ فَٱقْتُلُوهُمْ ۗ كَذَٰلِكَ جَزَآءُ ٱلْكَٰفِرِينَ ﴿١٩١﴾ فَإِنِ ٱنتَهَوْا۟
فَإِنَّ ٱللَّهَ غَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿١٩٢﴾ وَقَٰتِلُوهُمْ حَتَّىٰ لَا تَكُونَ فِتْنَةٌ وَيَكُونَ ٱلدِّينُ لِلَّهِ ۖ فَإِنِ ٱنتَهَوْا۟ فَلَا عُدْوَٰنَ إِلَّا عَلَى
ٱلظَّٰلِمِينَ ﴿١٩٣﴾ ٱلشَّهْرُ ٱلْحَرَامُ بِٱلشَّهْرِ ٱلْحَرَامِ وَٱلْحُرُمَٰتُ قِصَاصٌ ۚ فَمَنِ ٱعْتَدَىٰ عَلَيْكُمْ فَٱعْتَدُوا۟ عَلَيْهِ بِمِثْلِ مَا
ٱعْتَدَىٰ عَلَيْكُمْ ۚ وَٱتَّقُوا۟ ٱللَّهَ وَٱعْلَمُوٓا۟ أَنَّ ٱللَّهَ مَعَ ٱلْمُتَّقِينَ ﴿١٩٤﴾ ﴾ البقرة: ١٩٠ - ١٩٤

*[karaa Rabbii keessatti warra isiniin loleen lolaa bira hin dabarsinaa, Rabbiin warroota bira dabarsan hin jaalatu. Isaaniin lolaa bakka isaan argitanitti, iddoo isaan irraa isin baasan keessaa isaan baasaa (Makkaan), fitnaan (Rabbitti kafaruun isaanii) sun lola isin loltaniin caala, Masjida Haramaa biratti isaaniin hin lolinaa haga isaan isa keessatti lola isin irratti bananitti, yoo isaan isiniin lolan (isin ajjeesan) isinis lolaa*

*(ajjeesaa), harka deebiin warra Rabbitti kafaree akkasi. Yoo isaan haala san ka dhaaban ta'e, Rabbiin araaramaa fi tola oolaadha. Isaaniin lolaa hanga balaan hin hafne takka hanga amantiin hundi Rabbiif ta'utti, yoo isaan haala san irraa ka deebi'an taate, diinummaan warra lubbuu ofii miidheef malee hin jiru. Ji'a isa keessa loluun dhoorgaa ta'e keessa isaaniin loluun keessan waan isaan isa keessa isiniin lolaniif, namni kabaja bakkaa diige haloon irraa bayama, nama daangaa isinitti dabre (isiniin lole) isinis homa inni daangaa isinitti dabre saniin haloo bayadhaa, Rabbiin sodaadhaa, Rabbiin warra isa sodaatu waliin akka jiru beekaa] (Al-Baqarah: 190-194).*

﴿ يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ مَا لَكُمْ إِذَا قِيلَ لَكُمُ ٱنفِرُواْ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ ٱثَّاقَلْتُمْ إِلَى
ٱلْأَرْضِ ۚ أَرَضِيتُم بِٱلْحَيَوٰةِ ٱلدُّنْيَا مِنَ ٱلْـَٔاخِرَةِ ۚ فَمَا مَتَـٰعُ ٱلْحَيَوٰةِ ٱلدُّنْيَا فِي ٱلْـَٔاخِرَةِ
إِلَّا قَلِيلٌ ﴿٣٨﴾ إِلَّا تَنفِرُواْ يُعَذِّبْكُمْ عَذَابًا أَلِيمًا وَيَسْتَبْدِلْ قَوْمًا غَيْرَكُمْ وَلَا تَضُرُّوهُ
شَيْـًٔا ۗ وَٱللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٣٩﴾ ﴾ التوبة: ٣٨ - ٣٩

*[Yaa warra Rabbitti amantan, maaliif yeroo Jihaada bayaa isiniin jedhamu ceem'itanii duubatti harkifattan, jireenya duniyaa tana ka aakiraa caalaa jaalattanii, qananiin duiyaa tun ta aakiraatiin wal-biratti waan xinnoodha. Yoo isin gara jihaadaa deemutti birmachuu baattan Rabbiin adabbii cimaa isin adaba, tuuta biraa ka isin hin ta'in bakka buusa, (jihaada deemuu diduu keessaniif) Rabbiin homaanuu isa hin miitan, Rabbiin waa hunda irratti danda'aadha] (Attobaa: 38-39).*

﴿ أَلَا تُقَٰتِلُونَ قَوۡمٗا نَّكَثُوٓاْ أَيۡمَٰنَهُمۡ وَهَمُّواْ بِإِخۡرَاجِ ٱلرَّسُولِ وَهُم
بَدَءُوكُمۡ أَوَّلَ مَرَّةٍۚ أَتَخۡشَوۡنَهُمۡۚ فَٱللَّهُ أَحَقُّ أَن تَخۡشَوۡهُ إِن كُنتُم مُّؤۡمِنِينَ ١٣
قَٰتِلُوهُمۡ يُعَذِّبۡهُمُ ٱللَّهُ بِأَيۡدِيكُمۡ وَيُخۡزِهِمۡ وَيَنصُرۡكُمۡ عَلَيۡهِمۡ وَيَشۡفِ صُدُورَ قَوۡمٖ
مُّؤۡمِنِينَ ١٤ ﴾ التوبة: ١٣ - ١٤

*[Tuuta waadaa galan diiganii, ergamaa Rabbii (Makkaan keessaa) baasaniin hin loltanii, isaantu lolaan isin jalqabe yeroo duraa, isaan sodaattanii, yoo ka Rabbitti amantan taate Rabbitu jara caalaa sodaatamuu haqa godhata] (Attoowbaa: 13-14).*

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ قَٰتِلُواْ ٱلَّذِينَ يَلُونَكُم مِّنَ ٱلۡكُفَّارِ وَلۡيَجِدُواْ فِيكُمۡ غِلۡظَةٗۚ وَٱعۡلَمُوٓاْ أَنَّ ٱللَّهَ
مَعَ ٱلۡمُتَّقِينَ ١٢٣ ﴾ التوبة: ١٢٣

*[Yaa warra (Rabbitti) amantan warroota Kaafiraa kan isinitti dhiyoo jiraniin lolaa, jajjabina keessan haa arganii, Rabbiin warra isa sodaatu waliin jiraa beekaa] (Attoowbaa: 123).*

﴿ يُرِيدُونَ لِيُطۡفِـُٔواْ نُورَ ٱللَّهِ بِأَفۡوَٰهِهِمۡ وَٱللَّهُ مُتِمُّ نُورِهِۦ وَلَوۡ كَرِهَ ٱلۡكَٰفِرُونَ ٨ هُوَ ٱلَّذِيٓ أَرۡسَلَ رَسُولَهُۥ بِٱلۡهُدَىٰ
وَدِينِ ٱلۡحَقِّ لِيُظۡهِرَهُۥ عَلَى ٱلدِّينِ كُلِّهِۦ وَلَوۡ كَرِهَ ٱلۡمُشۡرِكُونَ ٩ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ هَلۡ أَدُلُّكُمۡ عَلَىٰ تِجَٰرَةٖ تُنجِيكُم مِّنۡ
عَذَابٍ أَلِيمٖ ١٠ تُؤۡمِنُونَ بِٱللَّهِ وَرَسُولِهِۦ وَتُجَٰهِدُونَ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ بِأَمۡوَٰلِكُمۡ وَأَنفُسِكُمۡۚ ذَٰلِكُمۡ خَيۡرٞ لَّكُمۡ إِن كُنتُمۡ تَعۡلَمُونَ
١١ يَغۡفِرۡ لَكُمۡ ذُنُوبَكُمۡ وَيُدۡخِلۡكُمۡ جَنَّٰتٖ تَجۡرِي مِن تَحۡتِهَا ٱلۡأَنۡهَٰرُ وَمَسَٰكِنَ طَيِّبَةٗ فِي جَنَّٰتِ عَدۡنٖۚ ذَٰلِكَ ٱلۡفَوۡزُ ٱلۡعَظِيمُ
١٢ وَأُخۡرَىٰ تُحِبُّونَهَاۖ نَصۡرٞ مِّنَ ٱللَّهِ وَفَتۡحٞ قَرِيبٞۗ وَبَشِّرِ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ١٣ ﴾ الصف: ٨ - ١٣

*[Ifaa Rabbii (Qur'aana) afaan isaaniitiin balleessuu barbaadan, Rabbiin ifaa isaa osoo kaafirtoonnis jibbanii ni guuta (ni tumsaaf). (Rabbiin) isatu ergamaa isaa (Muhammadiin) qajeellumaa (Qur'aanaa) fi amantii dhugaatiin akka inni amantii hunda irratti ol ta'uuf erge, osoo Mushrikoonnis jibbanii. Yaa warra amantan daldala ibidda laalessituu taate san jalaa nagaya isin baaftutti isin qajeelchuu. (Daldalli sunis) Rabbii fi ergamaa isaatti amanuu, karaa Rabbii keessatti qabeenyaa fi lubbuu keessaniin qabsaayuudha, osoo ka beeytan taatee santu isiniif caala. Rabbiin cubbuu teessan isiniif araarama, jannata isa jala laggeen yaatu isin seensisa, Jannata Adnii keessatti teessoo gaarii qubattu, sun hoffoltii guddaadha. Qananiin biraa ka isin jaalattan immoo Rabbiin irraa tumsa argachuun biyya irratti duultan san yeroo dhiyotti cabsuudha, saniin mu'imintoota gammachiisi] (Assaffi: 8-13).*

﴿ فَإِنِ ٱعۡتَزَلُوكُمۡ فَلَمۡ يُقَٰتِلُوكُمۡ وَأَلۡقَوۡاْ إِلَيۡكُمُ ٱلسَّلَمَ فَمَا جَعَلَ ٱللَّهُ لَكُمۡ عَلَيۡهِمۡ سَبِيلٗا ٩٠
سَتَجِدُونَ ءَاخَرِينَ يُرِيدُونَ أَن يَأۡمَنُوكُمۡ وَيَأۡمَنُواْ قَوۡمَهُمۡ كُلَّ مَا رُدُّوٓاْ إِلَى ٱلۡفِتۡنَةِ أُرۡكِسُواْ فِيهَاۚ فَإِن لَّمۡ
يَعۡتَزِلُوكُمۡ وَيُلۡقُوٓاْ إِلَيۡكُمُ ٱلسَّلَمَ وَيَكُفُّوٓاْ أَيۡدِيَهُمۡ فَخُذُوهُمۡ وَٱقۡتُلُوهُمۡ حَيۡثُ ثَقِفۡتُمُوهُمۡۚ وَأُوْلَٰٓئِكُمۡ
جَعَلۡنَا لَكُمۡ عَلَيۡهِمۡ سُلۡطَٰنٗا مُّبِينٗا ٩١ ﴾ النساء: ٩٠ - ٩١

*[Yoo isaan isin irraa goranii isiniin loluu dhiisanii harka isinitti kennatan, Rabbiin (akka isaaniin loltaniif) karaa isiinii hin goone. Namoota biraa immoo arguu jirtan (Munaafiqoota) gara keessan irraas nagaya isin irraa fudhachuu barbaadu, gara tuuta isaanii(Kaafirtootaa) irraayis nagaya barbaadu, yeroo*

*gara balaa (kaafirootaa) deebi'an hundaa badii isaanii keessatti kufu, yoo isaan isin irraa goranii harka isinitti kennatanii isiniin loluu irraa harka isaanii hin qabatin, qabaatii bakka isaan argitan hundatti isaaniin lolaa, jara akkasii san akka (isaaniin loltaniif) karaa (aango) ifa galaa ta'e isinii kenninee jirra] (Annisaa: 90-91).*

﴿ ۞ وَإِن جَنَحُوا۟ لِلسَّلْمِ فَٱجْنَحْ لَهَا وَتَوَكَّلْ عَلَى ٱللَّهِ ۚ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلْعَلِيمُ ﴿٦١﴾ الأنفال: ٦١

*[Yoo isaan gara lola dhiisuu fi nagayaatti ka daban ta'e, atis (yaa Muhammad) gara nagaya saniitti waliin dabi Rabbitti irkadhu, inni (Rabbiin) dhagayaadha beekaadhas] (Al-Anfaal: 61).*

﴿ لَّا يَنْهَىٰكُمُ ٱللَّهُ عَنِ ٱلَّذِينَ لَمْ يُقَـٰتِلُوكُمْ فِى ٱلدِّينِ وَلَمْ يُخْرِجُوكُم مِّن دِيَـٰرِكُمْ أَن تَبَرُّوهُمْ وَتُقْسِطُوٓا۟
إِلَيْهِمْ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلْمُقْسِطِينَ ﴿٨﴾ إِنَّمَا يَنْهَىٰكُمُ ٱللَّهُ عَنِ ٱلَّذِينَ قَـٰتَلُوكُمْ فِى ٱلدِّينِ وَأَخْرَجُوكُم مِّن دِيَـٰرِكُمْ
وَظَـٰهَرُوا۟ عَلَىٰٓ إِخْرَاجِكُمْ أَن تَوَلَّوْهُمْ ۚ وَمَن يَتَوَلَّهُمْ فَأُو۟لَـٰٓئِكَ هُمُ ٱلظَّـٰلِمُونَ ﴿٩﴾ ﴾ الممتحنة: ٨ - ٩

*[Rabbiin warroota sababa amantiitiin isiniin hin lolin kan qe'ee keessan irraa isin hin buqqisinitti tola ooluu fi wal-qixxummaa itti ooluu irraa isin hin dhoorgu, Rabbiin warroota wal-qixxummaa dalagan jaalata. Kan Rabiin irraa isin dhoorge warroota sababa amantiitiif isiniin lolanii, qa'ee keessan irraa isin buqqisanii, akka isin qe'ee keessan irraa buqqaataniif (kuffartota) isin irratti gargaaran sanniin jaalallee godhachuudha, namni jara jaalallee godhate warra lubbuu ofi miidhe irraayyi] (Al-Mumtahinah: 8-9).*

Kanaan booda immoo ammas ergamaan Rabbii yeroo sadaffaaf Muslimoonni Madiinaa wal-dhabbiilee siyaasaa jidduu isaanii jiru furuuf gidira fayyadamuu ykn immoo gidira gidiraan deebisuu irraa kan nama seeran argina. Kunis qajeelchota isaanii fi Hadiisota waa'ee balaa ibsan kan armaan olitti muraasa isaanii dubbachuuf yaalle san irraa ifa ta'a.

Dhimmoota kana maddaallii sammuutiin osoo madaallee, amantiin Islaamaa maaliif hordoftoonni isaa (Muslimoonni) eega Makkaan keessaa buqqaafamanii booda lolaa fi gidira Qureeyshotaa fi namoota biraa irrattis akka fayyadamuu danda'an maaliif akka hayyame ni hubanna. Yeroo Makkaan keessa jiran loluu fi gidira fayyadamuu irraa dhoorgamanii jiru. Qur'aanni fi ergamaan Rabbiitis *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akka gidira fayyadaman isaaniif hayyamee jira, inumayyuu itti ajaja, itti kakaasa.

Kanaafuu amantiin Islaamaa Madiinatti lola fayyadamuu hayyamee Makkatti immoo haraama ka godheef sababni amansiisaa fi ergaan guddaan duubaan jiraachuun waan shakkii hin qabne. Yoo akkas hin ta'in ijjannoolee lamaan keessaa tokko dogongora yaada jedhutti nu geessa. Kun waan yaada qajeelchi fi ajajni boodaa qajeelchaa fi ajaja isa duraa san haqe jedhuttis kan nama geessuu miti.

Gabaabumatti qajeelcha haaraya haalaa fi waan haarayaaf booda irra argameef baye jechuudha. Kana jechuun ajajni lameenii fi qajeelchi lachinuu kan wal-simatanii fi kan wal-guutaniidha. Ajajni fi qajeelchi lameenuu haala, galmaa fi

kaayyoo adda addaa kan isa kaanii irraa adda ta’etti akeeku. Kunis homa seerota Qur’aanaa keessatti argaa jirruudha. Seeronni isaa wal-guutu, wal-simatu malee wal hin faallessan wal hin haqan. Sababni isaas seeronni isaa kunniin seerotaa fi sonoota bu’uura ilma namaa fi hawaasummaa kan yeroo fi bakkee hundaaf toluun wal-qabata waan ta’eefi.

Seeronni Qur’aanaa akka seera harka namaatiin bocamee san seera gosa tokkoof, yeroo tokko qofaa fi iddoo muraasa qofaaf kaayamee miti. Seerri namaan bocame seerota yeroo fi iddoo saniin wal hin qabanne seera biraa tumuun isa dura jiru san haqa.

Namoonni hedduun hariiroo seerri Qur’aanaa ummatoota gadaa nabiyyii keessa jiraatanii fi mootummaa gadaa nabiyyii keessa yeroo fi iddoo san keessa jiraatan waliin qabu hubachuu hin dandeenne. Ummata gadaa nabiyyii fi mootummaa yeroo sanii seera Qur’aanaa kan dhugaa battala gadaa nabiyyii bira kutuun seera dhala namaa addunyaa kana hundarra jiruuf iddoo fi yeroo hundaaf tolu ta’uu isaa addaan baasanii hubachuu hin dandeenne. Seerri Qur’aanaa dhimma dhalli namaa hundi bakkaa fi yeroo adda addaatti itti hajamu hunda hammata.

Tariitii wanti walitti laaqiinsa kana fide adeemsa gar-tokkee kan waan tokko waan biraatiin wal-bira qabuun madaalu (*Qiyaasa*) kan jedhamuudha. Adeemsa kanatu dirree qorannoolee fi barnoota shari’aa hunda haguugee argame. Eega adeemsi *Istihsaan* jedhamu dhufes ol’aantummaan Qiyaasaa itti fufuun dhuma irratti hajaa hawaasa kana hundaa kan bifti isaa guutumatti

sababa addaan fageenya yeroo fi bakkaatiin jijjiiramte kanaaf dhimma isaa fixuu hin dandeenne.

Akkasumas sababa xiinxalli hordoffii fi akkeeffannaa garmalee babal'atee mul'ateef jecha, beektonni amantii (*Ulamaa'onni*) dhugaa battala yeroo beekuu irraa fageeffamanii, adeemsa bulmaata hawaasaa fi akkaataa gaggeeffama sirna siyaasa hawaasichaa beekuu dhabuun isaanii, akkasumas beekkumsi shari'aa goggoguu fi dadhabaa dhufuun isaa balballi *ijtihaadaa* akka cufamu taasisee jira.

Wanti guddaan asitti xiinxala keessa galfamuu qabu, tooftaaleen ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbi isaan irratti haa jiraatuu)* akkuma *Madiinaa* seenanii mootummaa Islaamaa hundeessaniin booda *Qureeyshotaan* loluuf itti fayyadaman kun akka isaan tooftaalee kanniin osomaa *Makkaan* keessa jiranuu beekan ifa galuu qaba. Wanti isaan tooftaalee sanitti fayyadamuu dhabaniif, tooftaa diinota ajjeesuus dabalatee wallaalaaf ykn dadhabinaa fi miti.

Wanti ifa galaan, ergamaan Rabbii tooftaalee kanniin haala Makkaan keessa jiraniin beekaatuma itti fayyadamuu dhaban. Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbi isaan irratti haa jiraatuu)* osoo Muslimoonni gidiraa fi cunqursaaf Makkaan keessatti akkasitti saaxilaman, gootota Muslimootaa kanneen humna qaamaa fi iimaanas qaban kan yoomiyyuu Itti gaafatamtoota Qureeyshaa kan akka: Abuu Jahlii fi Abuu Suufiyaan galaafachuuf kanneen gahumsa qaban dhabaniitii miti.

Gaaffiin guddaan asitti ka'u: iccitiin ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbi isaan irratti haa jiraatuu)* Muslimoonni miidhaa *Qureeyshonni* isaan irraan gayan san akka of irraa hin qolanne godhaniif maali? Eega *Madiinatti* baqatanii mootummaa mataa isaanii kan of danda'e hundeeffataniin booda immoo, maaliif Muslimoonni diinummaa Qureeyshaa akka of irraa deebisan hayyamaniif? Saniin booda immoo taateewwan waldhabbii siyaasaa fi balaa Madiinaa keessatti argamu irratti akka Muslimoonni gidira hin fayyadamne wanti irra deebi'anii dhoorganiif maali?

Gadaa ergamaan Rabbii fi waahillan isaanii Makkaan keessa jiran sanitti, ijjannoolee keeyyatoota Qur'aanaa fi sunnaa keessa jiranii yoo duuka buunee hordofne akka Muslimoonni Qureeyshotaa fi hooggantoota isaanii irratti gidira hin raawwanne ajajaman. Akkasumas yeroo Qureeyshonni isaan miidhanii cunqursanis akka tarkaanfii wayiituu irratti hin fudhanne ajajaman. Kuni immoo ijjannoo isa duraa kan fudhachuun dirqama ta'eedha.

Kana jechuun adeemsa da'awaa, jijjiiramaa fi haaroomsa hawaasaa kan Muslimoonnis kutama hawaasa sanii irraa ta'an keessatti, innis hawaasa Makkaa kan Qureeyshaa keessatti adeemsa dhaabbataa hin jijjiiramnee fi ajaja malee dhimma filannoo ykn siyaasaa kan akkaataa haala waldhabbii fi qabsoo siyaasaatiin jijjiiramuu miti.

Iccitii ijjannoolee keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa kan akkaataa waldhabbiilee siyaasaa Makkaan keessatti argamanii fi

isa Madiinaa keessatti argaman furuu duubaan jiru sirritti hubachuuf: walitti bu'iinsi Makkaa sun walitti bu'iinsa hawaasa jiddutti gama siyaasaatiin sadarkaa siyaasaa ol'aanaa irratti argameedha. Waldhabbii kana keessattis hooggantoonni seera Makkaa garee warraaqsa haaroomsaa kan Muslimootaa cunqursuu fi guutumatti dhabamsiisuu yaalanii turan.

Ijjannoon Qur'aanaa fi Hadiisaa immoo ijjannoo jajjaba duubatti deebi'iinsa hin qabneedha. Innis: ergaa Rabbiin tokkicha jedhu qabiyyeewwan isii kan haaroomsaa, kan waan gaaritti nama ajajuu, cufuma wantoota fofokkuu fi badaa ta'an irraa nama seeruu ifatti ol baasanii namaaf ibsuudha. Akkas ta'uu waliinuu miidhaa yeroo ergaa kana namaan gayan nama huban hunda irratti oobsuun tarkaanfii of irraa qolachuu fudhaachuu dhabutti ajaja.

Kun immoo sadarkaa haaroomsa siyaasaa ol'aanaa kana mala gaariin gara ergaa ofii dabarfachuu barbaadanitti nama yaamuu, miidhama nama qaqqabe irratti oobsuu fi diina namatti deemu san of irraa qolachuuf tooftaalee humnaa fi gidira fayyadamuu kamittuu dhimma bayuu dhabuu kan of keessatti hammateedha.

Kanaafuu waan gaaritti nama yaamuu fi hamtuu irraa nama dhoorguun akka bu'uuraa fi hubannaa Islaamummaatti, qabsoolee haaroomsa hawaasummaa keessaa sadarkaalee hedduu of keessatti hammata. Sadarkaaleen kunis gariin isaa sadarkaa amala nama dhuunfaa yoo ta'u gariin immoo akka sadarkaa siyaasa walii galaatitti.

Kan akka sadarkaa amala dhuunfaatti jiru san ilaalchisee tokkoon tokkoo miseensa ummata kanaa irratti waan dirqama ta'eedha. Ergaan isaa guddaan wal-gorsuu, wal gargaaruu, dirqamoota amantii bayachuu, toltuu dalaguu, amala gaarii horachutti nama kakaasuu, nama rakkataa fi hajamaa gargaaruu fi cufuma waan seera walii galaa fi aangoo bulchiinsa hawaasaa eeguu hunda of keessatti hammata. Akkasumas wantoota siyaasaan bulchiinsaa hayyaman kan akka hojiilee adda addaa, gumaacha dhuunfaa kan waan gaarii hojjachuu irratti wal-gargaaruu, mirgootaa fi naamusa walii galaa cabsuu dhabuu irratti hanga danda'aniin tumsa godhuu fa'a of keessatti qabata.

Sadarkaa walii galaa fi siyaasaa irratti kan jiru immoo, wantoota akka wal-gorsuu, gidira tokkoon ala tooftaalee nagayaa fi siyaasaa dhugaa ifatti namaaf ibsuu. Kana irratti Hadiisa Muslim, Ahmadii fi warroonni sunnaa ergamaa Rabbii irraa odeessan yoo ilaalle, Rasuulli akkana jedhan: "Qabsoo (jihaada) guddaa kan jedhamu, mootii (abbaa aangoo) nama miidhu bira dhaabbatanii jecha dhugaa isaan jedhuudha" jedhan.

Dhaadannoo waan gaggaaritti nama ajajuu fi badii irraa nama dhoorguu jedhus qabatanii waldhabbii siyaasaa kanneen gareewwan hooggansaa fi hawaasa jiddutti uumame gama humnaatiin furuun, dhimma nama dhuunfaa ykn garee muraasaaf laatamu osoo hin taane, dhimma hawaasni bal'aan irratti mari'atee murteessuudha.

Yoo gareen wayii gama humna fayyadamuutti deemte, qaama aangoo seeraa qabu kan ummata keessaa beektonni,

hayyoonni, abbootiin marii fi bakka buutonni ilaalcha hawaasa bal’aa keessatti hirmaataniif dabarsanii kennuudha. Gareeleen kunis hawaasa bal’aa ilaalchaa fi yaaddan adda addaa qaban kana waliin ta’uun itti gaafatamummaa qaama seera cabse san adabuu qabu.

Hanga qaamni seeraa (beektonni, hayyoonni, abbootiin marii fi bakka buutonni ilaalcha hawaasa bal’aa keessatti hirmaatan) kan yeroo ammaa qaama seera hojitti jijjiiru, kan seera tumuu fi qaamni seera eegsisu kan Madiinaa ykn Makkaan ykn iddoo kamiyyuu keessatti cunqurfaman hanga diinummaan qaama diinaa sun nama hundaaf ifatti mul’atee qaamni seeraatis tarkaanfii ragaan geeddarame hanga irratti fudhatutti obsa horachutu isaan irra jira.

﴿ وَإِن طَآئِفَتَانِ مِنَ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ٱقۡتَتَلُواْ فَأَصۡلِحُواْ بَيۡنَهُمَاۖ فَإِنۢ بَغَتۡ إِحۡدَىٰهُمَا عَلَى ٱلۡأُخۡرَىٰ
فَقَٰتِلُواْ ٱلَّتِي تَبۡغِي حَتَّىٰ تَفِيٓءَ إِلَىٰٓ أَمۡرِ ٱللَّهِۚ فَإِن فَآءَتۡ فَأَصۡلِحُواْ بَيۡنَهُمَا بِٱلۡعَدۡلِ وَأَقۡسِطُوٓاْۖ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ
ٱلۡمُقۡسِطِينَ ٩ ﴾الحجرات: ٩

*[Yoo gareeleen Mu’umina ta’an lama kan wal-lolan ta’e jidduu jaraatti araarama buusaa, yoo gareen tokko isa kaan irratti lola bane, isa lola bane kanaan lolaa hanga gareen sun ajaja Rabbiitti deebi’utti, yoo inni deebi’e jidduu jaratti bifa dhugaa irratti hundaa’een araara buusaa, wal-qixxeessaa, Rabbiin wal-qixxeessitoota ni jaalata] (Al-Hujuraat: 9).*

Qaamonni dhugatti nama yaamanii fi haaroomsa fiduuf tattaafatan miidhaa fi cunqursaa isaan mudatu kana irratti oobsuun isaanii, hooggansaa fi hawaasichis, akkasumas

beektonni, hayyoonni, abbootiin marii fi kanneen mirga namaatiif quuqaman akka qaamaan nama miidhu kana irratti warraaqsa godhanii harka isaa nama irraa qabaniif gargaara.

Garuu yoo miidhamni qaama haaroomsaa fi garee hawaasaa mudatu kun qaama mootummaa irraa kan dhufu ta'e, obsuu fi tooftaalee siyaasaa fi siivilii fayyadamuun mootummaa nama cunqursu irratti duula mormii nagayaa gaggeessuun, hayyoota, beektotaa fi abbootii marii kanneen hawaasni bal'aan isaan dhagayu, kanneen mootummaa cunqursaa kana of irraa dhaabuuf gidiratti hin hajamne kana of moggaa hiriirsuuf obsi fi famiin nagayaa tooftaalee furmaataati.

Yoo kun hunduu furmaata fiduu dhabe lagannaan hawaasaa fi mormiin nagayaa fi siyaasaa hundee humna mootummaa sanii fi seera bulchiinsa isaa san cabsuu fi hiddaan buqqisuuf gahaadha. Qaamni ykn gareen kamiyyuu ummanni alaabaa lagannaa fi diddaa baasee jennaan, isaan of irraa qolachuuf humna gahaa hin qabaatu.

Haala kanaan, haaromsatti nama yaamuun osoo dhimma gaaritti nama ajajuu fi badii irraa nama dhoorguu ta'us ijjannoon mormii hundi bifa wal-fakkaataa qaban jechuu miti. Kanaafuu namoonni dhuunfaa ykn gareewwan dirree siyaasaa keessatti akka qaama seer-maleetti of muuduun gidira fayyadamanii ummata addaan kukkutuun, akka garee waan gaaritti nama ajajjuu fi badii irraa nama dhoorgituu fakkaatanii garee siyaasaa nama wal-ficcisiiftu ta'uun bu'aa isaan argamsiisan irra miidhaa isaaniittu dachaan caala.

Bifuma kanaan waan gaaritti nama yaamuu fi badii irraa nama dhoorguuf wanti bifa siyaasaatiin raawwatame ilaalchuma siyaasaatiin ilaalamuu qaba. Qaamman yaada saniin deemanis beektotaa fi abbootii mariittu hawaasa saniitiin furmaata siyaasawaa ta'e itti kennama malee bifa gidira dabalateen furuun hin danda'amu. Ga'een gidira fayyadamuu yeroo hundaa aangoo qaama biyya bulchuuf laatamuudha. Qaamni kunis akka haqa dalaguuf, diina ummata irraa ittisuuf fi hidda seera walii galaa lafa qabsiisuuf itti fayyadama malee tooftaa namaan cunqursan, kan nama ittiin doorsisan ykn tooftaa gareen tokko walitti bu'iinsa jidduu isaa fi qaama biraa jiddutti argame ittiin furuuf dhimma itti bayuu miti.

﴿ يَٰبُنَيَّ أَقِمِ ٱلصَّلَوٰةَ وَأۡمُرۡ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَٱنۡهَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِ وَٱصۡبِرۡ عَلَىٰ مَآ أَصَابَكَۖ إِنَّ ذَٰلِكَ مِنۡ عَزۡمِ ٱلۡأُمُورِ ١٧ ﴾ لقمان: ١٧

*[Yaa ilma kiyya salaata yeroo isiitti salaati, waan gaaritti nama ajaji badii irraa nama dhoorgi, balaa si argate irratti obsi, suni (obsuun sun) waan guddaadha] (Luqmaan: 17).*

﴿ كُنتُمۡ خَيۡرَ أُمَّةٍ أُخۡرِجَتۡ لِلنَّاسِ تَأۡمُرُونَ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَتَنۡهَوۡنَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِ وَتُؤۡمِنُونَ بِٱللَّهِۗ وَلَوۡ ءَامَنَ أَهۡلُ ٱلۡكِتَٰبِ لَكَانَ خَيۡرٗا لَّهُمۚ مِّنۡهُمُ ٱلۡمُؤۡمِنُونَ وَأَكۡثَرُهُمُ ٱلۡفَٰسِقُونَ ١١٠ ﴾ آل عمران: ١١٠

*[ Irra caaltuu ummataa taatanii jirtan, (sunis) waan gaaritti nama ajajjanii badii irraa nama dhoorgitanii Rabbii tokkichatti waan amantaniifi, warri kitaaba kennaman (Yahuudaa fi Kiristaanonni) osoo amananii silaa (santu) isaaniif*

*caala, isaan keessaa kan amananis ni jiru garuu hedduun isaanii warra Rabbiin dide irraayyi] (Aala Imraan: 110).*

﴿ وَلۡتَكُن مِّنكُمۡ أُمَّةٞ يَدۡعُونَ إِلَى ٱلۡخَيۡرِ وَيَأۡمُرُونَ بِٱلۡمَعۡرُوفِ وَيَنۡهَوۡنَ عَنِ ٱلۡمُنكَرِۚ وَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُفۡلِحُونَ ١٠٤ ﴾آل عمران: ١٠٤

*[Namoonni gaaritti nama ajajanii badii irraa nama dhoorgan isin keessaa haa jiraatan, namoonni akkasii sun warra hoffole irraayyi] (Aala Imraan: 104).*

﴿ كَانُواْ لَا يَتَنَاهَوۡنَ عَن مُّنكَرٖ فَعَلُوهُۚ لَبِئۡسَ مَا كَانُواْ يَفۡعَلُونَ ٧٩ ﴾ المائدة: ٧٩

*[Badii irraa kan wal hin dhoorgine ta'an (ilmaan Israa'iil), wanti isaan dalagan sun waa fokkate] (Al-Maa'idaa: 79).*

Hadiisota ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* waa'ee du'a isaaniitiin booda keessattuu Madiinaa keessatti balaa fi waldhabbiin siyaasaa ni argama jechuu irratti gaafiiwwan gaafataman irratti deebii isaan deebisan yoo ilaalle; deebii isaanii san keessatti wanti ifaan mul'atu ijjannoo Islaamummaa ka jalqaba Makkaan keessatti waldhabbii siyaasaa jidduu hayyoota hawaasaatti argaman furuuf humnaa fi gidira fayyadamuun dhoorgaadha jedhu san argina.

Dhoorgaan sunis osoo gareen tokko hacuuccaa fi doorsisni cimaanis garee isa kaan irraa kan isa hubu ta'eellee obsa horachuun waldhabbii san furuuf tooftaalee nagayaa fi waliin maritti fayyadamuu qaba jedha. Hayyootaa fi beektonni hawaasa sanii immoo miidhaa fi doorsisa garee kana irra gaye furuuf dirqama akka qabu ibsa. Sababni isaas waldhabbiin gareelee

hawaasa tokkoo jiddutti uumamuun tokkummaa hawaasa sanii dhabamsiisa waan ta'eefi.

Mootummaan hawaasa san hoogganu harka qaama nama doorsisuu san qabuun ykn hawaasichi namoota mootummaa nama miidhu san deeggaran tooftaa malu fayyadamuun akka isaan deeggarsa hin goone godhuun qaama nama miidhu san dhaabsisuuf dirqama seeraa qabu.

Kana irraa amantiin Islaamaa ykn Hadiisni nabiyyii miidhamuu, doorsisamuu fi cunqurfamuu nama dadhabaa ykn garee haaroomsaa ni deeggara wanti jedhu tokkos hin jiru. Ykn gareen tokko akka nama miidhu aangoon kennameefii jira wanti jedhu hin jiru osoo mootummas ta'ee. Wanti akka furmaataatti keeyyatoota keessatti ibsame namoota balaan deemanii fi kanneen dhara namatti dalagan of irraa qolachuufi. Kanaafuu keeyyatoota kana ergaa bakkaa fi yeroo isiin irratti fuullaffattee waliin hubannaa sirrii ta'een hubachuun dirqama.

## Adeemsa Keeyyatoota Waa'ee Balaa Ibsan Irratti, Ergaa Isaanii Kan Yeroo fi Bakkaa Eeggateen Irratti Mari'achuu

Keeyyatoota waa'ee balaawwan yeroo fi bakkee galteen sun itti argamteen wal-qabatan hubachuuf, adeemsa seerota bu'uuraa beekuu qabna. Seeronni bakkaa fi yeroon wal-qabatan kan yeroo keeyyatootatti fayyadamnu beekuu qabna keessattuu keeyyatoota Hadiisaatti yeroo dhimma baanu hubachuu qabna.

Maaliif yoo jenne hedduun keeyyatoota kanaa waan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa*

*jiraatuu)* akka ajajaa ummata tokkootti gadaa ergaa isaanii keessa yeroo hawaasaa fi mootummaa Madiinaa hoogganan dalaganiin wal-qabata. Seerota kanniin wallaaluun ykn bakkee kennuufii dhabuun ykn keeyyatoota sanniin sirritti hubachuu dhabuun hubannaa sirrii hin ta'in, dhimma walitti laaquu fi cuunfaa sirrii hin ta'in irra akka nama geessu shakkii hin qabu.

**Seeronni kunniinis:**

1) Sonoota Walii galaatiif bitamuu: kana jechuun hariiroo adeemsaa kan sonootaa fi hubannoolee bu'uuraa kan walii galaa jidduu jiruu fi kan isaa gadiis kan akka dameelee, murtiiwwan, dhimmootaa fi taateewwanii jechuudha. Hariiroon tunis hubannaa, gamaaggamiinsaa fi cuunfaa dhimma tokkoo seer-qabeessa taasisuuf barbaachisummaa adeemsaa guddaa ta'e qaba.

   Sonoonni bu'uuraa kan walii gala fi hubannooleen ol'aanoo ta'an isaantu waan sanii gadi jiru kan akka dameewwanii fi murtiiwwanii murteessa. Keeyyata ykn taatee ykn dhimma ykn murtii wayii bifa sonoota walii galaa fi hubannoolee bu'uuraa faallessuun hubachuun hin danda'amu. Yoo wanti akkasii argame irra deebi'anii dhimmicha sakatta'uun haguuggaa san irraa saaqanii dhugaa ifatti baasuun dirqama. Yeroo nama waa qoratu irratti dhimmichi wal-xaxu kana seerri *Istihsaan* jedhuu fi afuura seera shari'aatti qajeeluu dhufa.

2) Seerri *Istihsaan* jedhu kun dhagaa bu'uuraa kan seeronni fiqhii akka meeshaa adeemsa beekkumsaatti yeroo wanti tokko nama waa qoratuuf ifa ta'uu dhabee hubannaa sonoota

walii galaa fi afuura shari'aatiin wal gitu irra gayuu dadhabe kan dhimma itti bayuuf ooluudha. Sunis sababa dadhabina qorataatiin ykn waan hundee/bu'uura *sanadaa* hubachuun irratti ulfaateef ta'uu danda'a.

3) Namni waa qoratu amala dhimma dhiyaatee san beekuu: seerri kun dandeettii beekkumsaa namni qorannoo gaggeessu sun ergaalee yeroo fi bakkaan kan keeyyanni sun irratti fuulleffateen wal-qabatan beekuuf qabuun walitti hidhata qaba. Akkasumas sadarkaa hawaasummaa fi jireenya adda addaa keessatti, akka dhuunfaattis ta'ee akka hawaasaatti dhimmoota akka waan bu'aa qabu namaafargamsiisuu fi miidhaa nama irraa deebisuu kan ergaalee hadiisaa fi keeyyatootaa sirritti hubachuuf nama gargaaranis hammata.
4) Beekkumsa Amalootaa fi Seerota Wantootaa qabaachuu: seerri kun dandeettii fi cimina beekkumsaa qorataan tokko dhimoota keeyyatoonni sun of keessatti hammatan kan akka amalaa fi seerota isaanii (kan afuuraa fi hawaasummaa) beekuu ilaala. Akkuma hubannoon namaa gadi bu'aa ta'ee fi ilaalchi namni amaloota afuuraa fi hawaasummaa namaa fi seerota hawaa irratti qabu dimshaashawaa ta'een, hubannoon namaa sirrii, dimshaashawaa fi nagaya qabeessa ta'a.

Akkuma hubannoon namaa dadhabaa dhufeen carraan dogongorri uumamuu bal'ataa dhufa. Kanaafuu yoo karaa ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) isa sirrii ta'ee fi karaa biraas kan dhugaatti qajeeluu barbaanne dimshaashummaa beekkumsaa, dimshaashummaa adeemsaa fi gamaaggama seer-qabeessa ta'e gaggeessuu danda'uu qabna.

Tariitii rakkinna cimaa Muslimoonni ittiin qormaatamaa turan keessaa tokko hanqina imaammata barnoota isaaniiti. Innis yeroo dheeraaf beekkumsa gar-tokkee, kan kutaalee muraasa wantootaa qofa irratti fuulleffatu, kan qulqullinni imaammata isaa hanqina qabu ta'ee argame. Kun immoo xiinxallitootaa fi barattoota beekkumsaa akka isaan kallattiiwwan beekkumsa adeemsaa armaan olitti tarreessine kana hin qabaanne isaan taasisee jira.

Ummata Islaamaa biratti ilaalchi manneen barnootaa fi kan namoota yeroo baay'ee xiinxalaa fi beekkumsa irratti fuulleffataniis kan gar-tokkee irratti fuulleffate, kan irra wantotaa qofa dubbisu, kan imaammanni adeemsa barnoota/ beekkumsa isaa dadhabaa, seenaadhaan kan guutamee fi kan gara laafinnaan guutame ta'ee argame.

Yeroo keeyyatoota Hadiisa nabiyyii ilaallu keessattuu dhimma walii gala hawaasaa soneessuu, dhimmoota bulchiinsaa fi siyaasaa gaggeessuu, hadiisota waa'ee balaa fi gidira waldhabbii siyaasaa dubbatan, hadiisota waan gaaritti wal yaamuu fi badii irraa wal dhoorguu dubbatan yeroo arginu yaaddan hanga ammaatti dubbanne kun akka dursaatti nu fayyadu.

Keeyyatoota kana bifa gar-tokkeen keessaa fudhachuun, sonootaa fi hubannoowwan bu'uura Qur'aanawaa ta'een walitti hidhuu dhabuun, ergaawwan isaa kan bakkee fi yeroon walqabate kan dubbiin hadiisichaa fi qajeelchi nabiyyii dhimma hojii adeemsifachuu gosa isaaniitti akeeku bifa sirriin hubachuu dhabuun, akkasumas

bu'aawwan inni mirkaneessuuf irratti fuullaffate beekuu dhabuun rakkinna cimaa fida.

Kanaafuu ergaan dhugaa kan keeyyata Hadiisa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* keessa jiru waan isaan gadaa jireenya isaanii san keessatti yeroo fi bakkee san waliin ni deema jedhanii akka hoogganaa ummata tokkootti lafa kaayan hunda bifa gadi bu'iinsa qabuun hubachuun argama.

Amala iddoo, galteewwanii fi taateewwan keeyyatoonni irratti dubbatamanii dhimma san qajeelchuu fi kallattii isa qabsiisuuf irratti dubbataman hubachuu dhabuun, ilma namaa cufaa fi qorataa dhimmichaas gara dogongora sababa isaa hin beeknee fi bu'aa dogongorsiisaa faana isaa hubachuu hin dandeennetti isaan geessa. Kanaafuu qorataa fi qu'ataan keeyyatoota akkanaa qu'atan akka dhugaan jala hin miliqneef, akka qu'annaan isaa keeyyatoota walitti laaquu fi ergaa wal-faallessanitti isa hin geessineef imaammata ergaa kana hubachuuf isaan deeggaran baratanii hubatanii dhuunfachuu qaban.

Sababni kana jenneefis tooftaaleen adeemsa akkanaa kun duubatti hafiinsa ummataa, filatamummaa qaban kana seer-maleen itti fayyadamuu, haala har'a argaa jirru kanaan gama qabeenyaa fi ilaalachaatiinis gar gara qoqqoodamuu isaanii keessatti ga'ee guddaa qaba ture, ammas shoora hedduu taphataa jira.

Kanaafuu wanti cimaan bu'uurotaa fi sonoota, safuulee fi qayyabannoolee gurguddaa kanneen dhimma bulchiinsa siyaasaatiin hidhata qaban irratti waan Qur'aana

keessatti dubbatame irratti hubannaa qabaachuu qabna. Akkaataa qindeeffamaa fi gadi bu'iinsa odeeffannoo isaa immoo haala yeroo fi bakkaa kan ummata saniitiif dhiifna. Kunis faallaa furmaata Qur'aanni dhimma hawaasummaa fi siyaasaa kan kallattiidhaan amala namaa kan hin jijjiiramne kan yeroo fi bakka hundattuu dhaabbataa ta'een hidhata qabu ittiin fureedha. Amallan dhaabbataa jenne kunis kan akka: hariiroowwanii fi amallan dhuunfaa namaa, haala maatii abbaa warraa fi haadha manaa, abbaa fi haadha, ilmaan fa'a.

Gama adeemsaatiin, ergaalee keeyyatoota hadiisa nabiyyii keessa jiran kan yeroo fi bakkee irratti xiyyeeffatan fi qayyabannoolee adeemsaa kanneen dirqama ta'an akka qorannee ergaa fi gorsa isa keessa jiru irraa hubannuuf hubannaa nuuf kenna. Kunis akka dogongoroota gar-tokkee, keeyyatoota ergaa dhugaa isaan irratti fuulleffatan irraa gara ergaa sirrii hin ta'iniitti sababa dogongora afaanii fi hubannoo gahaa qabaachuu dhabuutiin ergaa keeyyatichi bakkaa fi yeroo wayiitiif kaaye gara sirrii hin ta'iniin hubachuu irraa nu eega.

Tariitii hubannoo akkanaa kana waan qabaniifi wanti Kulafaa'otaa fi sahaabonni gurguddoon sunnaa fi hadiisa isaa osoo rogoota hunda hin hubanne keessa hin seeninaa jedhanii dhoorganiif, akkasumas ummata bal'aa hubannoo gahaa hin qabne kan ergaa bakkaa fi yeroo keeyyatichi irratti fuulleffate hin beeynes akka Hadiisa gubbaa isaa qofa ilaalanii hin odeessine dhoorgan.

Kanaafuu, keeyyatoonni hadiisaa hedduun kanneen dhimma bulchiinsaa fi siyaasaa, dhimma waldhabbii siyaasaa,

balaawwan, haaroomsatti yaamuu, birmadummaa hawaasaa, mirgoota namaa fi amallan hawaasa bal’aa mirkaneessuuf qabsaayuutiin wal-qabatan keeyyatoota ergaa bakkaa fi yeroo sanii eeggataniidha. Jalqaba dhufaatii amantii Islaamaa irratti waa’ee Arabootaatiin hidhata qaba, waa’ee baadiyummaa ilmaan gosa bal’aa keessa turan akeeka.

Sababni isaas seenaan walakkeessa odoola Arabaa kan mootummaan Islaamaa yeroo san keessatti dhaabbate seenaa waa’ee biyyootaa, Impaayerootaa, waldaalee hawaasummaa kan qaroomawaa ta’e kan akka qaroomina ummatootaa fi hawaasa olla isaanii kan kibbaa fi kaabaa odola sanii qubatan fakkaatu irraa duwwaa waan ta’eefi.

Kanaafuu sunnaa Nabiyyii bifa sirrii ta’een hubachuuf, haala yeroo fi bakkaa kan keeyyata saniin hidhata qabu hubachuun ergaalee fi kaayyoowwan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* dabarsuu barbaadan gadi bu’iinsaan hubachuun dirqama. Sababni isaas haalli jireenya gosoota Arabaa yeroo fi bakkee san keessa jiraatanii ergamaan Rabbii siyaasaa fi adeemsa addaa kan jireenya ummata baadiyaa odoola Arabaa san keessa jiraatanii akka hordofan isaan waan godheefi.

Siyaasni fi adeemsi ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* hordofan kunis baadiyummaa hawaasummaa keessaa ummata san baasuun akka isaan seera hawaasummaa qindaawaa fi qaroomawaaf gadi jedhanii bulan isaan godhuu irratti fuulleffata. Baadiyummaa fi hanqina hawaasummaa keessa turan san keesssatti hin dhiifaman. Kunis faallaa waan Yahuudonni,

Kiristaanonni, warren Urjiilee gabbaranii fi warren gabbartoota ibiddaa ta'an dalaganiidha.

Baadiyummaan Arabaa, gosummaa fi amalli addummaa (kophaa yaa'uu) isaan qabantu akka ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* sirna bulchiinsa Arabaa fi ol'aantummaa biyyattii isaanii keessatti siyaasaa fi qajeelfamoota addaa akka hordofan isaan godhe. Siyaasni sunis Arabootaa fi gosoota isaa gara hawaasa dhala namaa kan kabajamaa fi qaroomawaa ta'e keessa isaan jiraachisuu irratti fuulleffate.

Kunis kan godhameef, addummaa (kophummaa) fi gosummaa isaanii san keessaa isaan baasuuf, amala aangoo kamiyyuu jalatti buluu diduu ykn gurmaa'ina hawaasaa qindoomawaa fi qaroomawaa fudhachuu diduu isaanii san keessaa isaan bassuuf. Akkasumas diddaa, fincilaa fi gosummaan wal loluu keessaa isaan baasuufi. Duudhaalee Araboota durii kanas walaleessitoonni isaanii, hambaalee fi Qur'aanni kabajamaanis dubbatanii jiru. San keessaa jecha walaleessaa armaan gadii kana:

*Namni hara isaa irraa waraana ofiitiin hin qolatin*
*Haratu irratti diigama, namni nama hin miidhin isatu miidhama*
*Ani akka Gaziyyaati (maqaa gosaa) yoo isiin jallatte*
*Waliin jalladha, yoo isiin qajeelte waliin qajeela*

Rabbiin guddaan Qur'aana isaa keessatti akkana jedha:

﴿إِنَّ شَرَّ ٱلدَّوَآبِّ عِندَ ٱللَّهِ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ فَهُمۡ لَا يُؤۡمِنُونَ ٥٥ ٱلَّذِينَ عَٰهَدتَّ مِنۡهُمۡ ثُمَّ يَنقُضُونَ عَهۡدَهُمۡ فِي كُلِّ مَرَّةٖ وَهُمۡ لَا يَتَّقُونَ ٥٦﴾ الأنفال: ٥٥ - ٥٦

*[Rabbiin biratti irra badaan waan lubbu-qabeeyyii nama Rabbitti hin amanini, isaannan waadaa irraa fudhattee, booda yeroo (waadaa sii galan) hundaa waadaa san kan diigan, isaan hin sodaatan] (Al-Anfaal:55-56).*

﴿ لَا يَرۡقُبُونَ فِي مُؤۡمِنٍ إِلّٗا وَلَا ذِمَّةٗۚ وَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُعۡتَدُونَ ١٠ فَإِن تَابُواْ وَأَقَامُواْ ٱلصَّلَوٰةَ وَءَاتَوُاْ ٱلزَّكَوٰةَ فَإِخۡوَٰنُكُمۡ فِي ٱلدِّينِۗ وَنُفَصِّلُ ٱلۡأٓيَٰتِ لِقَوۡمٖ يَعۡلَمُونَ ١١ وَإِن نَّكَثُوٓاْ أَيۡمَٰنَهُم مِّنۢ بَعۡدِ عَهۡدِهِمۡ وَطَعَنُواْ فِي دِينِكُمۡ فَقَٰتِلُوٓاْ أَئِمَّةَ ٱلۡكُفۡرِ إِنَّهُمۡ لَآ أَيۡمَٰنَ لَهُمۡ لَعَلَّهُمۡ يَنتَهُونَ ١٢ ﴾التوبة: ١٠ - ١٢

*[Nama (Rabbitti) amane tokkoof firummaa fi waadaa isa waliin qaban hin eeganiif. Jarri sun warra daangaa nama irratti dabru irraayyi. Yoo isaan gara Rabbii deebi'anii salaata salaatanii, zakaa kennata, (dhiisaanii), isaan obboleeyyan keessan kan amantiiti. Warroota waa beekaniif mallattoolee addaan baafnaaf. Eega waadaa galaniin booda yoo waadaa san itti deebi'anii diiganii amantii keessan xureessan, (yeroo sanitti) hooggantoota Kufrii hundaan lolaa, isaan waadaa hin qaban akka isaan seeramaniif (isaaniin lolaa)] (Attoowbaa: 10-12).*

Hadiisota nabiyyii kan ijaarsa hawaasa siyaasaa Araba Islaamaa gadaa ergamaa Rabbii keessa jiranii dubbatu osoo fudhannee xiinxallinee, ergaa isaa hubannee, afuura gosummaa Arabootaa, wal-fixiinsaa fi walitti gaarrifannaa isaanii, qaama qindaawaa fi qaroomawaa hawaasa irraa ta'eef bitamuu diduu isaanii fa'a osoo ilaallee, silaa ergaan hadiisaa

hedduun maaliif mootummaa jalatti bulaa, waan isiniin jedhame tole jedhaa jechuu irratti akka fuulleffate ni hubanna ture. Akkasumas wantoota diddaa fi warraaqsatti nama kakaasan hunda dhabamsiisuun maaliif akka ta'e nuu gala ture.

Garuu qajeelfamootaa fi siyaasaaleen ergamaa Rabbii kun osoo akkanatti seeran, matootiin Arabaa hedduun lola *Riddaa* (amantii gadi dhiisuu) keessatti dhuman, gosoonni Arabaa gariin fincila faallaa amantii kakaasuun dhuma jireenya ergamaa Rabbii irratti fi Madiinatti du'a isaaniitiin booda jalqabbii mootummaa *Kilaafaa* keessattis finciloonni hedduun ka'anii turan. Kanaafuu namni ergaa dhugaa keeyyatoota Hadiisaa kanniin hubatu nama haala olitti dubbanne kana akka kaayyoo fi ergaa shari'aan itti fuullaffateetti hubateedha.

Asitti wanti guddaan dubbachuu qabnu, garii hadiisota kanniinii dhiyeessinee ergaalee isaa kan bakkaa fi yeroo saniin wal-simatu hubanne, haala jireenya hawaasicha sanii irratti ergaa hadiisichi bocuuf deemuuf madaala isaa qayyabannee akka xiinxala namaa irraa dukkanni kaayyolee Islaamaa hubachuu nama dhoorgu mulqamee, siyaasaa hawaasa Islaamaa keessa jiru bifa hawaasa san tiksee tasgabbii fi guddina gaarii gidiraa, badii fi malaammaltummaa irraa bilisa ta'e isaanii fidutti dhimma itti bayuun dirqama.

Hadiisa *Aliyyi Binu Abdillaah Sufyaan* irraa, inni immoo Shihaab irraa odeesse keessatti akkana jedhe: Urwaan akkana jechuun naaf odeesse: *Usaamaan (Rabbi irraa haa jaalatu)*

*akkana jedhe: ergamaa Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) ka daangaa magaalaa Madiinaa irra dhaabatanii akkana jedhan dhagaye: "waan ani argu kana argitanii? Ani manniin keessan kana irraa iddoowwan balaan irraa ka'u akka Roobaatti arga)*[6]*. Bukaaritu odeesse.*

*Abuu Daawuud, Ibnu Zarriin irraa akkana jechuun odeesse: ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana naan jedhan jedhe: "Yaa Abaa Zarri", tole yaa ergamaa Rabbii jedheen. Sana booda Hadiisa dheeraa himee, san keessaa: "Gaafa namni du'ee gatiin iddoo awwaalcha isaa gatii gabraa ta'e maal taata?" naan jennaan, waan Rabbii fi ergamaan isaa naaf filatan ta'a jedheen, isaanis akkana naan jedhan: "*Obsa qabaadhu ykn obsi"* boodas akkana naan jedhan: *"Yaa Abaa Zarri",* tole yaa ergamaa Rabbii jedhee jalaa awwaadhe, *"Iddoo Ahjaar Azzayti jedhamu kan dhiiga namaatiin guutamte osoo argitee maal taata?"* naan jennaan, homa Rabbii fi ergamaan isaa naaf filan ta'a jedheen, isaanis akkana naan jedhan: "Nama si fakkaatu waliin ta'i", yaa ergamaa Rabbii seeyfii kiyya fudhee ceekuu kiyya irra hin kaayadhuu jennaan, *"Maarree tuuta waliin hirmaattee*"naan jedhan, maalitti na ajajja ree? jedhee gaafannaan, akkana naan jedhan jedhe: "*Mana keetii hin bayin"*, yoo manatti natti seene hoo jedhee gaafannaan, *"balaqqeessi seeyfii si rifachiisaa yoo sodaatte, uffata kee fuula keetitti ofiin haguugi badii si ajjeesuu fi ka dur qabu waliin haa mindeeffamuu*"naan jedhan jedhe, Abuu Daawuditu odeesse.

---

[6] - Mu'ammar, Suleeymaan fi Ibnu Kasiiris hordofuun Azzuhriyyii irraa odeessanii jiru.

Al-Bukaariin nama Ahnaf binu Qeeysi jedhamu irraa odeesse, innis akkana jedhe: *“Namicha saniif*[7] *birmachuuf deemee karaa irratti Abuu Bakri natti dhufee garam deemuu feeta naan jedhe, namicha saniif birmachuu deemaa jira jedheen, innis akkana naan jedhe: ergamaa Rabbii “Yoo Muslimoonni lamaan seeyfiin walitti dhufan isaan lachuu warra ibiddaati” ka jedhan dhagayee, yaa ergamaa Rabbii inni kuun waan nama ajjeeseef yoo ta’e, inni ajjeefame hoo badiin isaa maali? Jedhee gaafannaan, “Innis hiriyyaa isaa ajjeesuuf baay’ee futuna waan qabuufi” ka jedhan dhagayee deebi’i naan jedhe.*

*Abdurahmaan binu Abdu Rabb Al-Ka’abaa* akkana jedhe: Masjida yeroo seenu *Abdullaah binu Amri bin Al-Aasiin* isaa gaaddisa ka’abaa jala taa’u arge, namoonnis isa irratti wal gayanii jiru, anis isaanitti dhufee taa’e, (Umar) akkana jedhe: “Imala ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* waliin deemnee mana wayii qubanne, nu keessaa namni gariin *kibaa’a* isaa sirreeffata, gariin immoo xiyya darbachuu shaakala, gariin keenna nama Faradoo isaa tiiyfatutu jira, yeroo kana lallabaan ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* lallabee jennaan isaan biratti wal-geennee akkana jedhan: Nabiyyiin na dura ergame hunduu waan gaarii ummata isaa barsiisuu malee hamtuu irraa isaan dhoorgu malee hin dabarre, ummata teessan tana immoo Rabbiin fayyaa isii warra jalqabaa keessa kaaye, dhuma ummata kanaa immoo balaa fi wantoonni isin irraa mormitan isaan hubuuf deema, balaan ni dhufti isiin boodarra dhuftu isa duraa laaffisaa deemti, balaan

---

[7] - Namichi sun Abdullaah Binu Zubeeyri.

biraas ni dhufti, Mu’iminni yoo isii argu kuni ka ani keessa halaakamu (galaafatamu) jedha, booda irra balaan sun irraa bariiti, balaan biraas ni dhufti mu’minni tinis…ta ani keessa galaafatamu jedha, namni ibidda irraa fageeffamee jannata seenuu barbaade haala inni Rabbii fi guyyaa dhumaatti ka amanu ta’een duuti itti haa dhuftu, nama bira deemuun jaalatamutti haa dhaqu, namni imaama (hoogganaa) wayiitiif (si jalatti bula) jedhee waadaa seenee harka isa fuudhee onnee ofii itti kenne haga danda’een tole isa haa jedhu, yoo ka biraa dhufee (hoggannaa irratti walii galame san) morme, morma isaa irraa muraa”.

Yeroo hadiisa kana dhagaye itti dhiyaadhee akkana jedheen: “Rabbiin si wagee! Simatu ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* ka akkana jedhan dhagayee” jedhee gaafannaan, harka isaatiin gurraa fi onnee isaatti akeekee akkana naan jedhe: “Gurri kiyya lamaan dhagayee onneen tiyyas hubate”, anis akkana jedheen: kuni *Mu’aawiyaa* ilma abbeeraa keetiiti akka nuti qabeenya walii dharaan wal jalaa nyaannee lubbuu keennas ajjeefnu nu ajajaa, Rabbiin immoo akkana jedhaa:

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ لَا تَأۡكُلُوٓاْ أَمۡوَٰلَكُم بَيۡنَكُم بِٱلۡبَٰطِلِ إِلَّآ أَن تَكُونَ
تِجَٰرَةً عَن تَرَاضٖ مِّنكُمۡۚ وَلَا تَقۡتُلُوٓاْ أَنفُسَكُمۡۚ إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ بِكُمۡ رَحِيمٗا ٢٩ ﴾ النساء: ٢٩

*[Yaa warra natti amantan, qabeenya tokkoo keessanii dharaan jiddutti hin nyaatinaa, yoo daldala fedhiin itti seentan taate malee, lubbuu keessanis hin baasinaa, Rabbiin isiniif mararfataadha]* Rabbiin akkana jedhaa ani jennaan takkaa cal’isee booda akkana naan jedhe: “Tola Rabbii keessatti tole

jedhiin, diddaa Rabbii keessatti didiin", hadiisicha Muslimtu odeesse.

*Abdullaah Binu Umar* nama *Abdullaah Binu Muxii'i* jedhamutti dhufee jennaan *Abbaa Abdurrahmaanii* boraatii kaayaafi jedhe, jennaan ani taa'uuf sitti hin dhufne hadiisa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* irraa dhagaye siif odeessuu dhufe jedheen, isaanis akkana jedhan: Namni waadaa (mootiif) seene diige, guyyaa qiyaama haala ragaa tokko hin qabneen Rabbiin wal gaya, namni yeroo du'u waadaan (mootiif seenanii siif ajajamna jedhaniin) ala du'e du'a wallaaltotaa du'e", Muslimtu odeesse.

*Ibnu Abbaas* ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan jechuun nuuf odeesse: "Namni hoogganaa isaa irraa waa jibbe haa obsu, namni hoogganaa irratti taakkuu takka (duula mormii) baye, du'a wallaaltotaa du'e" Bukaarii fi Muslimtu irratti walii gale.

Sahaabaan *Jariiru bin Abdullaah* namni jedhamu akkana jedhe: ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* salaata salaatuu, zakaa baafachuu fi Muslimtoota hunda gorsuu irratti waadaa galeef" *Bukaarii fi Muslimtu* irratti walii gale.

Abuu Hureeyraan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan jedhe: "Bal'inaa fi rakkina kee keessatti, gammachuu fi jibbaa kee keessatti (nama si hoogganu) tole jechuu qabda" Muslimtu odeesse.

Hadiisonni kunniin hunduu akkaataa haala hawaasa sanii, sadarkaalee isaan keessa dabran, mootummaa ummataatiif gadi jedhanii buluun dirqama ta'uu, addummaa akka bineensaa kan gosummaa giddu gala godhate kan wal-jibbiinsa, wal irratti qabsaayuu fi addaan ciccitiinsa fidu irratti duula bayuu akka qaban mul'isa. Akkasumas burjaaja'iinsaa fi qabsoolee siyaasaa kan dhuma jireenya ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* irratti mallattooleen isaa mul'achuu eegalan kan fuuldurattis ummata kana qunnamuuf deemus mul'isa.

Warraaqsonni osoo ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* lubbuun jiran dhuma jireenya isaanii irratti mul'achuu eegalan finciloota gosoota garii irraa ka'an kanneen mootummaa biyyattii fi seera hawaasaatiif gadi jedhuu didaniidha. Fincilli kunis walakkeessa odoolaa fi kibba isaa keessatti kan faffaca'ee mul'ate yoo ta'u innis fincila Nabiyyummaa himachuuti. Namoonni himatanis: Museeylamaa Al-Kazzaab, Al-Aswad Al-Anasii, Sajjaah fi kanneen biroos jiru.

Fincila kana keessatti gosoonni Arabaa hedduun alaabaa diddaa mootummaa Islaamaa irratti baasuun, qabeenya isaanii irraa zakaa baasuu didan. Booda irratti fincilli fi warraaqsi sunis guutumatti dhaamee ture. Lola *Riddaa* (namoota amantii gadi dhiisanii) duula jedhamuun booda gosoonni fincilan sun hunduu mootummaa Islaamaa jalatti deebifamanii jiru.

Kanaafuu haala jireenya gosoota Arabaattu qajeelfamoota nabiyyii kana hojitti jijjiiruu dirqama goossise, haala isaan keessa

turan santu ummataa fi mootummaa seeraa irraa adda fottoquu dhabuu, wal-loluu fi wal irratti duuluu irraa fagaachuu, utubaalee hawaasa haarayaa fi seera isaa kan hawaasaa fi qaroomawaa ta'e kana gadi dhaabuu, kophummaa irratti duuluu, sammuu ilaalcha lolanii injifachutti amantu san of keessaa haquu, miira namaa gabroonfachuu fi jeequmsa uumuu kan namoota reef amantii Islaamaa seenaa jiran keessa jiru san irraa balleessuuf dursi akka kennamuu qabu ta'uu mul'isa.

*Ummu Salamaan haati warraa ergamaa Rabbii, Rasuulli (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu) akkana jedhan jette: "Mootonni isin beeytan kan waa irraa mormitan isin mooyuuf jiru, namni jibbe dhugaa qulqullaaye, namni morme nagaya baye, garuu namni jaalatee isaan hordofe (hoongaye), yaa ergamaa Rabbii! Isaaniin hin lolluu jedhanii gaafannaan, haala isaan ka salaatan ta'aniin hin lolinaanii" jedhan. Muslimtu odeesse.*

*Salamatu binu Yaziid Al-Ja'afiin* ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jechuungaafate: Yaa Nabiyyii Rabbii, yoo mootonni haqa isaanii nu gaafatan kan haqa keenna nu dhooggatan nu mooyan maal argita (maal goona?) jedheen, isaan isa irraa gargalan, boodas itti deebi'ee gaafannaan ammas irraa gargalan, lammaffaa moo sadaffaa irratti namni Ash'as ibnu Qeeys jedhamu isa harkise, akkana jedhe: "isaan tole jedhaa, jalaa dhagayaa, isaanis waan dalagan irraa gaafatamu isinis waan dalagdan irraa gaafatamtu" Muslimtu odeesse.

*Muslim ibnu Qarzaa* kan jedhamu, nama *Awufi binu Maalik Al-Ashja'ii* jedhamu isaa akkana jedhu dhagaye jedhe: ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* kan akkana jedhan dhagaye: "Irra filatamaa hooggantoota keessaniiti jechuun kan isin jaalatan kan isinis isaan jaalattan, kan isin nagaya gaafattan isaanis nagaya isin irratti buusaniidha, irra badaan hooggantoota keessanii immoo kan isin isaan jibbitan isaanis isin jibban kan isin isaan abaartan isaanis isin abaaraniidha", yeroo kana yaa ergamaa Rabbii isaaniin hin lolluu jedhanii gaafannaan, isaanis akkana jedhan: " haala isaan salaataniin isaaniin hin lolinaa, namni nama isa irratti mooyame san isaa waan diddaa Rabbii mul'isu dalagu arge cubbuu Rabbiin diduu inni dalage san irratti haa jibbu, harka isaa gonkumaa isa jalatti buluu keessaa akka hin fudhanne" Muslimtu odeesse.

Hadiisa sadan olitti dubbatame kana keessatti, ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* du'a isaaniitiin booda rakkinoota akka nama cunqursuu, nama miidhuu fi nama doorsisuu abbootiin aangoo nama irraan ni gayu jedhanii yaadan keessattuu kan odoola Arabaa keessatti ni uumama jedhan ibsanii turan. Bulchiinsa Kaliifotaatiin boodas rakkinoonni isaan dubbatan kunniin mul'atanii turan.

Garuu kan hunda caalaa ija namaa mil'achiisu, deebii ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* gaaffilee namoonni dabnana mootolee akkamitti sirreessina jedhanii gaafatan irratti kennaniidha. Deebii san keessattis cimsanii kan isaan dhaaman hanqinoonni mootonni qaban aadaa gosoota keessatti babal'atee jiru kan humna

fayyadamuun dhimmicha furuun ni danda'ama jedhutti akka isaan hin geessine, hanqinoonni sun fincila, diddaa fi warraaqsa meeshaa waraanaa fayyadamuutti geessuuf sababa akka hin taane dhoorgan.

Haala kanaan miira diinummaa fi mootummaa irratti finciluu kan gosoota keessa jiru san karaa itti cufuun ni danda'ama. Deebiin ergamaa Rabbii kunis yaamichi miidhama of irraa qolanna jedhu gosoota saniif tooftaalee fi sababoota ittiin fincilanii fi humna fayyadamuun wal-dhabbii siyaasaa hawaasa keessatti uumame furuuf furmaata akka hin taane jala sararee mul'isa.

Kana jechuun deebiin ergamaa Rabbii daangaa dabriinsa moototaa karaa nagayaatiin hin mormatinaa jechuu miti. kan isaan ibsuu fedhan rakkinna hawaasa gosummatti amanu keessatti uumamu kan humna fayyadamuu san faallaa dhaabachuudha. Sodaan isaan sodaataa turan sunis dhugumaan argamee jira. Innis: gosoonni mootummaa irratti finciluu, qabeenya isaanii irraa zakaa baasuu diduu, seera biyyattii fi hawaasaa dawoo godhachuun yeroo san irraa eegalee wal-loluu fi wal-injifachuuf sababa fincilaa fi diddaa ittiin kaasan barbaaduu itti fufaa turuu isaaniiti.

Garuu wanti nama gaddisiisunamoonni doonii aangoo ykn hooggansaa yaabbatan hedduun beekaa ykn wallaalaan ykn dirqamaan ykn faaydaa fi dhageettii gurra isaaniitiif jedhanii haala yeroo fi iddoo jechoonni fi qajeelfamoonni nabiyyii irratti xiyyeeffatan san eeguu dhabanii gidira bulchiinsaa, badii fi

daangaa dabruu isaa ittiin seer-qabeessa godhachuu, abbootii humnaatti harka kennachuun jalatti buluu fi ga'ee ummanni badii fi dabnana irratti duuluuf qabuguutumatti dhabamsiisuu isaaniiti.

Keeyyatoota kanaaf hubannaan sirriin kan adeemsa eeggate jiraachuun mirga karaa nagayaatiin falmachuu ykn mootummoonni badii raawwataniif itti gaafatamuu dhabutti kan geessuu miti. Akkasumas aangoon ummataa fi abbootii marii mirga tooftaalee badii fi gidira of irraa ittisuu fayyadamuu fi gareelee badii fi miidhaa raawwachuun gareelee biraa irratti duulan of irraa qolachuu qaba.

Guutuun ummataa abbootii aangoo/hooggantoota gidira raawwatan of irraa qolachuuf, miidhaa fi doorsisa isaaniitti daangaa godhuuf humna fayyadamuu isaan hin barbaachisu. Hooggantoota badii raawwatan san jalaa harka fudhachuu fi isaan irraa fuula naanneffachuun mootota san kuffisuu fi sirna cunqursaa isaanii san dhabamsiisuuf gayaadha. Kun immoo sona bu'uuraa kan ummataa fi bakka buutota isaanii kan seera tumantu namoota badii raawwatan adaba, isaantu harka isaan badiin dalagan san rukuta, isaantu akka bu'uura seeraatti bifa bu'aa ummataa kabachiisuun haloo malu irraa baya yaada jedhu hin faallessu.

Garuu wanti guddaan hubatamuu qabu, mirgi adabbii raawwachuu kun kan namoonni dhuunfaa ykn gareeleen jidduu isaaniitti ittiin wal'adabanii miti. maaliif yoo jenne akkas ta'uun isaa firummaa kuta, fedhii ummataa fashaleessa, miirri haloo bayachuu, xiiqii fi jibbaa akka daangaa dabru taasisuun

dhimmoonni bu'uuraa akka dagatamanii hawaasichi kutaa wal-jibbiinsaa, addaan ciccituu fi wal-irratti qabsaayuu keessa galuun haala ummanni keenna amma keessa jiru kanaaf akka saaxilaman taasisa.

Bifa kanaan keeyyatoota kanniin irraa wanti hubatamu, garee ummataatti dabalamanii waliin jiraachuun dirqama ta'uu, seera hawaasichi ittiin buluuf bitamuu, cufuma sababoota fincila, diddaa lola dabalate, lagannaa fi waan jireenya baadiyaa isa gosummaa sanitti nama deebisu hunda irraa fagaachuudha.

Walumaa galatti, tooftaaleen karaa nagayaatiin mormii dhiyeeffachuu haaroomsa tumsuuf, dhugaa ifa baasuu fi badii fi yakkoota irratti duuluuf gayaadha. Aarsaan tooftaaleen nagayaa nama kaffalchiisan salphaa fi bu'a-qabeessa. Tooftaa nagayaa kanaan ala haalli ummataa hin sirraayu, murtiin tokkos murtii ta'ee fiixa hin bayu.

Wanti namni Muslimaa tokko shakkii isaa qabaachuu hin qabne, amantiin Islaamaa seera bulchiinsaa keessatti haqqummaa fi haaroomsa irratti gadi dhaabbachuu dirqama godhee jira. Akkasumas, hundeen bulchiinsaa sunis *shuuraa* (waliin marii) irratti kan bu'uureffamee fi abbaa irrummaa, gidiraa fi doorsisa of irraa qolachuu dirqama godhee jira. Kunis bu'uura amantii, seera hawaasummaa isaa, kaayyolee shari'aa kan keeyyatoota wahyii, shaakalliiwwan nabiyyii fi qajeelfamoota isaa kan isaan ala bocni Islaamummaa bifa sirrii ta'een hin bocamne san agarsiisa.

Ahmadii fi warroonni Sunanaa akkana jechuun odeessan, namichi wayii ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)*haala isaan miila isaanii Jihaadaaf faanoo yaabbii keessa kaayataniin itti dhufee irra caalaan jihaadaa maali?jedheen, isaanis: "Mootii gidirsaa biratti jecha dhugaa dubbachuudha"dha jedhaniin.

Ibnu Umar (Rabbi isaan lameenuu irraa haa jaalatu), ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan jedhe: "Waan jibbee fi jaalate keessatti namni Muslimaa tokko dhagaye tole jedhe jechuu qaba, yoo cubbuu dalagutti ajajame malee. Yoo cubbutti ajajame dhagayuu fi tole jechuun hin jiru.

Abuu Bakri Assidiiq Rabbi isaan irraa haa jaalatuu akkana jedhan: yaa ilma namaa! Isin aayaa (keeyyata) kana ni qaraatanii

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ عَلَيۡكُمۡ أَنفُسَكُمۡۖ لَا يَضُرُّكُم مَّن ضَلَّ إِذَا ٱهۡتَدَيۡتُمۡۚ ﴿١٠٥﴾ ﴾ المائدة: ١٠٥

[Yaa warra (Rabbitti) amantan lubbuu teessanitti dhimmamaa (Rabbiin tole jechuu barsiisaa) yoo isin qajeeltan namni jallate isin hin miidhu]. Ani ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* ka akkana jedhan dhagaye: "Namnoonni nama nama miidhu tokko yoo arganii harka isaa qabuu baatan, Rabbiin balaa isaan hunda walitti qabu itti buusuuf".

Hadiisota nabiyyii kanaa fi hadiisota dabran, akkasumas keeyyatoota Qur'aanaa kabajamaa fi ergaalee shari'aa walii galaa irraa shakkii tokkoon ala wanti nuti barannu, amantiin Islaamaa

gidiraa fi nama miidhuu hin jaalatu. Inumayyuu tooftaalee nagayaa fayyadamuun akka of irraa qolannu nu ajaja. Bu'uurota murtii shuuraa haqa qabeessa ta'ee lafa qabsiisuu fi dhimma siyaasaa tokko siyaasaan malee gidira fayyadamuu fi dhiiga dhangalaasuun akka furuu hin dandeenne hidda tooftaalee siyaasaa fi siivilii gadi dhaabuun nuuf mul'isee jira.

Yakka ajjeechaa, gorraasaa, gidiraa, waa dhoosuu, waa balleessuu fi waa galaafatuu raawwachuun kaayyolee ykn bu'aa siyaasaa kamiyyuu argachuuf tattaafachuun, haaluma kamiinuu nama kam irraayyuu waan hin eegamne kan firummaa fi biyyummaa namaatiin hin malleedha. Mallattooleen akkasii sun wanta amantiin Islaamaa ijaarsa hawaasaa keessatti hin eeyyamneedha.

Haaluma kanaan hadiisota olitti dubbataman kana akka waan gidira karaa godhuu, isa mormuu dhabuu, miidhaa san hojirra oolchuu dhabuu ykn isa duuka deemuun ajajamuufi, ykn tooftaalee siyaasaa hunda kan miidhaan sun akka itti hin fufne ittisan fayyadamuu dhoorguutti hubachuu hin qabnu. Kan hubatamuu qabu, tooftaalee kanniin irraa kan dhoorgamneef gargar citiinsa hawaasaa, wal-nyaachuu fi dhiiga walii dhangalaasuu irraa ittisuufi.

Walumaa galatti ergaan hadiisota kanaa ummata, gareelee fi dhuunfaalee isa keessa jiran akka isaan hawaasa bal'aa irraa adda hin baane, akka miira ofii tasgabbeessan, miidhaa fi gidira kamiyyuu of irraa qolachuuf tooftaalee hawaasaa fi siyaasaa kan akka yaada ibsachuu, mormii nagayaa gaggeessuu, miidhaa fi

cubbuuwwan mootiin itti nama ajajuuf gurra ergisuu dhabuutti akka fayyadamuu qaban isaan qajeelcha.

Tooftaaleen nagayaa kan hawaasni itti fayyadamuu danda'u yoo dhaabbileen seera mootummaa fi guddisni siyaasaa waliin jiraateqaawwa ykn rakkinoota siyaasaa furuuf gayaadha. Akkasumas yoo miira/keessa namaa keessatti adeemsi shuuraa fi rakkinoota siyaasaa kan hawaasa keessatti uumaman furuuf xurree siyaasaa hordofuunyoo baratame rakkinoota siyaasaa kamiyyuu furuun ni danda'ama.

Sababa haala addaa tokkoof jecha tooftaaleen mormii nagayaa sun yoo bu'aa fiduu baatee, miidhaa, diinummaa fi cunqursaan ittuma fufee, mootiin (hoogganaan) dirqama isaa bayachuu dadhabe; yeroo san dhimmichi itti gaafatamummaa ummataa, warra marii fi hooggantoota yaada ummataatiif dhaabbatanii ta'a.  Motoora haaroomsaa gara duraatti oofuun, harka qaama nama miidhu of irraa qabuu fi qaama sanitti daangaa godhuun itti gaafatamummaa garee saniiti.

Wanti hin shakkamne qaamni nama miidhu kamiyyuu mootummaas dabalatee ummata bal'aa dura dhaabbachuu hin danda'u. Haala akkanaa kana keessatti hawaasni bal'aan kun, garee isa doorsisu san of irraa qolachuuf humnaa fi gidira fayyadamuu isa hin barbaachisu. Yookii gareen sun hooggansas dabalatee dogongora isaanii irraa deebi'uu ykn sirni bulchiinsa isaanii kufuudha. Yeroo sun argametti rakkina namoota dhuunfaa fi gareelee irraa dhufuuf gorsi hin jiru.

Akkuma kanaan dura murteessine, ammas irra deebi’uun wal-miidhuu fi wal-irratti duuluun hawaasaa bifa lama keessaa tokko qabata: ka jalqabaa wal-dhabbii hooggansaa (mootummaa) fi gareelee hawaasaa garii jiddutti argamu yoo ta’u; ka lammataa immoo osoo qaamni mootummaa qooda keessaa hin qabaanne wal-dhabbii gareelee hawaasaa jiddutti argamuudha.

Yoo qaamni mootummaa hooggantoota haaroomsaa ykn nama dhuunfaa ykn garee hawaasaa kamiyyuu irratti duula gidiraa bane gara dhugaatti deebi’uun ka ulfaatu ta’e, hawaasni bal’aa fi hooggantoonni yaada ummataa karaa nagayaatiin sagalee mormii isaanii dhageessisuun ykn yoo mara dubbiin cime harka waadaa galaniiniif san mootummaa jalaa fuudhuun rakkinicha daangaa itti godhuuf gahaa ta’uu danda’a.

Yoo wal-miidhuu fi wal-cunqursuun sun jidduu gareelee hawaasaatti ta’e, qaamni seeraa fi ummanni isa duubaan jiru nagayaa fi araara jidduu gareelee sanitti buusuu qabu. Qaama miidhameef haqa isaa deebisuu qabu. Yoo garee san keessaa gareen tokko araara kana fudhachuu dide mootummaa fi namoonni isa duubaan jiran mirga garee fincile san dirqanii, yoo barbaachisaa ta’e tooftaalee akka gidiraa fi adabbii fayyadamuun mirga garee kaanii kabachiisuu qabu. Hundeen dubbii, qaamni mootummaa yoo wal-dhabbii san keessaa harka hin qabaatin, inni ummata bakka bu’a, yoo harka keessaa qabaate immoo dhimmicha ummataa fi hooggantoota yaadaa hawaasa bal’aatti deebi’a.

﴿وَإِن طَآئِفَتَانِ مِنَ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ ٱقۡتَتَلُواْ فَأَصۡلِحُواْ بَيۡنَهُمَاۖ فَإِنۢ بَغَتۡ إِحۡدَىٰهُمَا عَلَى ٱلۡأُخۡرَىٰ فَقَٰتِلُواْ
ٱلَّتِي تَبۡغِي حَتَّىٰ تَفِيٓءَ إِلَىٰٓ أَمۡرِ ٱللَّهِۚ فَإِن فَآءَتۡ فَأَصۡلِحُواْ بَيۡنَهُمَا بِٱلۡعَدۡلِ وَأَقۡسِطُوٓاْۖ إِنَّ ٱللَّهَ يُحِبُّ ٱلۡمُقۡسِطِينَ
٩﴾ الحجرات: ٩

*[Yoo gareeleen Mu'umina ta'an lama kan wal-lolan ta'e jidduu jaraatti araarama buusaa, yoo gareen tokko isa kaan irratti lola bane, isa lola bane kanaan lolaa hanga gareen sun ajaja Rabbiitti deebi'utti, yoo inni deebi'e jidduu jaratti bifa dhugaa irratti hundaa'een araara buusaa, wal-qixxeessaa, Rabbiin wal-qixxeessitoota ni jaalata] (Al-Hujuraat: 9).*

Ergaan dhugaa kan qajeelcha Qur'aanaa fi adeemsa nabiyyii keessa jiru, wal-dhabbiiwwan siyaasaa hawaasa keessatti argaman furuuf gidira fayyadamuu irraa dhoorguudha. Kunis dhimma isa jalqabaati. Sonni sun miira ummataa keessatti gadi dhaabbachuu qaba. Yeroo san gareen hawaasaa kamiyyuu wal-dhabbiilee siyaasaa furuuf fedhii gidira fayyadamuu wayiituu hin qabaatu. Adeemsi kun adeemsa tasgabbii, kan waa ijaaruu, kan tooftaa dhugaa baasuu, waliin hojjachuu, waliin mari'achuu fi hawaasa keessatti haaroomsa fiduu itti fufsiisuuti.

Kanaafuu wanti guddaan, boca guutuu keeyyatoota Qur'aanaa fi hadiisaa hubachuudha. Akkasumas ergaa keeyyatoota sunnaa kan iddoo fi yeroo isaas hubachuu, haala namoota isaan nama gorsanii, dugda duubbee isaanii, dhimma isaanii fi ergaalee qajeelfamoonni nabiyyii akka Qur'aanni jedhetti hojiidhaan lafa irratti mirkaneessuuf kaayyeffate hubachuudha. Kunis ergaa sunnaan irratti fuulleffate kan akka

dhiiga dhangalaasuu dhabuu, tasgabbii siyaasaa mirkaneessuu, nagayaa fi seera hawaasummaa bu'uura wal-qixxummaa, wal-danda'uu fi waliin marii jiddu-galeessa godhate irratti lafa qabsiisuuf fayyada. Ammas namni siyaasaa tokko gidiraa fi dhiiga dhangalaasuun alatti, hawaasa keessatti tooftaa fi adeemsa siyaasaa fi waliin mariitiin akka dhimmi isaa furamuuf nama gargaara.

Hubannaa fi adeemsi kun akkaataa wal-dhabbii siyaasaa furuu keessatti cuunfaa qajeelcha Qur'aanaa fi adeemsa nabiyyii kan haaroomsaa fi jijjiirama guddaa Makkaa fi Madiinaa keessatti fide mul'isa. Akkasumas dhuma umrii ergamaa Rabbii irratti, mul'ata nabiyyii fi qajeelcha isaanii kan akkaataa rakkinoota gurguddoo Odoola Arabaa fi naannawa isheetti ni uumamu jedhamee eeggamu waliin itti jiraatan, gadaa sanitti akkaataa dukkanaa fi qaamota nama gidiran irraa itti of eegan kan isaan nuuf dhaaman san ibsa.

Dimshaashni dubbii, amantiin Islaamaa amantii nagayaa kan bu'uurri isaa obbolummaa, waliif mararfatuu, wal-qixxeessuu, waliif birmachuu, waliin marii, haaroomsa fi itti gaafatamummaan namatti dhagayamuu ta'eedha. Namni Muslimaa tokko safuulee kanas kan qabaatuuf seera jiruu addunyaa kanaaf qofa osoo hin taane; gama afuura jireenya dhumaa kan dhuma hin qabnee saniifis qophaayuufi.

Amantiin Islaamaa yoomiyyuu miidhaa, diinummaa fi nama cunqursuu hin raggaasisu. Sanuma waliinuu akka hawaasni tokko galteewwan siyaasaa isa keessatti uumaman gama

humnaatiin furaniifis karaa hin saaqu. Dhimmi siyaasaa hunduu seera kana keessatti tooftaalee siyaasaatiin ala, ibsaa fi tooftaalee nagayaatiin ala hin furamu. Sirni gidiraa ykn hooggansi kamiyyuu yoo ummanni isatti gargalee harka deeggarsaa jalaa fudhate isaan of irraa qolachuu hin danda'u. kana ta'uudhaaf garuu, hubannooleen kunniin miiraa fi keessa ummataa keessatti hidda godhachuu qaba.

Jireenyi siyaasaa ummataa nagaya qabaachuu fi tooftaaleen nagayaa haaroomsa fiduu fi miidhaa nama irraa deebisuuf, ka'umsi yaamicha siyaasaa haaroomsa Islaamummaa kan bu'aa ummataa fiduu fi bu'aa argame isaaniif tiksuu irratti fuulleffatu ta'uu qaba. Akkasumas hawaasa bal'aa tooftaa bareedaan gorsuu, kallatiiwwan haqaa, haaroomsaa fi kallattiiwwan bu'aa adduniyaa fi diinii Muslimtootaaf argamsiisan kan isaaniif ibsu ta'uu qaba. Haasaya nama amansiisuun isaan ofitti harkisuu qaba. Akka yaamichi isaa nama irratti of tuuluu fi nama doorsisuun dirqamaan fedhiiwwan gareelee muraasaa nama irratti fe'uu akka hin taane mirkaneeffachuu qaba.

Kana jechuun yaamichi haaroomsaa Islaamawaan kun kan ummataa fi hawaasa isaa bal'aa hammatu, kan isaan eeguu fi isaaniif dhimmamu, kan bu'aa isaanii mirkaneessuuf tattaafatu ta'uu qaba. Bifa saniin sirni siyaasaa isa waliin deemuu raggaasifata, fuulleffannaa fi barbaada isaatiif deebii laachuuf tattaafata. Kaayyolee isaa kan haaroomsaa fi qaroomaa kana galmaan gayuuf gidiraa fi humna kamuu fayyadamuun alatti deeggarsa cimaa hawaasicha irraa argata.

Dhaabbileen ykn sirnoonni dhama xiinxala ummataa fi argamni isaa sirrii moo sirrii miti ka jedhu ibsuufi. Akkasumas sirni tokko faallaa ilaalcha garee sanii fi argama isaatiin ala imaluu hin danda'u. Bakka hawaasni bal'aan addatti isa gatetti, iddoo jirutti lafa qabatee jiraachuu ykn hooggansi isaa tasgabbii qabaachuu hin danda'u.

Warraaqsi fi fincilli ummataa humna isaa cimsatee jennaan, sirna bulchiinsa cunqursaa sanii fi dhaabbilee isaa hunda kuffisuuf humna gahaa qaba. Finciloota mootota cunqursaa irratti taasifaman irratti dhiigni dhangala'uun dhugaa dubbachuuf hanqinoota warraaqsa sani ibsa. Hanqinni sunis: fincila kana keessatti gidirri baay'achuudha. Gidiraa fi rakkinoota inni qaqqabsiisuu danda'u san irraa hanga danda'ameen of qusachuun ni danda'ama ture.

Kunis kan ta'uun itti gaafatamummaan namatti dhagayamuu, qisaasessuu dhabuu, dhugaaf masakamuu, namni kamiyyuu yeroo adabamu akka sadarkaa balleessaa isaatiin bifa ol'aantummaan seeraa fi seerri siyaasaa eeggameen osoo qaama biraa kan isaan hidhata qabu irraa haloo bayuuf hin fuulleffanne adabamuuni. Isa kana ka ummata Islaamaa fi adeemsa isaatiin malu. Adeemsi akkanaa ka karaan isaa karaa sirrii ta'e kun, haaroomsa, ijaarsaa fi tasgabbiitti nama geessa.

Barnoonni fi gorsi taateewwan seenaa dabree irraa barannu ka'umsi Islaamummaa sirrii ta'uu nuuf ibsa. Miidhaalee fi gidirri fincila ummatoonni mootummaa abbaa irree irratti taasisaniin booda argame yoo qulqulleessinu wanti ifatti mul'atu,

kaayyolee warraaqsa sanii miidhaalee argaman saniin ala galmaan gayuu akka dandeennuudha. Gidirri sunis kan raawwatamaa dhufeef miirri halaoo bayachuu miira araaraa fi nagaya buusuu caalee waan argameefi. Miirri Itti gaafatamummaa fi kabajni ilma namaa namatti dhagayamuun dadhabaa wann dhufeefi.

Warraaqsa Faransaayotaa kan seenaa biyyoota dhihaa keessatti warraaqsa haaroomsaaf baay'ee fuulleffate akka fakkeenyaatti osoo fudhannee, gidirri, cunqursaa fi dhiigni hedduun Faraansaayiin keessaa fi isiin alatti dhangala'ee jira. Namoonni gariin isii tana akka fakkeenyaatti fudhachuun warraaqsi kamiyyuu jalqabee fiixa bayuuf gidirri waan hin hafne jedhu. Dhugaa dubbachuuf kun sababaa fi bu'aa walitti laaquudha. Warraaqsa haaroomsaa Faransaayotaa kan jalqabsiise xiinxala hayyootaa fi ummanni xiinxalaa fi ilaalcha isaanii sanitti amanee cunqursaa fi doorsisa sirna biyya bulchuu fudhachuu diduu isaaniitiini.

Ilaalcha sanitti amanuu fi diddaan hawaasni bal'aan sirnichaaf mul'isee karaa hunda irratti bayee kutannaan jibbansaa fi diddaa sirnichaaf qaban ibsatan santu sirnicha kuffise. Cunqursaaleen hedduun warraaqa san duuka dhufan sirnicha kuffisuuf ykn dhaabbilee isaa diiguuf dirqama tarkaanfii fudhatame ta'uu dhabuu danda'a. Inumayyuu akka hanqinoota warraaqsa sanii kan dhiigni jiguu hin qabne akka dhangala'uuf sababa ta'aniitti fudhatamuu qaba.

Sababa hanqina uumame saniitiin jibbaa fi waanyoon jidduu hawaasaatti babal'ataa dhufan, anniisaan hedduun faalame. Dogongorri uumame sunis, Faransaayii fi hooggantoonni warraaqsa isii akka Awurooppaan gara harka duubaatiin gatii guddaa silaa Faransaayii fi Awurooppaanis kaffaluu hin qabne akka kaffalan taasise. Dogongora akkasii san keessa ummanni Muslimaa fi xiinxallitoonni Muslimaas harka qabaachuu hin qaban, isaaniin hin malu.

Imala hawaasni Muslimaa haaroomsa siyaasaa ammayyaa fiduuf taasisu keessatti gidira fayyadamutti nama hin hajamsiisu jennee ibsuun ni ulfaata. Yoo haala ummata guddatanii fi kanneen gama siyaasaatiin tasgabbii qaban, kan dhaabbileen isaanii sirna dimookiraatawaan badhaate, hirmaannaa hawaasni murtiilee siyaasaa fudhachuu irratti qaban kan raggaasisan, kan hawaasni isaas murtiilee siyaasa keessatti fudhatamanitti amanu, kan murtiilee san hojitti jijjiiruuf gama dhaabbilee seera kabajaniitiin ganamaa galgala hojjatanii fi mirgaa fi kabaja lammiiwwanii kan eegan san yoo ilaalle malee.

Haalli akkasii sun haala hawaasni Muslimaa kan ilmaan ofii guddisa gaarii irratti guddisu, kan sirnootaa fi dhaabbilee isaa bu'uura waliin marii irratti leenjisuuti. Hubannaan akkanaa kun dimookiraasii dhaabbilee warra dhihaa kan murtiin siyaasaa hirmaannaa ummataatiin fudhatamu biratti hordofamuun wal-fakkaata. Garuu addummaan isaa falaasamaa fi wantoota amantii Islaamaa keessatti dhaabbatoo ta'an kan hin jijjiiramne kan sonoota shari'aa Islaamaatii fi dhaabbilee sirna hawaasummaa isaatiin wal-simatu irratti kan bu'uureedha.

Haala kana keessatti, adeemsi hawaasa sivilii kanneen nagaya, jijjiiramaa fi haaroomsaaf tattaafatanii amala sirna hawaasummaa fi akkaataa caaseffama miseensa hawaasa sanii ibsa. Amalli isaanii sunis dirree haala jireenya siyaasaa Islaamawaa keessatti gidira ykn humna fayyadamuun isaan biratti kan baratamee miti.

Yoo hawaasa nagaya qabeessa, qaroomawaa fi tasgabbaayaa horachuu barbaanne, wanti xiinxallitootaa fi beektota keenna irraa eeggamu: jireenya siyaasaa Islaamaa keessatti ibsa ifa galaa Islaamummaan gidira fayyadamuu balaaleffatu ibsu baasuu, ummatichis mul'ata xiinxala ifa gala qabuun dhimma waliin marii irratti hawaasicha guddisuu jalqaba irratti maatiin eegaluun tooftaalee fi bu'uurota isaa abbootii barsiisuu, gareeleen warraaqsa haaroomsaa sona isaaniitiif masakamuu, dhaabbilee isaanii sona san irratti madaaluu, xiinxalaa fi shaakalliiwwan isaa keessatti tooftaaleen nagayaa ifa gala ta'uu qaba.

Xiinxalli hayyoota Islaamaa fi maatiin Muslimaa xiinxala sanitti amanuun, furtuu balbala warraaqsa jijjiiramaa, tasgabbii, haaroomsaa fi ijaarsa hawaasa Muslimaa banuudha. Haguma fedhe yaaliiwwanii fi tattaaffiin haaroomsaa, jijjiiramaa fi ijaarsa hawaasa Muslimaa kun irra deddeebi'amee yaalamus xiinxala hayyootaa fi ummanni xiinxala sanitti amanuun alatti bu'aan argamu tokkos hin jiru.

## Waldhabbiiwwan Siyaasaa Hawaasa Muslimaa Jiddutti Argaman Furuuf Gidira Fayyadamuu Dhiisuun Sona Malee Dhimma Filannootii Miti

Yaada hanga ammaatti ibsinee fi ijjannoolee nabiyyii kan Makkaa irraa kaanee, akkasumas waldhabbiilee siyaasaa hawaasa jiddutti uumaman furuuf gidira fayyadamuu irraa dhoorguu Madiinatti taasifame irraayis kaanee wanti hubachuu dandeennu; amantiin Islaamaa waldhabbiin, wal'aansoo fi waldhiibbaan siyaasaa gara balaa siyaasaatti akka jijjiiramtu kan hin barbaanne ta'uu isaati. Kunis akka booda irra dhimmichi sun guddatee bokokee sadarkaa jaarsolii fi hooggantoonni yaada biyyaas furuu fi of irraa qolachuu dadhabuutti akka isaan hin geessineefi.

Mul'ataa fi hubannoon Islaamawaan ifa gala ta'e kan adeemsa nabiyyii gadaa nabiyyummaa Makkaa fi Madiinaa keessa turee mul'isu kun, seera siyaasaa Islaamawaa walii galaa kan baay'ee barbaachisaa ta'e akka bocnee baasnuuf nu gargaara. Seerri kunis:

- waldhabbiin siyaasaa hawaasa tokko jiddutti argamu kallattii siyaasaatiin malee akka hin furamne,
- namni nama miidhee daangaa namatti dabre diinummaa fi yakkaa ta'uun isaa ifaan ifatti hawaasaaf akka saaxilamu,
- ummataa fi qaamni seera qabeessi biyyattii, beektotaa fi hayyoonni, abbootiin marii fi hooggantoonni yaada ummata bal'aa kan fira gareewwan wal-dhabanii ta'an kunniin burqaa fi maddi dhoowiinsa diinummaa homa fedhes ta'u, diinummaa sanitti daangaa godhuun itti gaafatamummaa isaanii bayachuun isaan irratti dirqama,

- Qaama yakka raawwatu san yookii isa gargaaruu dhabuun ykn akka inni yakka/diinummaa san dhiisu isa dirqisiisuun harka isaa san dhaabsisuun dirqama ta'a.

Yoo waldhabbiin argame sun jidduu gareelee mootummaan seeraa harka keessaa hin qabneetti ta'e, akka mootummaan diinummaa san nama irraa deebistu eeguu qabna. San godhuun immoo qaama mootummaa irratti dirqama.

Yoo waldhabbii argame san keessatti qaamni mootummaa harka keessaa qabaate ykn kallaattii waldhabbii lamaan keessaa tokko isa ta'e immoo, dhimmichi ummata, abbootii marii fi hooggantoota yaada ummata bal'aatiif dhiifama. Yeroo kanatti dirqamni harka nama yakka raawwatuu san qabuu itti gaafatamummaa hawaasa hundaa fi hooggantoota yaada ummataati. Isaanis yakka kana irraa ija isaanii gadi qabuu ykn itti gaafatamummaa isaanii sirnaan bayachuu dhabuun isaan irraa hin eeggamu. Mirga tarkaanfii fudhatan keessatti wal-qixxeessuu san irraa miliquu hin qaban.

Tarkaanfii jiilchaa fudhachuun tooftaa sirrii ta'een yakka sanitti daangaa godhuuf nama gargaara. Yoo namuu ga'ee isa irraa eeggamu hin bayatu ta'e, hawaasni bal'aa fi hooggantoonni yaada ummataa itti gaafatamummaa ummataa kan ofitti fudhatan waan hin bayatniif ni gaafatamu. Walumaa galatti dhimmi yakkamaa of irraa qolachuu ummataa fi abbootii mariitti deebi'a. isaan dirqama tumsuu qabu. Qaamni miidhaan irra gaye immoo fira, hooggantoota ummataa fi hawaasa bal'aa obsaan akka isaaf birmatan yaamicha dhiyeessuufii qaba. Rabbi akkana jedha:

﴿ إِلَّا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ وَتَوَاصَوۡاْ بِٱلۡحَقِّ وَتَوَاصَوۡاْ بِٱلصَّبۡرِ ٣ ﴾العصر: ٣

*[Dhugaa waliif dhaaman, obsuu waliif dhaaman] (Al-Asri:3).*

﴿ وَٱتَّبِعۡ مَا يُوحَىٰٓ إِلَيۡكَ وَٱصۡبِرۡ حَتَّىٰ يَحۡكُمَ ٱللَّهُۚ وَهُوَ خَيۡرُ ٱلۡحَٰكِمِينَ ١٠٩ ﴾يونس: ١٠٩

*[Waan wahyii sitti godhame hordofi, haga Rabbi murteessutti obsi, inni irra filatamaa murteessitootaati] (Yuunus: 109).*

﴿ فَٱصۡبِرۡ إِنَّ وَعۡدَ ٱللَّهِ حَقّٞۖ وَلَا يَسۡتَخِفَّنَّكَ ٱلَّذِينَ لَا يُوقِنُونَ ٦٠ ﴾الروم: ٦٠

*[Beellamni Rabbii dhugaadha obsi. Warroonni (beellama) san hin dhugoomsine (amanti kee irraa) si hin raatessin] (Al-Ruum: 60).*

Namni miidhaan irratti raawwatame ykn kan jijjiiramatti nama yaamu yeroo tokkotti karaa kallattiitiin ykn al-kallattiin mormataa, abbaa murtii fi abbaa aangoo ta'uu hin qabu. Yoo akkas ta'ee argame yakka nama miidhuu ykn daangaa namatti dabruu saniif deebiin kennamu balaa fi wal'ajjeechatti geessa. Bifa saniin tasgabbiin hin argamu, wal-qixxummaan balaan hin diriiru waliin marii fi tokkummaa ummataatiini malee.

Kana irratti *Abuu Daawuud* sunana isaa keessatti, ergamaan Rabbii akkana jedhan jechuun odeesse: "*Ilmi namaa nama miidhaa dalagu tokko argee harka isaa lamaan yoo qabuu baate (badii san irraa yoo dhaabsisuu baate), adabbiin Rabbii isaan hunda walitti qabutti dhiyaate*". Kana jechuun sirni bulchiinsaa fi abbaan taaytaa ga'ee fi dirqama isaan irraa eeggamu yoo bayachuu dhaban, dhuma irratti kan gaafatamu ilma namaati jechuudha.

Sirni hawaasummaa gaariin bu’uuruma isaa irratti dhaabbilee, tooftaalee seeraa fi siyaasni madaalawaan ittiin waa ibsatan fi kan itti gaafatamummaa bayatu akka jiraatuuf haala mijeessa. Kunis yeroo siyaasni karaa sirrii irraa maqe tooftaalee siyaasawaa fi seera eeggateen rakkinna battalaa argame san furuuf nama gargaara. Bakka sirni gaarin kun jirutti ummata yaasuu fi fincila kaasutti wanti nama hajamsiisu hin jiru. Fincilli ummataa kun booddeen isaa hin amanamu. Keessattuu xurreeleen seeraa fi siyaasaa karaa nagayaatiin gaggeeffachuu hundi namoota dhuunfaa fi hawaasa nama miidhuu lagachuu fi mirga abbaa mirgaatiif deebisuuf tattaafatanitti cufamee jennaan dhumni fincila sanii ni sodaachisa.

Kanaafuu wabiin guddaan raawwii sirna siyaasaa fi tasgabbii jireenya ummataa, mul’ata aqiidaa sirrii irratti irkachuu fi imaammata barnootaa si’aawaa ta’e irratti hundaa’uudha. Sababoota waldhabbiilee siyaasaa fi tasgabbii dhabuu biyyoota addunyaa Islaamaatti geessan osoo gadi qabnee qorannee, ka’umsi isaa sababoota olitti ibsine sanii fi cubbuulee, gidiraa fi diinummaa isa irraa dhalatu ta’a.

Gama biraatiin wanti nuti sirritti hubachuu qabnu, seerri walitti bu’iinsa siyaasaa hawaasa jiddutti argamu furuuf tooftaalee nagayaa jala yaa’uun dirqama, gidira fayyadamuu hin qabnu jedhu, rakkinnaa fi gidira raawwatamu hundaa osoo of irraa hin qolanne cal-jennee dhaabbannee ilaaluu qabna jechuu miti. Haga dhumaatti qaama yakka raawwatu san dhaabannee ilaaluun hojii inni raawwatu saniif seer-qabdummaa kennuufii fakkaata.

## Firummaan Hawaasaa Karaa Haqqummaa Fi Wal-Simannaa Hawaasaati

Wanti guddaan nuti asitti jala sararree ibsuu barbaannu, seerri ummanni fi hooggantoonni ummataa, nama miidhaan irratti dalagame fi nama obsaa diinummaa fi gidira isa irratti raawwatame gidiraan haloo hin bayannee tumsuu jedhuu, seera sirriidha. Osoo mootummaanis qaama balleessaa raawate keessaa gama tokko kan jiraatus ta'ee.

Namoonni jijjiiramaaf dhaabbatan gidira gidiraan of irraa deebisuu dhabuun isaanii, yoo akka nama firaa tumsuutti ilaalaman; ummata, hooggantoota, beektotaa fi abbootii marii keessa yoo namni gaariin jiraate, akka hundi isaanii namoota miidhaan irratti dalagame hundaaf tumsa godhan isaan kakaasa. Akka isaan dadhabinaa fi haqa isaanii saniif tumsan godha. Akka mootii doorsisaa jalaa harka fudhatanii nama miidhuu isaa san irraa deebi'uuf gargaara. Yoo deebi'uu dide immoo sirni isaa kufee miidhaa fi dararaan isaa sun akka daangaa argatuuf gargaara.

Nama kamiyyuu diddaa Rabbii irratti tole isa jechuun hin jiru. Rabbiin nama miidhuu mataa ofii irrattuu haraama godhe, namoonnis jidduu waliitti wal-miidhuu haraama godhe. Dogongorri guddaan tasgabbii fi nagaya ummataa dhabamsiisee balaa guddaa uume: gareen tokko garee biraatiin waldhabee gareeleen hundinuu gidira fayyadamuu filatanii, waldhabbiin cimee miseensonni gareelees mancaa qabatanii, nama wal-loluu fi dhiiga dhangala'u malee miidhaa fi miidhamaa addaan baasuun yoo dadhabame, hawaasni bal'aan garee gara tokkoo isa kaan irratti tumsuufii hin qabu.

Wanti inni godhuu danda'u dhuma waldhabbii fi wal'aansoo kanaa eeguu qofa.

Miidhaan waldhabbiin kun qaqqabsiisu dadhabina ummata hundaa, kan tokkummaa ummataa bittinneessu, kan tasgabbii isaanii dhabamsiisuu fi kan imala guddina isaanii gufachiisus ta'u, ummanni bal'aan balaa kana keessa akka harka galfatu godhuun hin ta'u. Falli jiru qaama miidhaa nama irraan gaye san qabanii ifatti saaxiluu fi yakka inni raawwate san akka ummata bal'aan balaaleffatamu godhuudha. Kuni yakka nni raawwatu sanitti daangaa godhuu danda'a.

Taritii, turtiin yeroo, obsi, dinummaan diinaa ifatti saaxilamuun, yaamichi jijjiiramaa ykn haaroomsaaf dhiyaate dhugaa ta'uu fi mirgi nama miidhamee seerummaa qabaachuun isaa ulaagaa miira hawaasa bal'aa fi hooggantoota yaada ummataa sochoosu ta'uun akka isaan waliin ta'anii cunqursitootaa fi yakkamtoota hawaasa keessa jiraatan of irraa qolachuu irratti tokko ta'an godhuun ni mala.

Kanaafuu obsuu fi wareegama tooftaalee nagayaa fayyadamuu irratti nama barbaachisu godhuun karaa sirrii jijjiirama haaroometti nama geessu, kan harka abbaa irree nama irraa ol qabuu fi balaadhanii fi gidira baay'inaan ummata keessa faffaca'an kana kan dhabamsiisuudha.

Haala kanaan gareen yaamicha haaroomsaa dhiyeessu, yaamicha isaa karaa nagayaatiin ifatti dhiyeessuuf yoo murannoon ka'e, gareen biraa immoo diinummaa, cunqursaa, abbaa irrummaa fi gidira yoo filate, yeroo kana miirri hawaasaa socho'uun dirqama. Nama miidhaa dalagu

akka inni nama miidhuu itti fufu taa’ani ilaaluu hin qaban. Harka jalaa fudhachuun akka inni waan gaaritti fuuleffatu godhuu qabu. Diinummaa fi cunqursa isaa san irraa akka of qusatu godhuu qabu. Yoo sanii miti jedhe akka hundeen aangoo isaa guututti kufu godhuu qabu. Sababa kanaaf jecha Qur’aanni yaamicha isaa hawaasa bal’aa (gamtaaf) dhiyeesse. Akka isaan dhuma irratti itti gaafatamummaa diina of irraa deebisuu fi ga’ee dhimma waldhabbii isaanii xumurachuu garee waldhabdeef akka hin dhiifne ajaje.

Dhimmoonni olitti dubbanne kun hundi dhimma qaamni seera qabeessi kan ummataan bakka buufame namoota yakkaa fi badii adda addaa raawwatan irratti tarkaanfii humnaa fudhachuun kan wal-faallessu ta’uu jala Murree ibsuu barbaanna. Qaamni seeraa tarkaanfii seerri hayyamu yakkamtoota irratti kan fudhatuuf, amaanaa bulchiinsaa itti kenname bayachuuf, seera shari’aa jijjiiramaa fi wal-qixxummaa mirkaneessuuf, nagaya, mirgaa fi dhiiga namaa dhangala’u kabachiisuufi. Kuni dirqama isaati. Dirqamuma kana akka bayataniifi wanti namni aangoo isaanii kenneefis. Kuni dirqamoota bulchiinsaa fi hooggansaati malee nama miidhuu, cunqursuu fi nama roorrisuufi miti.

Yoo nama (garee) cunqurfame saniif hawaasa keessaa namni birmatuuf hin jiraatin immoo ykn cunqursaan isa irratti raawwateyyuu sababa jibbaa fi dhiibbaa ummanni mirga isaa irratti godhuuf taasiseen ka ta’u taate, wanti gaariin hawaasa san keessaa waan dhabameef, carraan jiru godaansaa fi ummata san irraa adda bayuudha.

Namni akka isaa dadhabaan, miidhamaan, cunqurfamaan mirgi isaa sarbame, kan fira hin qabne kun tarkaanfii humna fayyadamuu fudhachuun dogongora. Yoo rabbiin fedha isaatiin yeroo dheeraan booda isaaf tumse malee, cunqursaa fi gidira isa irratti raawwatame irrattis oobsuun bu'aa isaa hin qabaatu. Taritii miirri/afuurri mararfannaa namaa fi haalli tokko tokko geeddaramuun, ga'ee mataa isaa kan ergaan isaa ija namaatiif hin mul'anne, kan akka hirreega namaatti ni ta'a jedhamee hin eeggamne wayii akka furmaataatti fiduun ni mala jechaaf yoo ta'e malee.

## Seenaa Gareelee Da'awaa fi Mormii Karaa Nagayaatiin Gaggeeffamu Irraa Barnoota Fudhachuu: Bishaan Mi'aawaa fi Kuraawaa

Dhiyeessii/agarsiisa gama aqiidaa, afuuraa fi falaasama bifa odeeffamaatiin jiru irraa gara dhugaa lafa irra jirtuutti ce'uun; muuxannoowwan gareelee haaroomsaa fi jijjiiramatti yaamanii kanneen seenaa dabre ykn seenaa ammaa keessatti fiixa bayan yoo ilaalle, fakkeenyota hedduu hojiin agarsiifaman kan hubannoo kana ifa nuuf godhan arguu dandeenna.

Yaamtonni amantii Kiristaanaa kanneen sirni abbaa irree, cunqursaa fi gidiraa Roomaa irratti duula haaroomsaa banan, yaamicha isaanii san irratti tooftaa adeemsi isaa nagaya ta'e jala masakaman. Yaamicha isaanii karaa nagayaatiin ifatti baasuu kutannoon itti fufan. Sirni bulchiinsa

Roomaas yaamicha isaanii kana cunqursaa, doorsisaa, ajjeechaa fi gidiraan deebii kenneef.

Garuu yaamtonni amantii kanaa miidhaan isaan irra gaye san obsaan bira kutuun diddaa fi gidira san gidira biraatiin deebii itti kennuu irraa of qusatanii ergaa isaanii karaa nagayaatiin ibsachuu itti fufan. Tooftaa nagayaa filachuun isaanii sun sonaa fi tarsiimoo ittiin masakamuu qaban malee, dhimmi filannoo ykn siyaasa wadhabbii mootummaa Roomaa kan amantii hin qabne kana of irraa qolachuuf akka filannootti itti fayyadamanii miti.

Sababoota kanaaf sirni bulchiinsa Roomaa sun yaamicha haaroomsaa fi jijjiiramaa san dura dhaabbachuu dadhabee, carraa hafuuf qabu hunda fixate, utubaan isa dhaabe hundi jalaa nyaatamee dhumee guutumatti akka kufu ta'ee jira. Yaamichi amantii kiristaanaa kan haaroomsatti yaamu sun injifatee, muxannoon namummaa kan gareen sun galmeesse yaadannoo bara baraa galmee seenaa keessatti yaadatamu ta'ee hafee jira.

Bifuma kanaan wal-fakkaatuun, tooftama gidira gidiraan of irraa qolachuu dhabuu kanaan, ergamaan keenna *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* Makkaan yeroo jiran, firoottan isaanii keessatti yaamicha Islaamaa kan haaroomsaa fi jijjiiramaa san ifatti baasuuf kutannoon ka'anii turan. Yaamichi sunis badii sirna bulchiinsa Makkaa, doorsisa, cunqursaa fi aqiidaan isaa sirrii ta'uu dhabuu irraa ka'e.

Wareegamni guddaan kaffalamuu fi cunqursaan baay'ee suukaneessaa ta'e nama irratti raawwatamuu

waliinuu, obsi fi mormiin nagayaa taassifame sun reebichi sirni bulchiinsa Qureeyshotaa Muslimoota gosaan Qureeysha[8] ta'an irratti fudhatu akka salphataa dhufu taasisee jira. Akkasumas gosti ilmaan Haashimii fi hooggantoonni Makkaa muraasni akka isaanii tumsitu godhee jira.

Inumayyuu amalaa fi adeemsi isaanii sun dargaggoota ciccimoo hawaasa Makkaa biratti filatamoo jedhaman gara tarree qabsootti fidee jira. Kun immoo sirna bulchiinsa Makkaa keessatti qaawwa uumuun dhaabni ijaarsa isaa akka dadhabaa dhufu taasisuun booda irratti eega Rabbiin Muslimtootaaf ganda godaansaan qubatan Madiinaa godheefiin booda, akka sirnichi sun guutumatti kufuuf sababa guddaa ta'ee jira.

Seenaa ammayyaa keessatti immoo, gareen amantii fi mormataa biyya Iiraan kan cunqursaa Impaayera Iiraanii falamataa ture, mormii isaa keessatti tooftaalee karaa nagayaa qofatti fayyadamuun Impaayerri biyyattii akka kufuu fi waraanni isaa kan miseensota garee warraaqsa Islaamotaa gaaffii tokkoon ala walitti qabee tumaa tures guutumatti akka bittinnaayu godhuu danda'ee jira.

---

8 - Miidhaan gidiraa, ajjeechaa fi cunqursaa gabroota Muslimootaa kanneen firri isaanii Qureeysha keessa hin jirre kan akka: Yaasir, Sumayyaa fi Bilaal (hunda irraayyuu Rabbi haa jaalatuu) hedduu miidhee jira. Osoo ilmaan Qureeyshaa keessaa kanneen amantii Islaamaa fudhatan gidiraa fi ajjeechaa hooggantoota Qureeyshotaa kan akka Abuu Jahlii fi Abuu Lahabii irraa isaan dhaqqabu san gidiraan deebisanii balaan akkamii akka uumamuu danda'u yaaduu ni dandeenya. Silaa shakkii tokko malee mararfannaa firummaa ilmaan saaniitiif qaban san fixatanii, da'awaa f namoota da'aan deeman hunda irra rakkoo cimaa geessisu turan.

Humni waraana biyyattiis harka mootummaatti galuun meeshaa yakka ittiin raawwatan kan dhiiraa fi dubartii wal-duraa duubaan yakka tokko malee fixu ta'ee argame. Waraanni tumsaa mootummaa ta'e kan foonuma ummata sanii ta'e kun ajaja ajjeechaa fudhachuu diduu qaba. Cal-jedhee yakka tokkoon ala lubbuu namaa baasuu fi dhiiga dhangalaasuu irraa of qusachuun isaa dirqama. Miseensa raayyaa ittisa biyyattii kun ajaja hooggantoota waraanaa fi siyaasaa qofa jala deemuu hin qabu. Haala saniin waraanni sunii fi sirni impaayera biyyattiis kufee, gareen jijjiiramaaf mormatu injifannoo isaa goolabe.

Akka namoonni gariin dogongoraan yeroo haasayan sababni mormiin biyya Iiraanitti taasifame fiixa bayeef, waan Ameerikaan sirna biyya bulchu kan *Shaah* jedhamu jalaa harka fudhatteefi jedhanii yaadan sanii miti. Dhugaan nama hunda dinqisiisu waan tooftaan mormitoonni itti fayyadaman mormii nagayaa ta'eefi. Mormii nagayaa santu sirna *shaah* kuffisee gareen mormaan biyya Iiraan akka aangoo qabatu gargaare.

Ameerikaan yeroo muraasaafis sirna *shaah* kana jalaa harka hin fudhanne. Garuu sirnichaa fi waraana isaattu mormii nagayaa hawaasni Iiraan gaggeesse san cabsuu dadhabee kufe malee. Kunis barumsa guddaa xiinxallitoonni fi ummanni Muslimaa guutuun xiinxalluun gorsa irraa fudhachuu qabaniidha.

Gama biraatiin, akka gamaaggama kanaatti, mootummaan Iiraanii yeroo hawaasa nagayaa kumaatamaan lakkaayaman uffata adiin haguugee gara iddoo qubsuma

waraana biyya Iraaq seenanii akka weeraraniif ergu, dhugumatti dogongora raawwatee jira. Waraanni Iraaqis loltoota dhufan kana guutumatti barbadeessuu irraa duubatti hin jenne. Sababni isaas, galteen kun isa mormii nagayaa hawaasa Iiraanii fi mootummaa biyyattii jiddutti taasifame irraa guutumatti addaani.

Garuu kan loltoota Iraaq fi Iraan jiddutti ta'e wal-dhabbii hawaasa lamaan, biyya lamaanii fi sirna bulchiinsa biyyattii lamaan jiddutti adeemsifameedha. Hariiroon jidduu biyyoota lamaanii jiru akka hariiroo gareewwan hawaasa tokko keessaa bayanii sanii miti. Hariiroon jiru hariiroo sirnootaa fi qaama mootummaa wal-falmu lamaan jidduu jiruuti. Innis: garaa garummaa aqiidaa, wal-jibbiinsa amantii, gosummaa, siyaasaa, seenaa fi waldhabbii daangaa siyaasaa biyyoota wal-morman lameeniiti.

Kanaafuu, tooftaan mormii nageenyaa gareen mormitootaa biyya Iiraan sirna biyya bulchu kan *shaah* jedhamuu fi waraana isaa irratti taasise, guutumatti tooftaa lola Iraaqii fi Iiraan irratti fayyadamaniin waldhaba. Bu'aan argamee fi tooftaaleen fayyadamanis guutumatti kan walfaallessaniidha.

Ammas waan ija namaa hawwatu keessaa tokko: warraaqsi garee haaroomsa Islaamawaa ammayyaa biyya Turkiyaas, warraaqsota Islaamaa kanneen tooftaalee nagayaa fayyadaman keessaa isa tokko. Gareen kun yaamicha jijjiiramaa irraa duubatti hin deebine. Miseensota isaa kamiifuu haaroomsa barbaadamu mirkaneessuuf akka humna fayyadaman hin eeyyamneef.

Garuu yeroo gara garaa keessatti paartii fi hooggantoonni isaa cunqursaan, gidirri, dhiibbaalee fi gufuuwwan qaamni biyya bulchu isaan irraan gayaa ture hedduu cimaadha. Sanuma waliinuu baay'inni hordoftootaa fi deeggartoota paartii sanii dachaan dabalaa dhufaa ture.

Tariitii, gareeleen warraaqsa Islaamaa kunniin waldhabbiiwwan hawaasa tokko jiddutti argaman furuuf gidira fayyadamuu hin qabnu jedhanii kutannaa qaban agarsiisuun isaanii sun, mul'ata ifa gala kana qabatanii irratti ciniinnachuun isaanii sun, adeemsa yaamicha haaroomsa Islaamaa keessatti waan fuul-duratti mul'anni walhubannaa siyaasaa fi hawaasaa nagayaa uumamu fakkaata.

Adeemsi abdachiisaan sunis: gareeleen warraaqsa gaggeessan kunniin obsa qabaachuu, haaroomsaa fi jijjiirama hawaasa keessatti fiduuf humna fayyadamuu dhabuudha. Yeroo ulaagaalee kanniin guutanii argaman miirri ummata Islaamaa isaaniif tumsuun dirreen waliin marii haaroomsaa kan karaa nagayaatiin gaggeeffamu hawaasa Muslimaa keessatti akka babal'atu taasisa.

Gama biraatiin immoo muuxannoon Aljeeriyaanotaa garaa garummaa jidduu tooftaalee mormii nagayaa akka sonaa fi dirqamaatti itti amananii fi akka adeemsa siyaasaa namni filachuun tooftaa sanitti fayyadamuu ni danda'a jedhee itti amanu jidduu jiru nuuf mul'isa. Aljeeriyaanonni mormii nagayaa kana akka sonaatti osoo hin taane akka filannootti itti fayyadamuun akka boca mormii isaan qunnameetti yeroo tokko bifa nagayaatiin yeroo biraa bifa gidira fayyadamuutiin dhimmi itti bayaa turan.

Ummanni biyya Aljeeriyaa haaroomsaa fi jijjiirama barbaaduuf kaanaan, waldhabbiin mootummaa fi garee mormitootaa jiddutti jalqabame. Gareen mormaan kunis warraaqsa isaa keessatti meeshaa waraanaa fayyadamuu hin barbaadu, gara tooftaa nagayaa fayyadamuutti daba ture. akkas ta'uun isaa marsaa jalqabaa irratti utubaa sirna biyyattii bulchuu sosochoosuun hooggantoota humna waraana isaatti bowwoo guddaa ta'aa ture.

Garuu balaan guddaan kan uumame eega mootummaan hooggantoota mormitootaa hidhatti naqeen booda. Yeroo sanitti hawaasni bal'aan hooggansa bilchina qabu kan kallattii qabsoo nagaya isaanii fiixa baasu waan hin qabneef, akkas ta'uun isaanii sun gareeleen mormitootaa kun karaa nagayaa san irraa maqanii gara gidiraa fi tooftaalee ajjeechaa hunda fayyadamuutti jijjiiraman. Yeroo san irraa eegaleeti Aljeeriyaan gidiraa fi doorsisa dhuma hin qabne keessa kan galte. Dhumni qabsoo saniis garee hawaasaa muraasa dhabuu osoo hin taane, hawaasaa fi ummanni biyyattii gareelee isaa hunda akka dhabu taasise.

Fakkeenyi Aljeeriyaa kun kan ifatti mul'isu, guddisa ilmaan ummata sanii fi beekkumsa ykn aadaa hawaasa sanii keessatti adeemsaan masakamuun waan keessatti hidda hin godhatiniifi. Ilmaan adeemsaan masakamuu dhabuun isaanii sun yeroo hooggansi bilchina qabu iddoo hin jirretti miseensonni garee mormitoota nagayaa san keessaa muraasni gama humna fayyadamuutti akka daban taasisa.

Galteewwan Aljeeriyaa keessatti argamanii fi fakkeenyonni isii kan nuuf ibsan, dhimma waldhabbii argame

irratti gidira fayyadamuu irratti ilaalchaa fi beekkumsa ummataa keessa kan jiru waan biraa osoo hin taane akka filannoo siyaasaatti waldhabbii gareelee jiddutti argame ittiin furuutti fudhachuu isaaniiti. Akkasumas yoo kaayyoo itti gayuuf deeman namaaf mirkaneessa jedhamee miseensa gareelee sanii heddu ykn guutuu ka itti amanamu ta'e, dhimmi itti bayuun ni ta'a jedhanii yaaduu isaaniiti.

Galteewwan Aljeeriyaa irratti gidirri fi doorsisni gara-jabeessi nuti itti akeekuu qabnu, muuxannoo hadhaa Aljeeriyaan humna koloneeffataa Faransaay waliin gooteedha. Humni koloneeffataan Faransaay sun ilmaanii fi ummata Aljeeriyaa irratti yakka suukaneessa hedduu raawwachuun lubbuu namoota hedduu galaafatee dhiiga ummata nagayaa dhangalaasaa ture.

Lolli sunis onnee ilmaan Aljeeriyaanotaa keessatti laaluu nama irraa hin baane uumee jira. Akkasumas akka gareeleen mormitootaa tarkaanfii ykn haloo maraatumaa fudhatan godhee jira. Gareelee san keessaa garee Motooraa kan cunqursaa, gidiraa fi ajjeechaa garee Aljeeriyaanotaa biyya bulchu kan sirna koloneeffataa irraa bakka bu'e irraa isaan qunname of irraa qolachuuf hundaa'eedha. Gareen diina alaatiif bitame sunis warraaqsaa ummata Aljeeriyaa fi waraana bade balleessitoota biyyattiitiin dhabamsiifamanii jiru.

Balaan qabsoolee Afgaanistaan, Somaaliyaa, Kurdistaan fi balaan gosummaan, sammuun humnatti amantuu fi qaamni biyya alaa dhimma biyya takkaa keessa harka galfachuun faaydaa fi karoora isaanii galmaan

gayachuuf jecha qabeenya biyya sanii saamaniin dhufu immoo, fakkeenya beekamaa gamaaggama hin barbaanneedha.

Fakkeenyonni kunii fi fakkaatonni isaa jireenya keenna kan ammaa fi seenaa keenna keessatti baay'ee waan ta'eef, xiinxala Islaamummaa keessatti hagam takka mul'ata hubannaa siyaasaa ifa galaa ta'e akka nu barbaachisu nuuf ibsa. Mul'anni sunis hawaasa tokko keessatti kallattiiwwan gidiraa fi humna itti fayyadamuun malu irratti hubannaa ifa galaa ta'e qabaachuu fi garaagarummaa jidduu isaa fi sadarkaa addunyaatti humna fayyadamuu jidduu jiru beekuu ibsa. Sunis sadarkaalee waldhabbii fi seera itti fayyadama humnaa irratti sadarkaa biraati.

Wanti guddaan asitti ibsuu barbaannu waldhabbii siyaasaa hawaasa tokko jiddutti argaman furuuf tooftaalee nagayaatiin masakamuun ulaagaa bu'uuraa isa dirqamaati. Haaluma kanaan sadarkaalee gadi aanoo akka dhimmi waan gaaritti wal-ajajuu fi badii irraa wal-dhoorguu irratti, tooftaalee nagayaa kanaaf bitamuun barbaachissaadha.

Bifuma wal-fakkaatuun, dirree waan gaaritti nama ajajanii badii irraa nama dhoorguu keessatti tola ooluun kennaa fi fudhannaadha, gorsaa fi tola namatti ooluudha malee waraqaa eeyyamaa sadarkaa kamittuu waan qaamni seeraa hawaasa keessatti akka dalagamu hayyame irratti akka feetee fi waan feete godhi jedhuu miti.

Addnyaa ammaa kana keessatti tasgabbii dhaabbata dimookiraasii yoo ilaalle, seerri tasgabbii biyyootaa fi hawaasa san keessa jiran: haaroomsaa fi jijjiirama kamiyyuu

fiduuf tooftaalee qabsoo nagayaatiif masakamuudha. Dhimmi kamiyyuu haga hawaasni gama dhaabbilee isaa dimookiraatawaa saniin filatutti murtiin itti hin kennamu. Sunis gama filannoolee walii galaatiini malee gareeleen ummataa meeshaa waraanaatiin walitti yaa’uunii miti.

Gareeleen mormitootaa tooftaalee nagayaa fayyadamutti amanuun jijjiirama gaafachuu fi nama miidhameef mirga isaa kabachiisuun isaanii osoo yeroo garii daangaa dabruttis kan nama geessus ta’ee, hawaasa ilmaan isaa tasgabbii fi mormii irratti tooftaalee nagayaatti fayyadamuu fi waldhabbii siyaasaa hawaasa jiddutti galte furuuf waliin mariin dirqama ta’uu irratti guddisan biratti, gidirrii fi humna fayyadamuun yeroo hunda hin mul’atu.

Jijjiirama barbaadan keessatti gidiraa fi humna fayyadamuun immoo, shakkii tokko malee balaa guddaa fi kisaaraa baay’ee qaqqabsiisu, tokkummaa hawaasaa akka bittinneessu, jibbaa fi haloo walitti kaayachuu jidduu namaatti akka baay’isu, cunqursaa fi abbaa irrummaa akka hiddaan lafa qabsiisu shakkiin hin jiru. Kanaafuu tooftaaleen nagayaa aarsaan inni nama kaffalchiisu jirraatus aarsaa xiqqaadha. Humna fayyadamuun immoo aarsaa guddaa balaa fida, balaa babal’isa, qoricha dhukkuba caalaa hadhaayu. Booddeen tooftaa nagayaa bishaan mi’aawaa yoo ta’u, kan gidiraa immoo bishaan kuraawaa fi hadhaawaadha.

**Hawaasa Muslimaa Biratti Sammuun Marii Bu'uura Tasgabbii fi Nagayaati**

Wanti nuti hubachuu qabnu, tasgabbiin hawaasa Muslimaa fi warraaqsi isaan jijjiirama fiduuf godhan kan ittiin fiixa bayuun yoo hawaasaa waliin marii fi seera isaatiif bitamu horatan qofa. Akkasumas jijjiiramaa fi haaroomsa fiduuf mormii siyaasaa taassisan hunda keessatti adeemsa nagayaa jala yoo masakamaniidha.

Kanaafuu, wanti guddaan nuti hubachuu qabnu, adeemsi marii (shuura)tti amanuun dhimma hubannaa fi guddisaa isa bu'uuraati. Adeemsi kunis sadarkaalee adda addaa kan akka guddisaa, barnootaa, dhaabbilee fi sirna waliin jireenya ilma namaa hunda keessatti miira namaa keessatti hidda godhachuu qaba. Adeemsi kun adeemsa cal-jedhamee boca dhaabbilee bulchiinsaa qofa ittiin bareechanii isa dahoo godhatanii nama ittiin gowwoomsanii miti.

Barnoonni salphaan wanta dabre kana irraa argannu:

- kaayyolee siyaasaa galmaan gayachuuf jecha hawaasa tokko keessatti homa fedhes osoo ta'ee gidira fayyadamuu hin qabnu.
- Jijjiiramni fidamuuf hamilamus kan galma gayuun yoo tooftaalee nagayaatti fayyadamne qofa.
- Obsi gareen cunqurfame horatu akka hawaasni ummata sanii qaama namatti yakku san irratti duuluu fi tattaaffiin haaroomsaa, nagaya isaanii eeguu, imala isaanii fiixa baasuu fi tasgabbii fiduuf akka wabii ta'an isaan godha.

Inumayyuu sammuu fi miira ummataa keessatti tooftaalee nagayaatti fayyadamuu akka dirqamaatti fi gidira fayyadamuu akka dhoorkaatti yoo itti amanan, dandeettiin gareewwan siyaasaa hawaasa keessa jiran haaroomsa barbaadan san bakkaan gayuuf gidira fayyadamuu irratti qaban dadhabaa dhufa. Isa kana kan hawaasa siivilii ammaa kan hubannoo kana qaban biratti hidda godhatee mul'atu.

## Gidira Waldhabbiiwwan Siyaasa Idala Addunyaa Keessa Jiru

Waldhabbiiwwan, hariiroowwanii fi walitti bu'iinsa siyaasaa hawaasa Muslimaa tokko jiddutti uummame kamiyyuu furuuf, furmaanni jiru tooftaalee nagayaa fayyadamuudha jechuu irratti yoo walii galle, dhimma waldhabbiiwwan siyaasaa jidduu dhaabbilee siyaasaa of danda'oo sadarkaa addunyaatti jiraniin adda ta'uu isaa hubachuu qabna.

Waldhabbiin siyaasaa dhaabbilee siyaasaa sadarkaa addunyaatti of danda'anii jiraatan jiddutti argamu kun amaloota mataa isaa fi dhiibbaalee afuuraa, hawaasaa fi qindoomina mataa isaa kan sadarkaa waldhabbii siyaasa hawaasa tokko jiddutti uumamuu san irraa adda ta'e qaba.

Dhaabbilee fi qaamman siyaasaa of danda'anii gama namoota filatamoo bulchiinsaa hawaasaa fi dhaabbilee isaaniitiin ala jidduu waliitti jijjiirama siyaasaa fiduu hin danda'an. Hawaasaa fi ummanni bal'aan immoo hooggantoota isaanii

hordofu, isaan jala deemu. Yeroo rakkinni ala irraa argame biyya isaanii mudate isaan duuka hiriiru.

Yoo dhaabbileen of danda'an kunniin walii galanii karaa nagayaatiin waldhabbiilee siyaasaa jidduu isaaniitti argame kana furuun dadhabame, filannoon dhaabbilee fi qaamman bulchiinsaa kana bira jiru, kaayyolee siyaasaa isaanii galmaan gayuuf gara tooftaalee biraatti ceehuu qofa. Tooftaalee san keessaa, yoo barbaachisaa ta'e qaama biyya masaanuu isaanii sanii fi hawaasa isa bulchu san dirqisiisuuf humnaa fi lola fayyadamuudha.

Waldhabbiiwwan siyaasaa jidduu ummataa fi biyyootaatti argaman furuuf, yeroo baay'ee lola fayyadamuun bal'inaan mul'ata. Kunis kan ta'eef, sababa hariiroo fi taateewwan afuuraa gareewwan siyaasaa sun duuka masakamaniifi.

Sababoota qaamman bulchiinsa of danda'an tokko tokko qaama of danda'aa isa biraa of jalatti jilbiiffachiisuuf humna itti fayyadamaniif keessaa inni guddaan, jidduu qaamolee ykn dhaabbilee bulchiinsaa kana aantummaan waan hin jirreefi. Akkasumas hariiroon amala ykn miira afuuraa fi qindeeffama isaaniis gosummaa fi ana maleen kan guutamee fi akkaataa fedhii fi faaydaa hooggantootaa fi dhaaba sanii eeguun gara lola wal-irratti banuutti waan dabaniifi.

Jalqaba yaamicha gara amantiitti yaamuu ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* tassisan irraa eegalee wanti arginu, hariiroowwan jidduu qaamman bulchiinsaa jiran, akkaataa hariiroon sun jidduu isaaniitti

jijjiiramu, dhiibbaalee qaamman bulchiinsaa sun ummata irratti godhan, dandeettii isaan akkaataa fedhii fi faaydaa mataa isaaniitti ummata san gara fedhan oofuuf qaban argina.

Sababa saniif ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* mootii Qeeysar, ka Kisraa, hooggantootaa fi dureewwan biyya bulchan heddutti xalayaa yaamichaa amantii Islaamaa fudhaa jedhu itti barreessan. Akkasumas itti gaafatamummaa mataa isaaniitii amantii fudhachuu diduu fi ummata ofii bulchan sanis akka isaan Islaamummaa hin fudhanne godhuu, mirga namummaa isaanii kan yaada, ilaalchaa fi amantii fedhan dhiibbaa, dirqamaa fi doorsisa tokkoon alatti filachuu isaan irraa sarbuus itti baachisan. Ergamaan Rabbii mataa ofiitii, hawaasaa fi biyya isaaniis fedhii namaa kabajuu fi mirga filachuu isaa eeguuf jecha kanuma dirqama godhan.

Qabiyyeen xalayaa isaaniis akka armaan gadiiti:

"[Maqaa Rabbii mararfataatiin eegala – gabrichaa fi ergamaa Rabbii kan ta'e Muhammadiin irraa, gara *Hiraqil* mootii Ruumiif. Nageenyi nama qajeelluma hordofe irratti haa jiraatu. Kanatti aansuun: yaamicha amantii Islaamaatiin si yaama. Amantii Islaamaa fudhu nagaya baataa. Amantii Islaama fudhu Rabbiin mindaa kee dachaan siif galcha. Yoo (Amantii Islaama)

fudhachuu didde, cubbuun gosa Arsiin jedhamuu sirra jira”.[9] San booda aayaa (keeyyata) Qur’aanaa kanaan goolaban

﴿قُلْ يَٰٓأَهْلَ ٱلْكِتَٰبِ تَعَالَوْا۟ إِلَىٰ كَلِمَةٍ سَوَآءٍۭ بَيْنَنَا وَبَيْنَكُمْ أَلَّا نَعْبُدَ إِلَّا ٱللَّهَ وَلَا
نُشْرِكَ بِهِۦ شَيْـًٔا وَلَا يَتَّخِذَ بَعْضُنَا بَعْضًا أَرْبَابًا مِّن دُونِ ٱللَّهِ ۚ فَإِن تَوَلَّوْا۟ فَقُولُوا۟ ٱشْهَدُوا۟ بِأَنَّا
مُسْلِمُونَ ﴿٦٤﴾﴾ آل عمران: ٦٤

*[Jedhiin (yaa Muhammad) yaa warra kitaaba kennamtan! Gara dubbii jidduu keennaa fi keessaniittis wal-qixa taateetti koottaa, (dubbiin sunis) Rabbiin malee waan biraa gabbaruu dhabuu, isatti waa dabaluu dhiisuu, Rabbii gaditti gariin keenna garii Rabbiin godhachuu dhabuu, yoo isaan dugda galan (didanii deeman), nuti Muslima ta’uu ragaa nuuf bayaa jedhaanii].*

“[Maqaa Rabbii mararfataatiin eegala –ergamaa Rabbii kan ta’e Muhammadiin irraa, gara Kisraa mootii Faaris. Nageenyi nama qajeelluma hordofee, Rabbii fi ergamaa isaatti amanee, Rabbiin malee Rabbiin biraa hin jiru, inni yagutoo hin qabu, Muhammad gabrichaa fi ergamaa isaati nama jedhe irratti haa jiraatu. Yaamicha Rabbiitti si yaama. Ani ergamaa Rabbiin ilma namaa hundatti ergeedha. Akka nama jiraa ta’e (kan onneen isaa dhugaa fudhattu) hunda (ibidda) irraa seeruuf, namoota Rabbiin didan irratti akka jechi (azaabni ykn adabbiin) irratti ragga’uuf. Amantii Islaamaa fudhu nagaya baataa. Yoo fudhachuu didde,

[9] - Muhammad Hamiidu Allaah, majmuu’atu al-wasaa’iq Assiyaasiyah lil ahdi annabawiyyi wa al-kulaafah arraashidah, maxxansa afraffaa, daaru annafaa’is, Beeyruut 1983, fuula 107-109.

cubbuun namoota ibidda, aduu fi ji'a gabbaranii hunda situ baata".[10]

"[Maqaa Rabbii mararfataatiin eegala –ergamaa Rabbii kan ta'e Muhammadiin irraa, gara Muqoowqis mootii Gibxii. Nageenyi nama qajeelluma hordofe irratti haa jiraatu. Kanatti aansuun: yaamicha amantii Islaamaatiin si yaama. Amantii Islaamaa fudhu nagaya baataa. Amantii Islaama fudhu Rabbiin mindaa kee dachaan siif galcha. Yoo fudhachuu didde, cubbuu Gibxootaa situ baata".[11] San booda aayaa (keeyyata) Qur'aanaa kanaan goolaban

﴿ قُلۡ يَٰٓأَهۡلَ ٱلۡكِتَٰبِ تَعَالَوۡاْ إِلَىٰ كَلِمَةٖ سَوَآءِۢ بَيۡنَنَا وَبَيۡنَكُمۡ أَلَّا نَعۡبُدَ إِلَّا ٱللَّهَ وَلَا نُشۡرِكَ بِهِۦ شَيۡـٔٗا وَلَا يَتَّخِذَ بَعۡضُنَا بَعۡضًا أَرۡبَابٗا مِّن دُونِ ٱللَّهِۚ فَإِن تَوَلَّوۡاْ فَقُولُواْ ٱشۡهَدُواْ بِأَنَّا مُسۡلِمُونَ ٦٤ ﴾ آل عمران: ٦٤

*[Jedhiin (yaa Muhammad) yaa warra kitaaba kennamtan! Gara dubbii jidduu keennaa fi keessaniittis wal-qixa taateetti koottaa, (dubbiin sunis) Rabbiin malee waan biraa gabbaruu dhabuu, isatti waa dabaluu dhiisuu, Rabbii gaditti gariin keenna garii Rabbiin godhachuu dhabuu, yoo isaan dugda galan (didanii deeman), nuti Muslima ta'uu ragaa nuuf bayaa jedhaanii].*

"[Maqaa Rabbii mararfataatiin eegala – kuni xalayaa Muhammadii nabiyyii ta'e irraa gara *Annajjaashii Al-Ash'am*

[10] - Madda dabre, fuula 139-140.
[11] - Madda dabre, fuula 135-136.

mootii Habashaatiif. Nageenyi nama qajeelluma hordofee, Rabbii fi ergamaa isaatti amanee, Rabbiin malee Rabbiin biraa hin jiru, inni yagutoo hin qabu, jaalallee fi ilmas hin qabu, Muhammad gabrichaa fi ergamaa isaati nama jedhe irratti haa jiraatu. Yaamicha Rabbii siif dhiyeessa. Ani ergamaa Rabbiiti. Amantii Islaamaa fudhu nagaya baataa”.[12] San booda aayaa (keeyyata) Qur’aanaa kanaan goolaban

﴿ قُلْ يَٰٓأَهْلَ ٱلْكِتَٰبِ تَعَالَوْا۟ إِلَىٰ كَلِمَةٍ سَوَآءٍۭ بَيْنَنَا وَبَيْنَكُمْ أَلَّا نَعْبُدَ إِلَّا ٱللَّهَ وَلَا
نُشْرِكَ بِهِۦ شَيْـًٔا وَلَا يَتَّخِذَ بَعْضُنَا بَعْضًا أَرْبَابًا مِّن دُونِ ٱللَّهِ ۚ فَإِن تَوَلَّوْا۟ فَقُولُوا۟ ٱشْهَدُوا۟ بِأَنَّا
مُسْلِمُونَ ﴿٦٤﴾ ﴾ آل عمران: ٦٤

*[Jedhiin (yaa Muhammad) yaa warra kitaaba kennamtan! Gara dubbii jidduu keennaa fi keessaniittis wal-qixa taateetti koottaa, (dubbiin sunis) Rabbiin malee waan biraa gabbaruu dhabuu, isatti waa dabaluu dhiisuu, Rabbii gaditti gariin keenna garii Rabbiin godhachuu dhabuu, yoo isaan dugda galan (didanii deeman), nuti Muslima ta’uu ragaa nuuf bayaa jedhaanii].*

Kaayyoon amantii Islaamaatti nama yaamuu akkuma argine kana ilma namaatiif mirga filachuu fi egaree isaa murteessuu isaaf kennuufi. Filannoon isaa amantii ykn seera fedhe filachuu danda’a.

Wanti guddaan, amantiin Islaamaa dhimmaa fi seera ofii itti hin dalagne namoonni biraa akka itti dalaguu qaban isaan hin

[12] - Madda dabre, fuula 103-104.

ajaju. Ummata isaatiif ykn namoota mootummoota abbaa irree jalatti bulaniif mirga amantii fi seera isaa filachuu fi mirga dhimmi dhuunfaa isaanii ofiin oofachuu isaaniif kennee jira. Mirgi kunis ummatootaa fi gareewwan hawaasaa kanneen bilchina xiinxalaa, hawaasummaa fi qaroominaa qaban kanneen mirga kanatti fayyadamuuf gahumsaa fi cimina qaban kan akka: Yahuudotaa hordoftoota Toowraat, Kiristaanota hordoftoota Injiil fi *Majuusota* warren ibidda gabbaraniif kennee jira.

Haala kanaan amantiin Islaamaa ummatoota qaroomina qaban hunda isaaniituu, kanneen beekkumsa, qarooma, bilchina amantii fi hawaasummaa qaban mirga amantii filachuu kenneefii jira. Kuni immoo Muslimoonni booda irraan dhufanis bifuma kanaan ummatoota qaroomina qaban hundaafuu mirga amantii filachuu fi adeemsa haala jireenya isaanii mijeeffachuu akka kennuufii qaban karaa godhee jira.

Akka Qur'aanni nuuf akeekuu fi akka shaakalliiwwanii fi qajeelfamoonni nabiyyii mul'isanitti, kitaabni mallattoo (iddo bu'ee) ilmi namaa xiinxalaan, hawaasummaa fi qaroomaan bilchaachuu mul'isuudha. Kun immoo akka namoonni gariin se'an sanitti amantii ykn kitaaba gariif qofa kan jedhamee miti. Sababa kanaaf ergamaan Rabbii biyya Fursii gabbartoota ibiddaa kanneen seeraa fi qaroomina mataa isaanii qaban san keessatti seera/sunnaa warra kitaabaa kan Yahuudotaa fi Kiristaanotaa karaa godhaa jedhanii Muslimtoota ajajan. Kunis ifatti kan mul'isu, kitaabni kun malaattoo qaroominaa, bilchinaa fi gahumsa hawaasummaa kan mul'isu ta'uu isaati.

Kuni immoo gosoonni Arabootaa amantii hin qabnee kanneen baadiyaa gammoojjii keessa jiraatan, kanneen waadaa fi iimaana hin qabne firummaa fi waadaa hin guunne sunniin maaliif ija warroota kitaaba kennamanii saniin akka hin ilaalamne nuuf ibsa. Sababni isaas: gosoota Arabaa hawaasummaa baadiyummaa fi qaroomina baadiyaa san keessaa gara qaroominaa fi bilchina hawaasummaatti isaan baasuufi. Kun immoo sona mirga amantii eeguu jedhu san hin dhiibu. Mirgi waa filachuu nama gahumsaa fi hubannaa gahaa qabuufi malee kan hanqina beekkumsaa fi hubannaa qabuutiifi miti[13].

Mootonni Qeeysarootaa fi Kisraa kanneen qaroominaan beekkamanii fi kanneen gadaa san keessa karaa isaanii hordofan karaa dhugaa isa sirrii ta'e irraa jallatanii hawaasa isaan jalatti bulanis mirga amantii fedhan filachuu isaan dhoorgatanii, inumayyuu amantii mataa isaanii dirqamaa fi cunqursaan isaan irratti fe'anii turan.

Bulchiinsa biyya Islaamaa kan gadaa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)*, gadaa bulchiinsa kulafaa'otaa fi bulchiinsi mootummoota Islaamaa isaan boodaan dhufanis filannoon isaan qaban, sirna bulchiinsa mootummoota abbaa irree kana irratti lola labsanii isaan kuffisuun, ummatoota biyyoota san keessa jiraataniif mirga amantii fedhan filachuu kennuufii ture. sunis kufaatii sirnoota saniitiin booda abbaan fedhe amantii Islaamaa fudhatee kan dide mirgi amantii fedhe qabachuu akka isaaniif kennamuufi.

---

[13] - suuraa Toowbaa, keeyyatoota: 8-13, keeyyata 97 fi keeyyatoota 99.

Tariitii akkuma dhimmoota garii irratti arginu, dhaabbilee siyaasaa of danda'an jiddutti gidiraa fi humna fayyadamuun, waldhabbiiwwan siyaasaa jidduu qaamota bulchiinsaatti argaman tokko tokko hundeen furuuf tooftaa filatamaa ta'uun isaa ni mala[14].

Seeronni fi tumanni idila addunyaa kan yeroo ammaa, hariiroo jidduu biyyootaa jiru mirga namummaa kabajuu fi wal-qixxummaa mirkaneessuu bifa bu'uura godhate irratti akka ijaaramuuf tattaaffii godha. Akkuma seerri, heerri fi tumanni sadarkaalee addunyaatti qophaayan kunniin kaayyolee isaanii galmaan gayuu danda'aniin, dhaabbileen bulchiinsaas yaamicha gidiraa fi humna wal irratti laallachuu hir'isaa dhufu. Kunis waldhabbiilee siyaasaa furuuf balaa lolaa ummata dhaqqabu san hir'isaa dhufa.

Nageenyi, tasgabbii fi biyyoonni addunyaa hundi murtii seeraatiif bitamuun, ummatoonni fi hawaasni biyyoota adda addaa keessa jiraatan miira obbolummaa namummaa fi aantummaa waliif qaban cimsaa dhufuu isaanii irratti hundaa'a. Akkasumas geengoon wal-danda'uu, seeraaf bitamuu, bu'uurota

---

[14] - Tumanni/seerri mootummoota gamtoomanii waldhabbiiwwan siyaasaa argaman furuuf lola akka tooftaatti itti fayyadamuu dhoorgee jira. Kunis yaada seerota addunyaa keessa saniin dura ture irraa adda. Garuu akkas ta'uu waliinuu, gaaddisuma mootummoota gamtoomanii jalatti walakkeessa lammataa jaarraa 20ffaa keessatti lolli sadarkaa addunyaatti qabsiifame, waraana addunyaa lammaffaa booda jechuu keenna kan isa dura ture caala. Biyyoonni lola kanaan hubamanis biyyoota addunyaa 3ffaa kanneen warra dhihaa hin ta'iniidha. Hedduun lola kanaas bu'aa warroota humna qabanii fi daldala meeshaa waraanaatiif karaa saaquuf jecha kan gaggeeffameedha.

namummaa, amala gaarii fi hawaasummaa waliin qaban irratti waliin jiraachuu, afuurri wal-qixxummaa, haqqummaa fi waliif birmachuu jidduu isaaniitti cimaa dhufuu qaba. Yoo akkas hin taane, humna walitti laallachuun, wal-cunqursuu fi jibbaan jidduu ummataatti cimaa dhufa

**Oobsaa fi Wal-Oobsisiisuu**

Akka hiika afaaniitti waan wayii irratti oobsuu jechuun: waa ugguu, injifachuu jechuudha. Namni dhugatti nama yaamu oobsuu qaba yeroo jennu; miidhaalee isa qunnaman hunda irratti obsuu jechuudha. Innis nama karaa dhugaatti nama yaamu, nama miidhamuu namaatiif falmatu, nama akka badii fi miidhaaleen adda addaa akka nama hin hubnee fi akka lafa irratti hin dalagamne dhoorgu. Laaluu (laalessa) nama qunnamu irratti oobsuunis qabsoo jihaadaa humnaa fi meeshaa waraanaatiin gaggeessuunis miidhaa lola san irratti nama qunnamu hunda irratti oobsuu barbaachisa.

Wanti guddaan nuti beekuu qabnu obsi of irraa ittisuu, dhugatti nama yaamuu, jidduu namaatti araara buusuu, hawaasa jidduu miidhaa fi diinummaa dhabamsiisuu irraa adda hin bayu. Yaamtonni dhugaa fi haaroomsaa qabsoon isaan badii fi gidira uumamu dhabamsiisuuf godhan laaluu, rakkinna ykn gidira of keessaa hin qabu jechuu miti. Suni gatii yoomiyyuu kaffaluun hin oolle waan ta’eef.

Mormii nagayaa jechuun gara caalu dhiiga lolaa fi wal-dhabbiin dhangalaafamu sanii gadi jechaafi malee, gatii fi wareegamni inni gaafatus guddaadha. Yoo miidhamni fi rakkinni

nama qunnamu kun bu’aa wayii kan buusu ta’e, waan qabsoon sun karaa nagayaatiin gaggeeffamteefi. Sababni isaas qabsoon bifa kanaa dhuma irratti waa hunda tokkoomsiti, abbootii mirgaatiif mirga isaanii deebifti, gidira irraa nama ittifti, akkasumas wantoota fofokkuu dalaguu irraa nama seerti waan ta’eefi. Kun immoo yoomiyyuu miidhamni isaa irra xiqqaadha, bu’aan isaa immoo firi-qabeessa ta’a.

Kanaafuu jidduu mormii nagayaa fi wareegamaa walitti laaquu hin qabnu. Akka waan mormiin nagayaa wareegama hin gaafanneetti hubachuu hin qabnu. Wareegamni isiin gaafattu wareegamagama gidira raawwachuutiin dhufu san irraa adda jechuudha malee. Wareegamni isaas: kan mirga namaa deebisuu, kan mirga namaa kana hiddaan lafa qabsiisu, kan gidiratti daangaa godhuun dhabamsiisu, kan akka gidirri babal’atee afuura walii birmannaa fi waliin marii hawaasa jidduu jiru san hin dhabamsiifne godhu fi akka nagayaa fi tasgabbii hawaasaa hin boorofne kan eeguudha.

Obsaa fi wal-oobsisuun, amala namni Muslimaa tokko yoomiyyuu horachuu qabuudha. Amala namni Muslimaa rakkinaa fi gammachuu keessattis, mormii nagayaa hawaasa keessatti taasisu, yeroo diina ala irraa biyyatti seenu of irraa qolatus, yeroo lubbuu ofii irraa waa ittisus, eega tooftaaleen nagayaa ummatoota daangaa namatti dabran waliin walii galtee nagayaa buusuun dadhabamee hariiroo nagayaa isaan waliin qaban haqutti nama geesses; yeroo Muslimoota dadhaboo qabeenyaan, lubbuu isaaniitii fi aqiidaa isaanii irratti cunqurfaman irraa miidhaa deebisus obsa qabaachuu qaba.

Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿وَٱلۡعَصۡرِ ١ إِنَّ ٱلۡإِنسَٰنَ لَفِي خُسۡرٍ ٢ إِلَّا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ
وَتَوَاصَوۡاْ بِٱلۡحَقِّ وَتَوَاصَوۡاْ بِٱلصَّبۡرِ ٣﴾ العصر: ١ - ٣

*[Yeroo (gadatti) kakadhe (jedha Rabbi). Ilmi namaa hoongoo keessa jira. Isaannan Rabbitti amananii, waan gaarii dalaganii, dhugaa waliif dhaamanii, obsa walii dhaaman malee] (al-Asr: 1-4).*

﴿وَجَعَلۡنَا مِنۡهُمۡ أَئِمَّةٗ يَهۡدُونَ بِأَمۡرِنَا لَمَّا صَبَرُواْۖ ٢٤﴾ السجدة: ٢٤.

*[Isaan oobsanii jennaan, hooggantoota isaan irraa ta'an kan toowhiidatti isaan ajajan isaan keessaa gooneef] (Assajdah:24).*

﴿فَٱصۡبِرۡ كَمَا صَبَرَ أُوْلُواْ ٱلۡعَزۡمِ مِنَ ٱلرُّسُلِ وَلَا تَسۡتَعۡجِل لَّهُمۡۚ ٣٥﴾ الأحقاف: ٣٥

*[Akkuma ergamtoota keessaa warri dhugaan kutannoo qaban obsanitti atis oobsi (yaa Muhammad) isaanitti hin ariifatin] (Al-Ahqaaf:35).*

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱسۡتَعِينُواْ بِٱلصَّبۡرِ وَٱلصَّلَوٰةِۚ إِنَّ ٱللَّهَ مَعَ ٱلصَّٰبِرِينَ ١٥٣﴾ البقرة: ١٥٣

*[Yaa warra amantan! Obsaa fi salaatatti gargaarsifadhaa, Rabbiin warra oobsu waliin jira] (Al-Baqarah: 153).*

﴿فَٱصۡبِرۡ صَبۡرٗا جَمِيلًا ٥ إِنَّهُمۡ يَرَوۡنَهُۥ بَعِيدٗا ٦ وَنَرَىٰهُ قَرِيبٗا ٧﴾ المعارج: ٥ - ٧

*[(Yaa Muhammad!) Obsa bareeda obsi. Isaan (warri kaafiraa) akka fagootti laalu. Nuti immoo dhiyotti argina] (Al-Ma'aarij: 5-7).*

﴿ فَٱصْبِرْ عَلَىٰ مَا يَقُولُونَ وَسَبِّحْ بِحَمْدِ رَبِّكَ قَبْلَ طُلُوعِ ٱلشَّمْسِ وَقَبْلَ غُرُوبِهَا ۖ وَمِنْ ءَانَآيِٕ

ٱلَّيْلِ فَسَبِّحْ وَأَطْرَافَ ٱلنَّهَارِ لَعَلَّكَ تَرْضَىٰ ﴿١٣٠﴾ ﴾ طه: ١٣٠.

*[waan isaan jedhan irratti obsi. baya aduu fi dhiya isiitiin duratti Rabbii kee galateeffadhuu faarsi] (Xaahaa: 130)*

﴿ فَٱصْبِرْ إِنَّ وَعْدَ ٱللَّهِ حَقٌّ ۖ وَلَا يَسْتَخِفَّنَّكَ ٱلَّذِينَ لَا يُوقِنُونَ ﴿٦٠﴾ ﴾ الروم: ٦٠

*[ Beellamni Rabbii dhugaadha obsi. Warroonni (beelama Rabbii) hin dhugoomsine (amantii kee irraa) si hin biibbessin] (Arruum: 130).*

﴿ ثُمَّ كَانَ مِنَ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ وَتَوَاصَوْا۟ بِٱلصَّبْرِ وَتَوَاصَوْا۟ بِٱلْمَرْحَمَةِ ﴿١٧﴾ ﴾ البلد: ١٧

*[Eega sanii warroota (Rabbitti) amanan irraa kan obsa waliif dhaaman, kan (namaaf) mararfatuu waliif dhaamantu jira] (Al-Balad: 17).*

﴿ وَٱلصَّٰبِرِينَ فِى ٱلْبَأْسَآءِ وَٱلضَّرَّآءِ وَحِينَ ٱلْبَأْسِ ۗ أُو۟لَٰٓئِكَ ٱلَّذِينَ صَدَقُوا۟ ۖ وَأُو۟لَٰٓئِكَ هُمُ

ٱلْمُتَّقُونَ ﴿١٧٧﴾ ﴾ البقرة: ١٧٧

*[(Toltuu dalaguu jechuun) warroota yeroo hiyyummaa fi dhibee qabanis, yeroo dirree waraanaa jiranis obsaniidha] (Al-Baqarah: 177).*

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ ٱصْبِرُوا۟ وَصَابِرُوا۟ وَرَابِطُوا۟ وَٱتَّقُوا۟ ٱللَّهَ لَعَلَّكُمْ تُفْلِحُونَ

﴿٢٠٠﴾ ﴾ آل عمران: ٢٠٠

*[ Yaa warra amantan! Obsaa, wal oobsisiisaa, yeroo diinaan wal-qunnamtan kutannoon jala dhaabadhaa. Rabbiin sodaadhaa] (Aala Imraan: 200).*

﴿ وَكَأَيِّن مِّن نَّبِيٍّ قَٰتَلَ مَعَهُۥ رِبِّيُّونَ كَثِيرٞ فَمَا وَهَنُواْ لِمَآ أَصَابَهُمۡ فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ وَمَا ضَعُفُواْ وَمَا ٱسۡتَكَانُواْۗ وَٱللَّهُ يُحِبُّ ٱلصَّٰبِرِينَ ﴿١٤٦﴾ ﴾ آل عمران: ١٤٦

*[Hin dadhabne, gadi hin jenne. Rabbiin warroota obsan jaalata] (Aala Imraan: 200).*

﴿ وَلَمَّا بَرَزُواْ لِجَالُوتَ وَجُنُودِهِۦ قَالُواْ رَبَّنَآ أَفۡرِغۡ عَلَيۡنَا صَبۡرٗا وَثَبِّتۡ أَقۡدَامَنَا وَٱنصُرۡنَا عَلَى ٱلۡقَوۡمِ ٱلۡكَٰفِرِينَ ﴿٢٥٠﴾ ﴾ البقرة: ٢٥٠

*[Rabbii keenna obsa nutti kenni. koomee teenna gadi nu dhaabi. Tuuta kafaran irratti nuuf tumsi] (Al-Baqarah: 250)*

﴿ وَمَا يُلَقَّىٰهَآ إِلَّا ٱلَّذِينَ صَبَرُواْ وَمَا يُلَقَّىٰهَآ إِلَّا ذُو حَظٍّ عَظِيمٖ ﴿٣٥﴾ ﴾ فصلت: ٣٥

*[Isii san (mallattoolee akkasii san) warroota obsan malee namni biraa hin argatu, nama carraa guddaa qabu malee namni biraa hin argatu] (Fussilat:35).*

﴿ وَأَطِيعُواْ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ وَلَا تَنَٰزَعُواْ فَتَفۡشَلُواْ وَتَذۡهَبَ رِيحُكُمۡۖ وَٱصۡبِرُوٓاْۚ إِنَّ ٱللَّهَ مَعَ ٱلصَّٰبِرِينَ ﴿٤٦﴾ ﴾ الأنفال: ٤٦

*[Obsaa. Rabbiin warroota oobsan waliin jiraa] (Al-Anfaal:47).*

Ergamaan Rabbii *nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu* akkana jedhan: (eennummaanuu kennaa caaltuu bal'oo taate tan akka obsaa hin kennamne) Bukaarii fi Muslimtu irratti walii gale. Ammas ergamaan Rabbii (*nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan: (Wanti nama amanee kun nama dinqisiisa, dhimmi isaa hundi waan gaariidha. Yoo waan gaarii argate, ni galateeffata, sun isaaf gaariidha. Yoo

hamtuun wayii isa hubde ni obsa. (Obsuun) sun isaaf gaariidha. Kunis mu'uminaaf malee eennuufiiyyuu miti).

Abbaan Abdurrahmaan, Mas'uud (Rabbi isa irraa haa jaalatuu) akkana jedhe: akka waan amma ergamaan Rabbii (*nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* ijaan argaa jiruu (natti fakkaata). Gosti isaanii isaan rukutanii dhiigni irraan dhangala'ee jennaan, fuula isaanii irraa dhiiga haqanii akkana jedhan: "Yaa Rabbii gosa tiyyaa naaf araarami isaan hin beekanii" Muttafaqun aleeyhi.

Abbaan Abdullaahii, Kabbaab binu Al-Aratti (*Rabbi isa irraa haa jaalatuu)* akkana jedhe: Ergamaa Rabbii *nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu* isaanii uffata daboo uffatanii ka'abaa jala taa'an itti dhufnee, Mushrikoonni baay'ee waan nu miidhanii jiraniif akkana isaaniin jenne: "Tumsa nuuf hin barbaadduu? (Rabbiin)nuuf hin kadhattuu?". Isaanis akkana jedhan: "Namoota isiniin dura turan keessaa namni tokko qabamee boolli isaaf qotamtee isii keessa kaayama. Sana booda nyaatee muraa fidanii isaan mataa isaa bakka lamatti addaan baqaqsu, jidduu foonii fi lafee isaa filaa sibiilaatiin filu. Sun hundi amantii irraa isa hin deebisu. Wallaahi (Rabbitti kakadhee) Rabbiin dhimmi kana (Islaamummaa) bakkaan gaya, hanga namni yaabbii qabu tokko San'aa irraa hanga Hadra Moowtii soda Rabbiitiin ala osoo Yeyyiinis Re'ee na jalaa nyaatti jedhee hin sodaanne deemutti. Garuu isin ni ariifattu". Bukaaritu odeesse.

*Abdullaah binu Abii Oowfaa* yeroo odeessu akkana jedhe: Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* guyyoota diinaan wal-qunnaman garii keessaa (gaafa wayii) hanga aduun dabdutti eeganii, booda jidduu waahillan isaaniitti ol ka'anii akkana jedhan: "Yaa Jarana hoo! Diinaan wal-qunnamuu hin hawwinaa. Akka Rabbiin fayyaa isinii kennu kadhaa. Yoo isaaniin walitti dhuftan immoo obsaa. Beekaa! Jannanni gaaddisa seeyfiiwwan jala jirti".

Kanaafuu, miidhaa firaa fi ilmaan biyyaa irraa nama qunnamu irratti oobsuun badii mormuuf, dhugaa barbaaduu fi yaamicha sirrii galmaan gayuuf ulaagaalee dirqamaati. Akkasumas diina gidiraa alaa dhufuun loluuf obsi dirqama. Gidirri suukaneessaan, boombii dhodhoosuu fi fedhiin haloo bayachuutiin injifatamuun badii fi rakkoolee hedduu waan dhaqqabsiisuuf ummanni irraa of eeguu qaba. Obsuun, jecha dhugaa ifatti ol baasanii dubbachuu fi cubbuu raawwatamu mormuuf jecha lagannaa adda addaa godhuun tooftaalee nagayaa, tasgabbii, waliin marii fi ijaarsaati.

Kanaafuu obsa qabaachuun, dhimma ummataa fi siyaasaa furuu keessatti karaa nagayaa hordofuun, bu'uura xiinxalaa fi sona ummataa keessaa isa jalqabaati. Akkasumas dhaloota Muslimaa kan karaa sirrii irratti guddate horachuuf adeemsa wiirtuuti.

## Gidiraa fi Sirnoota Dadhaboo Maxxantuu Ta'an

Rakkinoota ilma namaa qunnaman keessaa, hubannoo fi qayyabannooleen walitti nama jalaa laaqamuun waldhabbiilee fi dhiibbaawwan siyaasaa argaman keessatti mirga gidira

fayyadamuu irratti dubbiin ifa ta'uufii dhabuudha. Inni kunis gosa gidiraa keessaa isa sadaffaa jennee yaamna.

Gosti nama rakkise kunis: qaamman bulchiinsa biyyattii qaama weeraraa alaa kan biyya nama biraa bulchuuf maxxantuu fi bitamtuu ta'anii dalaguu isaaniiti. Fakkeenyota haala qaama bulchiinsaa cunqursaa fi qaama maxxantuu isa bakka buutee dalagduu keessaa: yeroo bulchiinsa Sooveetiitti haalli biyyoonni Baha Awurooppaa, jiddu-galli Eeshiyaa fi biyyi Afgaanistaan keessa turan fakkeenya gahaadha.

Akkasumas fakkeenya hariiroo jidduu qaamman kolonii fi maxxantoota sirna isaanii tiiysan jidduu jiru mul'isu keessaa, sirna kolonii biyya Ingiliizii kan Kibba Odoola Arabaa koloneeffataa turee fi sirna mootummaa Gibxii kan mootummaa weeraraa Ingiliiziitiif da'oo ta'uun akka isiin bo'oo Suwiiziitti fayyadamtu gargaaraa ture fa'a.

Garuu, haallan akkanaa kana keessatti, gareen haaroomsaa fi jijjiiramaaf qabsaayan kan miidhamaa fi gidiraaf saaxilamaa turan; yeroo hedduu ilmaan biyyattii kanneen qaama diina alaa ta'ee biyya isaanii bulchan waliin dalagan irratti tarkaanfii gidiraa fi humna fayyadamuu filatu. Kanas kan godhaniif miidhama isaan irra gaye balaaleffachuu, gidiraa irraa of baraaruu fi cunqursaa diinaa jalaa bilisa of baasuufi.

Garuu ilmaan biyya isaanii kan diina waliin ta'anii biyya bulchan san irratti yeroo gidira fayyadaman, dhugaa dubbachuuf iddoo/buuftaalee bu'aa qaama diina alaa san irratti hubaatii

wayiituu hin qaqqabsiisan. Sababni isaas: qaamni diinaa biyya bulchu kun, fakkeenya bulchiinsaa biyya isaanii keessatti bakka buufatee ta ofiitii qaamaan isaan irraa fagoo jira waan ta'eefi. Garuu abbaan murtii kan dhugumaan isaan miidhee isaan cunqurse isa isaan irraa bakka bu'e osoo hin taane isa ala jiru sani.

Dhugaa dubbachuuf, qaamni mormitootaa qaama biyya bulchu kan ofiifuu qaama alaatiin cunqurfamee jiru kana irratti humna fayyadamuun akka dogongoraatti fudhatama. Wanti kana jenneefis, dubbiin kun booda irratti deemee ilmaan abbaa tokkoo jiddutti waldhabbii addaa uumuun akka ummatichi diina ala irraa dhufu san sirritti of irraa qolachuu hin dandeenne godha. Kun immoo dhuma irratti humna ummatichaa dachaan dadhabsiisuun, diinaaf immoo sirritti karaa saaquun akka isaan bu'aa isaaniitti qaqqaban isaaniif haala mijeessa.

Akkasumas gama diinagdee, siyaasaa fi hawaasummaatiin diina alaatiif haala mijeessuun akka isaan guutumatti ummata san irratti ol'aantummaa isaanii mirkaneeffatanii, bu'aa kolonii isaanii aarsaa xinnaa ta'een akka goolabataniif isaan gargaara. Kanaafuu, cunqursaa fi gidira ilmaan abbaa biyyaa irraa dhufu san mormuuf tooftaalee mormii nagayaatti fayyadamuun dirqama ta'a. tooftaaleen kunis kan guutummaa nagayaa hir'isan, kan firummaa isaan diina waliin qaban kutan, kan garee diina alaatiin lolu cimsuu ta'uu qaba.

Haala kanaan, waldhabbiilee siyaasaa gareelee biyya bulchuu fi garee mormitootaa ilmaan biyyaa ta'an jiddutti argaman keessatti gidira fayyadamuun seer-malee ta'ee argama.

Gidira fayyadamuu keessatti dubbiin wal-xaxaa ta'a, mul'anni namaa hurrii uffata, wal- ajjeechaa fi wal-dhabbiin jidduu ummataatti baay'ata. Akka waan lubbuu ofii irraa ittisuu fi akka tattaaffii lubbuun hafuutti sababaa fi ka'umsa qabatama qabuun alatti babal'atee mul'ata.

Kun ta'uun isaa immoo, akka hawaasni guutumatti mul'ata isaa dagatee kaayyoo guddaa imala eegaleef san dagatu godha. Sunis diina alaa of irraa qolachuudha. Dhugaa dubbachuuf kana irraa hawaasa biyyattiis ta'ee gareen diina alaa waliin ta'uun biyya isaa miidhes wanta gaarii, bilisummaa ykn haaroomsa wayiituu hin argatu. Gareen qaama alaa waliin ta'ee biyya bulchu sun murtii mataa isaatuu fudhachuu hin danda'u. gareen kun harka qaama alaa keessa waan jiruuf, diina alaa kanatu akka barbaadetti fedhii fi bu'aa isaa kabachiifachuuf, miidhaa guddaa isaan irraan gayuuf, qabeenya ummataa saamuu fi dhiiga isaanii dhangalaasuuf dhimma itti baya waan ta'eef.

Gareelee mormitootaa shira diina alaa of irraa qolachuu keessatti gamtoomanii socho'an keessaa: gareen mormattoota biyya Falasxiin isa tokko. Gareen kunis miidhaalee fi daanga dabriinsa humna nageenya Falasxiinotaatiin uumamaniif gurra kennuu dhabuun, fedhii diinni alaa (Israa'iil) gareelee hawaasa Falasxiinotaa walitti buusuuf godhan san jala dabarsaa turan. Kaayyoon diinaa, humna ummataa bittinneessuu fi tokkummaa isaanii dadhabsiisuudha.

Haala kanaan bara 1967 irraa eegalee diinni biyyattii lafa Falasxiinotaa hedduu jalaa fudhachuun yeroo ammaa kana

guutuu lafa isaanii irraa dhibbeentaa 22% qofatu harka Falasxiinotaatti hafe. Qaamni weeraraan kun lafa biyyattii keessaa harka 78% eega harkatti galfatee waggoota Torbaatamii shan lakkoofsisee jira. Ummanni Falasxiinotaa lafa isaanii saniin ala ka biraa hin beekan, waggoota kuma hedduuf osoo Yahuudaan tokkichi dachii san irratti hin dhalatin irra jiraataa turan.

Gargaarsa biyyoota Dhihaatiin, meeshaa waraanaa isaan irraa diinaaf ergamuun jaarraa kana guutuu namoonni kumaatamaan lakkaayaman lubbuu isaanii dhabanii jiru. Akkasumas namoonni miliyoonotaan lakkaayamanis biyya isaaniitii baqatanii jiru. Gochi suukaneessaan kunis yakka dhala namaa irratti baqattoonni Awurooppaa jiraattota ardii Ameerikaa lamaan keessa jiraataa turan kanneen Hindoota diddiimoo jedhamuun beekaman irratti raawwatan san nu yaadachiisa. Har'as warri Dhihaa gochuma suukaneessaa san Ummata Falasxiin irratti, dachii isaanii tan iddoo buufama amantiiwwanii taate keessatti raawwataa jira.[15]

---

[15] - Namoonni gariin yakki Hindoota diddiimoo irratti raawwatamee turee fi kan amma ummata Falasxiin irratti raawwatamaa jiruu fi raawwatamuuf deemu, seenaa Awurooppaa keessatti haala addaati jedhanii yaadu. Keessaattu olola dimookiraasii fi mirga namummaa jechuun miidiyaalee biyyoota dhihaa hunda keessatti lallabamu kana keessatti haala addaati jechuun yaadu. Garuu seenaa fi dhugaan lafa irra jiru yaada kana faallessa waan ta'eef, of eeggannoo cimaa akka godhuu qabnuu fi seera cimaa hiddaan lafa qabate kan nageenyi fi seerri addunyaa irratti bu'uuru, kan obbolummaa fi waliif birmannaa dhugaa dhala namaa jidduu jiru mul'isu, hariiroo biyyootaa fi namootaa irrattis kan seera dhugaa dhaabuuf tattaafatu hundeessuuf akka carraaqqiin godhamu itti fufuu qabu mul'isa.

Seenaan warra Dhihaa keessa isaatii gosummaa, ana malee (ofittummaa), kan nama cunqursuu fi nama irratti ol ta'uu irratti hundaa'e, kan nama isaaniitiin ala lammii biraa tuffachuu, mirga isaa kabajuu dhabuu fi bu'aa mataa isaaniitiif qofa dhimma itti bayuuf itti fayyadamuutu irraa calaqqisa. Afuura kana kan gara jabeenna, cunqursaa, yakka duguuggaa sanyii isaan ummata amantii fi gosaan hagoo ta'an irratti raawwatan ibsa. Akkasumas yakkootaa fi badii koloneeffannaa isaan ummatoota Afrikaa, jiraattota dachii Ameerikaa lamaanii fi Awustiraaliyaanota irratti dalagan ibsa. Seenaa fi afuurri kun akkuma yeroo waraana addunyaa lammaffaa jiraattota Jaappaan kanneen Ameerikaa keessa jiraatan irra yakki guddaan gaye sanitti, ammas egaree gosoota hagootiif baay'ee sodaachisaadha.
Kanaafuu ummatoonni adda addaa kunniin olola dimokiraasummaa fi mirga namummaa jedhee miidiyaaleen biyyoota Dhihaa yeroo hunda oofu kana shakkiin ilaaluu fi iddoo kennuufii dhabuun isaanii waan nama ajaa'ibsiisuu miti. Namoonni kunniin sonoonni fi seeronni kunniin meeshaa siyaasaa bu'aa gosummaa ofittummaa qofa kabachiisuuf argameedha jechuun amanu. Sababni isaas: sirnoonni biyyoota Dhihaa kun jidduu namaa wal-caalchisuu irraa waan hin qulqulloofneefi.
Seerri warra Dhihaa kun haala bu'aa fi faaydaan isaanii ni kabajama ta'een, sirna abbaa irree deeggaruuf, sirnoota badii raawwatan gargaaruu fi sarbamuu mirga namummaatiif gurra ergisuu dhiisuuf yoomiyyuu qophiidha. Seerri warri Dhihaa kun mirga namaa kabachiisuun iddoo bu'aa isaanii eegsisetti, mirga sanii ni falmu. Osoo falmiin isaan godhan kunis ummata tumsaniif sanis miidhee gara dirree waraanaattis jijjiiree dantaa hin qabaniif. Dhuma irratti qaamni miidhamni irra gayu ummata sani. Sababni isaas waraanni jidduu isaaniitti banamu kun ummata san dadhabsiisee, bu'aawwan qaama alaa seenanii kabachiisee, ilmaan biyyaa keessaa kanneen baratan biyyaa akka bayan dirqisiisuun biyya koloneeffataa keessatti akka tajaajilaniif isaan saaxila.
Barnoonni guddaan kana irraa barannu, qabsoowwan kallattii waliin marii biyyoota addunyaa Islaamaa keessatti dagaagsan, kan biyyoota dhihaa keessatti dimookiraasummaa cimsan, kan safuulee irra walii taruu fi waliif birmachuu biyyoota addunyaa keessa jiran deeggaruu, duudhaalee ummataa keessaa miira naannummaa fi gosummaa dhabamsiisuu qofa osoo hin taane; qabsoolee kanniin deeggaruu itti fufuu fi yaaliiwwan sirna addunyaawaa haaraya kan nagayaa fi nageenyummaa namaa eegan ijaaruuf taasifaman hundayyuu deeggaruu qabna.

Mormii yeroo ammaa dirree Falasxiinotaa irratti taasifamu, kan ummanni Falasxiin kaayyolee diinaatiif jilbiiffachuu didanii karoora isaatiifis harka kennachuu didan kun diina dhamaasee, tarsiimoo inni gareelee mormitoota Falasiinotaa kana ittiin miidhuuf qopheeffate hunda harkaa fashaleessee jira. Kun immoo akka diinni bulchiinsa Faasxiinotaa fi hooggantoota isaanii rukutu taasisee jira.

Sababni isaas waan qaamni Falasxiinota bulchu diina waliin ta'ee garee mormitootaa rukutuu hin danda'iniif jecha, waan bololli diinaa daanga dabraa ta'eef, waan ummanni Falasxiin garee mormitootaa irratti walii galeef jecha, Istiraateejiin diinaa rukuttaa garee mormitoota Falasxiinotaa irraa isa qunnamuuf deebii kennuuf jecha qaama mootummaa Falsxiinota bulchu irraa haloo bayutti geeddaramee jira.

---

Gama biraatiin immoo ololaa fi oduu kijibaa miidiyaaleen oofaniin dagamnee karaa irraa miliquu hin qabnu. Miidiyaaleen gariin addunyaa guutuu ganiinsa keessa galchuun akka isaan cubbuu guddaa fi gochoota suukaneessaa keessa harka galfatan godhuuf kan tattaafataniidha. Sababa kanaaf meeshaaleen diigiinsa ummataa babal'ataa, waldhabbiin cimaa, yakki baay'ataa dhufee jira. Addunyaan ammaa kun shakkii tokko malee ganda tokko kan hubannoon eenyummaa fi mirga namummaa keessatti baay'atu ta'ee jira. Addunyaa tana keessatti akka wal-qixxummaan argamuuf, hubannaan namaa gara safuu, sonaa fi falaasamaatti akka geeddaramuuf tattaaffii goonu itti fufuu qabna. Safuuleen nuti fiixaan baasuuf tattaafannu sunis irra waliif dabruu, obboolummaa fi waliif birmachuu irratti kan afuura namummaa bakka bu'u ta'uu qaba. Akkasumas safuu namoonni adda addaa waliin marii qaroomawaa fi bu'a-qabeessa ta'e kan qaroominni isa keessaa bifa nagayaatiin keessatti wal-dorgoman, kan nagayaa fi murtii seeraa jalatti bulutti amanu kan uumu ta'uu qaba.

Sun immoo eenyummaa dhugaa diinaa ifatti saaxile. Akka isaan diina dhugaa dimoogiraafii biyyattii jijjiiruuf ka'an ta'uu mu'ise. Kunis gareen mormitootaa akka diina kana rukutan, diinni immoo bulchiinsa Falasxiinotaa, garee mormitootaa fi ummata bal'aa walitti qabee rukutuu eegale, bulchiinsi fi gareen mormitootaas waliin ta'anii diina rukutuun sodaa hawaasa isaa keessatti uumuu akka diinni waraana qabu hunda walitti guuratee, diinagdeen isaa dadhabee hafu godhuu danda'anii jiru.

Kunis suukaneessummaa yakkoota diinaa, cunqursaa fi manca'iinsa qabeenyaa diinni isaan irratti raawwatuu irraa yoo kaane, diina kana of irraa qolachuuf, weerara dhaabsisuuf, bolola diinni ol'aantummaa isaa mirkaneessuun manneen jireenyaa lammii isaatiif ta'u dachii Falasxiinotaa irratti ijaaru dhaabsisuuf, lafa, dhiiga, dandeettii fi mirga abbummaa muraasa harka Falasxiinotaatti hafan lubbuun tursiisuuf, filannoon gareen mormitootaa qaban kana qofa.

Yoo cal'eensa warra dhihaa fi gargaarsa isaa kanaan haalli Falasxiinota miidhuu, manneen isaanii diiguu, lafa isaanii irraa buqqisuu fi ilmaan isaa irraa mirga isaa sarbuu kun ka itti fufu ta'e, akka walii galaatti ummata Islaamaa fi akka bifa addaatti Falasxiinotaa fi ummatoota Falasxiiniin marsanii jiran bira filannoon jiru, dachii san bilisoomsuu, mormii itti fufuu, ummatoota hundaa fi kanneen daangaa Falasxiin irra jiraatan lola lafa Falasxiin bilisoomsuutiif isaan qopheessuudha.

Kunis kan ta'u yoo ummanni diina kana of irraa qolachuu fi ummata Falasxiin bilisa baasuuf kutannoo qabaataniidha. Sunis

gorsaa fi xiinxala seenaati. Sunnaa Rabbiitiif jijjiirama hin argitu. Tariitii warri dhihaa yakka dhiigni namaa itti dhangala'u kana irra deebi'ee xiinxaluun, yaada araaramaa kan nagayaa fi wal-ta'iinsa irratti bu'uure malee hin fudhu jechuun ijjannoo isaa sirreessutu mala. Akkas godhuun immoo Rabbiin irratti waan ulfaatuu miti. Haqqummaa fi wal-qixxummaan siyaasa dhala namaa kan bocu ta'uu isaa irraa abdii keenna hin kutannu.

Wanti ifa galaan, qaamni biyyoolessaa biyya bulchu ta'ee qaama alaatiif maxxantuu kan ta'e kun hawaasa biyya sanii fi qaama biyya san bulchu jiddutti wal'aansoon siyaasaa akka gaggeeffamu godha. Garuu waldhabbii kana duubaan qaamni jiru qaama alaa kan biyyattii san harka jalaatiin bulchaa jiruudha. Kanaafuu humnaa fi gidira fayyadamnu hunda gara qaama nurraa ta'e kan biyya bulchuutti osoo hin taane, diina alaa kan bulchiinsa duubaan jirutti naannessuu qabna. Qaamni biyya bulchu kun dhugumaan mooyamaadha, sababa dadhabina isaaniitiif jecha nama biraatiif jilbiiffatee bula waan ta'eef humna waa murteessuu hin qabu.

Qaama ala irraa dhufe kan biyyattii irratti ol'aantummaa isaa mirkaneeffachuuf deemu san qofa irratti mormii ofii fuullessuun, ilmaan biyyaa irratti immoo tooftaa mormii nagayaa gaggeessuun tokkummaa ummataa eega, firri hundi haga danda'aniin harka wal-qabatanii aarsaa muraasaan akka injifataniif gargaara. Akkasumas namoota biyyattii san bilisa baasuuf qabsoo godhaniif dahoo ta'a. Ilmaan biyyaa biyyattii bulchaniif deeggarsa ta'a, akka isaan humna wayii horatanii dandeettii ummanni bilisoomuuf qabu keessatti gumaacha

qabaataniif haala mijeessa. Qaama ala irraa isaan mooyu saniif immoo mormii ta'a.

Namoonni bilisummaa, wal-qixxummaa fi cunqursaa qaamni ala taa'ee biyya namaa bulchu hawaasa biyya sanii irraan gayu falmachuu barbaadan mirga humnaa fi gidira fayyadamuun diina alaa san of irraa qolachuu ni qabu jechuun, aadaan Islaamaa gidira fayyadamuu keessatti bira dabarsuu karaa godha jechuu miti. Akka dandeettii fi akka dhimmaatti bifa haqqummaa fi wal-qixxummaa eeguun, akkasumas bifa bu'aa namaaf buusee miidhaa isaan irraa deebisuun ta'uu qaba.

Walumaa galatti, mormii gaggeessuu keessatti madaaliin safuu Islaamummaa: akkuma yeroo lolaa lubbuu ofii ykn miidhamtootaa irraa diina deebisuu, dadhabdootaaf tumsuu, akkuma galtee argamteetti tooftaalee galtee san qolachuuf malanitti osoo daangaa hin dabrine dhimma itti bayuudha. Mirgi lubbuu ofii/namaa baraaruu, of tasgabbeessuu fi daangaa dabruu dhabuu waan sammuun nama hundaa dhugoomsitu, waan amantiin, naamusnii fi seerris dirqama isa irratti godhu.

Haala kanaan, seerri bu'uuraa kan itti fayyadama humnaa sirrii ta'a. Innis: ilmaan biyyaa kan diina waliin biyya isaanii bulchan irratti humna fayyadamuun wanta filatamaa miti, isa duubaan bu'aan argamus hin jiru. Garuu namoonni bilisummaa fi wal-qixxummaaf mormii gaggeessan kun humna isaanii gama qaama alaa kan biyya weeraree qabeenya biyyattii sanii mancaaseetti naannessuun humna waraana isaanii, iddoowwan

qubsuma isaanii fi bu’aawwan (qabeenya) isaanii hubuun wanta fudhatama qabu.

Garuu kunis bira dabarsaan ala, bifa harka diinaa laamshessee, bu’aa ummataaf argamsiisee miidhaa irraa deebisuun ta’uu qaba. Yoo diinni sun dhugumaan nagayaaf bitamee harka kennate, Muslimtootaa fi miidhamtoota irratti nagaya buusuun dirqama ta’a. kana irratti Rabbiin guddaan Qur’aana keessatti akkana jedha:

﴿ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ كُونُواْ قَوَّٰمِينَ لِلَّهِ شُهَدَآءَ بِٱلۡقِسۡطِۖ وَلَا يَجۡرِمَنَّكُمۡ شَنَـَٔانُ قَوۡمٍ عَلَىٰٓ أَلَّا تَعۡدِلُواْۚ ٱعۡدِلُواْ هُوَ أَقۡرَبُ لِلتَّقۡوَىٰۖ ﴿٨﴾ ﴾ المائدة: ٨

*[Jibbiinsi isin tuutaaf qabdan wal-qixxeessuu irraa isin hin dabsin. Wal-qixxeessaa, santu sodaa (Rabbiii)tti dhiyaataa] (Al-Maa’idah: 8).*

۞ وَإِن جَنَحُواْ لِلسَّلۡمِ فَٱجۡنَحۡ لَهَا وَتَوَكَّلۡ عَلَى ٱللَّهِۚ إِنَّهُۥ هُوَ ٱلسَّمِيعُ ٱلۡعَلِيمُ ﴿٦١﴾ ﴾ الأنفال: ٦١

*[Yoo isaan gara nagaya (araara) buusuutti ka daban ta’e, (yaa Muhammad) nagaya san iirraa fudhu. Rabbii kee irratti irkadhu. Inni dhagayaa fi beekaadha] (Al-Anfaal:61).*

Gama biraatiin immoo, gosoota hariiroo siyaasaa adda addaa walitti laaquu hin qabnu. Hariiroo jidduu biyyootaa fi dhaabbileetti bu’aa waliinii eegsisuuf walii gateelee adda addaa mallattaayan hundi isaanii akka nama mooyuu ykn hariiroo san keessa biyyattii too’annaa ofii jala galchuufi jennee yaaduu hin qabnu. Sababa madaalli siyaasaa ykn diinagdee ykn kallattiiwwan bu’aa irratti walii galamee san keessatti kutaalee ykn sadarkaa walii galtee muraasa irratti wal-caalchisuun waan

mul'atuuf qofa mormuu hin qabnu. Wal-dabriinsi madaalaa yeroo hedduu ima argama. Yeroo garii immoo ummatootaa fi biyyoota hariiroo fi bu'aa waliinii qaban jiddutti dirqama fa'a ta'ee argama.

Gareelee biyyaa kan biyya bulchuu fi mormitoota jiddutti humna fayyadamuun tokkummaa ummataa diiguu, firummaa jidduu isaanii jirtu kutuu fi carraa jijjiirama dhugaa dhabamsiisuu malee bu'aa tokkos hin qabaatu. Kan ta'uu qabu ilmaan biyyaa hundi walii galanii humna isaanii gara qaama alaa roorrisaa ta'eetti naannessuu. Ofii walitti gargaluun diinaaf haala mijeessa, qaama biyya bulchuu fi mormus walitti qabee diinaaf jilbiiffachiisa, diinni ummatuma sanitti dhimmi bayuun isaanumaan isaan miidha, nagaya isaanii booressa.

Qaamni alaa kan biyyattii weeraru yoo bu'aan isaa jalaa hin tuqamin miidhaan inni ummataa fi qabeenya isaanii irraan gayu isatti hin dhagayamu. Inumayyuu qaama biyya bulchu kan maxxantuu isaa ta'e sanii fi mormitoota isaa jiddutti balaa qabsiisuun gareelee bulchiinsaa fi mormitootaas walitti qabee dadhabsiisuuf karoorfata. Kun immoo akka ummanni bal'aan dadhabee ofii walitti gargalee wal-fixu godha.

Hawaasni walitti gargalee wal-fixuun kun immoo diinaaf waan guddaadha. Jidduu san warra biyya bulchu, mormitootaa fi ummata bal'aa too'annaa isaa jala galfata. Miidhaalee, cunqursaa fi gidira adda addaa dhala namaa kana irratti raawwataman daangaa itti godhuu fi dhabamsiisuuf, garee mirga namaatiif dhugumaan mormatu, kan miirri namummaa itti dhagayamu, kan

jalqaba irratti amantiin Islaamaa itti yaamee hojiinis agarsiise san argamsiisuun furmaata ta'uudanda'a.

Barnoonni murtiiwwan Qur'aanaa, qajeelcha Hadiisotaa, muuxannoowwan Nabiyyii, muuxannoowwan yeroo dabree fi isa ammayyaa irraa arganne kun wanti inni nuuf ibsu, hawaasa Muslimaa jiddutti humna fayyadamuu dhabuun dhimma sonaati malee dhimma filannoo fi siyaasaa (Istiraateejii) ta'uu dhabuu isaati. Sonni jala masakamuu qabnu kan gareelee hawaasa tokkoo jiddutti humna fayyadamuun dhoorgaadha jedhu kun, tooftaalee siyaasaa kan waliin marii irratti hundaa'uun, wal-dhabbiiwwan siyaasaa hawaasa jiddutti argaman hunda furutti geessa.

Waggoottan hedduuf, tokkummaan ummata kanaa dhabamee, hawaasichi gargar ciccitee, daangaa walitti dabree, wal-ajjeesuu fi ummata Islaamaa fi gareewwan isaa jiddutti lolli gosaa banamuun osoo furmaanni tokko hin argamin akka hafu kan godhe keessaa sababni bu'uuraa, waldhabbiilee siyaasaa argaman garii irratti humna fayyadamuu qabna moo hin qabnu, bu'aan inni argamsiisu maali kan jedhu irratti walii galuu dhabuu isaaniitti. Kanaan duras hanga ammaattis miidhamuu fi cunqurfamuu ummataatiif sababa guddaa kan ta'e isa kana.

Ceem'aan, dogongorri guddaan argamuun, dubbii walitti laaquun, xiinxala Islaamaa fi gareewwan Muslimootaa biratti dhimmoota siyaasaa keessatti humna fayyadamuu fi dhiisuu irratti dubbiin ifa gala ta'uu dhabu kan fide: galteewwan ariitiin argamuu, rakkinoonni baay'achuu, jijjiiramoota argaman sirritti hubachuu dadhabuu, ergaa fi ijoo jijjiiramoota argamanii san gadi

bu'iinsaan beekuu dhabuu, babal'inni biyyoota Islaamaa guddataa dhufuu, gosoonni ummatoota adda addaa irraa dhufan ilaalchaa fi hambaalee isaanii ka durii san qabatanii amantii Islaamaa seenuudha.

Sababoonni olitti tarreessine kun mul'ata Islaamaa isa dimshaashawaa ta'e ifatti mul'achuu isaa dadhabsiisee jira. Akkasumas jijjiiramoota argaman tooftaa adeemsa dimshaashaatiin hordofuu akka dadhabaa dhufu godhee jira. Kun immoo akkaataan guddisa ilmaanii kan amantiin Islaamaa hawaasa bal'aa fi ummata hunda ittiin gorsuuf fide sun akka dhabamu taasisee jira.

Imaammanni beekkumsa gar-tokkee qofa qabaachuu fi hambaaleen yeroo wallaalaa babal'achuun mul'ata doomsuu keessatti gahee guddaa qaba. Akkasumas dhimmoota yoo humna keessatti fayyadaman bu'aan ni argama jedhamee yaadamuu fi kan humna fayyadamuun balaa fidu walitti laaquunwalitti bu'iinsa siyaasaa gareelee siyaasaa hawaasa Muslimaa jiddutti uumaman ykn waldhabbii dhaabbilee of danda'an jiddutti uumaman furuuf akka tooftaa sirriitti fayyada jechuu irratti waldhabuudha.

### Godaansi Tooftaa Mormii fi Jijjiirama Ariifachiisuuti

Wal-dhabbiiwwan siyaasaa, amantii fi hawaasummaa irraa yoo haasofne, dhimma waa'ee godaansaas kaasuu qabna. Sababni isaas godaansi tooftaalee fi filaannoowwan waldhabbiiwwan jidduu gareelee wal-dhabanii furan keessaa isa tokko waan ta'eefi.

Godaansa siyaasaa ykn amantii jechuun yeroo miirri firummaa dadhabu ykn yeroo cunqursaan, gidiraa fi miidhaan nama irra gayu cimaa ta’e biyya ofii dhiisanii gara biyya biraatti baqachuudha.  Godaansi kun godaansa bashannanaa ykn diinagdee kan namni jireenya isaa akka isaaf mul’atutti mijeeffachuuf imaluun addaan jira. Kana irratti ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii isaan irra haa jiraatuu) akkana jedhan: “Namni godaansi isaa gara Rabbii fi ergamaa isaa ta’e godaansi isaa garuma Rabbii fi ergamaa isaati. Namni godaansi isaa addunyaaf ykn dubartii wayii gaa’ila godhachuuf tahe isuma argata. Godaansi isaa garuma waan godaaneetiif ta’a”.

Godaansi siyaasaa ykn amantii kan sadarkaa nama dhuunfaatiin gaggeeffamu sababa namni sun cunqursaa fi miidhaa isa irratti raawwatamu baadhachuu dadhabuutiin ta’uu danda’a. godaansi akkasii sun godaansa dheefaati. Godaansi sun akka amantii Islaamaattis namni fira isaa tumsuu fi isa eegu hin qabne, kan cunqursa san of irraa deebisuuf malaa fi humna gahaa hin qabne, kan miidhaa isa irratti raawwatamu san irratti oobsuu hin danda’in, kan miidhaan isa irra gaye sun amantii isaa irratti rakkinna uumaa sodaate, baqachuu danda’a.

Kana irratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿ إِنَّ ٱلَّذِينَ تَوَفَّىٰهُمُ ٱلْمَلَٰٓئِكَةُ ظَالِمِىٓ أَنفُسِهِمْ قَالُوا۟ فِيمَ كُنتُمْ ۖ قَالُوا۟ كُنَّا مُسْتَضْعَفِينَ فِى ٱلْأَرْضِ ۚ قَالُوٓا۟ أَلَمْ تَكُنْ أَرْضُ ٱللَّهِ وَٰسِعَةً فَتُهَاجِرُوا۟ فِيهَا ۚ فَأُو۟لَٰٓئِكَ مَأْوَىٰهُمْ جَهَنَّمُ ۖ وَسَآءَتْ مَصِيرًا ﴿٩٧﴾ إِلَّا ٱلْمُسْتَضْعَفِينَ مِنَ ٱلرِّجَالِ وَٱلنِّسَآءِ وَٱلْوِلْدَٰنِ لَا يَسْتَطِيعُونَ حِيلَةً وَلَا يَهْتَدُونَ سَبِيلًا ﴿٩٨﴾ ﴾ النساء: ٩٧ - ٩٨

*[Isaannan haala lubbuu ofii miidhaniin Malaa'ikaan lubbuu isaanii baasan, maal keessa turtan jedhamanii gaafatamnaan, dachii irratti dadhaboo turre jedhan. Dachii Rabbii bal'oodhaa miti, keessaa hin baqattanii jedhaniin. Warroota san teessoon isaanii jahannami. Booddeen isaanii waa bade. Yoo dhiira, dubartootaa fi daa'imman dadhaboo mala dhayachuu hin dandeenne kan karaa isaan baasutti qajeeluu hin dandeenne ta'an malee] (Annisaa'u: 97-98).*

Baqannaan akkanaa kun yoo lubbuu ofii du'a irraa baraaruuf ta'e, waan amantiin Islaamaa amantii nama sanii, lubbuu fi kabaja namummaa isaa eeguuf hayyamuudha. Akka waan jijjiirama fiduu fi cunqursaa raawwatamu mormuu irraa duubatti deebi'uutti fudhatamuu hin qabu.

Baqannaan gariin godaansa hanga waa fooyya'aniif baqachuu ta'uu danda'a. Baqannaan kunis tooftaalee qaamota nama cunqursan jalaa cunqurfamoonni ittiin bayan keessaa isa tokko. Sunis iddoo cunqursitoonni ol'aantummaa irratti qaban keessaa bayuun, hanga mirgi namaa kabajamee, dhugaan tumsamee, miidhaan ilma namaa irra gayu dhaabbatee haalli fooyya'aan uumamutti eeguudha. Bifti godaansa kanaas godaansa siyaasaa yeroo ammaa waliin wal-fakkaata.

Fakkeenyi baqannaa ykn godaansa kanaas godaansa tokkoffaa fi lammaffaa Muslimoonni yeroo cunqursaa fi miidhaan isaan irra gayaa ture gara Habashaatti gaggeessaniidha. Godaansi kunis Mushrikoonni Makkaa, hawaasni fi hooggantoonni isaanii ergaa fi yaamichi Muslimoonni qabatanii

dhufan bu’aa fi qabeenya keenna irratti miidhaa guddaa dhaqqabsiisa jechuun firummaa jidduu isaanii jiru hundaaf bakkee kennuun alatti miidhaa fi cunqursaa guddaa isaan irraan gayaa turan.

Godaansi gariin immoo godaansa addaan bayiinsaa jedhama. Kunis sababa diinni qaama lammataa (baqataa) san gidirsuun, lubbuu isaanii du’aaf saaxiluun cunqursuu isaaniiti. Gareen buqqifame kunis lubbuu isaa baraaruuf, balaa isaan qaqqabe sanitti daangaa godhuun, bilisummaa fi mirgoota sarbaman jalaa miliquuf jecha biyya san gadi dhiisee baya.

Fakkeenyi baqannaa kanaas Muslimoonni Makkaan irraa gara Madiinaatti baqachuudha. Warra Makkaa waliin nagayaan jiraachuu dadhabanii jennaan lubbuu fi firummaa jidduu isaaniitti hafte baraaruuf jecha baqatanii Madiinaa iddoo bu’uura ijaarsa mootummaa Islaamaa fi dirree diina isaanii Qureeyshota mormuuf itti qophaayan godhatanii hanga gaafa Rabbiin Makkaan harka Qureeyshotaatii baasee Muslimootaaf tumsa fidutti iddoo qophaa’inaa godhatanii itti fayyadamaa turan.

Gaafa makka harka diina amantii Islaamaa jalaa baate sanitti ummataa fi biyyattiinis nagaya argattee, gadaan cunqursaa dhumatee, mootummaan Islaamaa hundeeffame. Haalli yeroo san tures fooyya’ee jennaan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* akkana jedhan: “Fathii (eega Makka harka Muslimootaatti deebite) booda baqannaan (hijraan) hin jiru. Kan (isa booda) jiru jihaadaa fi niyyaadha malee”.

Fakkeenyi kun fakkeenya baqannaa Yahuudotaatiin walfaallessa. Yahuudonni diina mirga namaa sarbu, kan lafa ummata Falasxiinotaa weeraru, kan ummata Faasxiinotaa kan dhugumaan abbaa lafa sanii ta'an buqqisuuf kan deemuudha. Falasxiinonni waggoota hedduuf osoo Yahuudaan tokkichi dachii kana irratti hin uumaminiin dura lafa isaanii kana irra jiraataa turan.

Gadaa ammayyaa kana keessatti hawaasa lakkoofsaan hagoo ta'an kan baqatanii biyyoota adda addaa keessa jiraatan argina. Gosti godaansa isaanii kunis godaansa baqannaa ykn kan hanga haalli fooyya'uu eeggachuu ta'uu danda'a. Ummatoonni baqatan kunis gama mootummaa biyya itti baqatanii saniin mootummaa biyya isaaniitii isaan baase irratti dhiibbaa gaggeessuun akka inni sirna bulchiinsa isaa sirreessu, miidhaa fi cunqursaa nama irraan gayaa ture akka dhaabuu qabu gaafatu.

Hawaasni hagoon baqate kun ilmaan biyya isaaniitiif birmachuuf, tattaaffii haaroomsaa fi jijjiiramaa biyya isaan keessatti dhalatanitti adeemsifamu hunda deeggaruuf jecha gargaarsa barbaachisu walitti qabu. Gareen baqate kun tasgabbii fi qabeenyi hanga tokko waan isaaniif mijateef bifa si'aa'ina qabuun warraaqsa jijjiiramaaf biyya isaanii keessatti gaggeeffamu deeggaruuf mirga qabu.

Gareen baqatee biyya biraa keessa jiraatu kun lammummaa biyya itti baqatee san waan qabuuf, tooftaalee nagayaatti fayyadamuun jijjiiramni biyya isaa ka jalqabaa san keessatti akka dhufu dhiibbaa godhuu danda'a. akkuma nama dhuunfaa kamiituu, gareen kun dhimma siyaasaa biyya isaa

ilaalchisee humna fayyadamuu hin qabu. Kan isa irra jiru tooftaalee nagayaatti dhimmi bayuun ergaa isaa dabarfachuu qofa.Sona tokkummaa ummataa fi firummaa isaan jidduu jiru eeguu jedhu bu'uura godhachuun, baqattoonni biyyaan ala jiran gareelee hawaasa isaanii kan biyya jiran jiddutti balaa uumuu hin qaban, madda balaa saniis ta'uun irraa hin eeggamu. Haga danda'ameen irraa fagaachutu isaan irraa eeggama.

Tarkaanfiin isaan fudhatan tarkaanfii nageenyaa kan faallaa tarkaanfii hacuuccaa fi cunqursaa qaamni biyya bulchu isaan irratti fudhatee biyya isaaniitii isaan baasee san ta'uu qaba. Waldhabbiin hawaasa jiddutti argamuun qaama hacuuccaa biyya bulchu san akka inni tarkaanfii dabalataa fudhatu godha. Sun immoo akka gareen mormaan kutaa biyyattii irraa citee of danda'ee buluuf karaa saaqa. Yeroo sanitti wal-dhabbiin jidduu isaanii ture gara wal-dhabbii sadarkaa addunyaa ta'uun murtii wal-dhabbii dhaabbilee siyaasaa of danda'oo argata. Sadarkama sanittuu wanti hubatamuu qabu, wal-dhabbiin sadarkaa addunyaatti ta'e kun jidduu ummata Islaamaatti kan argamaa jiru waan ta'eef, bu'aalee ummata Muslimaa fi kabaja namummaa isaanii eeguun dirqama ta'a.

Bifa walii galaatiin, godaansi amantii Islaamaa keessatti karaa godhame yoomiyyuu harka kennachuu ykn mirgaa fi walabummaaf falmachuu jalaa dheessuu miti. Godaansi kun tooftaalee hacuuccaa ittiin qolatan, amantii ittiin tikfatan, mirga namaa ittiin kabachisanii fi namoota miidhamoo ittiin tumsaniif keessaa tokko. Tumsi godhamu kunis akka haalli fi taateen argamte itti nama waamteen ta'a.

Tooftaalee kana hunda keessattuu, godaansi amantiin karaa godhe kun tooftaalee dhugaa ukkaamfamte karaa nagayaatiin biyya keessaa ittiin morman ykn immoo yoo haalli ka dirqama godhu taate jidduu sirnaatti lola ala irraa itti bananiidha. Iddoon itti baqatan sunis, biyya namni Muslimaa tokko amantii isaa, mirgoota isaa fi mirgoota amantii Islaamaa bifa guutuu ta'een ittiin kabachiifachuu danda'u ta'uun dirqama. Sunis sona miidhaalee jiran keessaa ka irra xinnaa fudhachuu jedhu irratti bu'uuruuni.

Godaansa sahaabonni gara Madiinaatti taassisan yoo akka fakkeenyaatti fudhanne, yeroo ammaa baqattoonni Muslimaa Bahaa fi Dhihaa yaa'anii biyya ormaa keessatti wal-gayan kanatti namoota biraa gara amantii Islaamaatti waamuunisaan irratti dirqama ta'a. kanaafuu baqataan Muslimaa tokko haaluma hunda keessattuu da'awaa isaa ganda itti baqate sanitti geessuu qaba. Biyyi inni itti baqate sun biyya gaarii fi qajeellumaa kan biyya isa biyyaa baafte caalaa isa ofitti fudhattu waan argateef, hawaasa bira qubate san onnee isaanii hawwatee gara amantii Islaamaa, obbolummaa, qajeellumaa fi tumsa isaatti waamuunii qaba.

Kaayyoo fi galmi isaas wal-dhabu fakkeenyota deeggarsa hawaasa itti baqatan sanii horachuuf yaaliiwwan taassifaman keessaa, wanti ummanni hagoon addunyaa godhe isa tokko. Yahuudonni hooggantoota yaada ummataa biyya Biriiteenii fi Ameerikaa sababoota adda addaatiin, tooftaalee gara garaa fayyadamanii deeggarsa isaanii horatan. Hooggantoonni hedduun, beektonni fi abbootiin amantii waadaa isaanii diiganii diinaaf bitaman. Murtiileen siyaasaa kallattii hedduun meeshaa

kaffaltii ziyoonistootaa ta'uun, duula filannoo hunda kallattii fi al-kallattiin jijjiiruun, meeshaalee sab-qunnamtii deeggartoota siyaasaa isaanii ittiin tajaajiluuf dhimma itti bayu.

Mallaqa kaffaltii gibiraa biyya isaaniitiif oolu irraa hamma tokko muruun Falasxiiniin keessatti biyya Yahuudonni keessa jiraatan ijaaruuf karoorfatan. Kanas galmaan gayuuf Yahuudota hagoo dachii hunda keessa jiraatan walitti qabanii achi qubsiisuu eegalan. Achumaanuu akka qubattoonni kunniin fedhii koloneeffattootaa fi waanyoo gareelee seenaa fi amantii garii guutaniifi. Fedhiin sunis Falasxiiniin karaa haqa hin ta'iniin weeraranii, dhiiga ummata sanii dhangalaasanii, biyyaa fi dachii isaanii too'annaa ofii jala oolchanii, jiraattota abbaa lafaa buqqisanii addunyaa hunda keessatti akka isaan baqattoota ta'anii jiraatan godhuufi.

Baqannaa Yahuudonni gara biyya Falasxiinitti taassisanii fi baqannaa ergamaan Rabbii, waahillanii fi hordoftoonni isaanii (hunda irrattuu nagayaa fi tolli Rabbii irratti haa jiraatuu) godhan jidduu garaa garummaa guddatu jira. Jidduu duula nama miidhuu, nama buqqisuu fi duula daangaa namatti dabruu fi jidduu yaamicha obbolummaa, ifnanaa fi qajeellummaa garaagarummaa bal'atu jira.

### Wal'aansoowwan Qaroominaa

Wal'aansoowwan dhala namaa jiddutti uumaman keessaa inni biraa, wal'aansoo qaroominaa fi ummanni waldhiibuuti. Wal'aansoon kunis boca adda addaa qabaata. San keessaa: kan sirrii ta'ee fi kan hanqina qabutu jira. Wal'aansoon gariin kan nagayaa kan walitti dhufeenyaa fi waliin mariin ibsamu yoo

jiraatu, inni kuun immoo kan humna waraanaati. Innis gidiraa fi wal waraansaan ibsama. Gosti wal-dhabbii kanaa sochii waldhiibiinsa ummatootaa fi qaroominaa kan dursa bayuu fi ol'aantummaaf dorgomuu agarsiisa.

Namoonni wal'aansoo fi wal-dhiibiinsa kana qulqulleessan, qaawwi ykn hir'inni hariiroo ummatootaa, qaroominaa fi akkaataa jireenya isaanii mudate, gareen humna caalu qabu gara naannolee dadhabinaa fi hir'ina qabanii imaluun qaawwa san akka cufuu fi naannicha irratti akka ol'aantummaa isaa mirkaneessu isa dirqa jedhu. Dhiibamuun kunis kallattii nagayaatiin, walitti makamuu, kennaa fi walitti dhufuutiin dhiibbaa fiduu danda'a. Yookiin immoo humnaan, wal-waraanuu fi wal-cunqursuu fayyadamuutiin ta'a.

Wal'aansoon karaa nagayaa fi walii galuutiin adeemsifamu, wal'aansoo wal-dhiibiinsa qaroominaa kan haaroomsa raggaasisu, kan biyyattii duratti oofu, kan guddinaa fi jaalala waa beekuu fiduudha. Kunis hiika dhugaa kan Rabbiin namaaf kenne, kan akka namnis isa barbaadu laaffiseefiidha. Ummannis waldhiibuu qaroominaa kana keessatti waan barbaadan sirritti argatu, jireenyi isaanii ni fooyya'aaf, madaalaa fi nageenyummaa qarooma isaanii deebifatu. Gama kanaan ummanni tooftaalee fi adeemsa fooyya'aa si'aa'Ina qabuuf masakamuu eegala.

Wal'aansoon qaroominaa kan karaa lolaa fi diinummaatiin dhufu immoo sadarkaalee jeequmsa qaroominaa keessaa isa tokko waan ta'eef qaawwa qaroomina dhala namaa

keessa jiru guddisuun isaa ni mala. Dhala namaa bifa suukaneessaa ta'een akka isaan qabxii madaalii qaroominaa fooyya'aa ta'ee fi sadarkaa qaroominaa isa irra caalu bifa itti fufiinsa qabuun akka qoratan kakaasa.

Shakkii tokkoon alatti kana hunda kan caalu, wal'aansoon siyaasaa kun bifa nagayaatiin adeemsifamuudha. Yeroo san madaallii sirrii ta'e argamsiisa, sadarkaa guddina qarooma namaa bifa gadi bu'iinsa guddaa qabuun guddisa. Hawaasni nagayaa, wal-gargaarsaa fi badhaadhinaa hubannoowwan aantummaa, waliif mararfannaa dhala namaa, wal-qixxummatti amanuu fi itti gaafatamummaa irratti bu'uureffamuu qaba. Falaasamni Islaamummaa sonoota kana irratti bu'uureffamuuni hariiroo jidduu ilmaan namaa jiran kan ijaareen.

Yeroo ammaa kana waa'een wal'aansoo qaroomina warra Dhihaa fi addunyaa Islaamaa jidduu jiru akka waan inni seenaa hariiroo warra Dhihaa fi addunyaa Islaamummaa jiddutti haaraya ta'eetti haasayama. Dhugaan jiru immoo wal'aansoo fi waldhiibiinsi qaroominaa kan eegale eega qaroominni Islaamawaan guddatee bifa walii galteetiin ummatootaa fi qaroomina isaaniitiin wal-simateen booda. Wal'aansoon jidduu biyyoota Dhihaa fi addunyaa Islaamaa jiru kun gara boodaa irratti gara kallattii ol'aantummaa, cunqursaa fi inummayyuu hacuuccaa ummata Falasxiin irratti gara lafa ummataa guutuu saamuutti jijjiiramaa dhufee jira.

Kunis kan ta'eef, sababa dadhabinaa fi hanqina madaallii jidduu mootummaa Usmaaniyyootaa fi qaroomina Islaamaa

jiddutti argameeni. Warri Dhihaas qaawwa argame kana akka humnaatti itti fayyadamuun addunyaa Islaamaa too'annaa ofii jala galchanii bu'aa isaanii kabachiisuuf jecha humna waraanaa gamasitti bobbaasuu eegalan. Kanaafuu wal'aansoon kun wal'aansoo waraanaa, kan yeroo dheeraaf ture, kan baay'ee hadhaa ta'e, kan bu'aa warra Dhihaa humnaan kabachiisuuf tattaafatu, kan akkaataa haala jireenya isaanii addunyaa Islaamaa irratti fe'uuf deemu ta'uun isaa beekkamaadha.

Wal'aansoon hir'uun qaroomina addunyaa lameenii jiddutti uumame kun bifa wal-dhiibiinsa hin barbaadamne kana irraa gara wal-dorgommii bu'a qabeessa cunqursaa namummaa qaamni addunyaa Islaamaa fi afuurri addunyaa warra Dhihaa dhandhamaa jiru kana gara baraaruutti jijjiiramuu qaba. Yoo akkas ta'ee argame karaa sirrii ta'een qabxiin wal-madaaliinsa qaroomina lameenii ragga'a, qarooma namaa jiddutti wal-simannaanis dhufa. Kanaafuu wal-dhiibiinsi qaroominaa kun dhala namaatii fi qarooma gama lameeniin jiru karaa bu'aa fi nagaya qabeessa ta'een tajaajiluu qaba.

Humni qabeenyaa kan sammuun warra Dhihaa qabu kun, humna dimshaashawaa tokkochummaa Rabbiitti amanu, kan afuura qulqulluu beeku, kan safuu mul'anni Islaamaa hawaaf qabu qabaachuu isa barbaachisa. Bu'uura kana irraa kaanee egareen wal-dhiibiinsa qaroomina warra Dhihaa fi addunyaa Islaamaa gaarii akka ta'u tilmaamuu dandeenna. Akkasumas kan wal'aansoo wal irratti bayu osoo hin taane, bifa si'aa'ina qabuun kan waliin socho'u ta'uu isaa tilmaamuun ni danda'ama.

Bifa nagaya qabeessa ta'een wal-dhiibuun, waliin marii qaroomawaa gaggeessuun, beekkumsa barbaaduun, guddinni fi badhaadhinni haala jireenyaa bu'uura utubaalee qarooma Isaamaati. Rabbiin waan isaan hin malle irraa qulqullaaye kitaaba isaa guddaa keessatti akkana jedha:

﴿لَآ إِكۡرَاهَ فِي ٱلدِّينِۖ ٢٥٦﴾ البقرة: ٢٥٦.

*[Amantii irratti nama dirqisiisuun hin jiru] (Al-Baqarah: 256).*

﴿لَّا يَنۡهَىٰكُمُ ٱللَّهُ عَنِ ٱلَّذِينَ لَمۡ يُقَٰتِلُوكُمۡ فِي ٱلدِّينِ وَلَمۡ يُخۡرِجُوكُم مِّن دِيَٰرِكُمۡ أَن تَبَرُّوهُمۡ وَتُقۡسِطُوٓاْ إِلَيۡهِمۡۚ إِنَّ ٱللَّهَ
يُحِبُّ ٱلۡمُقۡسِطِينَ ٨ إِنَّمَا يَنۡهَىٰكُمُ ٱللَّهُ عَنِ ٱلَّذِينَ قَٰتَلُوكُمۡ فِي ٱلدِّينِ وَأَخۡرَجُوكُم مِّن دِيَٰرِكُمۡ وَظَٰهَرُواْ عَلَىٰٓ
إِخۡرَاجِكُمۡ أَن تَوَلَّوۡهُمۡۚ وَمَن يَتَوَلَّهُمۡ فَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلظَّٰلِمُونَ ٩﴾ الممتحنة: ٨ - ٩.

*[Rabbiin warroota sababa amantiitiin isiniin hin lolin kan qe'ee keessan irraa isin hin buqqisinitti tola ooluu fi wal-qixxummaa itti ooluu irraa isin hin dhoorgu. Rabbiin warroota wal-qixxummaa dalagan jaalata. Kan Rabiin irraa isin dhoorge warroota sababa amantiitiif isiniin lolanii, qa'ee keessan irraa isin buqqisanii, akka isin qe'ee keessan irraa buqqaataniif (kuffartota) isin irratti gargaaran sanniin jaalallee godhachuudha. Namni jara jaalallee godhate warra lubbuu ofi miidhe irraayyi] (Al-Mumtahinah: 8-9).*

﴿۞إِنَّ ٱللَّهَ يَأۡمُرُ بِٱلۡعَدۡلِ وَٱلۡإِحۡسَٰنِ وَإِيتَآيِٕ ذِي ٱلۡقُرۡبَىٰ وَيَنۡهَىٰ عَنِ ٱلۡفَحۡشَآءِ
وَٱلۡمُنكَرِ وَٱلۡبَغۡيِۚ يَعِظُكُمۡ لَعَلَّكُمۡ تَذَكَّرُونَ ٩٠﴾ النحل: ٩٠

*[Rabbiin wal-qixxummaa, tola ooluu, nama firaaf (waan isaan haqa godhatan) kennuufitti nama ajaja. Jechaa fi*

*dalagaawwan fofokkatoo, badii fi daangaa namatti dabruu irraa nama dhoorga. Akka isin yaadattaniif isin gorsa] (Annahli: 90).*

﴿ قُلۡ يَٰٓأَهۡلَ ٱلۡكِتَٰبِ تَعَالَوۡاْ إِلَىٰ كَلِمَةٖ سَوَآءِۭ بَيۡنَنَا وَبَيۡنَكُمۡ أَلَّا نَعۡبُدَ إِلَّا ٱللَّهَ وَلَا
نُشۡرِكَ بِهِۦ شَيۡـٔٗا وَلَا يَتَّخِذَ بَعۡضُنَا بَعۡضًا أَرۡبَابٗا مِّن دُونِ ٱللَّهِۚ فَإِن تَوَلَّوۡاْ فَقُولُواْ ٱشۡهَدُواْ بِأَنَّا
مُسۡلِمُونَ ٦٤ ﴾ آل عمران: ٦٤

*[Jedhiin (yaa Muhammad) yaa warra kitaaba kennamtan! Gara dubbii jidduu keennaa fi keessaniittis wal-qixa taateetti koottaa, (dubbiin sunis) Rabbiin malee waan biraa gabbaruu dhabuu, isatti waa dabaluu dhiisuu, Rabbii gaditti gariin keenna garii Rabbiin godhachuu dhabuu, yoo isaan dugda galan (didanii deeman), nuti Muslima ta'uu ragaa nuuf bayaa jedhaanii].*

﴿ وَتَعَاوَنُواْ عَلَى ٱلۡبِرِّ وَٱلتَّقۡوَىٰۖ وَلَا تَعَاوَنُواْ عَلَى ٱلۡإِثۡمِ وَٱلۡعُدۡوَٰنِۚ ٢ ﴾ المائدة: ٢

*[Toltuu fi sodaa (Rabbii) irratti wal-gargaaraa, cubbuu fi diinummaa irratti wal hin gargaarinaa]*

﴿ ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ١ ﴾ العلق: ١

*[Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi] (Al-Alaq: 1).*

﴿ أَمَّنۡ هُوَ قَٰنِتٌ ءَانَآءَ ٱلَّيۡلِ سَاجِدٗا وَقَآئِمٗا يَحۡذَرُ ٱلۡأٓخِرَةَ وَيَرۡجُواْ رَحۡمَةَ رَبِّهِۦۗ قُلۡ هَلۡ
يَسۡتَوِي ٱلَّذِينَ يَعۡلَمُونَ وَٱلَّذِينَ لَا يَعۡلَمُونَۗ إِنَّمَا يَتَذَكَّرُ أُوْلُواْ ٱلۡأَلۡبَٰبِ ٩ قُلۡ يَٰعِبَادِ ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱتَّقُواْ
رَبَّكُمۡۚ لِلَّذِينَ أَحۡسَنُواْ فِي هَٰذِهِ ٱلدُّنۡيَا حَسَنَةٞۗ وَأَرۡضُ ٱللَّهِ وَٰسِعَةٌۗ إِنَّمَا يُوَفَّى ٱلصَّٰبِرُونَ أَجۡرَهُم بِغَيۡرِ حِسَابٖ
١٠ ﴾ الزمر: ٩ - ١٠.

*[(Nama Rabbitti kafare) moo kan halkan dhaabbataa fi sujuudaan (Rabbii isaa gabbaraa bule). Guyyaa dhumaa*

*sodaatee tola Rabbii kajeelutu (Caala). Jedhiin (yaa Muhammad) warri beekanii fi kan hin beekne wal-qixxaayuu. Kan yaadatu warra sammuu qabu. Jedhiin (yaa Muhammad) yaa gabroottan Rabbiin sodaadhaa. Warroota toltuu dalaganiif addunyaa kana irratti gaaritu isaaniif jira. Dachiin Rabbii bal'oodha. Namoonni oobsan mindeeffamni isaanii lakkoofsaan maletti] (zumar: 9-10).*

﴿ قُلْ سِيرُوا۟ فِى ٱلْأَرْضِ فَٱنظُرُوا۟ كَيْفَ بَدَأَ ٱلْخَلْقَ ۚ ﴿٢٠﴾ ﴾ العنكبوت: ٢٠

*[Jedhiin (yaa Muhammad) dachii keessa deemaa uumamni akkamitti akka eegale ilaalaa] (Al-Ankabuut: 30).*

﴿ وَسَخَّرَ لَكُم مَّا فِى ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِى ٱلْأَرْضِ جَمِيعًا مِّنْهُ ۚ إِنَّ فِى ذَٰلِكَ لَءَايَٰتٍ لِّقَوْمٍ يَتَفَكَّرُونَ ﴿١٣﴾ ﴾
الجاثية: ١٣

*[Waan dachii fi samii keessa jiru isiniif laaffise. Hunduu Rabbiin irraayyi. Warroota waa xiinxallaniif san keessa mallattotu jira] (Al-Jaasiyaa: 13).*

﴿ رَبَّنَآ ءَاتِنَا فِى ٱلدُّنْيَا حَسَنَةً وَفِى ٱلْءَاخِرَةِ حَسَنَةً وَقِنَا عَذَابَ ٱلنَّارِ ﴿٢٠١﴾
البقرة: ٢٠١

*[Rabbii keenna addunyatti gaarii nuuf kenni, aakirattis gaarii nuuf kenni. Gubaa ibiddaa irraa nu tiiysi] (Al-Baqarah: 201).*

﴿ وَقُلِ ٱعْمَلُوا۟ فَسَيَرَى ٱللَّهُ عَمَلَكُمْ وَرَسُولُهُۥ وَٱلْمُؤْمِنُونَ ۖ ﴿١٠٥﴾ ﴾ التوبة: ١٠٥

*[Jedhiin (yaa Muhammad) dalagaa, Rabbii, ergamaan isaa fi mu'umintoonnis dalagaa keessan ni argu] (Attoowbah: 105).*

Seerri ittiin bulmaata Madiinaa, waadaan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii irratti haa jiraatuu)* Kiristaanota Najraaniif seenan, sunnaan isaanii kan warra urjii fi ibidda gabbaruu fi warra kitaaba kenname waliin itti jiraatan, qayyabannooleen ganda waadaan galameef, waadaa nama harka namatti kennatee (kan Muslimootatti harka kennate), namni kamiyyuu Muslimas ta'ee mit-Muslima filannoo fi itti amanuu isaatiin alatti dinqisiifamuu akka hin qabne mul'isa.

Dhaamsi Kaliifonni yeroo waraanni isaanii biyya wayii Islaamummatti waamuuf deemu akka lubbuu nama lola/waraana keessatti hin hirmaatinii fi nagaya isaa eeguu qaban dhaamaniif. Kun hunduu mul'ata Islaamaa qaroomawaa fi bu'a qabeessa ta'e, kan akka gaafa jalqabee irraa qarooma nagayaa irratti bu'uure ta'uu isaa mul'isa. Qaroomni Islaamaa kun waliin marii jidduu qaroominaatti adeemsisuuf, tajaajila ilma namaatiif jecha wal-simannaa ilaalcha namaa argamsiisuuf yoomiyyuu caalaa har'atti kan hambaalee sanitti hajamu.

Nageenyi, wal-gargaaruu fi badhaadhina addunyaatiif bu'uuraalee fi ulaagaalee ijaarsi Islaamummaa irratti ijaaramu saditu jira. Dhalli namaa hundi fi warri Dhihaa ulaagaalee kana hubatanii dhugumaan ofitti fudhachuun amantii Islaamaa irraa qooda fudhachuu qabu.

**Jalqabni ulaagaalee fi seerota kanaa**: ummatootaa fi hawaasa hunda jidduu afuurri aantummaa jiraachuudha. Cufti ilma namaa lubbuu tokko irraa argaman. Garaa garummaan jidduu isaaniittis argame akkuma isaan wal-guutanii fi wal-

gargaaraniifi. Bifti namaa wal-dhabuun mallattoolee Rabbiin uumaa isaa ilma namaa keessa kaayeedha. Mallattooleen sunis dandeettii kalaqa isaa mul'isuufi malee, nama wal-caalchisuuf, walitti akka boonaniif miti. Gatiin ykn guddinni nama tokkoo eenyummaa isaa fi qalbiin isaa guddachuu malee, gosummaa isaa, fira ykn bifa isaatiinii miti.

**Ulaagaan lammaffaan**: wal-qixxummaa ykn haqqummaa. Osoo mataa keenna ykn fira keenna irratis ta'ee haqa jirtu ibsuu qabna. Nageenyis tasgabbiinis yoo haqqummaan jiraate. Sababa kanaafi wanti haqqummaan bu'uura falaasamni Islaamaa irratti bu'uureffamu waan ta'eefi.

**Ulaagaan sadaffaan** kan ijaarsi nagayaa fi Islaamaa irratti gadi dhaabbatu: itti gaafatamummaan namatti dhagayamuudha. Namni kadhaa fi adabamuu barate, miirri isaa ni dadhaba, gara nama miidhuu, seera cabsuu fi naamusa badutti daba. Nama Muslimaa tokko biratti itti gaafatamummaan kan itti dhagayamuun Rabbiin beekuu, ganda guyyaa dhumaa yaadachuu, yeroo hunda Rabbitti hidhata qabaachuudhaani. Kanattis dabaluun waliin jireenya nama waliinii keessatti bifa bareeda ta'een waliin jiraachuudha.

Waliin mariin qaroominaa fi nageenyi addunyaa bu'uura oitti dubbanne kana irratti bu'uuru malee, dandeettiin qabeenyaa fi teknoolojii fi wal-fudhatiinsi ummatootaa sababoota babal'achuu gidiraa fi wal-miidhiinsaa ta'u. Egaree baay'ee dukkanaayaa, kan gara jabeennaa fi dhiiga dhangalaasuun

guutame, kan egaree dhala namaa fi qarooma dachii kana irra jiran hunda sodaachisutti geessa.

Hubannoo kana irratti hundaa'uun, dhiibbaa, bolola daangaa kute, biyya namaa booji'uun abbaa lafaa isa dhugaa irraa buqqisanii kan biraa qubsiisuuf duula Warri Dhihaa fi Ziyoonistoonni addunyaa Islaamaa irratti banan kanatti daangaa godhuun dirqama. Akkasumas waliin marii fi dandeettiiwwan wal'aansoo qaroomina warra Dhihaa fi Islaamaa hubachuun, wal'aansoo bu'aa hin qabne kan qarooma lameen jidduu ture kana gara qaroomina lamaan walitti fiduun bu'aa gama lamaaniin jiru irratti waliin dalaguun akka si'aa'ina cimaa fi bu'a-qabeessa waliin qabaatan godhuun dirqama.

Wal'aansoon wal-miidhuu kan gadaa ammaa gaggeeffamaa jiru kan gareen hunduu ibidda ofii kaanitti qabsiisuuf hiixatu kun, cubbuu, wal-miidhuu, mirga namaa sarbuu fi warraaqsota jijjiiramaa gama qarooma lameeniitiin jiru fashaleessuu malee bu'aa wayiituu hin buusu. Wal-dorgommii wal-miidhuu irratti bu'uureffame kana gara waliin socho'iinsa bu'uurri isaa nagaya irratti waliin jiraachuu, tooftaa waliin marii gaggeessuu kabajuu, waan gaarii irratti walii galuu, gaarii/bareeduma gama lameenuu jiru wal-jijjiiruutti gadaan jijjiiruu qabnu gayee jira. Kunis akka dhaloonni yeroo ammaa addunyaa ganda takka taate keessatti walitti qabame kun yoomiyyuu caalaa bifa madaalla eeggateen akka waliin jiraatu godhuufi.Qaroominaa fi ummatoota jidduu wal-fudhatiinsi gaariin jiraachuun, raawwii fi madaallii qaroominaa irratti gara sadarkaa ol'aanaatti wal-dhiibuudha. Yoo wal-fudhatiinsi

qaroomaa kun waliin marii keessatti, wal-guutuu fi waliin socho'uu irratti, namummaa namaa kan dhuunfaa fi gamtaas kabajuu keessatti, mirga amantii namaa kabajuu irratti yoo tooftaa nagaya qabeessakan hordofu ta'e, gumaacha bu'a-qabeessa gumaachaa jira jechuudha.

Amantiin Islaamaa daangaalee, seerotaa fi sonoota dimshaashaa kan qindoomina walitti qabama ilma namaa bifa madda eeggateen seer-qabeessa godhu hedduu of keessaa qaba. Gama namaatiin kallattii ykn al-kallattiin, turtii yeroo gabaabaa ykn dheeraa keessattis, seera isa daangessu qaba. Kana keessatti fakkeenyi isaa akka fakkeenya seera hawaati. Yoo seerri isaa kun hin eeggamin egareen isaa dhabama ykn kufaatii ta'a.

Hawaasni warra Dhihaa yeroo ammaa kanatti seerotaa fi sonoota Islaamaa kan madaalaa fi jiddu-galeessummaa namummaa raggaasisu, kan bilisummaa (mirga) nama dhuunfaa fi hawaasaas daangaa kennuuf, kan dhala namaa fi dhaabbilee seera hawaasummaa isaa kan bu'uuraa isaa tiiysu kana beekuu isa barbaachisa.

Amantiin Islaamaa har'aan tana, ergaa Rabbiin irraa isaaf buute, tan galmeeffamtee bifa seera qabeessaan qophoofte tana bu'uura yoo godhate, qarooma jiru keessaa isa qofa kan dandeettii gahaa qabu. Qarooma warra Dhihaa bira seerota namni itti hajamu hunda kan of keessatti hammatu, kan madaala qaroominaa eeguu fi seerri tasgabbii afuuraa fi safuu hawaasaa ittiin mirkaneessan, kan isaan hiikkaan jiruu ilma namaa fi amala gaarii namni dhuunfaa fi gamtaa qabaachuu qabu ittiin

raggaasisan, kan gamtaa afuuraa fi qabeenyaa dur ture san isaaniif deebisu hin jiru.

Kanaafuu gareen biyyoota Dhihaa keessatti yeroo ammaa wal'aansoo qarooma Dhihaa fi Islaamaa jidduu jiru gara wal-qeequu, jibbiinsaa fi balaa wal-jiddutti buusuutti oofuuf tattaaffii godhan, tattaaffii isaanii kana irraa of qusachuu qabu. Gochi isaan godhan sun wal'aansoo qarooma lameenii kana hin daangessu. Qarooma Islaamaa dachii hunda irra diriiree dhimmi afuuraa namaaf barbaachisu of keessatti hammate kanas balleessuu hin danda'u. Wanti tattaaffiin isaanii kuni fidu yoo jiraate, qaawwa madaala qaroomni Dhihaa qabu dabaluu, yaalii waliin marii fi wal-simsiisa qarooma lameeniitiif godhamu fashaleessuun rakkinoota Islaamaa fi warra Dhihaa mudatan daran cimsuudha.

Carraaqqiin jibbiinsaa isaan godhan kun immoo gadadoo, rakkinna, laaluu (dhukkubbii) fi hacuuccaa dhala namaa irratti taassifamu addunyaa hunda keessa diriirsa. Akkasumas tattaaffiin jibbiinsaa gareeleen gariin taassisan kun yoo san dura nama lafa irrraa balleessuu baates, yaalii jijjiirraa qarooma addunyaa hunda irratti fiduun bu'aa hawaasa warra Dhihaa, kan addunyaa Islaamaa fi bu'aa dhala namaa dachee kana irra jiranii hunda kabachiisuuf taasifamu irratti turtii madaallii, wal-fudhatiinsaa fi wal-wajjiin hojjachuu qarooma lameenii irratti taassifamu dheeressa.

Hanga danda'ameen, beektonni Islaamaa fi hayyoonni isaa qaroomni Islaamaa fi ummanni Islaamaa madaalaa fi si'aa'ina isaa hanga deebifatutti, beekkumsaa fi humna

qabeenyaa qaroomni warra Dhihaa qabu irraa fayyadamuu qabu. Akkasumas warra Dhihaa waliin marii bu’a-qabeessa gaggeessuun hawaasa Dhihaa ofitti hawwachuu qabu. Kunis ka ta’uun qayyabannoolee fi adeemsa qarooma tokkichummaa Rabbii irratti bu’uure, kan bu’aa afuuraa fi safuus of keessatti hammate kan warra Dhihaa fayyadu, kan madaala namummaa, hawaasummaa fi qaroomaa isaaniif mirkaneessu kana dhiyeessuufiini.

Qaroominni warra Dhihaa kun nageenyummaa isaa kan hawaasaa, afuuraa fi namummaa isaa dhabaa dhufee jira. Duubatti deebi’iinsa isaa kanaan ofii fi cufuma dhala namaa irratti gaaga’amaa fi badii hawaasummaa, yakka dirqamaan qabeenyaa fi dachii namaa saamanii nama irratti of tuuluu, kufiinsa ykn kasaaraa qabeenyaa sammuu namaa keessatti ni uumama jedhamee hin yaadamin, kan booddee fi miidhaan inni dhaqqabsiisu maal akka ta’e Rabbii tokkicha malee namni biraa hin beeyne dhaqqabsiisuuf deema.

Kana ta’uu waliinuu, wanti warra Dhihaa irraa eeggamu, tuffii, cunqursaa fi dhiibbaa qarooma Isaamaa ittiin kuffisuuf taassisan san waliin marii fi walitti dhufeenyaan bakka buusuu qabu. Qaroomni Islaamaa qarooma kamiyyuu caalaa bu’uura namummaa kan akka inni yeroo dheeraaf jiraatu wabii ta’uuf qaba. Wanti beektota Dhihaa irraa eeggamu siyaasaa fi tooftaalee hayyoonni siyaasaa isaanii bifa bu’aa ummataa fi biyya isaanii hin eegneen itti fayyadaman kana irra deebi’anii ilaaluu qabu.

Siyaasni isaanii dhageettii namaa balaa lolaa, cunqursaa fi dhiibbaa namoonni bu'aa dhuunfaa isaanii kabachiisuuf qabsiisan, balaa namoonni bu'aa fi kaayyoo fokkisaa galmaan gayachuuf itti fayyadaman irraa gurra namaa duuchuufi. Akkasumas iyyiinsa warroonni ibidda jidduu qarooma Islaamaa fi Dhihaatti qabsiisan dhoksuufi. Qaroomni lamaan bifa wal-madaaliinsaa fi dagaagina qabuun waliin socha'anii sadarkaa raawwii qaroomaa irratti kortoo ol'aanaa irratti akka hin argamneef yaalii godhan ittiin dhoksuufi.

Gadaa kana keessa jidduu qaroomaatti wal'aansoon wal-irratti bayuuf taasifamu, fuulleffannaan isaa miira ofittummaa, kan mul'ata badaa qabu, kan ilaalchi isaa gabaabaa, kan addunyaan bal'aan faana isaa baadhachuu hin dandeenne, kan innii fi namoonni isatti nama yaamanis addunyaa ammaa keessatti iddoo hin qabneedha. Maaliif yoo jenne; yaamichi isaanii yaamicha gufuu, diigiinsaa, cubbuu fi balaa dhala namaa irratti uumuuti. Gatii balaa kanaas hawaasaa fi egaree dhaloota dhufuuttu kafala. Balaan isaan deemaniin kunis sammuu beektotaa jalaa dhokachuu hin qabu waan ta'eef isa diduu dhabuuf sababa hin qaban.

Dhuma irratti wanti beektonni hubachuu qaban, waliin mariin, waliin hojjachuun, qarooma Islaamaa, kan warra Dhihaa fi qarooma dhala namaa hunda wal-simsiisuun, bu'aalee fi muuxannoowwan wal-jijjiiruun gara guddina jireenya ilma namaa fi hawaasni waliin ta'ee bifa nagaya qabuun waliin jiraachuun tooftaalee qaroomina namaa kan gadaa ammaa kana irraa bu'aa waliinii fi babal'ina ittiin wal-jijjiiru jedhamee

kajeelamauudha. Mijaa'iinsi hawaan/uumaan kun gama dandeettii beekkumsaa, waa kalaqu, afuura wal-qixxummaa fi obbolummaatiin qabu dhimma dhala namaa hundaaf gayaadha.

## Dimshaashummaa Furmaataa fi Ga'umsa Maloota Bocuun Qabu

Burjaaja'iinsa xiinxala qarooma ummata Islaamaa mudate kana keessaa bayuuf wanti guddaan barbaachisu, keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa irratti hubannaa adeemsaa kan nagaya qabeessa ta'ee fi adeemsa eeggate qabaachuu qabna. Akkasumas seerotaa fi amaloota wantootaa, dhugaalee lafa irra turanii fi akkaataa seenaalee ummanni Islaamaa fi addunyaan guutuun keessa turan irraa gorsaa fi xiinxala fudhachuu qabna.

Hanga haaroomsi xiinxalaa bu'aa isaa galmeessisutti, warraaqsonni jijjiiramaa duudhaalee Islaamaa qulquleessuu, adeemsa imaammata barnoota ilmaan Islaamaa haaroomsuu, bu'uurota isaa kan barnoota xiin-sammuu fi

hawaasummaatiif bakkee guddaa qabu bocuuf tooftaalee saayinsaawaa ta'anitti fayyadamuun dirqama.Kana godhuun nama Muslimaa tokkoome, kan guddate, kan waa kalaqu danda'u, kan xiinxalli fi uumaan isaa wal-qixxaayaa ta'e, hawaasa waliin marii irratti bu'uure, kan jiruu kabajaa jiraatu, kan ijaarsa hawaasaa keessatti qaawwa/hanqinoota hunda cufu ijaaruuf bu'uura guddaa ta'a.

Mul'anni saayinsaawaan, kan adeemsa eeggate, kan Islaamawaa ta'e xiinxala Muslimaa kan sadarkaa bilisoomsuu fi

eenyummaa deebifachuu irra jiru haaroomsuuf tooftaa ykn karaa bareedaadha. Xiinxalli gaariin kun namaa fi dhaabbilee hawaasummaa ijaaruuf ummataaf haala mijeessa. Kunis imaammata barnoota guddisaa ilmaanii kan dhaloota ulaagaa dachii dhaaltummaa ilma namaa irratti guddisu, kan afuura Islaamawaa bilisa fi jajjaba ta'e, sammuu saayinsaawaa waan gaarii yaaduu fi waa uumuu danda'u horatu, nama Muslimaa hubannoolee Islaamaa isa sirrii ta'aniin isaan leenjisu barsiisuu irraa eegala.

Gama nama Muslimaa kan Rabbiin bakka bu'aa dachii isa godhe kanaa fi gama ijaarsa nageenyummaa aqiidaa, afuuraa, beekkumsaa fi hawaasummaatiin, ummatichi dandeettii ofii deeffachuu, dhaabbilee isaa ijaaruu, beekkumsa isaa tokkoomsuu fi wal-dhabbiilee siyaasaa isaa furuuf gidiraa fi humna fayyadamiinsa mul'atanitti daangaa godhuu danda'a. Sammuu fi adeemsi kun xiinxalaa fi hariiroo ummataa keessatti seera aqiidaa waliin marii bu'uura godhate lafa qabsiisuuf gahaadha. Akkasumas iddoo gidiraa fi humna fayyadamiinsaa san obsaa fi wal gargaariinsa bakka buusuun nageenyi, ijaarsi fi misoomni ummataa fi hariiroon hawaasa isaa jiddutti taassifaman akka hiddaan lafa qabatan godhuufis ni gargaara.

Iddoo gidira itti fayyadamuun malu sirritti beekuu fi lubbuu ofiis saniin daangessuun ijoo furmaataati. Ijoon kunis sababaan walitti bu'iinsaa, wal-dhabbii fi qabsoo wal-irratti labsuus waan fedhe haa ta'uu; wal'aansoo hadhaa ummata Islaamaa burjaajessee, humna dhaabbilee biyya bulchanii fi gareelee mormitootaas dadhabsiise san dhabamsiisuu danda'a.

Ammas wanti guddaan asitti itti akeekuu qabnu, waldhabbiin hidhannoo meeshaa waraanaatiin ummata Islaamaa jiddutti gareelee mormitootaa fi garee biyya bulchu jiddutti yeroo ammaa taasifamu wanti inni calaqqisiisu, miidhaa qaamonni biyya bulchan qaqqabsiisan, miidhama ummanni gama diingadee, hawaasummaa fi siyaasaa alaa fi biyya keessaatiin akka hubaman agarsiisa.

Kanaafuu, kutaan amantiin waa himatu mul'achuun, dhimma wayii amantii Islaamaatiin gama biraatiin walitti hidhuun wal-dhabbii gareelee fi qaamolee mormitootaa garii jiddutti argamanis amantiin walitti hidhuun, gara caaluu ololaa fi tooftaa gareeleen sun kaayyolee fi dararaa nama irraan gayan san dhoksuuf amantii dahoo godhachuun itti fayyadamaniidha.

Biyya Islaamaa keessatti nageenyi argamee jijjiiramni fiixa kan bayu yoo sonni gidira fayyadamuun hin ta'u jedhu miira hawaasa Muslimaa fi gareelee mormitootaa keessatti bocame qofa. Akkasumas, wal-dhabbiilee siyaasaa ummata dhiigaan tokkoo jiddutti argaman furuuf tooftaalee nagayaa kan waliin marii irratti bu'uure iddoo humnaa fi gidira fayyadamuu bu'uuf, yoo sonni kun hawaasa Muslimaa bal'aa fi ummata hundaaf akka ifa aduutti ifa galaa ta'eef qofa.

Hooggansa biyya bulchan irraa kan eeggamu, rakkinoota jiran ummata irraa qolachuu, miidhaa isaan irratti raawwatu hambisuudha. Wanti beektota, ulamaa'otaa fi guddiftoota irraa eeggamu immoo qayyabannoolee waa'ee itti fayyadama gidiraa ibsan bifa sirriin hubachuu, adeemsa waliin marii lafa qabsiisuuf

qaamota hawaasaa hunda waliin wal-gargaaruu, bu'aalee ummataa, tokkummaa isaanii fi mirga egaree isaanii murteeffachuu isaaniif kabachiisuu fi dhaabbilee ummata tajaajilan irra deebi'anii bocuuf kutannaan hojjachuudha.

Wal-dhabbiilee siyaasaa biyyoota Islaamaa keessatti baay'inaan mul'atan kana sababni ka'umsa wal-dhabbii kana inni dhugaa maal akka ta'eef bakkee kennuu dhabuun bu'aa dhaabbilee fi garee biyya bulchuu hin eegu. Sababoota siyaasaa, hawaasummaa fi diinagdee walitti bu'iinsa sanitti geessaniif gurra kennuu dhabuun sirnootaa fi garee Muslimaa wal-lolaniif dadhabina, kufiinsa, fashaliinsaa fi kisaaraa dabalataa malee homaa isaanii hin dabalu.

Gama biraatiin immoo, bifa seerummaa hin guuttatiniin qaama ala irraa biyya namaa seenee hawaasa cunqursee, xinneessee daangaa itti dabru irratti gidira fayyadamuun, yeroo gabaabaa ykn turtii dheeraan booda bu'aalee diinagdee, siyaasaa fi nageenyummaa biyyoota dhimma namaa keessa harka galfatanii san hubuuf, nagaya isaanii booressuu fi guddina isaanii gufachiisuuf tarkaanfii akka tooftaatti namni ykn gareen cunqurfame itti fayyadamuudha.

Mormiin ummanni miidhamaa fi cunqurfamaan qaama ala irraa seenee isaan gabroonfatu kana irratti taassisu yoo oobsanii baasii/aarsaa isaa baadhatan, nageenyummaa bu'aawwan diinni saamuuf xiyyeeffatu sanii ni dadhabsiisa, cunqursaa, xiqqeessaa, tuffii, ol'aantummaa, dhimma biyyattii keessa harka naqachuu, tokkummaa ummataa bittinneessuu fi

dhiiga dhangalaasuu boodaan kaayyoo inni ummata irratti galmaan gayuuf deemu san dhabamsiisuu keessattis gahee guddaa qaba.

Dhuma irratti tarkaanfiiwwan kun hunduu, qaama biyya roorrisu kana akka harka cunqursaa fi miidhaa ummata irratti diriirse san deeffatee, harka wal-gargaaruu fi waliin hojjachuu ummataaf diriirsu godha. Harka waliin hojjachuu fi wal-gargaaruu kana diriirsuun immoo hariiroo gareewwan namummatti amanan hariirowwan jidduu isaanii irratti bu'uureffataniidha.

Akka dubbiin safartuu adda addaatiin hin madaalamnee, akka hubannoon namaa sababa duula ololaatiin karaa sirrii irraa hin dabnee fi dhimmi bu'uuraa wal-dhabbiiwwan siyaasaa lubbuu namoota nagayaa hedduu galaafate furuu akka ta'e hubachiisuuf garaagarummaa amala waraana qaama seeraatiin (mootummaan) gaggeeffamuu fi kan gareewwan bilisa baasaa ummataatiin bifa mormiitiin gaggeeffamu jidduu jiru beekuu qabna. Waraanni garee lameeniituu amala, kaayyolee fi galma gayuuf karoorfate qaba.

Waraanni mootummaa namoota siivilii fi lubbuu nagayaa hin barbadeessu jechuun dhugaa miti. Inumayyuu baay'ina lubbuu galaafatamtuu osoo fudhannee lubbuun namoota nagayaa fi dadhaboo ta'anii kan lola mootummaan gaggeeffamu irratti galaafatamu dachaa lubbuu waraana garee mormitootaatiin galaafatamuuti. Sababni isaas hooggantoonni waraanaa fi humni isaanii xiyyeeffannaa guddaa kan itti kennan kaayyolee waraanaa

fi siivilii osoo hin taane, kaayyolee tarsiimoo kan yaada lolli sun itti jalqabameef galmaan gayee kisaaraa hir'isuudha.

Hooggantoonni waraanaa hanga danda'ameen hawaasa siivilii fi lubbuu namoota nagayaa galaafachuu irraa of qusatanis, garuu sababa meeshaan waraanaa itti fayyadaman meeshaa haaraya ammayyaa ta'ee fi tarsiimoowwan isaan irratti fuulleffatanis waan isaan dirquuf, lubbuu namoota nagayaa dhuman kana irraa qulqulluu ta'uu hin danda'an.

Gama biraatiin immoo, hooggantoonni waraana garee mormitootaa, tooftaaleen waraana isaanii dadhabaa fi humna waraana seeraan leenji'ee qophaayee fi meeshaalee waraana isaanii kan baay'ee barbadeessaa ta'e san dura dhaabbachuu waan hin dandeenneef, yeroo hedduu dirqamni Istiraateejii isaanii akka isaan lammiilee nagayaa rukutan isaan dirqa. Kun immoo waraana ammayyaa kana keessatti hawaasni nagayaa rukuttaa qaama waraana mootummaa fi garee mormitootaafis akka saaxilamu taassisee jira.

Inumaa meeshaan waraanaa ammayyaa kun baay'ee kan nama barbadeessu ta'uu fi waraannis kaayyolee tarsiimoo irratti fuulleffachuun isaanii, akka ummanni siiviliin balaawwan hedduu garee mormitootaa irraa isaan hin qunnamin, humna waraana seeraan hidhatee irraa isaan qunnamu godha. Isuma kana hedduu waraana jaarraa digdammaffaa keessa gaggeeffamaa ture irraa kan argine.Kanaafuu sona Islaamaa fi namummaa kan waan hunda keessattuu bira dabarsuu dhabuu jedhu saniin masakamuun hooggantoota waraana seeraa fi garee mormitootaafis qajeelcha

hojii ta'a. sona kana jala deemuun isaanii ajjeechaa, qabeenya galaafatuu fi kaayyolee waraanaa galmaan gayuuf wantoota balleessuun dirqama hin ta'in, kan akkuma lola yeroo kamiittuu bira kutuu danda'an irraa of qusachuuf isaan gargaara.

Yaada dabre kana irraa amala waraana mormitootaa, tooftaalee isaanii fi gochoota isaan ittiin daangeffaman, hanqina baay'ina isaanii kana cufuuf jecha rukuttaa adda addaa bifa tarsiimoo eeggateen gara human isaaniin loluutti aggaamuu isaanii hubanna. Kanas kan godhaniif, diinni isaanii waraana qindaa'e kan meeshaa waraanaa ciccimoo hidhate ta'us, ijjannoo diina isaanii raatessuuf jecha isaan duchisiisuuf, humna isaanii keessatti soda buusuuf, dandeettii loluu isaanii dadhabsiisuun humna gahaa fi meeshaa hedduu qabaatanis akka isaan hirreega isaanii irra deebi'anii hojjatan isaan dirqisiisuufi.

Fakkeenya lola garee mormitootaa kan qaama seeraatiin hin gaggeeffamin kan gama lameenuu irraa lubbuu hedduu galaafatee buufataalee tajaajila ummataa heddu barbadeesse keessaa: lola warraaqsa Faransaayotaa, lola mormitoonni Raashiyaa waraana addunyaa lammaffaa irratti humna waraanaa booji'aa biyya Jarmanii irratti taassisan, lola gareen mormitoota Aljeeriyaanotaa humna weeraraa Faransaay irratti taassisan, lola mormii Viitnaamonni humna waraana Faransaayii fi Ameerikaa biyya isaanii weeraruuf dhufe irratti godhan, warraaqsa mormitoonni Kaatoolikii Ayerlaandii garee Pirootestaantii Ayerlaandii kan lakkoofsaan baay'ee ta'e irratti gaggeessanii fi kanneen biroos dachii Eeshiyaa, Afrikaa fi Laatin Ameerikaa keessatti hedduudha.

Miidhaa cunqursaa fi daangaa namatti dabruun qabuu gurra ergisuu dhabuun ykn cunqurfama kana ofitti fudhachuun dirraan dhayachuu fi gidira fayyadamuu keessatti miira ofii too’achuu dhabuun waldhabbii siyaasaa fi waraanaa hedduu fidaa ture, hanga ammaattis fidaa jira. Kunis kan ta’eef, gareewwan wal-dhaban yaalii nama abdii kutatee waan gaggeessaniif, qaamni tokko isa kaan irratti ol ta’ee akka inni quf hin jenne isa waan godheef ykn gareen tokko isa hafe akka inni dubbii uumee balatti seenuuf duubaan waan dhiibuufi.

Kun immoo waraanaa fi wal-dhabbii gareen mootummaa fi mormitootaa wal-jiddutti gaggeessan hunda keessatti akka namoonni nagayaa, namoonni dadhaboo fi qaamoleen siivilii hedduun aarsaa guddaa kaffalan, akka dhiigni isaanii dhangala’uu fi akka mirgoonni isaanii irraa sarbaman taassisee jira. Harki diinaa fi qaama nama cunqursuu haguma fedheyyuu diriiru/turus, sonni wal-qixxummaan bu’uura nagayaa fi tasgabbiiti jedhu sona sirrii ta’ee hafa.

Walumaa galatti wal-waraanuun cunqursaa namummaa ta’ee hafa. Kun immoo faallaa obbolummaa namummaa kan uumamaan jiruu fi hariiroo nagayaa waliin qabaniiti. Sababni wal-waraanuu kunis kaayyoon gargar ta’uu fi xurreen addaan goruuti. Kanaafuu wal-waraanuu kanatti murtii kan kennu madaala wal-qixxummaa, dirqamummaa fi bira dabarsuu dhabuudha. Kana jechuun madaala waraanaa kan murteessu kaayyolee fi safuu namummaati malee gosaa fi tooftaalee teknolojiitii miti.

Bu’aa garee addunyaa alaa fi keessaa wal-lolanii kan ta’e hariiroo waliin qaban keessatti gidira balaaleffachuu fi mirgoota namummaa isa bu’uuraa kabajuudha. Addunyaa dhiphoo tana keessatti wal-qixxeessuu fi wal-gargaaruun bu’aa garee hundaatuu akka mirkaneessu shakkii hin qabu. Akkasumas egaree dhaloota dhufuutiif nagayaa fi badhaadhina guddaa akka argamsiisu shakkii hin qabaatu.

Gareeleen Islaamaa kanneen jijjiiramatti yaaman kan cunqursaan isaan mudatu, dhaabbilee siyaasaa biyya isaanii tooftaalee nagayaa qofaan falmachuu qabu. Bifa obsaa fi bilchina qabuun miidhaa qaamoleen biyya bulchan nama irraan gayuu danda’an bifa nagayaa ta’een baadhachuu qabu. Isa kana xurreen jijjiiramaa fi haaroomsatti nama geessu. Akkuma ilaalchi fi xiinxalli namaa mul’isuttis, tooftaan kun karaa Islaamaa kan dhuma irratti haaroomsaa fi jijjiiramatti nama geessu, cunqursaa ummata irraa kaasu, kan ummata tokkochoomsu, kan seera nageenyummaa, wal-qixxummaa, waliin hojjachuu, guddinaa, tasgabbii fi waliin marii hawaasa Islaamaa jiddutti mijeessuudha.

Qaamonni ummataa fi qarooma jiddutti wal-dhabbii, diinummaa fi wal-waraanuun akka argamuuf tattaaffii taassisan immoo, karaa sirritti deebi’uu qaban. Dabiinsaa fi diigamiinsa nama jiddutti uuman irraa buqqa’uu qabu. Sababni isaas dhalli namaa kana caalaa walitti bu’iinsa dhiiga walii dhangalaasuu ilaaluu hin danda’u. walitti bu’iinsa kanaa oliitiif aarsaa kaffalee gara jabeenna isa keessatti uumamuu fi balaawwan isaa danda’ee hin baadhatu. Beektonni fi hayyoonni nagayatti nama yaaman osoo yeroon hin dabrin dura warroota yaamicha farra nagayaa

qabatani yaa'an kana irratti duuluun, rakkinoota eegaree namaa fi qarooma namummaa kuffisuuf deeman kana dura dhaabbachuu qabu.

## Rakkinootaa fi of Eeggannoowwan

Sosochiin hawaasaa bifa ykn boca geengoo qabaata. Geengoon kunis qacceelee lamaan wal-faallessan irra naannaya. Akkasuma akkaataan sosochii dhala namaa kunis akkuma geengoo kana taateewwan isa irratti sochii wayii geessuu danda'aniin jijijjiiramaa dhufa. Qacceen lamaan kunis badhaadhinaa fi kufiinsa, ykn nagaya, tasgabbii fi ijaarsaa ykn gidira, cunqursaa, gargar ciccituu, tasgabbii dhabuu fi waa diddiiguudha.

Ummanni fi hooggantoonni siyaasaa fi xiinxala ummataa bifa ykn boca kana sirritti hubachuu qabu. Taateewwan gama gaarii fi hanqina hawaasaa kana irratti jijjiirraa fidan beekuu qabu. Eega kana beekaniin booda taateewwan gaggaarii cimsuun akka hawaasichi gama nagayaa, tasgabbii fi ijaarsaatti guddatu jajjabeessuu fi taateewwan hanqinaa kanneen sosochii hawaasaa gama kufiinsaa, fashalaayuu fi tasgabbii dhabuutti nama geessanitti karaa cufuu irratti hojjachuudha.

## Haaroomsi Guddisaa Bu'uura Dandeettii fi Tasgabbiiti

Dhimmoota baay'ee sirrii hin ta'in keessaa, haaroomsaa fi jijjiirama akka dhimma xiinxalaa, dhimma aqiidaa fi akka dhimma akkaataa guddisa dhalootaa kan lubbuu fi miira namaa keessatti gadi dhaabbatee jiru, kan ummata keessa akka dhiigaatti yaa'uu fi kan akka dhagaatti boolla qotate ta'uu isaa wallaalanii akka cal-jedhanii waa qindeessuu, tartiibessuu fi caaseffamuma

bulchiinsaa qofa keessatti ajaja ittiin dabarsuuf akka waan kaayameetti ilaaluudha.

Ga'een xiinxallitootaa, beektotaa, ulamaa'otaa, guddiftootaa, ga'een abbootii fi hooggantoota siyaasaaa aqiidaa, safuu fi hubannoowwan sirrii ta'an miira ilmaan ummataa keessatti yeroo daa'imman qeensa baasan irraa eegalee hanga dhumaatti amala gaarii isaan keessatti biqilchuun ga'ee wal-guutiinsaa taphachuudha. Si'a san daa'imman kunniin guddisa isaanii kanaan ala waan biraatiin hin argan, bu'uura isaatiin ala waan biraa hin hojjatan. Dhimmoonni bu'uuraa isaan irraa baratan sun dhaloota san biratti argama isaanii, mul'ataa fi ka'umsa xinxala isaaniitiif akka afaan jalqabaatti itti fayyadamu.

Kanaafuu, ga'een hayyootaa fi beektotaa hundi ijaarsa adeemsa waa guddisuu kan wal-guutiinsa qabu, kan adeemsi isaa sirrii ta'e, kan duudhaan isaa qulqulluu ta'e, kan guddisa Muslimaa keessatti gama dagatame hunda hubatee itti deebi'u kennuu irratti waliin sosocho'uu qabu. Bu'uurota guddisaa san keessaa guddisni siyaasaa isa tokko. Innis bu'uura Islaamaa kan obbolummaa, waliif birmachuu, wal-qixxummaa, waliin mari'achuu, garaa waliif laafuu, hariiroo hawaasaa keessatti tola walitti ooluu irratti hundaa'eedha. Bu'uurri nagayaa, tasgabbii fi badhaadhinaa kan ijaarsi ummataa irratti fuulleffachuu qabu kan gama tasgabbii, waa uumuu fi ijaarsaatti nama geessu isa kana.

## Dhooyiinsa Gidira Siyaasaa Addunyaa Islaamaa Keessatti Mul'atan Irratti Dogongoroota Baay'inaan Mul'atan

Hanga tooftaaleen guddisa Islaamummaa nama dhuunfaa fi garee keessatti ga'ee isaa kan eenyummaa nama Islaamaa kan adeemsa saayinsaawaa qabu, kan dandeettii beekkumsaa qabu, kan humna waa kalaquu gahaa qabuu fi kan ergaa nagayaa amantiin Islaamaa addunyaaf fide bakkaan gayuu danda'u bocuu fi hiddaan lafa qabsiisuu san galmaan gayutti, dhooyiinsa gidira siyaasaa kan biyyoota Islaamaa hunda keessatti yeroo gara yerootti mul'atuun nagayaa fi tasgabbii isaanii booressan kana hubachuu qabna.

Yeroo duudhaan baay'inaan ummata jiddutti mul'atu, adeemsa jijjiiramaa fi haaroomsaa kan hubannaa Islaamummaan nagayaaf qabu hin beekne keessatti, hooggantoonni fi mootonni addunyaa Islaamaas hubannaa kana salphamatti fudhachuun bifa irra gubbaa qofaan hubannaa fi qorannaa gayaa tokkoon ala ilaalan. Qaamoleen bulchiinsaa kunis xiyyeeffannaan isaanii guddaan laaluu komii fi ba'aa madaallii fi jijjiirraa of irraa lafa kaayuun, qaama isaan hin ta'in irratti komii fi ba'aa kana irratti gatuudha.

Biyyoota addunyaa Islaamaa hunda keessatti, hawaasni bal'aan keessattuu dargaggoonni hiyyummaa, bakkeen kennamuufii dhabuu fi haalli jiruu, barnootaa guddisaa fi tajaajila bu'uuraa isaanii hedduu dadhabaadha. Akkasumas wallaalaa fi hoji dhabdummaanis hedduu babal'atee mul'ata. Kanuma waliinuu, ilmaanuma biyya sanii keessaa namoonni lakkoofsaan muraasa ta'an qabeenya biyyattii keessaa dhibbeentaa guddaa

dhuunfachuun sadarkaa qisaasessuu, badhaadhina bira kutee fi jiruu bal’aa keessa jiraatan.

Dallansuun, aarii fi abdii kutannaan dargaggoota kana irraa mul’achuun homa jiru. Akkasumas lubbuun isaanii waanyoon waan guutameef, hawaasa, dhaabbilee isaa fi qaamolee bulchiinsa biyyattii irratti onneen isaanii garee fi dhuunfaanis gara gidira fayyadamutti dabdi.

Dargaggoonni dallananii fi waanyoon guutaman kunniin tooftaalee mallaqaa fi hamilees kan harkaa fi xiinxalli isaanii itti gayuu danda’u kamiyyuu itti fayyadamuun bu’aa warraaqsa, diddaa fi haloo isaanii bayachuu saniif oolchuun isaanii homa jiru. Kana booda tooftaan kun kan baay’ee barbaachisuu fi salpahaa ta’ee argamuun namoonni hedduun bu’aa warraaqsaa fi fincila hawaasa irratti godhan irratti dhimma itti bayuu eegalu.

Dogongorri guddaan qaamoleen biyya bulchan raawwatan, dhimma kana salphaadha jedhanii osoo keessa isaa gadi bu’anii hin hubanne dhiisuun lubbuu isaanii itti gaafatamummaa jalaa baasuuf tattaafachuun isaanii dhimmicha xaxamaa godhee rakkina uumamus dachaan dabalee jira. Qaamoleen bulchiinsaa kun yeroo baay’ee sababa dhugaa kan gareelee finciltootaa kana hiyyummaa, wallaala, dhibee, dadhabinaa fi tuffatamutti isaan geese kana ifatti beekuu hin fedhan. Inumayyuu, qilleensa finciltootaa kana qabbaneessuuf jedhanii, gareelee kana irratti hacuuccaa fi dhiibbaa irratti gaggeessu. Sababni isaas haaroomsaa fi jijjiiramni dhimma salphaa miti. Gargaartota namummaa fixatan, kan dhibee

sammuutiin tuqamanii gooftama isaan ajaju qofa jala fiigan hedduu qabu waan ta’aniif, nama gidiruu fi hacuucuun isaaniif salphaadha.

Furmaanni sirriin qaamoleen bulchiinsaa kunniin miira ofii too’atanii, namoota dhuunfaa fi gareelee humna fayyadamutti daban kana irraa hacuuccaa kaasuu qabu, babal’achuu gidiraa kanaas daangaa itti godhuu qabu. Adabbiin seera eegee kennamuu qaba. Ammas nama kallattiin yakka raawwateef laatamuu qaba malee, dhaaba san deeggara, xiinxala san qaba ykn harka keessaa qabaachuu hin oolu jedhanii shakkimaan hawaasa nagayaa hunda walitti haranii miidhuun hin ta’u. Akkas godhuun dubbii oo’isee geengoo rakkinaa dabalaa deema. Dandeettii fi humna hedduu galaafata.

Miira tasgabbii fi nageenyummaa ummata irraa fuudhuun akka isaan of duuba hin deebinee fi dogongora san irraa hin baranne godha. Waa’ee kanaa irratti immoo gorsaa fi akeekkachiifni seenaa keenna irraa fudhachuu dandeennu baay’eedha. Yeroon balaan ka duraa caalee argamu yoo faanni gidiraa fi hacuuccaa sun eenyummaa ummatichaa fi sonoota isaanii dhaabbatoo hin jijjiiramne qaqqabeedha. Isuma kana kan yeroo ammaa biyyoota Islaamaa keessatti argaa jirru. Amantiin Islaamaa, Islaamummaa fi xiinxalli haaroomsaa waan ummata ittiin sodaachisan, kan namni ittiin yakkamuu fi afuurri maqaa waan kanaa yaame hundi kan ukkaanfamu ta’aa dhufe.

Kana jechuun yakki jiru gidira/cunqursa osoo hin taane eenyummaa fi aantummaa namaati. Kun immoo akka ummanni

eenyummaa ofiitti qaanfatee, hidhaan hawaasummaa jidduu isaanii jiru addaan citu godha. Diinnis yeroo kana dadhabbii ummataa kana argee, walitti bu'iinsa dheeraa keessa akka galan godhee, dhooyiinsa volkaanoo kan ibiddi isaa yoomiyyuu hin dhaamne jiddutti qabsiisee akka ummanni sun jireenya bu'uurri hamilee fi qabeenya isaaniis kufe keessa jiraatan godha.

Kanaafuu, ummata Islaamaa fi mootota isaanii irraa wanti eeggamu, rakkinoota kanaa fi tooftaalee sirrii rakkina kana ittiin furan hunda beekuu qabu. Akkasumas tarkaanfiiee rakkinoota kana dhaabuu fi guutumatti hiddaan buqqisuus gargaaranis fudhachuu qabu. Tooftaa hacuuccaa dur hordofaa turan san irraa guutumatti gara haaroomsaa, nagaya buusuu fi tasgabbii argamsiisuutti fuula isaanii naanneffachuu qabu. Kaayyoo kana galmaan gayuuf, qaamoleen bulchiinsaa tarkaanfiilee dhugaa ta'an fudhachuu qabu. Isaan keessaa:

**Tokkoffaa**: Gareeleen siyaasaa fi xiinxalaa hunduu bifa ifa galaa fi shakkii tokko hin qabneen gidiraa fi humna fayyadamiinsa akka tooftaa miidhaa isaan qunname of irraa deebisuutti ykn akka tooftaa jijjiirama fiduutti itti fayyadamuu dhaabuun seera bu'uuraa: 'wanti ka'umsi isaa siyaasa ta'e, siyaasaan malee hin furamu' jedhu jala deemuu qabu. Akkasumas hawaasni bal'aan hundinuu bifuma kamiinuu dhimma siyaasa ummataa irratti gidira fayyadamuun seeraan ala akka ta'e akeekkachiisuu qabu.

**Lammaffaa**: Gareen ykn qaamoleen bulchiinsaa eenyuun durayyuu of tasgabbeessuu qabu. Akkasumas gidira gidiraan deebisuu keessatti bira dabarsuu hin qaban. Namootas sababa aantummaa fi eenyummaa isaatiin adabuu irraa of qusachuu qabu.

Namoota yakka dalaguu ykn shira nagaya booressuu keessaa jiran/harka qabu jedhamanii ragaan seeraa irratti ragame qofa osoo namoota biraa itti hin makne tarkaanfii seeraa irratti fudhachuu. Badii abbaa tokkoo kan biraa hin baadhatu, namni nagayaa yakka namni biraa raawwateen hin faalamu.

**Sadaffaa**: Kabajaa hawaasaa tiksuuf, maddeenii fi sababoota dalagaaf karaa saaqan namootaa banuuf, cufuma jiraattotaatiif tajaajila bu'uuraa isaanii guutuuf fi dhimmoota akka hawaasni dallanan ykn fincila kaasan isaan taassisan hundeen dhabamsiisuuf, sababoota himannaa ummataa fi rakkinootatti isaan geessan dhabamsiisuuf, bifa gadi bu'iinsa qabuun hojiin itti fufiinsa qabu karoorfamee hojjatamuu qaba.

**Afraffaa**: Sadarkaa barumsaa fi leenjii ummataa ol kaasuu irratti kutannaan dalaguu fi ummataaf qajeelcha kennuu akka sagantaa bulchiinsaatti dursa kennuufii irratti dalaguu qabu. Leenjii ummataa fi barnoota isaaniitiif baajanni gahaan ramadamuu qaba. Wal-dorgommii ummatootaa fi qarooma jiddutti taassifamu irratti wanti guddaan jijjiirama fiduuf gahumsa qabuu fi kaayyoo barbaadame fiixaan baasuu danda'u, dandeettii humni hojjattoota ummataa hojii itti kenname raawwachuu irratti qaban, dandeettii waa uumuu isaanii, gahumsi isaan oomishtummaaf qaban, soorata qabeenya qabanii bifa seer-qabeessaan soorachuu fi maddeen qusannaa galii Invastimantii irraa argamu qusachuuf gahumsa isaan qabaniin madaalama.

Kan armaan olitti tarreessine kunniin tarkaanfiiwwan bu'uuraa kan qaamoleen bulchiinsaa geengoo jijjiirama fiduu ittiin babal'isanii, suutuma suutaan geengoo humnaa fi gidira fayyadamiinsaa ittiin dhiphisaa dhufuun, haalaa fi akkaataa

jireenyaa keessatti hanga danda’ameen jijjiirama gadi fagoo ta’e ittiin fiduu danda’aniidha. Tarkaanfii kanatti gargaarsifachuun dhaloonni dhufan dandeettii isaanii, gahumsaa fi cimina isaanii ittiin madaalu. Sagantaalee fi hubannoowwan akkaataa guddisaa kan dandeettii waa kalaqiinsa qarooma Islaamaa calaqqisiisu kan bu’uurri isaa sona Rabbiin tokkochoomsuu, naamusa raawwii hojii fi amaanaa bakka bu’ummaa bayachuu keessattis tarkaanfiileen kun shoora guddaa qabu.

Suuta suutaan geengoo itti fayyadama humnaa dhiphisaa dhufuun bifa itti fufiinsa qabuun dhala namaa hacuucuu irratti duuluun, akkasumas dhimmoota guddinaa fi jijjiirama saffisuuf gargaaran faana bu’uun, karaa tokkicha hoggansa ummataa tasgabbitti geessuu, kan gidira dhaabsisuu fi kan gahumsa, kabajaa fi dandeettii namaa cimsuu keessatti isaan gargaaruudha. Bu’aan jijjiirama kanaas muka daraaraa qabu kan ilmaan ummataa hundi firii isaa irraa nyaataniidha.

## Bilisummaa fi Shororkeessummaa

Ummanni Islaamaa, hawaasaa fi biyyoonni isaaniis guutuu jaarraa Digdammaffaa irraa kaasee hanga ammaatti naannoo duwwaa wal’aansoo fi dadhabinaa kan saamtonni qabeenyaa fi gabaa isaanii saamuuf itti bololi’an ta’ee jira. Kanattis dabalee dhaalli seenaa kan waanyoo fi bololi’iinsaan guutame biyyoota Islaamaa dirree koloneeffattootaa fi weerartoonni irraa dheedan, dirree lolaa fi shira xaxiinsaa taasisee jira.

Kun hunduu biyyoota Islaamaa akka addunyaatti biyyoota baay’ee hiyyeeyyii fi rakkoo godhee jira. Hedduun dachii isaaniis

weerara, duulaa fi kolonii saamicha lafaatiin kan guuttamteedha. Sababoota cubbuuwwan, bololaa fi waraana kanaatiin, biyyoota addunyaa kamiyyuu caalaa biyya buqqaatonni fi baqattoonni itti baay'atan isii godhee jira.

Ummanni Islaamaa kun ol'aantummaa qaama biyya isaanii weeraru mormuun, diina dachii isaanii saamee, isaan weeraree, dimogiraafii biyya isaanii jijjiiruuf deemu kana of irraa qolachuuf dammaqinaan ka'anii mormii godhuun isaanii homa jiru. Kolonii diinni biyya namaa mooyuuf deemuu fi haala qubsuma ummata biyyattii diina alaa fidaniin bakka buusuuf deemamu mormuun waan biyyoonni Islaamaa qofti gootee miti.

Garuu humni koloneeffataan kan humna miidiyaalee addunyaa hunda harkaa qabu mormii ummata kanaa irratti fuulleffachuun maqaa isaanii xureessuu danda'ee jira. Jihaada biyya isaanii bilisa baasuuf taassisan akka gocha shororkeessuutti ibsa. Miidiyaaleen kunniin yeroo mormii ummanni diina of irraa qolachuuf gaggeessu kana shoroka jedhanii dubbatan, biyya ykn ummata mormii kaase san qofa irratti hin dhaabbatan. Cufuma ummata Islaamaa fi amantii isaanii shororkeessaa jechuun maqaa xureessu.

Miidiyaaleen addunyaa tattaaffii ummanni Muslimaa diina biyya isaa weerare of irraa qolachuuf taassise hunda shorokeessa jechuun, akka biyyoota Islaama hin ta'inii biyya san qofa mormuu osoo hin taane, ummata Muslimaa kan tokko shanaffaa baay'ina ummata addunyaa ta'e guutuu fi amantii isaanii Islaamummaa shorokeessa jechuun maqaa isaa xureessu. Sabani isaas miidiyaaleen diinaa kun jibbaa ummata Muslimaa

waan qabaniifi, mirga bilisummaaf mormachuu isaanii harkatti jibbu.

San qofatti hin dhaabanne, inumayyuu biyyoonni Islaamaa kan biraa biyya Islaamaa tan cunqurfamte san maddii akka hin hiriirre sagalee isaanii ukkaamsuuf dhiibbaa irratti gaggeessu. Kun immoo akka lolli isaanii biyya cunqurfamtuu san qofa osoo hin taane addunyaa Islaamaa hunda irratti fuulleffate, akka miirri diina qolachuu ummata keessatti cabee biyyootaa fi ummata san cabsanii hamilee isaanii hunda kuffisuuf karoorfatan mul'isa.

Biyya Ispeen naannoo Paask jedhamutti, biyya Biriiteen naannoo Kaaba Ayerlaandaatti fi biyyoota biraa kan akka Baha Awurooppaa fi Ameerikaa Kaabaa keessatti warraaqsonni ka'aa turan shororkeessa turan. Garii biyyoota kanniinii keessatti shororkeessummaan seenaa dheeraa dhiigaan guutame kan namoota nagayaa fi gosoota hagoo kan akka Muslimoota lakkoofsaan muraasa ta'an irratti gaggeeffameen beekama. Kanaaf biyyoonni Baha Awurooppaa fakkeenya guddaa ta'u.

Garuu Miidiyaaleen addunyaa weeraran yakkoota jiraattota biyya takkaa jiddutti raawwate kan baay'ee suukaneessaa ta'e kana, xiqqoma itti akeekuun akka dhimma salphaa tokkootti bira kutu. Galtee kana duubaan qaama shira xaxetu jira malee, dhimma waldhabbii ummataa, amantii ykn walitti bu'iinsa qaroomaatii miti jechuun bira kutu.

Kanaafuu galteen akkasii sun akka warra Dhihaatti, akka Awurooppaanotaatti, akka Kiristaanotaatti, akka Kaatolikiitti,

akka Ispeenotaatti fi akka Ayerlaandotaatti gocha shorokeessaa hin jedhamu. Kuni gocha waa dhoosuu ykn yaalii ajjeechaa miseensonni garee kanaa ykn sanii raawwateedha jedhu. Tariitii miseensa dhaaba/garee *Iitaa (ETA)*, yeroo garii garee dhaaba *Arri Aay (RI)* yeroo garii immoo dhaaba kana ykn sani jedhu malee, akka yeroo rakkinni tokko nama Islaamaa irraa argame Islaamaa fi ummanni isaa shororkeessaadha jedhan sanitti ummata isaanii, amantii ykn qarooma isaaniitiin shororkeessa hin jedhan.[16]

Humna bilisa baasaa fi gareelee Jihaadaa kan diina alaa biyya koloneeffatuuf dhufe of irraa qolachuuf tattaaffii godhan maqaa shororkeessaa jedhu itti maxxansuun, akka garee qofattii miti amantiis isaanitti maxxansuun wanti inni mul'isu, humni koloneeffataa kun dhiphummaa gosummaa, ol'aantummaa ana malee jedhu of keessaa qabaachuu mul'isa. Akkasumas akka humni kun aadaa fi qarooma ummatoota biraa saamu mul'isa. Gochoota cunqursaa akkanaa kanneen qarooma warra Dhihaa fi humna koloneeffataa bira jiru kana mormachuun ka'umsi isaa kaayyoo guddaa 'nagaya egaree fi qarooma dhala namaa nagaya qabeessa godhuu, dhala namaa dhiphummaa gosummaa kan dhibeewwan namaa hedduuf sababa ta'ee jiru kana irraa haa bilisa baasnu jedhu irraa ka'uun dirqama ta'a.

---

16 - IRA akka fakkeenyaatti kaafne. Innis garee dhaabbata Kaatoolikii biyya Ayerlaandii kan garee Pirootestaantota Ayerlaandii irratti gocha hacuuccaa raawwachuun beekamuudha. Maqaan garee kanaa guutuun, Waraana Rippublikii Ayerlaand (Irish Republic Army). Garu biyyoonni Dhihaa fi miidiyaaleen isaanii waa'ee dhaaba kanaa irraa yakka inni dalage kan maqaa warra Dhihaa xureessu dubbachuu miti, maqama guutuu garee/dhaaba kanaatuu hin dubbatan.

Dhugaan nama kamiyyuu jalaa dhokatuu hin qabne, jechi shorokeessa jedhu hojii gidira kan iddoo kamittuu jiraattonnni gariin jiraatota isaan biraa irratti kaayyoo fi fedhiiwwan isaanii kan siyaasaa guuttachuuf jecha yoo raawwatan ittiin ibsamuudha. Kun immoo cufa gochoota hacuuccaa biyyoota Baha Awurooppaa fi Dhihaa, akkasumas biyyoota Ameerikaa keessatti raawwatan hunda qixxisa. Gochi ummatoonni hacuuccamanii fi cunqurfaman qaamni diinaa alaa dhufe irratti gidira fayyadamuu immoo gocha lubbuu ofii irraa deebisuu ykn lubbuu ofii baraaruuti. Akkasumas ummatoonni diinaan weeraraman kunniin ummata isaanii fi dachii isaanii bilisa baasuuf, furmaanni seera qabeessi isaan qaban, diina weeraraa, koloneeffataa fi saamichaaf deeman kana irratti duuluun of irraa qolachuudha.

Namoonni miira namummaa qaban, kanneen bilisummaa fi walabummaaf tumsan hunduu gochoota shororkeessa siyaasaa kanneen namoonni dhuunfaa fi gareewwan muraasni fedhii siyaasaa mataa isaanii guuttachuuf jecha biyyaa fi ummata irratti raawwatuun nagayaa fi tasgabbii ummata sanii ittiin booressanii fi mirga ummanni cunqurfamaa fi miidhamaan qaama koloneeffataa, weeraraa fi cunqursaa biyya isaanii weeraree qabeenyaa fi dachii isaanii hunda saame of irraa qolachuuf qaban walitti laaquu hin qabu.

Siyaasa ummata nagaya kabachiisuuf tattaafatanii, siyaasa mootummootaa fi dhaabbilee miidiyaalee Islaamaa fi siyaasa humnoota nageenyi egaree addunyaa isaan yaaddessu hunda keessatti garaa garummaan jidduu shorokeessaa fi bilisummaa barbaaduuf qabsoo gaggeessuu ifa ta’uu qaba. Qaamoleen kunniin yakka shorokeessummaa fi waraana diina

biyya weerare of irraa qolachuuf, gabrummaa, hacuuccaa fi cunqursaa jalaa bayuuf qabsoo ummanni godhu walitti laaquun karoora qaamni weeraraan hawaasa nagayaa irratti baafate galaana gayuuf jecha nageenya namummaa addunyaa booressuu hin qaban.

Gama addunyaa Islaamaa, ummataa fi mootummoota isaa ilaalchisee, xiinxala ummataa, beektotaa, hayyootaa fi gaggeessitootaa keessatti wanti ifa ta'uu qabu jihaada diina alaa galee biyya namaa weeraree, mirga Muslimootaa sarbe of irraa qolachuuf taassifamuu fi gocha shorokeessa jidduu ummata ykn maatii tokko addaan cicciruuf, isaan sodaachisuun tokkummaa isaanii dhabamsiisuuf gaggeeffamu sirritti addaan baafachuudha.

Diina koloneeffataa tooftaa kamiinuu of irraa qolachuun seerris ni hayyama, ummatoota cunqurfaman san irratti dirqamas ta'a. kaayyoo haqa qabeessa galmaan geennee iddoo tarsiimoo diinaa kamiyyuu rukutuuf tooftaa barbaachisu fayyadamuu qabna. Tooftaalee waraana mootummaa fi waraana bilisa baasaa keessatti fayyadamaman kan arginee fi kanneen seenaa waraanaa keessatti dubbifne keessaa kan malu fayyadamuu qabna.

Tooftaalee seenaa waraanaa irraa dubbifne keessaa kan waraana addunyaa lammaffaa irratti magaalota Heerooshimaa, Nagaasaakii, Landanii fi Haambargi irratti raawwatame, booda irra immoo waraana Veetinaam, waraana ziyoonistootaa fi Falasxiinotaa, waraana Raashiyaa fi Afgaanistaan fi kanneen biroos hedduudha. Garuu waraana ummata Muslimaa kan adda godhu miira itti gaafatamummaa qabaachuu, bira dabarsuu dhabuu fi tarkaanfiin fudhatamu hanga silaa dirqama ta'u qofa irratti dhaabbachuudha.

Wanti beekkamaan, ummatoonni diinaan cunqurfamanii hacuuccaman kunniin gareewwan bilisa baastota isaaniitti fayyadamuun qaama koloneeffataa meeshaalee waraana gurguddatti fayyadamu kana dura dhaabbachuun wanta baay'ee ulfaataa ta'eedha. Waraana meeshaalee gurguddaa kana guututti hidhatetti kallattiin deemuun injifatamiinsa fiduun isaa waan shakkii hin qabne.

Kanaafuu ummanni fi gareen mormattoonni kun yoo ummataa fi dachii isaanii bilisa baasuu fedhan, carraan isaan qaban lola riphee loltummaa gaggeessuu qofa. Lolli kun bifa kaayyoo Istiraateejii eeggateen iddoo ijoo waraanaa daangessa. Kunis weerartoota rifachiisa, ni sodaachisa. Akka isaan humna dabalataa fi meeshaalee gatii gurguddaa nama baasiisan dhiyeeffataniif isaan dirqa. Kunis hawaasni mootummaa koloneeffataa kun hooggantoota siyaasaa fi waraana isaanii irratti dhiibbaa godhuun akka isaan waraana labsan kana irratti bu'aa fi kisaaraa isaanii hirreegan isaan dirqa. Ammas baasii humna waraana dabalataa barbaaduu, lubbuu isaanii dhabamanii fi rakkinoota waraana irra gayan madaalutti isaan geessa. Hawaasa san jiddutti soda, dhama'iinsa, rifannaa, miira nageenyummaa biyya isaanii, tokkummaa isaanii, waraanaa fi bu'aa diinagdee dhabuuf isaan saaxila.

Waraana diinaa tokko rukutuun wanta beekamaa fi ifa galaadha. Garuu humna waraanaa kan meeshaa lolaa hundaan qophaaye kallattiin qunnamuun wanta baay'ee ulfaataadha. Lola gama garee mormitootaa irraa gaggeeffamuun baay'inni waraana diinaa kan hubamuu danda'an muraasa. Garee mormitootaas loltoota isaa dhabuuf saaxila.

Wanti barbaadamu namoota wayii ajjeessuu ykn waraana diinaa kana injifachuu osoo hin ta'in, diina sodaachisanii, akka inni yeroo hundaa humna dabalataa yaamatu godhanii, hawaasa, dhaabbilee fi waraana isaa jiddutti olola sodaa naquun akka isaan miira nageenyummaa dhabanii fi dandeettiin raawwii geejjibaa fi diinagdee diinaa akka dadhabu godhuudha. Kanaafuu tooftaalee siiviliis ta'ee kan waraanaa kamiyyuu yoo kaayyolee kanatti nu geessa ta'e diina of irraa qolachuuf itti fayyadamuun dirqama ta'a. Tooftaaleen kunis kisaaraa diinaa dachaan dabala, ni fashaleessa, kisaaraa garee mormitootaa ni laaffisa. Qaamni koloneeffataan akka inni hirreega isaa irra deebi'aa dalagee, harka hacuuccaa, saamichaa fi cunqursaa ummata dadhabaa kana irraa kaasuuf isa dirqa.

Muuxannoon ummatoonni Awurooppaa, Hindii, Chaayinaa, biyyoota Kibba Baha Aasiyaa, Laatin Ameerikaa, Misrii, Algeeriyaa fi Afgaanistaan diina koloneeffataa dachii fi qabeenya namaa saamu jalaa bilisa bayuuf qabsoo taassisan irratti qaban kana fakkaata. Seenaa ammayyaa keessatti amalli waraana ammaa kana fakkaata. Addunyaa ammaa keessatti gorsi garee bilisa baasaa fi mormitootaa irraa argamu kana fakkaata.

Akka addaatti hooggantoota ummata Islaamaa wanti yaadachiisuu qabnu dirqamni ummatoota cunqurfaman irra jiru diina of irraa waraanuudha. Garuu wanti gareeleen bilisa baasaan, Mujaahidoonni fi gareen mormitootaas beekuu qaban, waraana banuun mataa isaatti kaayyoo miti. Waraana labsuun yaalii isa dhumaati. Amantiin Islaamaa yeroo hundaa miirri haqqummaa, itti gaafatamummaa bayachuu fi bira dabarsuu dhabuun akka namatti dhagayamu dirqama godha.

Kanaafuu, loltoonni Mujaahidootaa, mormitootaa fi hooggantoonni garee bilisa baastotaa biyya kamittuu, haala kamiyyuu keessatti yoo waraana banuuf dirqaman, kaayyoo isaanii seer-qabeessa ta'e galmaan gayuuf hanga gaafa lolli dhaabatuutti tooftaalee waraanaa hanga dirqama ta'e qofatti fayyadamuu qabu, bira dabrsuun dhoorgaadha. Akka walii galaatti ummanni addunyaa hundi, akka addaatti ummata Islaamaa irraa wanti eeggamu immoo, biyya hunda keessatti hanga danda'aniin nama miidhameef tumsuu qabu. Addatti isa gatanii irraa dheessuu hin qaban.

Wanti guddaan nama hunda yaadchiisuun dirqama ta'u, rakkinoota lolli fiduu fi gocha shororkeessitootaa suukaneessaa ta'e san hiddaan dhabamsiisuun kan danda'amu hundee ka'umsa rakkoolee sanii qorannee dukkana ummanni keessa jiru san dhaamsinee, rakkinaa fi cunqurfama isaaniitti daangaa godhuun ummata miidhamaniif haqa isaanii birmanneefii haqqummaa, wal-qixxummaa fi waliif mararfatuun sababni rakkoowwanii dhabama, gaaziin abidda balaatti naqamu dhaabbata. Yeroo san deeggarsi ummanni hojii gidiraatiif taassisu dhaabbata.

Addunyaa ammaa kan ganda tokko taatee namni kamiyyuu balaa isii keessatti gaggeeffamu irraa nagaya bayuu dadhabe tana keessatti nageenyi kan argamu yoo haqqummaa fi wal-qixxummaan jiraate qofa. Ilmi namaas cunqursaa fi waraanaaf harka kennachuun rakkinoonni balaan kunniin fidan akka bineensa bosonaatti akka itti fuftu godhuu hin qaban. Namummaan bosonaa miti. Dhalli namaas bineensaa miti. Nagayaa fi nageenyummaan miira humna loltootaa cunqirsitootaa keessaa haqamee jira. Hooggantoonni siyaasaa

sadarkaa bilchina siyaasaan dhala namaa gaye hubachuu qabu. Nageenyi dachii hunda wal-gayee mirgi nama hundaatuu dhugumaan haa kabajamuu yoo barbaadan, dukkana qarooma kana keessatti uumaman afaan haqqummaa, wal-qixxummaa fi siyaasaatiin furuu qabu malee sibiilaan, seera bineensa bosonaatiin ykn akka Yeyyiitti waan hunda baraaxessuunii miti.

## Muslimoota Lakkoofsaan Hagoo Ta'anii fi Qabsoo Bilisummaa

Muslimoota hagoo hawaasni guddaan Muslima hin ta'in keessa jiraatanii ilaalchisee, isaan bifa lama qabu:

**1ffaa-** Muslimoonni hagoon kun biyya nama Muslimaa ykn ummatoota biraa kan mit-Muslima ta'an miidhuu fi cunqursuu keessaa harka hin qabne keessa jiraachuu ykn lammii biyya sanii ta'uu fi

**2ffaa-** Muslimoonni hagoon kun biyya nama Muslimaa ykn ummatoota biraa kan mit-Muslima ta'an miidhuu fi cunqursuu keessaa harka qabdu keessa jiraachuu ykn lammii biyya sanii ta'uudha.

Haala lameenuu keessatti, Muslimoonni hagoon kunniin biyya san keessatti, murtiilee siyaasaa biyyoota sanii keessatti karaa kallattiinis ta'ee al-kallattiin qooda siyaasaa keessaa qabu waan ta'eef, gama tooftaalee nagayaatiin Muslimootaa fi ummatoota biraa cunqurfaman gargaaruu, diina irraa dhoorguu fi isaanii birmachuu qabu. Kana jechuun, Muslimoonni hagoon kun homa fedheyyuu taanaan gama siyaasaadhaan miidhaa tokko dhaqqabsiisuun alatti akka biyyi isaanii mirga namoota Muslimaa fi Muslima hin ta'inii kanneen dharaan miidhamanii

cunqurfamanii kana irratti murtii siyaasaa wal-qixxummaa mul’isu fudhattu dhiibbaa irratti godhuu qabu.

Kunis kan ta’uun ofii obsuu fi namoota biroos oobsisiisuun akka dhugaan baatee cunqursaan hiddaan buqqifamtu godhuuf tattaaffii godhuu qabu. Wal-qixxummaan bu’uura Islaamummaa fi hawaasummaa waan ta’eef irraa duubatti deebi’uun hin jiraatu. Ummanni Muslimaa kun siyaasa dogongoraa ykn nama Muslimaa, kan Muslima hin ta’in, kan biyya sanii ykn kan biyya biraa miidhuu kamiyyuu keessatti hirmaachuu hin qaban. Hirmaachuu dhabuun isaanii kun mirga isaaniiti, mirga miira isaaniiti, dirqama namummaa fi Islaamummaa isaaniiti.

﴿ وَتَعَاوَنُواْ عَلَى ٱلۡبِرِّ وَٱلتَّقۡوَىٰۖ وَلَا تَعَاوَنُواْ عَلَى ٱلۡإِثۡمِ وَٱلۡعُدۡوَٰنِۚ ٢ ﴾ المائدة: ٢

*[Toltuu fi sodaa (Rabbii) irratti wal-gargaaraa. Badii fi diinummaa irratti wal-hin gargaarinaa] (Al-Maa’idaa: 2).*

Akkuma jiraattota biyya sanii kamiyyuu, namoonni lakkoofsaan hagoo ta’anii fi ilmaan biyya tokkoo hunduu kaayyoo isaanii galmaan gayachuuf jecha, ilmaan biyya isaanii kamiyyuu irratti gocha gidiraa fi humna fayyadamuun gaggeessuu hin qaban. Asitti galmi itti gayuuf yaadan tooftaalee itti fayyadaman namaaf hin hayyamtu. Humna fayyadamuun sun sonoota Islaamni rakkinoota hawaasa tokko jiddutti uumaman furuu fi nagaya, tasgabbii siyaasaa fi hawaasummaa dhala namaatiif fiduuf itti fayyadame faallessa waan ta’eefi[17].Kunis

[17] - Fakkeenya gadaa nabiyyii keessa argame ta’ee amala hariiroo qaama keessaa fi alaa jidduu jiru ifa nuu godhuuf gargaaru keessaa tokko, araara

Hudeeybaa jidduu ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* fi Qureeyshotaatti bu'e booda waan argameedha. Qabiyyeen Walii galtee araara kanaa: namni Muslimoota keessaa dheessee gara Qureeyshotaa dheesse isaanuma biratti hafa qabamee gara Madiinaa hin deebifamu. Namni Qureeyshota jalaa bade gara Muslimootaatti baqate immoo Qureeyshotaaf qabamee kennama. Kana irraa wanti hubannu: tokkoffaa: Muslimoonni Makkaan keessatti hafan haaluma nagayaa san irra turan. Turtii Makkaan keessa turan san guutuu miidhamni hedduun Qureeyshota irraa isaan hubus, walii galtee nagayaa kana osoo hin cabsin turan. Kana jechuun waraana ergamaan *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* Rabbii Qureeyshota irratti gaggeessan irratti isaanii tumsuuf jecha lola hin kaafne.
Muslimoonni walii galtee kana booda Makka irraa baqatanii gara Madiinaa dhufan immoo ergamaan Rabbii walii galtee san kabajuuf jecha qabanii isaan deebisaa turan, akka isaan Madiinaa keessa jiraatan isaaniif hin hayyamne. Garuu baqattoonni kun gara Makkaatti hin deebine. Karaa daldaltoonni Makkaa irra galan irratti eeganii duula isaan irratti banuun, soda onnee isaaniitti darbanii nageenya daldala isaanii harkaa booressanii turan.
Wanti asitti hubachuu qabnu, ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* waan gochi isaanii kun gocha nageenyummaa Muslimoota Makka keessatti hafanii hin faallessineef, akkasumas eega Makkaan keessaa baqatanii jalaa bayan jiraattota achii waan hin jedhamneef, waan walii galtee ergamaan Rabbii Qureeyshotaaf mallatteessanis hin faallessineef gocha isaanii kana hin mormine. Baqattoonni kunniin Makkaan irraa qaama alaa ta'anii argaman. Miidhaa Qureeyshonni Muslimoota irraan gayan ittisuu fi haloo miidhama isaanii bayachuuf tarkaanfii sirriidha jedhanii yaadan kamiyyuu

dhugumaan namni inni fayyadu namoota jijjiiramatti nama yaaman akka isaan jecha dhugaa ummata dhageessisaniif, yaamicha gaarii isaaniif dhiyeessaniif isaan gargaara. Humna cunqursaa fi abbaa irrummaa akka isaan dachii keessatti fi gabroota irratti badii hin dalagne seerummaa irraa saaqa. Muslimoonni hagoon haaluma hunda keessattuu karoora Islaamaa kan humna fay yadamuu dhabuu jedhu jala

---

fudhachuu danda'u. gocha isaan raawwataniif Muslimoonni karaa nagayaatiin Makka keessa jiraatanii fi ergamaan Rabbiitis *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* irraa hin gaafataman.

Barnoonni guddaan, yeroo ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* hawaasaa fi mootummaa Madiinaa hundeessanii, Qureeyshota waliin wal-waraanaa turan sanitti, yeroo Muslimoonni walii galtee Hudeeybiyyaatiin Makkaan keessaa baqatan daldaltoota Qureeyshaa karaa irratti eeganii doorsisaa turan sanis, gareen Muslimootaa kan Makkaan keessa jiru siyaasaa ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* keessaa hin baane. Kana jechuun haala nagayaa kan humna fayyadamuu dhabuu san irraa hin baane. Ergamaa Rabbiitiif tumsuuf jecha gosa isaanii Qureeyshaan irratti lola wayiituu hin banne.

Kunis wal-dhabbii siyaasaa biyya keessaa irratti tooftaa nagayaa fayyadamuu akka qabnu, humna fayyadamuu akka hin qabne nutti agarsiisa. Kunis osoo qaamni alaa kan miidhaan irratti gaggeeffamaa jiru sunis ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* fi biyya Muslimootaatis kan ta'u ta'ee, gidiratti akka amanuu hin qabne nu barsiisa. Gosoonni hagoon ykn ummatoonni gariin waan seera kana sirritti hin hubatiniif jecha miidhamni guddaan isaan irra gaya.

masakamuun isaan eeguuf, akka isaan biyya san keessatti fi hawaasa san jiddutti dhageettii qabaatan godhuuf tooftaa baay'ee barbaachisaadha. Akkasumas akka isaan siyaasa biyya sanii bocuu keessatti hirmaataniifis, akka xalayaa Islaamaa kan qaroomaa fi jijjiiramatti yaamtu ummataan gayaniifis, ummatoota Muslimaa fi Muslima hin ta'in kanneen cunqurfaman baraaruu keessatti akka isaan gahee guddaa qaban taasisuufis tooftaan nagayaa dursa qabaachuu qaba. Muslimoonni hagoon akka jiraattotaatti, akka hawaasa tokkootti ummata isaaniitti baquun, gama siyaasaatiinis jijjiirama fiduuf isaan waliin dalaguun, isaan fayyada, ummata sanis fayyada, ummata Islaamaa fi dhala namaa hunda fayyada.

## Lola Gosaa

Haallan walitti bu'iinsa siyaasaa kanaan dura dubbanneen ala haalli addaa nuti dubbachuu qabnu, haala lola gosaati. Haalli kunis kan sirritti mul'atu, biyyoota haaraya gosummaa irratti hundaa'an kan koloniin Awurooppaanotaa boca gosummaa irratti walitti qindeessan keessatti. Hawaasa akkasii san keessatti miirri gosummaa, sabummaa fi aadaa gar-malee mul'ata. Gosti hunduu gosa biraa mooyuuf, gabroonfachuu fi itti fayyadamuuf tattaaffii taassisa.

Dhaalli Impaayera irraa argamee fi haalli koloneeffattoonni ummata ittiin mooyuu fi humna ofii cimsachuuf mijeeffatan, akka biyyi gariin ummata tokkoo olii fi gosoota heddu of keessatti hammatu taassisee jira. Haalli kun immoo walitti bu'iinsa gosti gariin isa kaan mooyuuf kuun immoo isa kana cunqursuuf mirga namummaa walii sarbaniif

karaa saaqee jira. Kunis walitti bu'iinsa cimaa uumuun gosti takka ol'aantummaa isa kaanii jalaa bayuuf jecha lola cimaa wal-jiddutti akka banan godhee jira.

Haalli wal-dhabbii gosoota jiddutti uumamuu kun walitti bu'iinsa siyaasaa gosa tokko ykn fira tokko jiddutti uumama caalaa gara bifa walitti bu'iinsa sadarkaa addunyaatti dhiyaata. Kanaafuu walitti bu'iinsi akkanaa kun yoo jidduu gosootaatti cime, bifa waldhabbii addunyaa fudhachuun lola gosaa jedhamee fudhatama. Biyyoonni gariinis garee walitti bu'e keessaa gama tokkoo goruun walitti bu'iinsa kana dhaabsisuuf jedhanii, bifa bu'aa isaanii eeguun ykn mirga namummaa kabachiisuuf jedhanii dhimma biyyattii san keessa harka naqatu.

Haalli akkanaa kun jaarraa 19ffaa fi walakkeessa jaarraa 20ffaa keessa biyyoota sadarkaa addunyaatti ciccimoo ta'an uumuuf sababa ta'ee jira. Fakkeenya biyyoota akkasii keessaa tokko: Rippaablikii Ayerlaandaati. Wanti har'a Ayerlaandaa Kaabaa keessatti taassifamaa jiru, itti fufiinsa waan seenaa Ayerlaandaa keessatti argamee tureeti. Yeroo kutaa Impaayera Biriiteen turtetti, odoola Ayerlaandaa keessaa kutaan Kibbaa guddaan fincila kaasee adda citee, Rippaablikii Ayerlaandaa kan ummata Kaatolikii Ayerlaandaa bakka bu'u hundeesse.

Wanti nama ajaa'ibu, tartiibni koloneeffattootaa ummatoota Islaamaa hedduus haala Ayerlaandaa kanaan qubsiisan. Diinni koloneeffataan ummatoota Muslimaa qoqqoodanii garii isaa gosa biraa kan isa cunqursu kan mirga namummaa isaa irraa sarbu jalatti ida'anii biyya uumuun akka inni ukkaamamu taassisan. Kun immoo ummatoonni sun akka ibidda qabsoo qabsiisanii fincilatti ka'an isaan taassisaa ture,

fuul-durattis fincilli ittuma fufa. Fakkeenyi kanaa homa biyyoota Afrikaa, Kibba Baha dachii Eeshiyaa, biyyoota Impaayera Sooveet turanii fi biyyoota Baha Awurooppaa keessatti argaa jirruudha.

Ka waan hunda caalaa nama ajaa'ibsiisu, ummatoonni Muslimaa kunniin cunqursaa fi gidira hedduuf saaxilamuu waliinuu, humnoonni addunyaa warra Dhihaa mirga mormachuu Muslimootaa kana mormu. Akka ummanni kun diina of irraa hin qolanne dhoorgu, mirga egaree isaanii ofin murteeffachuu irraa sarban. Hirreega mirgaa fi dhiiga ummata kanaa dhangala'u irratti bu'aa mataa isaanii mirkaneeffatu. Inumayyuu ummata dadhabaa humna hin qabne kana shorokeessa Islaamummaa jechuun maqaa isaanii xureessu.

Kanaafuu, biyyoota haalli bocamiinsa isii gosummaa adda addaa ta'e keessatti walitti bu'iinsi ummataa fi sabootaa bifa lola addunyaa waan fudhatuuf, walitti bu'iinsa siyaasaa biyya tokkoo fi hawaasa tokko kan firummaa dhiigaa qaban, kan aantummaa tokko qaban, kan gama aadaa fi seenaatiin hidhaan firummaa fi dhiigaa walitti qabdu, kan walitti bu'iinsi siyaasaa isaan jidduu sun bu'aa waliinii argamsiisuuf jecha bifa nagaya qabeessa ta'een mormii gaggeessan jiddutti argamuun hariiroo hin qabaatu.

Gosoota walitti bu'iinsa siyaasaa adda addaa fi hubaatii gama hawaasummaatiin fidu irratti hubannaa ifa galaa ta'e qabaachuun dirqama. Kunis akka walitti bu'iinsi kun bifa wal-qixxummaa irratti hundaa'een addunyaa ganda takka taate tana keessatti nama ammayyaa kana harka isaa qabee gara haqqummaa fi nagayaatti fiduufi. Haqqummaa fi nageenni

jireenya ilma namaa ijaaruuf dhuka mi'aa qaroomni namaa utubaa isaa cimsuun qabuudha. Akkasumas dhuka addunyaan ogummaa harka ofiitiin uumte kan biyya hunda galaafatu kan harka namaa fi hooggantoota siyaasaa hedduu keessatti argaman kana irraa ittiin baraaramtuudha.

## Dhibee Gosummaa Horummaa Fi Qoricha Wal-Qixxummaa Obbolummaa Namummaa

Gaaffiin sababoota isa duubatti dhokatanii jiran waliin deebii itti deebisuun gaarii ta'u:

- Gidira akkanatti baay'atee addunyaa hunda wal-gaye kanaaf eennutu irraa gaafatama?

-Eennutu argamuu isaatiif sababa ta'e? Ibiddi gidiraa akkamitti magariisaa fi gogaa hunda walitti qabdee, namoota miliyoonaan lakkaayaman osoo yakkamaa fi nama nagayaa, sivilii fi humna waraanaa, kan fayyaduu fi kan miidhaa qabu jettee addaan hin baafne gubdee fixxe?

– Akka waan homa tokko irratti walii galuu hin danda'iinitti, ummatootaa fi hooggantoota jiddutti haasoyni wali-faallessu maaliif uumama? Shororkeessi maali, qabsoon/mormiin maali?

- Eennutu nama miidhaadha, eennutu miidhamaadha? Ga'een amantiiwwanii, qaroominaa fi bu'aawwanii maali?

  - Lola kana keessatti mirgoota namummaa kan jedhaman maal fa'a, bu'aawwan ofittummaa gosummaa hoo maal fa'a?

– Osoo ummatoota biraatiin miidhamanii cunqurfamanii xiqqeeffamanii jiraatan, Muslimaa fi amantiin Islaamaa akka

ummatoota, qaroomaa fi amantii biraatti maaliif hin fudhatamnee akka diinaatti ilaalama?

Kan waan hunda caalaa nama ajaa'ibu, amantiin Islaamaa maqaan isaa xureeffamee faallaa waan inni dalaguu isatti maxxansuudha. Amantiin Islaamaa amantii nagayaati. Amantii tokkichummaa Rabbii ragaa bayu, amantii obboluummaa, haqqummaa fi itti gaafatamummaati. Amantii eennuyyuu caalaa jireenya kana kabajee eeguudha. Amantii jireenya namaa kana karaa sirriin ala hin miineedha. Dirrema waraanaa keessattuu yeroo diina of irraa qolatu nama isaan loluun dirqama ta'e malee hin waraanu.

Amantiin Islaamaa walitti bu'iinsaaf sababa guddaa kan ta'e gosummaa irratti ni duula. Sababa guddaa wal miidhiinsaa kan ta'e bu'aa horummaas (akkuma horii bu'aa ofii qofa irratti fuulleffachuu) ni morma. Cunqursaan seenaa Islaamaa keessatti argame kan cunqursaa ummatoota biraatiin walitti hin madaalamne sun, maddi ka'umsi isaa hambaalee jaahiliyyummaa irraa aadaalee ummatoota Muslimaa keessatti waan hafee fi ummanni sun gosummaa fi akkuma horii bu'aa ofii qofaaf caccabuuf waan faalamaniifi.

Kanaafi wanti seenaan Muslimootaa miidhaa fi cunqursaa gosummaa kan seenaa ummatoota hedduu xureesse irraa wanti inni qullaa ta'eef. Sababuma kanaafi wanti seenaan Muslimootaa fi qaroomni Islaamaas qajeelcha beekkumsaa fi qaroomaa irraa gara wal-galaafatuu fi wal barbadeessuutti deemuu irraa wanti inni qullaa ta'ee beekkumsa nama fayyaduu fi ogummaan ijaarsaa wanti keessatti baay'ateef.

Fiqhii Islaamaa keessatti halkan dhokatanii diina waraanuun gaaffii baay'ee guddaa beektota hirriba dhoorge ta'ee argame. Innis tasa namoota nagayaa miidhuun mala jedhanii nama kamiifuu hin hayyamne. Haalli inni itti hayyamame yoo jiraate haga muraasa yoo diinni nu injifata, namoonni dhugatti nama yaaman ni injifatamu jedhamee gara caalu itti amaname qofa.

Kan hunda caalaa nama ajaa'ibu, diinni koloneeffataan gosummaa fi faaydaa ofii qofatti amanu amantii Islaamaa irratti duula banuudha. Diinni amantii Islaamaa shororkeessaa jedhee maqaa xureessu kun seenaan isaa cubbuu, cunqursaa, balaawwan gurguddoo jaarraalee dheeraaf gosoota lakkoofsaan muraasa ta'an irratti gaggeessaa turaniin kan guutameedha. Seenaan isaanii, sababa walitti bu'iinsa amantiitiin midhaanii fi finni lafa irraa bade, jaarraa hedduuf ajjeechaa fi gorraasaa ummatootaa fi gosoota Ameerikaa lamaan irratti raawwataa turan, gocha suukaneessaa dachii Afrikaa fi Eeshiyaa koloneeffachuuf taassisan, gorraasaa Istaaliinii, naaziyyootaa fi faashistootaa, balaa waraana keemikaalaa, Heerooshiimaa fi Nagaazaakii irratti boombii darbachuu, Falasxiiniin keessatti lafa ummataa saamanii ummata irraa buqqisanii baqataa godhaniin kan guutameedha.

Qaroomni koloneeffattoota gosummaa fi akka horii faaydaa ofii qofatti amananii meeshaalee waraanaa kan addunyaa guutuu jidduu ganamaa fi galgalaatti dhaba godhuu danda'u oomishee, nageenya ummata irraa fuudhee, halkanii fi guyyaa hiika dhabsiisee, nama dadhabaa bakka itti baqatu dhabsisee, nama ykn horii boqonnaa dhabsiisee, jidduu nama nagayaa fi waraana hidhatee addaan baasuu dhabee nagaya addunyaa hunda

booresse. Wanti guddaan isaan biratti Istiraateejiidha. Cubbuu fi yakka kana waliinuu qarooma isaanii kana qarooma namummaa irratti hundoofte tan mirga dhala namaa kabajju, kan guddinaa fi badhaadhina namaaf mirkaneessitu jedhanii dhaadhessu.

Ilmi namaa, nama kan ta'u irree isaatiin, akka horii haafayuun, nama miidhee dhiiga namaa dhangalaasuunii miti. Kun hunduu hanqinaa fi badii namaa mul'isa. Namni nama kan jedhamuun safuulee isaatiini, amala gaarii qabaachuuni, haqqummaa, wal-qixxummaa fi waan gaarii namaa yaaduuni. Namoonni Rabbitti amanan, obsa walli dhaamu garaa waliif laafuu waliif dhaamu.

Itti gaafatamummaan walitti bu'iinsa, wal-ajjeechaa fi wal miidhuu yeroo ammaa addunyaa kana irratti adeemsifamaa jiru gara qarooma ammayyaatti deebi'a. Sababnis qarooma kanatu hiikkaa obbolummaa namummaa dhabamsiisee hariiroo namaa keessatti wal-qixxummaa morme. Gosummaan, haafayuu fi faaydaa ofii qofaaf caccabuun akka amaloota qarooma kanaatti mul'atantu dhala namaa kana gara ilaalcha gosummaatti kakaase. Kun immoo gosummaa faaydaa ofiif qofa qabeenya horachuuf caccabuu baay'isa, jidduu dhala namaatti addaa addummaa cimsaa deema. Maqaa bu'aa biyyaatiin wal-miidhuu fi wal-cunqursuu namatti bareecha. Ol'aantummaa nama/gosa muraasaa, balaa waraanaa, miidiyaalee kijibaniif, akka fedhii fi kajeellaatti madaalliin wal-dhabuuf karaa saaqa.

Rakkinni guddaan dhala namaa gadaa kana keessa qunnamaa jiru, jechi dharaa ol'aantummaa argatee, cunqursaan waan gaarii ta'ee, gosummaan amala horii kan faaydaa mallaqaa

fi ofittummaa irratti ijaarame uffata namummaa fi guddinaa uffatee mul'achuu isaati.

Dhalli namaa namummaa isaatti deebi'ee qoqqooddaa badii kana yoo qarooma ofii jidduu hin buqqisin, kufaatiin namummaa fagoo miti. Tariitii eega miilli isaa daaqe malee arguu dhabuu dandeenna. Kanaafuu dhalli namaa gatii dhimma ofii fi qarooma isaanii deeffachuun dirqama. Ilaalcha isaanii gara amantii Islaamaatti taassisuu qabu. Ergaa Islaamaatti fayyadamanii gosummaa, nama irratti ol ta'uu, ofittuummaa fi faaydaa mallaqaatiif jecha akka horii bololi'uu irraa of qulqulleessuu qabu. Dhugumaan hiika obbolummaa, wal-qixxummaa fi hariiroo namaa keessatti tola namatti ooluu mirkaneessuuf tattaafachuu qabu. Sunis nagayaa fi tasgabbiin dhala namaa ganda addunyaa tana irra jiraataniif akka mirkanaayuuf gargaara.

Ummatoonni cunqurfaman kan Muslimaa fi Muslima hin ta'inis dhugaan isaanii baatee, mirgi isaanii kabajamuu qaba. Lafa namoota cunqurfamanii irratti wanti argamaa jiru hedduun isaa miidhaa, cunqursaa, saamicha qabeenyaa fi lubbuu namoota diinonni baasaniif deebii kennuuf tattaaffii godhamuudha. Kunis diinni koloneeffataan mirga isaanii sarbee akka isaan abdii kutatanii mormiif hidhatanii lubbuu ofii irraa deebisaniif isaan kakaasee jira. Diinni yeroo ofii lafa namaa saamee lubbuu baasu mirga qaba jedha. Yeroo namoonni dadhaboon humna hin qabne kun diina qolachuuf ka'an shorokeessitoota jechuun miidiyaaleen addunyaa hundi isaan abaara.

Obbolummaa, wal-qixxummaa fi itti gaafatamummaan namatti dhagayamuun alatti addunyaa kana irratti nagayaa fi

tasgabbiin gonkumaa hin argamu. Akkasumas kaayyoo Islaamni deemuuf sirritti hubannu malee, ololaa fi kijiba miidiyaan hafarsuuf gurra ergisuun alatti murtii goonu irratti haqqummaan jiraatu malee addunyaan nagaya hin argattu. Qaamni nama miidhu sun qajeelu malee, jallina, dabnanaa fi diinummaa ofii san irraa as deebi'u malee, xiinxala isaa badaa san irraa qulqullaayu malee, nageenyi fi tasgabbiin argamuun hiika hin qabu.

Yeroo san addunyaan dhandhama nagayaa, qananaii tasgabbiin qabuu fi mi'aa obbolummaa argiti. Yoo akkas ta'ee argame miirri aantummaa namummaa fi gara laafiinsa namaa dallawa wal-jibbuu fi wal irraa dheessuu amala horii, kan qaama namaa qotee fixee, miira namummaa isaa dhiigsee dhangalaasee, kaayyoo silaa inni dachii kana irratti argameef harkaa balleesse san injifatee argama.

## Xumura

Qajeelchi Qur’aanaa fi adeemsi sunnaa nabiyyii, walitti bu’iinsa hawaasa tokko jiddutti uumame irratti humna fayyadamuu irraa dhoorga. Wanti siyaasa ta’e kamiyyuu hawaasa tokko jiddutti siyaasaan, tooftaa nagayaatiin furama. Dhimmi ummata kanaa ilmaan ummataa jiddutti waliin mariin gaggeeffamu malee hin ta’u.

﴿وَأَمۡرُهُمۡ شُورَىٰ بَيۡنَهُمۡ ٣٨﴾ الشورى: ٣٨

*Dhimmi isaanii (ka ta’uun) jiddu waliitti waliin mari’achuuni] (Ashuuraa: 38).*

Yoo gareen wayii garee biraa kan miidhu ta’e, dhimmicha qaama seeraa ummataan bakka buufame, kan nagaya hawaasichaa eegutu, bifa nagayaa fi araaraa ykn bifa maluun fura. Kuni filatamaadha. Yoo garee san keessaa tokko nama miidhuu dhiisuu dide, qaamni seeraa kun yakka san irraa isa dhaabsisuuf jecha tooftaalee kamittuu fayyadamee, yoo dirqama ta’e humnas fayyadamee isa adabuu dirqama qaba.

Haalli kunis yoo hawaasni bal’aan walitti bu’iinsa siyaasaa jidduu gareelee isaatti uumaman furuu keessatti sona karaa nagayaatiin mormachuutti gonkumaa amanuu dhabe qofa. Garee kamiifuu, osoo qaama bulchiinsaas ta’ee kaayyoo ofii galmaan gayachuuf jecha ykn cunqursa nama irra gaye jalaa baasuuf jecha humna fayyadamuu hin qabu. Sababni isaas namni gama humna fayyadamuutti dabe, abbaa fedhes haa ta’u ummata biratti fudhatama hin qabaatu, deeggarsa isaaniis hin argatu. Yoo jaallina ofii san irraa kan hin deebine ta’e, bu’uurri humna isaa laamshayuun, tumsi inni nama biraa argatu dhabamuu fi deeggarsa ummata bal’aa dhabuun isaa waan shakkii hin qabne.

Mormii ummata gadaa kanaatiin mootii cunqursaa irratti taassifamee fiixa baya keessaa tokko adeemsa warraaqsa Iiraanotaati. Warraaqsi kunis tooftaa nagayaa qofatti waan fayyadameef, waraana Impaayera biyyattii kuffisuu danda'ee jira. Warraaqsa gadaa kana keessa taassifamee kisaaraa guddaa fide keessaa immoo warraaqsa Aljeeriyaanotaati. Fincilli sunis ummata bal'aa fi humna waraana biyyattii walitti oofee, hamilee ummataa kuffisee, lubbuun namoota kumaatamaan lakkaayamanii galaafatamtee, dandeettii fi gahumsi ummanni qabu hundi fashalaayee ture.

Yoo cunqursaan gama qaama koloneeffataa alaa irraa dhufe ilmaan hawaasa sanii keessaa muraasa bitee isaanitti fayyadamuun hawaasa lamaan kan walitti buusuuf deemu ta'e immoo, seerri gubbatti dubbanne kan walitti bu'iinsa garee hawaasa tokko jiddutti uumame furuuf hayyamame fayyadamuun hin ta'u jedhu sun sirrii ta'a. sababni isaas hawaasni tokkichi ofumaa wal-waraanuun hawaasichuma san dadhabsiisa, qaama koloneeffataa nama miidhu saniif immoo haala mijeessa waan ta'eefi.

Kanaafuu kan kallattiin irratti xiyyeeffatamuu qabu diina alaati. Bu'aawwan isaa kallattiin rukutuun akka inni diinummaa, miidhaa fi saamicha qabeenya namaa irratti gaggeesse saniif gatii kaffalu taassisuu fi loltoota garee mormitootaatiif immoo gargaarsa ta'uu, hawaasa bal'aa irraa deeggarsa akka argachuu qaban godhuun dirqama. Haala adeemsa kana jala masakamneen, kisaaraan xinnaataa dhufa, birmannaan hawaasa bal'aa dabalaa deema, nagayaa fi tasgabbii loltoota mormitootaatiif gaachana ta'a. Inumayyuu ilmaan biyyattii keessaa garee diina alaatiin

muudamee biyya diina jalatti bulchu sanuu akka isaan karaa sirritti deebi’an taassisa.

Dhimma kana irratti fakkeenyota fiixa bayan keessaa tokko warraaqsa mormii Aljeeriyaanonni diina kooneeffataa Faransaay irratti taasisan, warraaqsa mormattoonni Veetnaam Kaabaa weerara Faransaayotaa fi Ameerikaanotaa irratti taasisanii fi warraaqsa jihaadaa Afgaanonni kolonii Sooveet Raashiyaa of irraa deebisuuf taassisan fa’a.

Fakkeenyi biraa kan hanga har’aa milkaaye keessaa tokko, adeemsa warraaqsi mormattoota biyya Falasxiin humna weeraraa ziyoonistootaa of irraa qolachuuf taassisaa jiruudha. Warraaqsa isaanii kana keessatti mootummaa isaanii irraa goruun xiyyeeffannaa isaanii diina qofa irratti taassisuun isaanii warraaqsa kanaaf carraa deeggarsa, jaalalaa fi isaaf birmachuu hireefii jira. Akkasumas hojiin garee warraaqsaa kun karaa al-kallattiitiin marii mootummaan Falasxiinotaa mirgoota Falasxiinotaa sarbaman keessaa hagattii haftes taatu ni baraara jedhee diina waliin taassisu irratti humna ta’eefii jira.

Gama walitti bu’iinsa ummatoota, biyyootaa fi hawaasota of danda’anii jiraatan jiddutti uumamuutiin immoo, adeemsi Qur’aanaa fi sunnaa ummata bal’aa fi hawaasa cunqurfame san waliin osoo hin taane, beektotaa fi qaamman bulchiiinsa hawaasa walitti bu’ee saniif aangoo rakkinna san furuu kenne. Kunis yookii gara nagayaa, waliin mariin, dhugaa fi haqa jirtu ifa godhanii, mirga Muslimoonni qaban isaanis ni qabu, dirqama Muslimoota irra jiru isaanis ni baadhatu jechuun walii galtee irra gayu. Yoo kun hin danda’amin tooftaalee humnaa hunda osoo bira hin dabarsine fayyadamuun dirqama ta’a. ummanni bal’aan

biyya kamiituu bulchaa fi hooggansa siyaasaa isaa jala deema, miidhaa fi cunqursaa hoogansi sun nama irratti taassisuufis isuma hordofa.

Kunis, homa xalayaan ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu)* mootii *Qeeysar, Kisraa* fi mootota gadaa san keessa turanitti ergan ibsuudha. Muxannoowwan gadaa isaanii keessa turanii fi kan jaarraalee hedduuf isaan booda turanis kanuma raggaasisu.

Obbolummaan, wal-qixxeessuun, itti gaafatamummaan namatti dhagayamuun, yaada dhiphummaa fi duubatti hafiinsa gosummaa irraa qulqullaayuun, ofittuummaa fi bu'ama ofii qofaaf akka horii bololi'uu irraa qulqullaayuun ganda addunyaa tana keessatti nagayaa fi tasgabbii buusuuf furmaanni jiru isa qofa. Kunis barnoota ergaa Islaamaa fi nageenya addunyaa irraa argannuudha.

Godaansi immoo yoo hacuuccaan namatti cimee, humni hawaasa bal'aa nama miidhamaa saniif tumsuu dadhabe, godaanuun ni hayyamama. Godaansi kunis yookii lubbuu ofii baraaruuf ykn immoo humna cimaa sirna nama hacuucuu fi cunqursu san dura dhaabbatu wayii qindeessanii, hawaasa ofii bilisa baasanii akka namni hunduu Muslimaa fi kan Muslima hin ta'inis ija tokkoon ilaalamu, mirga Muslimoonni qaban namoonni biraas akka qabaatan, dirqama Muslimoota irra jiru namoonni biraas akka baadhatan, jireenya ummataa eeguuf, gama amantii, ilaalchaa fi haala jireenya isaaniitiin mirga waan fedhan filachuu isaaniif eeguuf godaansi taassifama. Akka marattuu gandi godaansa Islaamaa ganda gama Rabbii fi dachii irratti araara buusuuti. Ilma namaa hundaafuu gaarii fi qajeelluma hawwa.

Dirqama waan gaaritti nama yaamanii badii irraa nama seeruu ilaalchisee, namoota dhuunfaa fi garee hunda irratti dirqama. Dhukni ergaa kanaa hojii gaarii toltuu irratti nama gargaaru, jecha dhugaatiin nama gorsuu hammatu, akkuma mijateen sagalee ol qabatanii ykn iccitiin tooftaalee nagayaatti fayyadamuun nama of dagate dammaqsanii kan waa hajame gargaaruun, nama ifatti Rabbiin diduu itti fufee, badii fi hamtuun lafa balleesse tooftaalee maluun badii san irraa isa deebisuudha.

Namoonni dhuunfaan ykn gareen waan gaaritti nama ajajanii badii irraa nama dhoorguu qabu jechuun namoonni sun itti yaadanii ykn osoo itti hin yaadin yeroo namoota birootiin yaanni wal-simachuufii dhabe nama san arrabsuu ykn miidhuu jechuu miti. Ykn nama san maqaa xureessuu miti. Ykn immoo balaa ummata keessa facaasanii qaamolee bulchiinsaa waliin wal'aansoo godhuu jechuu miti. Osoo maddi badii fi yakkaa mootummama biyyattii bulchuyyuu ta'ee, isa karaa sirritti deebisuun haqa ummata bala'aa, beektotaa fi hooggantoota yaada ummataati.  Namni kamiyyuu ummata bal'aa dura dhaabbachuu hin danda'u. gareen ummataa ofii wal-waraanuun immoo firummaa kutuu, tokkummaa ummatichaa diiguu, ummata gara balaa, jibbaa, shira walitti xaxuu, wal-ajjeesuu fi abbaa irreetiif haala mijeessutti kakaasuu malee bu'aa wayiituu hin fidu.

Namni miidhamaan waan gaaritti nama yaamu, oobsuu fi tooftaalee nagayaa qofa jala masakamuun isaa akka mootiin wal-qixxummaan biyya bulchu dhiibbaa irratti taassisa. Yoo inni akkas hin godhu ta'e dhimmichi babal'atuun biyyummaa fi firummaan namoonni waliif birmatanii, hawaasni hundi tokkoomee nama miidhame saniif tumsa godha. Qaama nama

cunqursuu fi gargaartota isaas akka isaan of sirreessan dirqa yoo didan immoo utubaa aangoo isaanii hundeen jalaa buqqisuuf karaa saaqa.

Seerri yeroo waan gaaritti nama yaamnu ykn mirga wayii gaafannu tooftaalee nagayaatiin masakamuu qaban jedhu hawaasa hunda keessatti dhimma siyaasaa tokko gama amantii Islaamaatiin ilaaluuf seera walii galaati. Seerri kunis gareelee hawaasaa hunda Muslimoota hagoo fi baqattoota Islaamaas akka isaan seera kanaaf bitaman dirqa. Sababni isaas gareen hawaasaa kunniin kutaa biyya keessa jiraatanii san irraayyi, mirga bocamiinsa siyaasa biyya sanii keessatti karaa nagayaatiin gumaachuu qabu, akkuma lammiiwwan biyyattii sanii kamittuu dirqama siyaasa biyyattii sanii karaa sirrii irratti qajeelchuus qabu. Yoo tooftaaleen nagayaa walitti bu'iinsa argame furuu dadhaban humnatti fayyadamuun immoo tooftaalee diina alaa ittiin of irraa qolataniidha.

Hariiroo jidduu amantiilee fi qaroomaa ilaalchisee immoo, mariin bilchaataan waan gaaritti nama yaamuu, kan dhugaa jirtu ifa baasuu fi haala jireenyaa fooyyessuu bifa marii tasgabbaayaa ta'een gaggeeffamuu qaba. Waliin marii warra Dhihaa fi Islaamaa jiddutti gaggeeffamu waliin marii bu'a qabeessa wal-hubachuu, waliif galuu, wal-hammachuu fi waliif birmachutti yaamu ta'uu qaba. Gareen lameenuu waan ittiin wal-fayyadu qaba, waan wal- irraa ergifatu qaba. Gareen lameenuu ijaarsa qarooma addunyaa kan namummaa fi haaroomsatti amanu, kan afuuraa fi qabeenya wal-madaalsisu, kan jiruu fi fayyaa wal-maddii qabu uumuu irratti karaa filatamaa ta'e irratti walii galuu qabu.

Warri Dhihaa muuxannoowwan saayinsii isaatiin, sirna sosochii hawaa beekuu fi saayinsiiwwan hawaa fi ijaarsaa guddisuu keessatti adeemsa saayinsaawaa ta'e jala waan deemaniif, dandeettii fi cimina qaroomaa mirkaneessuu danda'anii jiru. Islaamummaan immoo mul'ata tokkichummaa Rabbii, saayinsii waa'ee lubbuuwwanii, saayinsii safuu, seeraaf bitamuu, naamusaa, hawaasa ilma namaa gara gaaritti jijjiiruu qaba. Adeemsa saayinsii waa'ee hawaa kan warri Dhihaa keessatti cime kana isatu uume.

Gareen lameenuu waan adda isa godhu kan hiddi isaa nama keessa gadi lixe qabu. Tokkoon isaa isa kaan balleessuu hin danda'u, ykn deeggarsa namni isa kaaniif qabu nama keessaa dhabamsiisuu hin danda'u. Walitti bu'iinsa waa balleessuu, lubbuu galaafachuu fi qabeenya mancaasuu irraa kisaaraa malee homaa hin argaman. Kanaafuu yeroon beektonni gama hundaanuu jiran waliin marii gaggeessan, ijjannoolee isaanii irra deebi'anii ilaalan, yeroon isaan siyaasaalee jiran sirreessan, yeroon isaan riqicha wal-danda'iinsaa fi walitti dhufiinsa hawaasaa kan qarooma afuuraa fi qabeenyaa, dagaaginaa fi wal-qixxummaa, qulqullummaa fi qabeenya horachuu, bilisummaa fi haaroomsaa, addunyaa mul'ataa fi dhokataa fi jiruu addunyaa fi aakiraa wal-maddii qabanii oofu itti diriirsan gayee jira.

Dhuma irratti, qorannoon kiyya kun dhimma ijaarsa xiinxala sammuu Muslimaa, beekkumsa isaa, ijaarsa dhaabbilee fi seerota isaa cimsuu irratti ilaalchaa fi waliin marii Islaamaa kan saayinsaawa fi adeemsa eeggate, kan dimshaashummaa fi gamaaggamiinsa qabu gaggeessuu keessatti akka gumaacha qabaatu abdii qaba. Akkasumas xiinxala, aadaa fi adeemsa

guddisa ilmaanii, ijaarsa lubbuu teennaa fi seera hawaasummaa irratti hanqinoota nu qabnu beekuuf akka nu gargaarus abdii qaba. Kunis imala keenna sirreessuuf, dandeettii keenna deeffachuuf, cimina keenna hunda walitti qabannee ijaarsa qarooma dhala namaa ammayyaa keessatti gumaacha guddaa akka qabaannu, kallattii qarooma keennaa akka sirreessinuu fi ilma namaa karaa nagayaa, obbolummaa fi wal-qixxummaatti qajeelchuuf nu gargaara.

Ammas wanti ani qorannoo kana irraa kajeelu, hiikkaa hanqinoota seenaa Islaamaa keessaa gama baay'ee barbaachisaa ta'e hiikuu keessatti akka gumaacha qabaatu abdii qaba. Hiikkaan sunis: seenaa ummata kanaa kan jaarraalee hedduuf ture keessaatti, gidirri jijjiirama fiduu fi cunqursaa fi hacuuccaa hiddaan buqqisuuf akka furmaataatti kan fiixa bayee hin beekne ta'uu isaati. Ummanni Islaamaa kun qabsoo guddaa godhee, aarsaa cimaa kaffalee, dhiigni isaa dhangala'uu waliinuu, dandeettiin, haqqummaan, wal-fudhatiinsaa fi nageenyummaan adda duree ummatoota biraa ta'anis, garuu gama qabsoo gidiraatiin furmaata wayiituu galmeessuu hin dandeenne.

Qorannoon kunii fi kanneen adeemsa isaatiin wal-fakkaatan kan biroos ilaalcha beekkumsaa fi saayinsaawaa ka'umsi isaa qajeelluma wahyii irraa ta'e uumuu keessatti akka gumaacha qabaatu abdii qaba. Ammas ummanni kun sona waliin marii Islaamaa (*shuuraa*) fi tooftaalee siyaasaa kan nagayaa akka mala tokkicha dhimma ummataa furuu fi haala jireenya isaanii haaroomsuuf ooluutti jala deemuu qabu. Kana godhuudhaan muxannoowwan hawaasa Muslimaa karaa sirrii irraa baduu, hariiroon isaanii kufaa dhufuu fi hooggantoonni isaanii irreen

nama bulchuu kan sagantaalee jijjiiramaa hunda gufachiisee, akka ummanni iddoo isaan malu hin geenne godhe sanitti daangaa godha.

Adeemsa qorannoo kanaa fi kan kitaabban kanaan dura qopheesse keessatti fayyadame hojitti jijjiiruun, mul'ata dimshaashawaa fi haaraya qorannoon kun dhimmoota baroota kufiinsa ummataa, dadhabina ykn hanqina hojii isaanii, xiinxalli isaanii guddina fiduu fi jijjiiramoota iddoo fi yeroo simachuu dadhabuu irratti ibsa kenname kana hojirra oolchuun, adeemsa dimshaashawaa gamaaggamiinsaa kan naamusa hunda eeggatee fi ga'ee Istiraateejii inni xiinxala Islaamummaa ammayyaa si'aa'essutti amanuu mul'isa. Akkasumas akka xiinxalli Islaamummaa kun fayyaa isaa deeffatuuf jecha, wantoota isa barbaachisan isaaf laaffisuu fi akka inni sagantaalee ciccimoo ta'an irratti dalagee, ummanni sagantaa qarooma Islaamaatti amantii argatee, burjaaja'iinsa qarooma ammayyaa bira dabarsuuf dandeettii qabu mul'isa.

Akka natti fakkaatutti, si'aa'ina qabaachuu adeemsi haaroomsaatiif wabiin inni jalqabaa, imaammata kana sagantaa guddisaa fi barnoota saayinsii Islaamaa keessatti irra deebi'anii bocuun dalagarra oolchuu, tooftaalee sammuu Muslimaa gosoota beekkumsaa hunda kan beekkuumsa fiqhiis of keessatti hammatu irratti cimsuuf isa gargaaran walitti sassaabuun hanga seera bocamiinsa sammuu Muslimaa keessatti maddeen beekkumsa wahyii, sammuu, amallan wantootaa fi dhugaalee battalaa hunda beekuun sababa wallaala amantiitiin ykn beekkumsa walii galaa qabaachuu dhabuutiin ykn dadhabina hubannoo fi yaada amansiisaa dhabuutiin kan dhufu ta'uu hin qabu.

Beekkumsa adeemsaa gama xiinxala ulamaa'otaa fi beekkumsa isaaniitiin jiru akka guutamu godhuun dirqama. Namoota amantitti nama yaaman, beektota seeraa fi kanneen muummee biraatiin baratan hundayyuu akka isaan gosa beekkumsaa tokko qofa irratti hin fuulleffanne taassisuun dirqama. Keessattu beekkumsi barattoota barnoota amantii, beekkumsa afaanii fi seenaa qofa irratti dhaabachuu hin qabu. Beekkumsa afaanii fi seenaa gar-tokkee ta'e kana irraa mul'ata seenaa fi furmaata dadhabaa malee faaydaan guddaan isa keessa hin jiraatu. Duudhaa fi beekkumsi manneen barnoota amantii qofa keessatti ukkaamfamee, gorsa amantii kennamuu fi manneen kitaabaa bifa addaatiin kitaabban tartiibeffamee taa'u qofa ta'a.

Haaroomsi xiinxala adeemsaa kan balaqqa'iinsa ifnana isaa muuxannoo Yuniversitii Islaama addunyaa biyya *Maaliziyaa* irraa arge, kan ganna kudhan keessatti sammuu nama Islaamaa banaa waa qayyabachuu danda'u uume kun dandeettii, gahumsaa fi cimina isaa akka raggaasisuu danda'u shakkii hin qabu. Yunivarsitichi kunis humna hooggansa Islaamaa kan baay'ee barate gama hawaasummaa fi barnoota barataniitiin baay'ee fiixa bayaa ta'an horachuu danda'ee jira. Muuxannoon kunis seensa jalqabaa irra waan jiruuf, yoo Rabbi fedhe bifa saayinsaawaa ta'een adeemsaa fi mul'ata qaroomawaa waa'ee hawaasa Muslimaa, diinagdee isaa, siyaasa isaa, seera fiqhii isaa fi gorsaa dhimma amantii Muslimaa kan nama qajeelchu kan uummatu ta'uu isaa abdii qabna.

Jijjiirama sirna guddisaa fi barsiisuu kana irratti wanti guddaan, namni Muslimaa tokko daa'imummaa isaa irraa eegalee aqiidaa, adeemsa, beekkumsaa fi aadaa isaa qulqulleessuu qaba.

Ijaarsa lubbuu isaas kan yeroo ammaa hanqinaan, kophummaa fi ofittummaan ibsamu kanas gama guddisaatiin sirreessuu qaba. Haga hawaasa keessatti miseensa ta'ee, bakka bu'aa waa kalaquu danda'u, kan lubbuu ofii irratti gooftaa ofitti ta'ee bilisa ta'ee jiraatu, kan miira sodaa, tuffii fi xiqqeessaa irraa qulqulluu ta'e, kan miira gabrummaa irraa bilisa ta'ee argamutti of jijjiiriinsa itti fufuu qaba. Jidduu namoota sodaaf, wallaalaaf, ofittummaa fi xiqqeennaaf of gadi qabanii fi namoota dhugaa ol baasuuf jecha itti yaadanii lubbuu ofii gabrummaa fi xiqqeennaaf wareeganii garaagarummaa guddatu jira.

Sammuun gabrummatti amante, kan sodaan, xiqqeeffamuu fi hanqina qabaachuun ibsamtu, jaarraa duubatti deebi'iinsa ummata Islaamaa irraa qabee namoota hedduu haguugee ka jiru kun, isatu duubatti hafiinsa ummata kanaa, dadhabina hoogganssa isaa, diigamiinsa tokkummaa ummataa fi gama qaroomaa fi ijaarsaatiinis duubatti hafuu mul'isa.

Burjaaja'iinsi ummanni kun yeroo ammaa keessa jiru, burjaaja'iinsa xiinxalaa, adeemsaa fi faalama duudhaaleeti. Imala ummatichaa sirreessuu fi sagantaalee haaroomsa isaanii fiixa baasuuf, jijjiiramni adeemsaa, xiinxalaa fi guddisa ilmaanii jiraachuun seerota bu'uuraati. Sagantaan kunis hojiiwwanii fi haaroomsa biraa irratti ceem'aa osoo hin finne bifa cimina qabuun jijjiirama guddisa ilmaanii, barnootaa fi xiinxalaatiin eegaluun dirqama. Akkasumas sagantaan kun bifa gootummaa fi cimina qabuun bu'uura duudhaalee fi ijaarsa lubbuu/fedhii ilmaan ummataa sirreessuun akka ummanni fedhii Rabbiitiin humna isaanii deeffatanii, firummaa isaanii cimsatanii, dhaabbilee isaanii jabeeffatanii, dhaloota amaanaa fi beekkumsa

qabu horatanii, gufuulee fi rakkinoota isaan qunnaman hunda injjifatan godhuu qabna.

## Adeesa Qorannoo

Qorannoo kana kan xumurruun adeemsi isaa fi bu'uurota inni irratti of keessatti hammate kan adeemsa xiinxalaa, qorannoo fi sirna baruu fi barsiisuu keessatti itti hajamnu dubbachuuni. Adeemsa kanas sirna baruu fi barsiisuu keenna ittiin sirreessuun hanqinoota haga ammaatti qabu inni irraa bilisa godhuuf nu gargaara. Adeemsa walaba godhuu dhabuun, fayya-qabeessa ta'uu dhiisuu fi ifa galaa ta'uu dhabuun isaa gara rakkina xiinxalaa fi gar-tokkee ilaalchaatti nu geessa. Kunis qorannoolee keenna gara yaada waan sammuu namaa keessa yaa'e qofatti amanuutti dabsuun akka namni hunduu waan ilaalcha ofii ittiin deeggaru keessaa argatu godhuun dhuma irratti immoo waliin marii bu'aa hin qabne kan mul'ata namaa jaamsee, xurree namaa addaan cicciree akka isaan wal hin argine godhutti nama geessa.

Qorannoo kana keessatti, keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa kan namoonni dhimma kanatti dhimmaman irratti hundaa'anii fi dhimma kana irratti akka ragaatti dhiyeeffatan jedhee yaadu hunda isaa dhiyeessuuf yaalee jira. Kunis haga qorannoon kiyya na gargaareen keeyyatoota kana iddoo sirrii isaan malu keessa kaayuufi. Yeroo kana godhus Qur'aana ulfaataa fi Hadiisa nabiyyii fi waan barnoonni siyaasaa murteessitu irratti hundaa'eeti. Wanti kana godheefis akka dhimmoonni ijoon gariin jidutti rarraatee sammuu nama dubbisuu fi ilaalcha isaa keessatti duumessa uffattee hin hafneefi.

Bifa wal-cimsuu fi wal-guutiinsa beekkumsaa qabuun, haga amalli qorannoo kanaa naaf mul'iseen, sirna qophii qorannoo kanaa keessatti murtiiwwan Qur'aana ulfaataa fi sunnaa nabiyyii kan gama jechaa (matnii) fi hundee nama irraa fuudhameetiin (sanada) sirrii ta'e akka bu'uura amantii waan hundaaf murtii ta'uutti irratti hundaa'eeti. Kanattis dabaluun bu'uuraalee sammuu, amaloota lubbuu namaa, sirnoota hawaasa gara garaa fi argamoota saayinsii namaa jedhu akka bu'uura ragaa namaa kan dhugaan haala jireenya namaa iddoo fi bakkeen wal-qabate ittiin qayyabatamtutti, akkaataa ergaan wahyii fi bu'uurri qajeelcha wahyiin jiruu fi jireenya keessatti irratti gadi dhaabatte itti hubatamtutti itti fayyadame.

Akkaataa itti fayyadama wahyii ilaalchisee, hiikkaa hundeewwan Islaamaa kan akka sunnaa nabiyyii hubachuuf, adeemsi kun Qur'aana kabajamaa jecha Rabbii guddaa kan bu'uura Islaamummaa isa ol'aanaa ta'e, kan tooftaa adeemsaa fi madaallii waan hundaa isa jalqabaa fi barbaachisaa ta'e irratti bu'uureffadhe. Kunis hundee nama sunnaan nabiyyii sun irraa odeeffamtee gingilchuun, siyaasa nabiyyii kan walii galaa fi sunnaa hojiiwwan isaanii kan yeroo waraanaa fi nagayaa, ergaa sunnaan sun wal-qixxummaa, wal-danda'iinsa, waliif mararfannaa fi adeemsa waliin marii irrattis qabdutti dhimma bayuun, Akkasumas ergaawwan sunnaa hubachuun, kutaalee sunnaa kan yeroo fi iddoon wal-qabatan qayyabachuuni.

Adeemsi sunnaa nabiyyii kun sunnaa hojiidhaan lafa irratti mul'isuu, fakkeenya ragaan bayameef kan amantiif ibsa kennu ta'uun, jaaraalee fi dhaloota hedduuf ifaa ta'uun isaa beekkamaadha. Sunnaalee fi ergaa siyaasaa nabiyyii geengoo

murtiiwwan Qur'aanaa keessa galchuun, keeyyatoota Hadiisaa (riwaayaa) keessatti waan gama hiikkaatiin[18] sababa olola,

[18] - Akka ilaalcha kiyyaatti, keeyyatoota hadiisa nabiyyii kabajamaa kamiyyuu fudhachuudhaaf, jechi (matniin) Hadiisaa sirrii ta'uun jalqaba waan hundaati. Yoo Matniin sirrii hin ta'in hundeen nama odeessee (sananni) sirrii ta'uu fi dhabuun bu'aa wayiituu hin qabu. Hadiisota akkasii san haga sirrii ta'uu fi dhabuun isaa addaan bayutti itti fayayyadamiinsa isaa dhaabuu qabna. Yoo qabiyyeen matnii sanii mormamuu dhabee garuu sananni Hadiisa sanii jala sararamee qabiyyeen isaa bifa saayinsaawaa ta'een ibsamuu dhabe, matniin akkasii sun akka ragaa kabajamaa itti dalaguun dirqama ta'eetti hin fudhatamu. Kabaja sunnaan ergamaa Rabbii qabuu fi sadarkaa isaatiif kanatu irra caala.

Yoo sananni sun sirrii ta'uu baate, riwaayaa hadiisa sanii akka sunnaa Nabiyyiitti fudhachuun dhiisuu fi barsiisaa fi fatwaa keessatti dhaadhessuu dhiisuun dirqama. Akka ilaalcha keennaatti kanatu irra filatamaadha, adeemsa kanatu kabaja sunnaa Rabbii fi amantii waliin deema. Waan dhokataa (geeybii) fi oduu isaa ilaalchisee immoo wanti ilaalcha sammuu fi madaala isaa waliin hin deemne, waan dhugatti beekkamu malee hin fudhatamu. Innis wanta Qur'aana kabajamaa fi sunnaa ergamaa Rabbii kan haanni odeeffama isaa walitti hidhataa ta'een malee hin ta'u. Kanattis dabalee of eegganoo cimaa fi hiikkaa Hadiisaa fi ergaa isaa sirritti qayyabachuun yeroo namaaf himnu akka Hadiisa nabiyyiitti malee akka Qur'aana dubbifamaa badii fi hanqina irraa tikfameetti fudhachuu hin qabnu. 

Akka seera walii galaatti, wanti bu'uura utubaalee amantii fi safuulee isaa kan dalagaalee sammuu fi madaala isiitiin wal-hin qabanne kan namni hunduu beekuu fi jala deemuu qabu ilaalchisee, haga wanta sirri sammuun namaa itti amantu ta'uun isaa dhugumatti beekamutti namatti himamuu hin qabu. Akkasumas wanta shakkii, mamii fi se'ee, dogongora ykn kijiba irraa qulqulluu ta'uu qaba.

Nuti amma beekkumsa qabnuu fi haala ilma namaa kan bakkaa fi yeroo waggoota dheeraaf ture hubachuu fi rakkinoota nu qunnaman irraa kaanee, ijjannoon keenna dhimmoota warra nu duraa irratti ulfaatu ykn ta'uun isaa wanta gonkumaa hin yaadamne ta'e akkuma nuti amma ilaallutti akka ilaalantu nutti mul'ata. Afuurri waa akkeeffachuu fi yaada wayii kaasuu sodaachuu ulamaa'ota garii hojii xiinxalaa fi carraaqqii gaggeessuu irraa akka isaan hin daangessine abdii qaba.

ceem’aa fi bakkee kennuufii dhabuutiin ykn sababoota dadhabina namaatiin wantoota qorattootaa fi qu’attoota jalaa dhokatan ifatti baasuuf itti fayyadamee ture.

Kanas wanti jedheef, keeyyatoota sunnaa nabiyyii garii kan namoonni ofuma irraa uuman yaaddan gadhee hundee seeraa hin qabne hawaasa Islaamaa keessatti babal’isuuf akka fulaatti namoonni itti fayyadaman waan jiraniifi. Kunis afuura beekkumsaa fi waa kalaquu nama keessatti ajjeesuun miirri waa tilmaamuu fi hojiin ala cal jedhanii Rabbirratti of gatuu duudhaalee ummataa keessatti akka babal’atuu fi yaad-rimeeleen Islaamaa gurguddoon Qur’aana keessa jiran akka hiikkaan isaanii jijjiiramu godhee, bu’uura isaa kan tokkichummaa Rabbii fi ilmi namaa dachii keessatti bakka bu’aa isaa ta’uus maqaa xureessaa waan dhufeefi.

Qorannoon kun adeemsa dimshaashawaa gamaaggamiinsaan guutamee fi seera qabeessa ta’e irratti kan hundaa’eedha. Kunis maddeen beekkumsaa Islaamaa kan akka: madda wahyii, maddeen beekkumsa addunyaa ijaan arginuu (beekkumsa dhala namaa) fi maddeen beekkumsa sammuu fi amaloota wantootaa irratti bu’uuruuni. Keessattuu wantoota saayinsiin shaakallii fi qorannoowwan saayinsaawaan beekkumsa dhala namaa yeroo ammaatti dabalanis cinatti dhimma itti bayamee jira. Beekkumsi ammayyaa kunis beekkumsa ummatoota gadaa kanaan dura turanii kanneen beekkumsa tiyooriilee fi boca suuraalee adda addaa irraa fudhachuun, qorannoowwan wantoota nama jalaa dhokatanii (geeybaa) isaan harkaa fashalaayuun adeemsa xiinxallitoota warra Salafaa hedduu balleessee jira.

Adeemsa saayinsii kana jala masakamuu wanti barbaachiseef, hanga danda'ameen dhimma qu'annoon kun irratti fuulleffate kanatti yaaddayuun bifa guutuu ta'een lafa keennee gama amantii fi namummaatiin gamaaggamnee, adeemsa gar-tokkee fi madaallii gar-tokkee bu'aa adeemsaa xiqqeessu irraa fagaachuufi. Sababni isaas, adeemsi gar-tokkeen kun yeroo hedduu bifti hawaasaa, hariiroon isaanii, mijaa'iinsi fi beekkumsi isaanii osoo hin jijjiiramne akkuma jiranitti hafuu irratti fuulleffata. Yoo jarraaleen hedduun darbanii, haalli hundi jijjiiramee, beekkumsi fooyya'ee, dandeettiin, bifti fi mijaa'iinsi hawaasichaa jijjiirame, madaalliin gar-tokkeen gara caalu dogongoraa fi yaada sirrii hin ta'initti nama seensisa.

Tariitii wanti qorannoon kun tola Rabbiitiin waa'ee mul'ata Islaamaa, namummaa fi qaroomaa ilaalchisee irra gaye, afuura amantii waan hunda ija haqqummaa, wal-qixxummaa, jiddu-galeessummaa, haroomsaa fi bifa nagayaatiin ilaaluuti. Kunis firii adeemsa Islaamaa dimshaashawaa, waa hunda bifa sirrii ta'een gamaaggamuuti. Dubbiftoota irraa wanti ani kajeelu akkuma qorannoo kanaaf bakkee kennuu qaban, adeemsa isaatiifis akka gurra ergisan abdii qaba. Sababni isaas, yoo adeemsi xiinxalaa hidda godhate, xiinxallis hidda godhata waan ta'eef. Yoo xiinxalli gadi dhaabbate gara waan sirrii ta'eetti gayuun yeroo, carraaqqii fi qabsoma qofa gaafata. Qajeellumaa fi yaada gayachuu Rabbiin kadhanna. Dhumni yaamicha keennaa, galanni kan Rabbii waan hunda uumeeti.

.

# Kitaabni Kun

Gidiraa fi Bulchiinsa Gaaga'ama Siyaasaa xiinxala Islaamummaa Keessatti

Kitaabni kun dhimma ijoo ummanni Islaamaa seenaa dabree fi isa ammaa keessattis ittiin rakkataa jiran irraa haasaya. Dhimmi kunis waa'ee gidirsaa kan akka tooftaa jijjiiramaa fi fooyya'inaatti itti fayyadamni isaa baay'ataa dhufeedha. Lafti ummata kanaa sababa yaraaf jecha yookii gama mootummaatiin ykn gamuma jiraattotaatiin kan gidirsaa fi cunqursaa hin dhandhamin hin jiru.

Kitaabichi Qur'aana kabajamaa, sunnaa ergamaa Rabbii fi carraaqqiiwwan (ijtihaada) ummataa wabii taasifachuun rakkoo kana gadi fageenyaan bifa bal'ina qabuun qoratee jira.Muuxannoowwan warraaqsota jijjiiramaa irratti madaala gadi fageenya qabu taasisee jira, sababoota warraaqsonni sun fashalaniifis ibsee jira.

Warraaqsonni gosa sanii kan gaggeeffamaniif miidhama ilma namaarra gayeen keessi isaanii gubatee, malaammaltummaan baay'atee jennaani malee, sagantaalee fi galma jajjaba itti gayuu qaban bocatanii itti hin qophoofne. Kanaafuu rakkinoota jireenya ummatichaa akka biyyaa fi qaroomaattis itti aggaamame kana jalaa miliquuf, marii hunda galeessa mul'ata qaroomina Islaamaa lafa qabsiisu gaggeessuun dirqama jedha qopheessaan kitaabichaa.